

Baafata

1.1. Seensa.....	1
Kutaa 1 – Yaadota Bu'uuraa Barnoota Idileen Duraa	1
1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Kunuunsaafi Barumsa Daa'immanii	2
1.3. Jijiiramoota Amalaafi Guddinaa/Dagaaginaa Daa'imman Umrii wagga 5-6 Jiran.....	2
1.4. Waa'ee kunuunsaafi barumsa daa'immanii ilaachisee qabxiwwan	3
barsiisonni mana barnootaa idilee duraa keessa barsiisan hubachuu qaban.....	3
1.5. Guddinaafi Barnoota Daa'immanii Keessatti Hirmaanna Maatii	6
1.6. Mana Barnootaa Idileef Qophaa'uu	8
1.7. Haala Itti Fayyadamaa Kitaabichaa.....	9
1.8. Karoora Haala Guddinaafi Barnoota Daa'immanii	11
Kutaa -2 Kallaattiiwwan Dagaaginaa (Yaadolee Bu'uuraa) fi Eeruu Malleen Raawwii	15
2.1. Dagaagina/Guddinaafi Jabeenya Qaamaatiif Kunuunsa Sirrii Gochuu	15
2.1.1. Ibsa	15
2.1.2. Kaayyoowwan Gooroo	15
2.1.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman	16
2.1.4. Ga'umsootaafi bu'aalee eegaman, meeshaalee deeggarsaafi malleen raawwii.....	17
2.1.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu	82
2.2.1 Ibsa	84
2.2.2 Kaayyoo Gooroo.....	84
2.2. Bifa Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti Dhufeeny Uumuu.....	84
2.2.3. Ga'umsootaa fi bu'aawan eegaman	85
2.2.4. Ga'umsootaa fi bu'aawan eegaman, meeshaalee deeggarsaa fi mala raawwii	85
2.2.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu	102
2.3.1 Ibsa	103
2.3.2. Kaayyoowwan Gooroo	103
2.3.3 Ga'umsootaafi bu'aalee eegaman	103
2.3. Afaan Sirnaan Fayyadamuu.....	103
2.3.5. Guca Daawwanna Ittiin Gaggeessan.....	146
2.4.1. Ibsa	147
2.4.2. Kaayyoowwan gooroo.....	147
2.4.3. Ga'umsootaafi Bu'aawan Eegaman	147
2.4. Sochii Guyyaa Guyyaan Taasifamu Keessatti Yaadrimeefi	147

Qooyyaboota Herregaa Fayyadamuu.....	147
2.2.4. Ga'umsootaa fi bu'aawwan eegaman, meeshaalee deeggarsaafi mala raawwii	148
2.4.5. Unka daawwannaal ittiin gaggeessan.....	184
2.5.1. Ibsa	186
2.5.2. Kaayyoowwan gooroo.....	186
2.5.3. Ga'umsootaafi bu'aawwan eegaman	186
2.5. Walitti Dhufeenyaa Naannoo Waliin Taasisaniin Naannoo Qo'achuufi Naannoo Ofiin Walbaruu.....	186
2.5.4. Ga'umsootaafi bu'aawwan eegaman, meeshaalee deeggarsaafi mala raawwii	187
2.5.5 Unka Daawwannaal Ittiin Gaggeessan.....	230

Kutaa 1 – Yaadota Bu'uuraa Barnootaa Idileen Duraa

1.1. Seensa

Daa'imman umriin isaanii waggaa 5-6 ta'ee *Mana Barnootaa Idileen Duraa* keessa jiran akka guddataniifi cimaniif gargaarsi umriifi sadarkaa isaaniin walgitu taasifaamuufii qaba. Daa'imman daangaa umrii kanaa keessatti argaman waa'ee naannoo isaanii beekuufi odeeffannoo haaraa argachuuf fedhiin isaan qaban olaanaadha. Kanaafuu, bilisaan socho'uudhaan odeeffannoo akka argataniifi fedhii isaaan waa'ee naannoo isaanii beekuuf qaban akka cimu gochuuf deeggarsa taasisuun barbaachisaadha. Akkasumas, nama guddaa ta'uuf fedhiin isaan qaban akka cimuufi kallattii sirrii akka qabaatan gochuudhaan qaamaan, sammuin, walitti dhufeenya hawaasummaan cimuun barnootaa idileef akka qophaa'an haalotaafi naannoo isaanii mijataa taasisuun daran barbaachisaadha. Barsiisonnis amala daa'immanii, dandeettii daa'immanii, kunuunsa isaaniif godhamuu qabu, sadarkaa ga'umsaa daa'imman irra gahuu qaban hubachuudhaan daa'imman sadarkaa kanatti kunuunsuufi barsiisuu cinatti barnootaa idileef qopheessuu karaa sirrii ta'een raawwachuu qabu. Daa'imman daangaa umrii waggaa 5-6 jiraniif xiyyeeffannoong godhamuu qabu barnootaa idileef qopheessuudha. Kanarraa ka'uudhaan barreeffama kana keessatti barnootaa idileef qopheessuu ilaachisee yaadni dabalataa akka itti dabalamu ta'ee jira.

Kitaabni deeggarsaa kun daa'imman umrii waggaa 5-6 gidduu jiran ittiin deeggaruuf kan qophaa'e waan ta'eef kallattiwwan/gartuuwwan dagaaginaa/guddinaa shanan jechunis qaamaafi sochiin, raawwii hawaasummaafi sammuin cimuu, afaaaniin, herregaafi naannoo sakatta'uufi hubachurratti xiyyeeffanna gochuun kallattiwwan/gartuulee kanneen hundarratti ga'umsootaafi bu'aawan daa'imman irra gahuu qaban, tarreffama meeshaalee deeggarsaafi mala baruu-barsiisuu ofkeessatti hammatee jira. Dabalataanis, kallattiwwan dagaaginaa hundarrattuu daa'imman hangam akka cimsatan madaalaadhaaf kan dandeessisu cheekliistiin ittiin hordofamu unka ifa ta'een qophaa'ee jira. Madaalliin kunis barsiisonniifi maatiin adeemsaa daa'imman guddisuu keessatti hanqinoota jiran yeroon adda baasuudhaan tokkoo tokkoo daa'imaatiif xiyyeeffanno akka kennan deeggarsa taasisuufiidha.

Meeshaalee deeggarsa barnootaa ilaachisee kanneen barreeffama kana keessatti eeraman ga'aadha jechuu osoo hintaane barsiisonni akka barbaachisummaafi haala qabatama naannoo isaaniitiin kalaqa dhuunfaa isaanii fayyadamuun meeshaalee dabalataa qopheessuun itti fayyadamuun nidanda'u.

Kitaabni deggarsaa kun mataa isaatiin karoora akka hintaane hubachuun karoora sadarkaa isaa eeggate qopheeffachuun itti fayyadamuun barbaachisaadha. Akkasumas, siilabasii sagantaa barnootaa idileen duraa hojiirra oolaa jiru deeggaruuf kan qophaa'e malee mataa isaatiin siilabasii akka hintaane hubachuun barbaachisaadha.

1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Kunuunsaafi Barumsa Daa'immanii

1. Ijoollummaan jirenya ilma namaa keessaa sadarkaa tokkodha malee karaa ittiin jirenya gara fuulduraatiif itti qophaa'amu qofa miti.
2. Daa'imman namummaa guutuun akka ciman qaamaan, sammuun, currisaan, hawaasummaa fayyummaa guutuu qabaachuu qabu.
3. Daa'imman bifa qindaa'een barachuu qabu; akaakuun barnootaa isaan baaratan karaa bittinnaa'een ta'uu hinqabu.
4. Daa'imman ofiin akka baratan gochuuf kaka'umsi keessa isaaniitti akka jiraatu gochuun barbaachisaadha.
5. Daa'imman seeraan of hogganuu akka shaakalan carraan kennamuufii qaba.
6. Daa'imman wantoota addaddaa yeroon isaan itti fudhachuu danda'an yeroon qophaa'ummaa/ yeroon murteessaa ta'e nijira.
7. Daa'imman waan raawwachuu danda'anirraa malee waan hojjachuu hindandeenyerraa barumsa jalqabuu hinqaban.
8. Dandeettiin kalaqaafi mul'annii daa'immanii cimuu kan danda'u haalafi naannoo mijataaa ta'e keessattidha.
9. Walitti dhufeenyi hawaasummaa (hiriyyoota isaaniifi namoota gurguddoo wajjiin walitti dhufeenya taasifamu) dagaagina/ guddina namummaa daa'immaniif murteessaadha.
10. Barumsi qulqullina qabu qabxiwwan daa'imni barachuu qabuufi haala barumsa qabatamaa ta'e daa'imaaf kennamurratti kan xiyyeffate ta'uu qaba.

1.3. Jijiiramoota Amalaafi Guddinaa/Dagaaginnaa Daa'imman Umrii wagga 5-6 Jiran

- Madaallii qaamaa isaanii eegun sochiwwan si'oomina qaamaa barbaadan raawwachuu nidanda'u.
- Kaka'umsa mataa isaaniitiin hojiiwwan sasalphaa niraawwatu.
- Si'aawoo, dammaqoofi jajjaboo ta'aa dhufu.
- Kan ofitti amananiifi kan namaan waliigalan ta'aa dhufu.
- Fedhiifi yaada isaanii haala dhaggeeffattootaaf galuu danda'uun ibsuu nidanda'u.

- Miira qaamaa isaanii fayyadamuun amala, foolii, hanga, mi'aa, sagalee, boca, halluu wantootaa adda nibasu.
- Yaadrimee yeroo sadarkaa isaaniitti hubachuu nidanda'u.
- Tapha gamtaarratti sirnaan hirmaachuu nidanda'u.
- Wantoota haaraa uumuufi yaaluuf fedhii nihoratu.
- Wantoota raawwataniif sababa kennuuf yaalii nitaasisu.
- Seera taphaatiif nibitamu.
- Sababaafi bu'aa wantootaa beekuuf yaalii nitaasisu.
- Amala mataa isaaniifi namoota biroo hanga sadarkaa isaaniitti madaaluu nijalqabu.
- Qindoominni harkaafi ija isaanii cimaa nideema.
- Haasofni isaanii bifa hawaasummaa qabaataa dhufa.
- Miira namoota biroo hubachuu nijalqabu; mufachiisuu dhiisuuf yaalii nitaasisu.
- Wantoota haaraa raawwachuun isaan gammachiisa.
- Bocni qaamaa isaanii jijiiramaa dhufa.
- Wantoota haaraa beekuuf fedhii niqabaatu.
- Baay'ee nidubbatu; gaaffiwwan baay'ees nigafatu.
- Taphoota waldorgommii ofkeessaa qaban kan ga'umsaafi dandeettii gaafatan isaan hawwisiisa.

1.4. Waa'ee kunuunsaafi barumsa daa'immanii ilaalchisee qabxiwwan barsiisonni mana barnootaa idilee duraa keessa barsiisan hubachuu qaban

- a. ***Daa'imman daangaa umrii sagantaa barnootaa idileen duraa keessa jiran wantoota haaraa barachuuf sababoota isaan kakaasan:***
- **Fedhiifi hawwii qabaachuu:** daa'imman guyyaa dhalatanirraa eegalanii wantoota addaddaa xiyyeffannoon ilaaluu, hubachuufi beekuuf fedhii kan qaban yommuu ta'u fedhiin isaanii kunis naannoo isaanii beekuuf akka sakatta'an isaan kakaasa. Waan ta'eef, barsiisonni mana barnoota idilee duraafi maatiin daa'imman naannoo isaanii beekuufi hubachuuf fedhii qaban quubsuuf yaalii taasisan keessatti carraa kennuun jajjabeessuu qabu.
 - **Fedhii dalagawwan raawwachuufi galma tokko bira ga'uuf qaban:** daa'imman wantoota raawwachuufi galma tokko bira ga'uuf fedhii guddaa waan qabaniif of danda'anii wantoota addaddaa raawwachuu akka shaakalan isaan taasisa. Keessumattuu

wantoonni raawwachuuf cimaa ta'an yoo isaan qunname haala fooyee ta'eefi ariitiin raawwachuun galma tokorra akka ga'an isaan gargaara. Waan ta'eef, barsiisonni mana barnootaa idileen duraafi maatiin daa'imman of danda'anii wantoota garagaraa akka raawwatan daa'immaniif carraa kenuudhaan hordoffii taasisuufi deeggaruun jajjabeessuu qabu.

- **Fedhii barsiisotaafi maatii gammachiisuuf qaban:** daa'imman yeroo baay'ee waan tokko raawwachuun maatiifi barsiisota gammachiisuun dinqisiifanna argachuuf yaalii taasisu. Kanaafuu, barsiisonniifi maatiin hojii gaarii daa'imman raawwataniif beekamtii kenuun jajjabeessuun barbaachisaadha.
- **Fedhii namoota gurguddoo fakkaachuuf qaban:** daa'imman namoota gurguddoo fakkaachuuf fedhii yookiin hawwii qabaachuu qofa osoo hintaane hanga danda'an hundaan isaan fakaaachuuf yaalu. Fedhii isaanii kana guutuuf namoota gurguddoo akkeessuun waan addaddaa baratau. Kanaafuu, namoonni gurguddoon naannoo daa'immaniitti argaman fakkeenya /mookeela/ gaarii ta'anii argamuu qabu.
- **Badhaasa argachuuf fedhii qabaachuu:** daa'imman badhaasa jaallachuufi adabbii yookiin kufaatii sodaachuun isaanii haala fooyya'aa ta'een akka barataniif isaan gargaara. Maatiin, barsiisonniifi namoonni itti gaafatamummaa qaban hundi yommuu daa'imman hojii gaarii xiqquoos ta'u raawwatan badhaasuun jabaatanii akka barataniifi amala barbaachisaa ta'e akka shaakalan dadammaqsuu qabu. Hanga danda'ametti qeqqaafi adabbii hir'isuufi dhabamsiisuu qabu. Barsiisonnis daa'imman akka hinjeeqamne, hin yaaddofneefi hinsodaanne of eeggannoogochuutu irra jiraata. Sababni isaas, sodaan, yaaddoon, dhiphuun, daa'imman sirnaan akka hinbaranne taasisa.

b. Haalota daa'imman daangaa umrii waggaa 5-6 barnoota idileen duraa keessa jiran itti barachuu danda'an:

Daa'imman daangaa umrii kanaa keessa jiran nibaratu jechuun rakkisaa ta'ullee haala mijataa ta'e hunda keessatti barachuu nidanda'u. Kunis:

- **Gammachuu yoo qabaatan:** daa'imman gochoota garagaraa raawwachuu, shaakaluu barachuufi bu'a qabeeyyii ta'uu kan danda'an gammadoo yoo ta'aniidha. Kanaafuu, manattis ta'ee mana barnootaatti naannoo jaalalli, kunuunsiifi gammachuun keessaa guute uumuudhaan daa'imman gammachuun, akkasumas haala gaariin akka baratan gochuun barbaachisaadha.
- **Fedhii yoo qabaatan:** daa'imman waan tokko barachuu kan danda'an jalqabarratti barachuuf, beekuuf fedhii yoo qabaataniidha. Daa'imman yeroo hunda waan isaan

gammachiisu yoo argatan haala fooyyee qabuun nibaratu. Kanaafuu, gochoonni daa'immaniif dhiyaatan kamiiyyuu kan isaan gammachiisuufi jijiiramu ta'uu, akkasumas, kan haalaan daa'imman qoruufi fedhii barachuufi beekuuf qaban kakaasu ta'uu qaba.

- **Qophaa'ummaa yoo qabaatan:** daa'imman waan hunda yeroo tokkotti barachuu hindanda'an. Sababni isaas, sadarkaan guddinaafi dagaaginnaa irra jiran wantoota addaddaa barachuufi raawwachuuuf qophaa'ummaan isaan qaban waan murteessuufidha. Yeroo baay'ee namoonni qabiyyee daa'imman barachuuf qophaa'oo hintaaneefi irra hingeenyne akka barataniifi beekaniif dhiibba itti godhu. Kun immoo daa'imman akka dhiphathan, nuffaniifi barumsa baratan akka jibban gochuun adeemsa barumsaa isaanii gara fuulduraarratti gufuu itti uuma. Dabalataanis, wanti itti xiyyeeffatamuu qabu tokkoon tokkoo barataa saffisni ittiin baratu garagara ta'uu hubachuudha.
- c. **Karaa daa'imman daangaa umrii wagga 5-6 barnoota idileen duraa keessa jiran wantoota haaraa itti baratan**
 - **Gochaan:** daa'imman ilaaluufi dhaggeeffachuun barachuurra karaan mijaa'aafi fooyya'aa ta'e gochaan yookiin raawwachaa barachuudha. Daa'imman yeroo dheeraa taa'uun xiyyeeffannoo itti kennanii dhaggeeffachuun barachuun itti ulfaata. Garuu, gochaan agarsiisa haala fooyyee qabuun barachuu nidanda'u.
 - **Sakatta'uudhaan:** daa'imman naannoo isaanii akka sakatta'an carraan kennamuufii qaba. Daa'imman qaamota miiraa fayyadamuun (qaqqabuun, dhandhamuun, dhaggeeffachuufi kanneen kana fakkaatan ...) wantoota isaan muudatan beekuuf yaalii taasisu. Bu'aan yaalii isaanii gammachiisaa yoo ta'e irra deddeebi'anii raawwatu; yoo ta'uu baate garuu dhiisuu filatu. Bilisa ta'anii sakatta'uun wantoonni/ meeshaaleen / akkamitti akka hojjataman, itti aansee immoo maal ta'uu akka danda'u akka hubatan isaan gargaara.
 - **Gaaffii gaafachuun:** dhaggeeffachuufi dubbachuuun daa'immanii fedhiifi hawwii isaan gaaffii baay'ee akka gaafatan kan taasisu yommuu ta'u daa'imman deebii isaa yoo beekanillee mirkaneeffachuuf nigaafatu. Maatiifi barsiisonni haala fooyyee ta'een daa'imman waliin dubbachuu, waan isaan dubbatan dhaggeeffachuufi gaaffii isaan gaafataniif yeroodhaan deebii sirrii ta'e kenuun fedhii barachuufi qorachuu daa'immanii daddammaqsuun jajjabeessuun barbaachisaadha.
 - **Walirraa ilaaluun:** daa'imman hangafa isaaniifi namoota gurguddoo ilaaluun baratu; akka namoota gurguddootti yookiin hangafootaatti hojjachuufi dubbachuuuf yaalii taasisuu jaallatu. Daa'imman namoota gurguddoorraa ilaaluu qofa osoo hintaane, gahee namoota gurguddoo fudhachuun taphachuufis niyalu. Waan ta'eef, maatiin daa'immanii,

barsiisonniifi qaamonnii daa'imman waliin walitti dhufeenya qaban hundi daa'immaniiif moodeela (fakkeenya) gaarii ta'uu qabu.

- **Yaaluudhaan, dogoggoruufi shaakaluudhaan:** daa'imman gocha tokko raawwachuuuf hanga mala fooyee ta'e argataniifi hanga raawwachuu danda'anitti irra deddeebi'anii yaaluudhaan, dogoggoruudhaan akkasumaas shaakaluudhaan baratu. Keessummattuu, gocha hiriyyoonni isaanii raawwatan hanga raawwatanitti osoo hin nuffiiniifi addaan hinkutiin yaalu. Daa'imman daangaa umrii kanaa keessatti argaman wantoota isaan gammachiisan keessaa inni tokko wanta hindanda'amu jedhamee yaadame tokko raawwachuu danda'uufi hiriyyoota isaanii caalanii argamuudha. Waan kana ta'eef, barsiisonniifi maatiin daa'immanii gochoota garagaraa raawwachuu akka danda'an jajjabeessuun barbaachisaadha.

1.5. Guddinaafi Barnoota Daa'immanii Keessatti Hirmaannaa Maatii

Maatiin guddina qaamaa, sammuu, miira, currisaafi hawaasummaa daa'immaniiif gahee duraa kan qaban yommuu ta'u barsiisonni daa'immanii warra jalqabaafi jirenya daa'immanii gara fuulduraatiif shoora guddaa kanneen qabaniidha. Barsiisonni mana barnoota idileen duraa daa'imman kunuunsuufi barsiisuun barnoota idileef qopheessuuf hanguma fedhan itti gaafatamummaa olaanaa kan qaban ta'anillee, itti gaafatamummaa isaanii seeraan bahuu kan danda'an yoo warri/ maatiin daa'immanii isaan wajjiin hojjatan ta'uun isaa ifaadha.

Qorannoon addaddaa akka agarsiisu warris ta'an guddistoonni daa'immanii barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walta'iinsa uumuun sochii daa'immanii guyyuu keessatti kan hirmaatan yoo ta'e qaamni sadanuu (daa'imman, maatiifi barsiisonni) fayyadamtoota akka ta'an mul'isa.

Maatiin/ warri barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walta'iinsaan yoo hojjatan daa'imman mana barnootaa keessatti qofa osoo hintaane jirenya isaanii gara fuulduraa keessattis bu'a qabeeyyii ta'u; ofitti amanamummaafi ilaalcha gaarii ofiif niqabaa; amala gaariis nigabbifatu. Akkasumas, muuxannoo hawaasummaa gaarii qabaachuun gammadoo ta'u; maatiinis sagantaa mana barnootaa wajjiin hanga tokko walbaraa dhufu. Maatii daa'immanii biroo waliinis muuxannoo waljijiiru. Yeroo guddina daa'immanii murteessaa ta'e keessatti deeggarsa taasisuu isaaniif gammachuun itti dhaga'ama. Kana malees, guddina daa'imman isaaniif hanga humni isaanii danda'e waan barbaachisu gochuufi yoo rakkoon uumamullee dafanii yeroodhaan furmaata/ fala barbaaduuf carraa ni'argatu.

Barsiisonni mana barnoota idileen duraas maatiin kunuunsaafi barnoota daa'imanii keessatti cinaa isaanii dhaabbachuun harka walqabatanii kan hojjatan yoo ta'e hojii isaaniitti bu'a qabeeyyiifi gammadoo ta'u. Waa'ee guddinaafi barnootaa daa'imanii ilaachisee odeeffannoo argachuu nidanda'u. Akkasumas, maatii hirmaachisuu isaaniin deeggarsa yaadaa, beekumsaa, humnaafi meeshaa argachuu danda'u.

Kanaafuu, maatiin yeroo daa'imanii qaaliifi deebi'ee hinargamne kana seeraan itti fayyadamuuf barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walitti dhufeenygaarrii uumuun sochii guyyuu daa'imanii keessatti dammaqinaan hirmaachuuut irraa eegama.

Barsiisonnis maatiin/ warri sagantaa guddisaafi barnoota daa'imanii irratti hirmaannaakka taasisan jajjabeessuuf tooftaalee armaan gadii yoo fayyadaman caalaatti bu'a qabeeyyiifi ta'u danda'u:

- Maatiin adeemsa barachuu ijoolee isaaniirratti akka hirmaataniifi ijooleen isaanii mana barnootaa keessatti barattoota qaxalee akka ta'aniif fedhii isaan qaban hubachuu
- Sagantaa maatii deeggaruufi adeemsa barachuu daa'imanii hubachuu ittiin danda'an wixineessuufi raawwachuu
- Sagantaa dhaabbataa maatii waliin walargan qabaachuu /sa'atii itti daa'iman simataniifi gara manaatti gaggeessan, dabtara walquunnatii (communication book), bilbilaafi kanneen kana fakkaatan..../
- Tooftaalee addaddaa hubannoo ittiin uumanifi ittiin dadammaqsan bocuu (marii garee adeemsisu, leenjii gaggabaaboo qopheessuun....)
- Maatiin sochii daa'iman guyyuun taasisan keessatti hirmaattota akka ta'an jajjabeessuu, / yeroo boqonnaa daa'iman taphachiisuun, sheekkoo itti himuun, yeroo sigigaachoo itti gargaaruun....
- Maatiin guyyaa guyyaan daa'iman isaanii waliin walitti dhufeenygaabaniin waan baratan akka mariyatan gochuun....
- Jijjiirama amalaafi guddinaa guyyaa guyyaan daa'imanirratti mul'atu akka hordofan gochuun

Sagantaalee addaddaa mana barnootaa idileen duraa keessatti daa'iman qajeelchuun kan hirmaatan barsiisota yoo ta'anillee akkuma armaan olitti ibsame gaheen maatii olaanaadha. Kanaafuu, qabxiwwan armaan olitti eeramanitti dabalataan daa'iman yommuu manatti galan waan baratan, akka itti oolan akka isaanitti himan, hojii xixiqqoo maatii waliin akka hojjatan gochuun, akka barbaachisummaa isaatte yeroo dhimma daa'iman isaanirratti mariyatan

mijeessuun waa'ee guddina daa'imman isaaniirratti akka mariyatan gochuuf kallattii sirrii ta'e kaa'uun barbaachisaadha.

1.6. Mana Barnootaa Idileef Qophaa'uu

Kaayyoon waliigalaa mana barnootaa idileen duraa daa'imman qaamaan, sammuun, currisaafi hawaasummaan cimanii mana barnootaa idileef akka qophaa'an gochuu akka ta'e ifaadha. Umriin wagga 5-6 tti jiru keesatti gochaalee mana barnootaa idileef qopheessuun xiyyeffannoон yeroo itti hojjatamuу qabuudha.

Qophaa'uuun maali? Mana barnootaa idileef qophaa'uuun daa'imman yeroo umrii daa'imummaa ganamaatti kunuunsaafi barumsa isaaniif kennamuun muudannoo jirenya guyyuу keessatti isaan muudatuufi sadarkaa dandeettii cimsachaa deemaniin kan murtaa'udha. Kunuunsiifi barumsi daa'immaniif kennamu qulqullinaafi karaa sirrii qabaachuun isaa ga'umsa qophaa'ummaa mana barnootaa idileef taasifamu kan murteessuudha.

Waggoottan shanan jalqabaa yeroо caasaafi jabinni sammuu itti ijaaramu yommuu ta'u gochi daa'imni argu, raawwatuufi dhaga'u sammuu isaarratti gahee guddaa kan taphatuudha. Walitti dhufeenya namoota waliin taasisuun hawaasummaan nicima. Sochii guyyaa guyyaafi adeemsa taphaa guyyuun taasisaniin qaamni cimaa, jabaataa deema. Yaaliwwan kanaafi kana fakkaatan daa'imni raawwatu adeemsa mana barnootaa idileef of qopheessuu keessatti gahee guddaa taphata.

Barnoota idileef of qopheessuu jechuun daa'imni tokko jirenya barataa mana barnootaa idilee keessatti barbaachisan jechuunis ga'umsa qaamaa, sammuu, hawaasummaa, currisaa... cimsatanii argamuufi mana barnootaa idilee seenee barachuuf fedhii kan horate akka ta'urratti kan xiyyeffatudha. Kunis ta'uun kan danda'uakkuma armaan olitti ibsame barumsaafi kunuunsa yeroо umrii daa'imummaa ganamaatti taasifamuuniidha.

Daa'imman yeroо mana barnootaa idilee seenan qophaa'ummaa/ ga'umsa qaamaa, sammuu, currisaa, xiinsammuufi miiraa/ barbaachisu barsiisonni barumsaafi kunuunsa isaaniif taasisaan hubachuun barbaachisaadha.

Ga'umsa sammuu: xiyyeffannoон dhaggeeffachuu, fedhiifi yaada ofii karaa sirrii ta'een ibsachuu, tokkummaafi garaagarummaa wantootaa hubachuu, taateewwan hubachuu, ajaja hubachuu, mataa ofiifi naannoo ofii hubachuu, barachuuf kaka'uufi kanneen kana fakkaatan....

Ga'umsa qaamaa: sochii qaamaa to'achuu danda'uu, sa'atii eeganii soorachuu, mana fincaanii dhaquu danda'uu, yeroo dheeraaf tasgabbaa'anii taa'uu danda'uu, madaala qaamaa eeganii socho'uu danda'uu, qindoomina sochii qaamaafi harkaa cimsachuu danda'uufi kanneen kana fakkaatan...

Ga'umsa hawaasummaafi currisaa: hiriyyoota isaanii waliin wal kabajuun wal gargaaraa hojjachuun, barsiisota, hawaasa mana barnootaafi seera mana barnootaa kabajuu, sadarkaa isaaniitti namoota biroo gargaaruuf socho'uu, miira ofii karaa sirrii ta'een ibsachuufi kanneen kana fakkaatan...

Ga'umsa xiinsammuu: daa'imni tokko turtii mana barnoota idileen duraa keessa tureen akka fooyya'e hubachuun mana barnoota idilee galuuf fedhiifi kaka'umsaa qabaachuu....

Akkatuma kallattiwwan dagaaginaafi guddinaa armaan olitti ibsamaniiin qabxiwwan akka eeruutti taa'an bu'uuraa godhachuun bal'isanii yaadrimee *mana barnootaa idileef qopheessuu* jedhu hubachuun barbaachisaadha. Daa'imni tokko mana barnootaa idileef qophaa'eeraa kan jedhamu kutaa tokkoffaa seenuuf ga'aa ta'ee argamuu qofaa osoo hintaane jirenya barataa mana barnootaa idileetiif qophaa'aa yoo ta'edha. Kunis galma kan ga'uu danda'u akkaataa ga'umsoota (competencies) siilabasii barnoota idileen duraarra jiruun hojjachuudhaan yoo daa'imicha geesisnedha. Kitaabni deeggarsaa kunis kallattiwwan gochaaleen kunniin itti raawwataman eeruuf yaadamee kan qophaa'e yommuu ta'u itti fufaa kitaabilee deeggarsaa kanaan dura daa'imman umrii wagga 3-4 fi 4-5 jiraaniif qophaa'aniti. Hojiirra ooluu kan qabus umrii qophaa'eef jechuunis daa'imman umrii wagga 5-6 jidduu jiraniif ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

1.7. Haala Itti Fayyadamaa Kitaabichaa

Kitaaba deeggarsaa kana keessatti matadureewwan kanneen akka *bu'aawwan eegaman, ga'umsoota, meeshaalee deeggarsaafi malleen raawwii xiyyeffannoo* akka argataniif

gurraacheffamanii barreffamanii jiru. Hiikni gaaleewan kanneenii barsiisota barnoota idilee duraa barsisan biratti beekamuu qabu; hiikni isaaniis armaan gaditti ibsamee jira:

Mallattoowwan



Gaaleewan fayyadamtoonni beekuu qaban

Bu'aawwan eegaman: Daa'imman sadarkaalee ga'umsaa eegamanirra yommuu ga'an jijiiramoota amalaa isaanirratti mul'achuu qabanidha.



Ga'umsoota: Daa'imman dalagaalee garagaraa raawwachuun sadarkaalee ga'umsaa irra ga'uu qaban kan agarsiisudha.



Gocha: Gochawan wayitii tokko keessatti raawwatamuuf karoorfamanii raawwatamuu danda'an akka gaaleetti yookiin jechaatti taa'edha. Gochaaleen kunniinis wayitii tokko keessatti akka raawwatamaniif yaadamanii kan qophaa'aniifi walitti fufinsa kan qaban yoo ta'u akka barbaachisummaa isaaniitti irra deddeebi'amuufi wayitii tokkoo ol keessatti raawwatamuu nidanda'u.



Kaayyoo: Kaayyoo jechuun gochaaleen erga raawwatamanii yookiin wayitiin barnootaa tokko erga raawwateen booda galmawwan daa'imman irra ga'uu qaban ilaallata. Barannoo tokkoofis akka kaayyoo ta'ee tajaajiluu nidanda'a.



Eeruu meeshaalee deeggarsa barnootaa: Daa'imman ga'umsa barbaadamurra akka ga'an gochaalee raawwataman deeggaruuf kanneen faayidaarra ooluu qabaniifi meeshaalee deeggarsa taasisuu danda'an kan ilaallatudha. Meeshaaleen kunniin haala qabatamaa naannoo, haala hojii raawwatamuu, haala umrii daa'immaniirratti hundaa'uun garagara ta'uu nidanda'a. Kanaan cinatti qabxiwwan barsiisotaan beekamuu qaban barsiisonni wantoota barreffama kana keessatti tarreeffaman qofa osoo hintaane meeshaalee biroo matadurichaan walitti dhufeenya qaban fayyadamuu nidanda'u.



Eeruu mala raawwii: Yaadonniifi gochaaleen gaalee kana jala jiran akka eeruutti barsiisotaaf kan taa'an yoo ta'u hojiirra oolchuuf barsiisonni karoora qopheeffachuun miira daa'immanii walitti qabuufi karaa ittiin

Mallattoowwan

Gaaleewwan fayyadamtoonni beekuu qaban

mataduree wayitii sanaa ittiin dabarsan akkasumas, dhumarraatti mala ittiin guduunfaniifi kan biroo itti dabaluun fayyadamuun nibarbaachisa.



Madaallii: Daa'imman tokkoo tokkoo ga'umsaa jalatti gochaalee taa'an raawwachuufi raawwachuu dhiisuu isaanii meeshaa ittiin gamaggamanidha.

Unka daawwannaa ittiin gaggeessan: Kitaaba deeggarsaa kana keessatti dhuma kallattiwwan dagaaginaa yookiin dhuma matadureewwaniirratti unki daawwannaa ittiin gaggeessan taa'ee jira. Unki kun waggaa keessatti yeroo sadii (jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti) guutamuu qaba. Ta'us, daa'imman sagantaa barnoota idileen duraarratti argaman kan madaalaman madaallii walitti fufaan ta'ee madaalliin guyyaan, torban torbanifi dhuma ji'aarratti gaggeeffamuu qaba. Madaalliin walitti fufaan mana barnootaa idileen duraa keessatti gaggeeffamu jijiiramoota guddina qaamaa, sammuu, hawaasummaafi currisaa yeroo yeroon daa'immanirratti mul'atu hordofuun madaalaadha malee madaallii qorumsa waraqaan akka hintaane maatiinis ta'e barsiisonni hubachuun baay'ee barbaachisaadha.

Kitaaba deeggarsa kana keessatti unki madaalli dhuma tokkoo tokkoo matadureerratti taa'e kan guduunfaa ta'uu isaa barsiisonni hubachuudhaan jijiirama guddinaafi dagaaginaa daa'immanii yeroo yeroon hordofuufi madaaluu kan qaban yommuu ta'u dabalataanis saamuda madaallii dabaleerra taa'eefi eeruuwwan madaallii siilabasii barnootaarra taa'e fayyadamuun nidanda'ama.

Faaruuwaniifi sheekkoowwan: tokkoo tokkoo gochaa jalatti faaruuwaniifi sheekkoowwan eeraman dhuma kitaabaa kanarratti muraasni isaanii dabalee ta'uun dhiyaatnii jiru.

1.8. Karoora Haala Guddinaafi Barnoota Daa'immanii

Mana barnootaa idileen duraa keessatti hojii waa'ee guddisaafi barnoota daa'immaniirratti karoora akaakuu sadiitu karoorfama. Isaanis, karoora waggaa, kan ji'aafi kan guyyaati. Karoora guyyaa wajjiin akka dabalee ta'ee karoori barannoo guyyaa (daily lesson plan) niqophaa'a.



- **Karoora waggaa:** Karoorri kun silabasii barnoota idileen duraa bu'uura godhachuun kan qophaa'u yommuu ta'u waggaatti yeroo tokko ji'oota kudhaniif qophaa'a.



- **Karoora ji'aa:** Torban ji'a tokko keessatti argaman hammatee ji'a ji'aan ji'a tokkoof kan qophaa'u yommuu ta'u kan karoora ji'aa keessatti caqafamanis sagantaalee gurguddoo guyyaa guyyaan raawwataman, kallattiwwan dagaaginaafi matadureewwanidha.::



- **Karoora guyyaa:** Karoorri guyyaa guddisaafi barnoota daa'immaniitiif gochaawwan guyyaa guyyaan raawwataman, ganama simannaa daa'immaniirraa kaasee hanga gara manaatti gaggeeffamanitti duraa duuba isaa eegee kan jiru yommuu ta'u sagantaaleen gurguddoon, kallattiwwan dagaaginaafi matadureewwan kallattumaan karoora ji'aarrea fudhatamanii kan guutamaniidha. Haaluma walfakkaatuun, gochaaleen karoori guyyaa guyyaan karoorfamu sa'atii ciree, yeroo boqonnaa, laaqanaa, raafitiifi gara manaatti gaggeessuu guyyaa guyyaan raawwataman kan ofkeessatti hammatudha.

Gucni karoora guyyaa itti qopheessan kutaa afur kan qabu ta'ee kan jalqabaa sa'atii, kan lammaffaa qabiyyee hojii guyyichaa, sadaffaan adeemsa hojichaa, afrappaan sirrachuu kan qaban jechuunis adeemsa raawwii keessatti wantoota muudataniifi sirrachuu qaban kan irratti eeramaniidha. Karoorri guyyaa guyyaan maaltu hojjatamuu akka qabu, kan karoorfames akkamitti akka hojjatameefi daa'immanirrattis jijiiramni akkamii akka dhufe, rakkoon battalatti hinhiikamiin hafe yoo jiraate gara fuulduraatti akka sirratuuf haalli akka mijatuuf kan eeru waan ta'eef guyyaa guyyaadhaan jijiirama daa'immanirratti mul'atu hordofuufi rakkoo isaanii hiikaa deemuuf waan fayyaduuf barbaachisaadha.

Karoora barannoo: inni kunis karoora barannoo jedhamee kan beekamu yommuu ta'u sagantaalee gurguddoo guyyaa guyyaan raawwatamaniif kan qophaa'udha. Qophiin isaan guddinaafi barumsa daa'immaniirratti kan hundaa'uufi qabxiwwan barbaachisoo ta'an tokko tokkoon kan eeru ta'uu qaba.

Guca Qophiin Karoora Barannoo Itti Qophaa'u

Guuya	
-------	--

Garee			
Sagantaa			
Kallattii Dagaaginnaa (Yaada bu'uuraa)			
Ga'umsa			
Mataduree			
Kaayyoo: Daa'imman barumsa/tapha kana booda:			
1. _____			
2. _____			
3. _____			
Meeshaa deeggarsa barnootaa			
Mala baruu barsiisuu			
Tarreeffama adeemsa sagantichaa			
Gocha barsiisaa/tuu	Yeroo	Gocha daa'immanii	

Guyaan, gareen, kallattii dagaaginnaa (yaadni bu'uuraa) fi matadureen kan fudhatamu karoora guyyaarraa yommuu ta'u karorri wayitii barnootaa /barannoo (lesson plan) kan qophaa'u umrii kamiif akka qophaa'e akka beekamuufidha.

Gahumsa: Gahumsi kan fudhatamu karoora waggaarraa yommuu ta'u sadarkaa jijiiramaa daa'imni tokko irra gahuu qabu kan agarsiisudha.

Kaayyoo: Wayitii tokko keessatti daa'imman hirmaachisuun erga raawwatamee booda, jijiirama daa'immanirratti mul'atu kan agarsiisu yommuu ta'u kaayyoon wayitii tokko keessatti raawwatamuu akka danda'amutti ilaalcha keessa galchuun qophaa'uu qabu. Akkasumas, mataduree waliin deemuufi dhiisuu isaa xiyyeffanna itti kennuufi humna daa'immaniin raawwatamuu kan danda'an, haala qabatama naannoon walsimsiisuun raawwatamuu kan danda'u, madaalamuu kan danda'uufi sirruummaafi ifaa ta'uu isaanii ilaalcha keessa galchuun qophaa'uu qabu. Kaayyoon yommuu karoorarra taa'u tarree lakkoofsaan adda ba'uun kan taa'uudha; osoo hinbaay'atu ta'ee raawniif mijataa ta'a.

Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaaleen deeggarsaa mataduricha sadarkaa guddina daa'immaniin kan walsimuufi daa'imman kan hirmaachisan, kan bashannansiisiifi gammachiisan akka ta'an

matadureewwan filannu haala qabatama naannootiin meeshaalee bifaa salphaa ta'een naannooraa qophaa'an yoo ta'an filatamaadha.

Malleen baruu-barsiisuu: Isaan kunimmoo kaayyoowwan kaa'aman milkeessuuf itti fayyadamnu yommuu ta'an kan filatamanis umriifi sadarkaa daa'immanii, kaayyoofi mataduree wayitichaan kan walsime ta'uu qaba. Malleen karoora wayitii barnootaa yommuu barreeffaman haala ifa ta'een akkamitti akka fayyadamnu yoo eerame nama barnooticha dhiyeessuuf baay'ee gaariidha.

Tarreeffama adeemsa sagantichaa: Sagantichi akkamitti akka jalqabamu, kaayyoowwan akkamitti akka raawwataman, sagantichi akkamitti akka guduunfamuufi gocha barsiisotaafi daa'immanii yeroo fudhatu kana keessatti kan barreeffamu ta'a.

Daa'imman barattoota osoo hintaane jirenya barattootaaf kan qophaa'an ta'uun isaa nibeekama. Sagantaan kamiyyuu gocha waa beekuu daa'immanii kan dadammaqsu, odeeffannoo kan qabsiisuufi ogummaa kan shaakalsiisu ta'uu qaba. Kana raawwachuuun kan danda'amu karooraan waan ta'eef, hojicha haalaan raawwachuuuf karooraaf xiyyeeffannoo guddaa kennuufii qabna.

Kutaa -2 Kallaattiwwan Dagaaginnaa (Yaadolee Bu'uuraa) fi Eeruu Malleen Raawwii

2.1. Dagaagina/Guddinaafi Jabeenya Qaamaatiif Kunuunsa Sirrii Gochuu

2.1.1. Ibsa

Ciminni sochii qaamaa kallattiwwan dagaaginnaa hundaaf bu'uradha. Daa'imman dagaagina guutuu ta'erra akka qaqqaban gochuuf jijiirama qaamarratti mul'atan umriidhaan tilmaamuun nidanda'ama. Daa'imman daangaa umrii waggaa 5-6 gidduu jiranirratti qaama isaanirratti jijiirama olaanaatu mul'ata.

Yeroo mana barnootaa idilee seenanitti jirenya barataa keessatti muuxannoon horatan guddina qaamaa waliin kan walqabatu dandeettiwwan si'oomina qaamaa barbaadan hedduutu jiru. Gochaalee guyyaa guyyaatti raawwataniin qindoominni sochii qaamaafi ija isaanii cimuu qaba. Kunis dandeettiwwan mana barnootaatii horatan jechuunis faktii kaasuu, dibuu, lilmoo doomaan hodhuu, barreessuufi kanneen kana fakkaatan ... raawwachuu akka danda'an isaan gargaara.

Daa'imman gochaalee ogummaa garaagaraa gaafatu raawwachuuuf carraa argatu. Daa'imni tokko gocha bu'a qabeessa ta'e raawwatee yommuu of argu ilaalchi mataa isaatiif qabu ofitti amanamummaarratti kan hundaa'e ta'a. Kanaafuu, daa'imman umrii waggaa 5-6 jidduu jiran sadarkaan guddina qaamaa isaanii irra ga'uu qaban (maashaalee mul'atuufi hinmul'anne) irra akka ga'aniif gochaalee raawwachuu qaban akka raawwatan gargaaruun barbaachisaadha.

2.1.2. Kaayyoowwan Gooroo

1. Mataa isaanii hubachuudhaan dandeettii ofitti amanamummaadhaan of ibsuu akka cimsatan gochuuf,
2. Kutaalee nafaa isaanii adda baasuun waamuu, dalagaalee isaanii himuu, kutaalee nafa isaanii kunuunsuuf muuxannoo akka cimsatan gochuuf
3. Miira qaamaa isaanii fayyadamuun wantoota adda baasuufi sirna qulqullina dhuunfaa isaanii ittiin eeggatan akka hubataniifi raawwatan gochuuf
4. Maashaalee isaanii gurguddaafi xixiqqa (mul'atuufi hinmul'anne) fayyadamuun wantoota naannoorraa argamaniin meeshaalee taphaa addaddaa qopheessuun itti fayyadamuu akka danda'an gochuuf

2.1.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman

1. Mataa ofii hubachuu, miira ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu.
 - Mataa isaanii ibsuu nidanda'u
 - Namoota biroo waliin of madaaluun ibsuu nidanda'u
 - Adeemsa taphaa keessatti walitti bu'iinsafi waliigaltee dhabamuu malu hiikuu nidanda'u.
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu
 - Kutaalee nafaa isaanii himuu nidanda'u.
 - Dalagaalee garagaraa kutaaleen nafaa isanii raawwatu sirriitti ibsuu nidanda'u.
3. Ija kunuunsuu
 - Iji isaanii wantoota addaddaatiin akka hinmiidhamne seeraan qabachuufi kunuunsuu nidanda'u.
4. Gurra kunuunsuu
 - Gurri isaanii wantoota addaddaatiin akka hinmiidhamne seeraan qabachuufi kunuunsuu nidanda'u.
5. Miira qaamaa ittiin fuunfatan fayyadamuufi funyaan kunuunsuu
 - Foolii gaariifi badaa addaa baasuun ibsuu nidanda'u.
6. Miiraa qaamaa ittiin dhandhaman fayyadamuufi arraba kunuunsuu
 - Soorata dhandhama addaddaa qaban dhandhamuun dinqisiifachuu nidanda'u.
 - Afaan isaanii of eeggannoona kunuunsuu nidanda'u.
7. Qaqqabuudhaan haalotaafi wantoota addaddaa ibsuu
 - Amala, ho'inaafi hanga wantoota addaddaa gidduu jiru adda baasuu nidanda'u.
8. Fayyaa ofii eeggachuufi sirna ittiin eeggatan shaakaluu
 - Soorata fayyaaf mijataa ta'an adda baasuun himuu nidanda'u.
 - Qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuuu nishaakalu.
 - Qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuuu nidanda'u.
9. Qaama isaanii eeggachuufi kunuunsuu
 - Qaama isaanii eeggachuufi kunuunsanii qabachuu nidanda'u.
10. Maashaalee ciccimoofi xixiqqoo (kan mul'ataniifi hinmul'anne) fayyadamuu
 - Maashaalee isaanii fayyadamuun gochaalee garagaraa raawwachuu nidanda'u.
11. Of danda'anii kalaqa ibsuu
 - Wantoota naannootti argamanirraa meeshaalee taphaa addaddaa hojjachuu nidanda'u.

2.1.4. Ga'umsootaafi bu'aalee eegaman, meeshaalee deeggarsaafi malleen raawwii

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Mataa ofii hubachuu, miira ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu	1.1.Of ibsuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Jechaan of ibsuu



Kaayyoo: Jechaan of ibsuu nidanda'u.



Mala raawwii

- Himoota waa'ee daa'imaa ibsan qopheessuufi akka shaakalan gochuu,

Fakkeenyaaaf,

Ani daa'ima.

Namni hundi na jaallata.

Ani tapha nan jaaladha.

Mucucaachoofi riqaarra ba'ee, bu'ee taphachuun na gammachiisa.

- Itti aansuun, barsiisaan/tuun waa'ee ofii gabaabinaan itti himuun daa'imman dadammaqsuu,
- Daa'immanis dabaree dabareen ka'uun waa'ee mataa isaanii akka dubbatan gochuu,



Madaallii: Daa'imma jechaan of ibsuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha Lama: Fakkiin of ibsuu



Kaayyoo: Fakkiin of ibsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: qubeessaa, waraqaa, dabtara fakkii, halluu



Mala raawwii

- Waaraqaa, qubeessaa, qubeessaa halluu qopheessuu,
- Wayitichi yeroo fakkii itti kaasan ta'uu isaa itti himuun maal kaasuu akka fedhan gaafachuun mariisisuu,
- Ofii isaanii akka kaasan dadammaqsuun waraqaalee/ dabtara fakkii/, qubeessaafi qubeessaa abbaa halluu daa'immaniif kennuu,
- Yommuu xumuran maal akka kaasan akka agarsiisan gochuun fakkii isaanii dinqisiifachuu.



Madallii: Fakkiin of ibsuuf yaaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Maqaa meeshaaleen ittiin waamaman adda baasuu



Kaayyoo: Maqaa meeshaaleen ittiin waamaman adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: meeshaalee taphaa addaddaa, qaraciitii/qalqalloo



Mala raawwii:

- Meeshaalee kutaa barnootaa isaanii keessa jiran maal maalfaa akka ta'an gaafachuun akka dubbatan carraa kennuufii,
- Fakkii meeshaalee guyyaa guyyaatti itti fayyadaman itti agarsiisuun maal akka isaan ta'an maqaan adda baasanii akka himan gochuu,
- Qaraciitii keessa meeshaalee addaddaa kaa'uun osoo ijaan hinilaaliin harkaan qaqqabaa meeshichi maal akka ta'e akka dubbataa baasanii agarsiisan gochuun taphachiisuu,



Madaallii: Maqaa meeshaaleen addaddaa ittiin waamaman adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Sheekkoo himuu

 **Kaayyoo:** Sheekkoo niseenessuu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaabilee Sheekkoo

 **Mala raawwii:**

- Wayitii sheekkoo itti seenessan qopheessuu,
- Sheekkoo gabaabduu daa' immanitti himuu,
- Isaanis dabaree dabareen waan beekan akka seenessan jajjabeessuu,
- Kanneen dubbachuu hindandeenye yookiin karaa sirrii hintaaneen dubbachaa jiran yoo mudatan gargaaruun sirreessuu.

 **Madaallii:** Sheekkoo himuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Shan: Seera haasaa shaakaluu

 **Kaayyoo:** Seera eegun haasaa taasisuu nishaakalu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** siidii (mobaayilaan kan waraabame)

 **Mala raawwii**

- Siidiwwan seera haasaa barsiisan akka dhaggeeffatan taasisuu,
- Fakkii yommuu kaasan yookiin tapha biroo yommuu taphatan meeshaalee addaddaa hiriyoota isaaniirraa ergifachuuf seeraan gaafachuu jechuunis '*Maloo meeshaa kana....*' Yommuu deebisanis '*Galatoomi, ulfaadhu....*' jechuu akka shaakalan gochuu,
- Yomuu dogoggoran yookiin akka tasaa hiriyoota isaanii yoo mufachiisaniiru ta'e dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu akka shaakalan gochuu.

Yaadannoo: Seera haasaa jiruu guyyaa guyyaa keessatti raawwachuufi yommuu walitti bu'an dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu shaakaluu isaanii walitti fufiinsaan hordoffii taasisuun murteessaadha.

 **Madaallii:** Jirenya isaanii guyyuu keessatti dubbii seera qabeessa ta'e hordofuu haasaa taasisuu isaanii hordofaa.

Gocha Jaha: Naannoo ibsuu

 **Kaayyoo:** Naannoo isaanii ni'ibsu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** Fakkiiwwan waa'ee naannoo agarsiisan

 **Mala raawwii:**

- Waa'ee mana jirenyaa isaanii, waa'ee mana barnootaa isaanii, waa'ee hiriyoota isaanii, waa'ee naannoo isaanii akka dubbatan fakkiiwwan mataduree sanaaf ka'umsa ta'uu danda'an itti agarsiisuun waa'ee fakkichaa dubbachuun isaanis akka dubbatan carraa kenuudhaan jajjabeessuu; **Fakkeenyaaaf**, fakkii manaa mooraa isaa waliin itti agarsiisuun waa'ee fakkichaa itti himuu,
- Isin hoo manni keessan maal fakkaata? Mee waa'ee mana keessanii dubbadhaa jechuun akka dubbatan jajjabeessuu.

 **Madaallii:** Naannoo isaanii ibsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Dandeettii murtii kennuu gabbifachuu

 **Kaayyoo:** Dandeettii murtii kennuu nigabbifatu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee taphaa sochii qaamaa taasisaa ittiin taphatan

 **Mala raawwii:**

- Yeroo bilisaan taphachuutti maalfaa taphachuu feetu? Eenyufaa waliin taphachuu feetu? jechuun gaafachuu,
- Kubbaa kam wayya? Kubbaa huccuu moo isa laastikiirraa hojjatameen yoo taphanne wayya? jechuun gaafachuun murtii kennuu shaakalsiisuu,
- Carraa addaddatiin, yeroo wayitii barnootaatti adeemsa murtii kennuu keessatti akka hirmaatan haala mijessuufi kkf.....

 **Madaallii:** Dandeettii murtii kennuu gabbifachuu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Mataa ofii hubachuu, miira ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu	1.2.Ofii isaanii namoota biroon walbira qabuun of madaaluun ibsuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Guyyaa dhaloota ofii himuu



Kaayyoo: Guyyaa itti dhalatan himuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Doosee furdaa, koolaa, waraqaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Guyyaan dhalootaa wayita kabajamu guyyaan dhalootaa har'aa kan eenyuuti? Kan keessan hoo yoom kabajama? jechuun gaafachuun,
- Guyyaan dhalootaa isaanii yoom akka kabajamu akka himan jajjabeessuu,
- Guyyaan dhalootaa isaanii haala kamiin akka kabajamu gaafachuun akka dubbatan gochuu,
- Doosee/waraqaarraa kaardii xixiqqaa mummuruun qopheessuu,
- Koolaafi waraqaa abbaa halluu fayyadamuun kaardii waamichaa guyyaa dhalootaafi kaardii '*baga guyyaa dhalootaa geessee*' ibsu akkamitti akka qophaa'u itti agarsiisuu,
- Meeshaalee barbaachisu daa'immaniif kennudhaan kaardii akka qopheessan gargaaruu.



Madaallii: Guyyaa itti dhalatan kan biroo waliin wal dorgomsiisuun himuu danda'uun isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Kan biroo waliin of dorgomsiisuu



Kaayyoo: Ofii isaanii kan biroo waliin waldorgomsiisuun ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: daawitii



Mala raawwii

- Daawitii akka ilaalanifi walis akka ilaalan gochuu
- Ofii isaanii kan biroo waliin akka dorgomsiisan gochuu

- Dubbachuu yoo dadhaban fuulcha kennuudhaan ati dheertuudha; inni hoo? Isheen hoo? jechuun akka dorgomsiisan gochuu



Madaallii: Ofii isaanii kan biroo waliin waldorgomsiisuun ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Mataa ofii hubachuu, miira ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu	1.3.Adeemsa taphaa keessatti walhabbiifi walitti bu'iinsa uumamuu malu hiikuu nidanda'u

Gocha Tokko: Tapha garee taphachuu



Kaayyoo: Tapha garee walta'iinsaan nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: meeshaalee taphaa mooraa keessaafi mooraan ala jiran



Mala raawwii

- Kutaa keessaa gara alaatti baasuun daa'imman garee lamatti qooduun ramaduu,
- Ga'umsaa qaamaa isaanii ilaaluufi walsimsiisuun waldorgommii ispoortii addaddaarratti hundi isaanii akka hirmaatan gochuu **Fakkeenyaaaf**, tapha ulee wal harkaa fuudhuu,
- Bu'aa gareetiif miira waliin hojjachuu, waltumsuu, walii yaaduu, miseensota gareetiif hamilee kennuu, waljajabeessuu akka aadeffatan gochuu....



Madaallii: Tapha garee walta'iinsaan taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Gamtaan faarfachuu



Kaayyoo: Gamtaan faaru filachuufi faarfachuu walii galuun gamtaan nihojjatu.



Mala raawwii

- Kutaa keessatti daa'imman gareen ramaduu tokkoon tokkoon garee faaru fedhan akka filatan gochuu,

- Erga filatanii boodas bakka bu'aan garee suuta jedhee barsiisaaf/tuuf akka himu gochuu, takkaa filannaan irra deebi'anii jijiiruun hindanda'amu.
- Tokkoon tokkoon garee dabaree dabareen hiriyoota isaanii fuulduratti ba'anii dhaabbachuun bakka bu'aan garee 1,2,3, jedhee yommuu lakkaa'u sirnaan akka faarfatan gochuu,
- Faaruu isa kamtu haalaan akka faarfatame daa'imman waliin madaalaa,
- Gamtaan filachuu, faarfachuu, hojii isaanii gamaggamuu akka shaakalan gochuu .



Madaalaa: Gamtaan faaruu filachuu, faarfachaa waliigalten wajjiin hojjachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Gamtaan hojjachuu



Kaayyoo: Gamtaan hojjachuudhaan faayidaa hojii gamtaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: suuraa wayita ijoolleen gamtaan hojjatan agarsiisu



Mala raawwii

- Fakkii wayita daa'imman/namoonni gamtaan hojjatan agarsiisu fuuldura daa'immaniitti fannisuu,
- Waa'ee suurichaarratti akka mariyatan gochuu,
- Daa'imman garee addaddaatti qoqqooduun gahee hojii garagaraa kennuufii, Fakkeenyaaaf, Mooraa qulqulleessuu, daree qulqulleessuu...
- Hojii tokkoo tokkoo garee ilaaluu, madaaluu, jajjabeessuufi deeggarsa taasisuu,
- Faayidaa gamtaan hojjachuufi bu'aa tokkorra gahuuf akka gargaaru akka hubatan gochuu.



Madaallii: Faayidaa gamtaan hojjachuun qabu hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha Afur: Gahee hojii ofii bahuu



Kaayyoo: Hanga humna isaaniitti gahee hojii isaanii bahuu akka qaban nihubatu.



Mala raawwii:

- Daa'imman mana isaaniitti eenyufaa waliin akka jiraatan gaafachuu,
- Namoota waliin jiraatan kanneen hojii akka gargaaranifi hingargaarre, maalfaarratti akka isaan gargaaran gaafachuun mariisisuu,
- Daa'imman mana keessatti hanga humna isaaniitti ergaa ergamuu, ajajamuu, meeshaa taphaa ittiin taphatan walitti qabuun olkaa'uu, yeroo warri isaanii hojii hojjatan obbolaan isaanii kanneen xixxiqoo ta'an taphachiisuu akka qaban akka hubatan gochuu,
- Yeroo namoonni gurguddoон ergaa isaan ergatan qalbiin dhaggeeffachuuun dafanii geessanii deebi'uu akka qaban, yommuu ajajaman diduu akka hinqabne mudannoowwaniifi sheekkoowwan addaddaa itti himuun akka hubatan gochuu,



Madaallii: Hanga humna isaaniitti gahee hojii isaanii bahuu akka qaban hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Namoota biroo gargaaruu



Kaayyoo: Hanga humna isaanii namoota biroo gargaaruu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Suuraa wayita namoonni walgargaaranii hojjatan agarsiisu



Mala raawwii

- Adeemsa kutaa barnootaa, kutaa nyaataa, kutaa rafitii daa'immanii mijeessuu/ sirreessuu keessatti daa'imman barsiisota waliin hojjechuurratti akka hirmaatan gochuun dandeettii namoota biroo gargaaruu akka gabbifatan taasisuu,
- Dabalataanis, daa'imman mana barnootaa keessatti barsiisotaafi hojjattootaaf, akkasumas maatiif ergaa akka geessan gochuun waan ajajaman akka raawwatan jajjabeessuu.



Madaallii: Hanga humna isaaniitti namoota kaan gargaaruu isaanii hordofuun madaalaa.



Gocha Jaha: Gamtaan taphachuu

Kaayyoo: Gamtaan taphachuu nidaanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: meeshaalee taphaa mooraa keessaafi mooraa ala jiran, uffata garagaraa



Mala raawwii

- Mooraa mana barnootaa keessa meeshaaleen taphaa maalfaa akka jiran daa'imman gaafachuun irra caalaatti meeshaa taphaa isa kamiin taphachuu akka jaallatan gaafachuun mariisisuu,
- Meeshaaleen taphaa mooraa keessa jiran kan eenuu akka ta'aniifi akkamitti ittiin taphachuu akka qaban gaaffilee garagaraa gaafachuun mariisisuu,
- Meeshaaleen taphaa mooraa keessa jiran kan daa'imman hundaa ta'uu isaafi dabaree eeguun taphachuu akka qaban hubachiisuu,
- Yeroo boqonnaafi yeroo bilisaan taphannaatti dabaree isaanii eeganii taphachuufi taphachuu dhiisuu isaanii hordofuun dabaree isaanii eeguun seeraan taphachuu akka qaban jajjabeessuu,
- Kanneen dabaree osoo hin eegiin taphatan immoo sirnaan dabaree isaanii eeguun akka taphatan hubachiisuu



Madaallii: Daa'imman walwajjiin waliigalanii taphachuu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Torba: Taphoota waldorgommii qaban taphachuu



Kaayyoo: Taphoota waldorgommii naamusa eeganii nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee taphaa mooraa keessaafi mooraan ala jiran



Mala raawwii

- Mooraa keessatti taphoota sosochii qaamaa taphachiisuu,
- Yeroo isaan taphatan hordofuun deeggaruu,
- Taphoota addaddaa waldorgommii qaban erga taphatanii booda garee mo'ataa ta'e wajjiin akka faarfatanii sirban haala mijeessuun jajjabeessuu,

Fakkeenyaaaf, Tapha fiigichaa, kubbaa miilaa....

- Yoo mo'amanis mo'amuu isaanii amananii fudhachuu akka qabaniifi isaanis yeroo biroo mo'achuu akka danda'an hubachiisuu,



Madaallii: Taphoota waldorgommii qaban naamusa gaariin taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu	2.1. Maqaa kutaalee nafaa isaanii himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Tapha kutaa nafaa walitti firoomsu taphachuu



Kaayyoo: Tapha kutaa nafaa walitti firoomsu nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Loottoo kutaalee nafaa



Mala raawwii

- Gabatee taphaa kutaa nafaa walitti firoomsuu minjaala isaaniirra kaa'uu,
- Tapha walitti firoomsuu akka taphatan gochuu,
- Wayita daa'imman taphatan gidduu deddeebi'uun ilaaluu,
- Kutaalee nafaa kamfaa akka walitti firoomsan gaafachuun akka himan jajjabeessuu



Madaallii: Tapha kutaa nafaa walitti firoomsu taphachuu isaanii madaalaa

Gocha Lama: Kutaalee nafaa dalagaa isaaniin walitti firoomsuu

Kaayyoo: Faaruudhaan kutaalee nafaa isaanii dalagaa isaaniin walitti nifiroomsu.

Meeshaalee deeggarsaa: fakkii kutaalee nafaa agarsiisu

Mala raawwii

- Kutaalee nafaa isaanii soschoosaa faaruu faarfachuu danda'an faarfachiisuu

Fakkeenyaaaf:

Harka kiyyaan walitti rukuta (chob, chob, chob)

Luka kiyyaan nan utaala (utaal, utaal, utaal)

Ija kiyyaan nan ilaala (nama fagootti waa ilaalu fakkeessuun)

Funyaan kiyyaan nan fuunfadha (nama fuunfatu fakkeessuun)

Gurra kiyyaan nan dhaggeeffadha....

- Kutaalee nafaa isaanii seeraan itti fayyadamaa (sosocho'aa) akka faarfatan gochuu

Madaallii: Kutaalee nafaa isaaniin dalagaa isaaniin walitti firoomsuun faarfachuu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Kallattii argama kutaalee nafaa himuu



Kaayyoo: Kallattii argama kutaalee nafaa isaanii nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii kutaalee nafaa agarsiisu



Mala raawwii

- Fakkii kutaa nafaa agarsiisu bakka mul'atutti fannisuun daa'imman fakkicha ilaala maqaa kutaa nafaa akka himan gochuu
- Kutaalee nafaa isaanii agarsiisaa kallattii itti argaman akka dubbatan gochuu (bitaan, mirgaan, fuulduraan, duubaan.....)



Madaallii: Kallattii kutaan nafaa itti argamu himuu danda'uu isaanii madaalaa

Gocha Afur: Bakka argamaafi maqaa kutaa nafaa isaanii adda baasuu



Kaayyoo: Maqaafi bakka argama kutaalee nafaa isaanii adda nibaasu.




Meeshaalee deeggarsaa: loottoo kutaalee nafaa



Mala raawwii

- Fakkii kutaa nafaa keessaa hir'ate qabate fuuldura isaaniitti fannisuu,
- Kan keessaa hir'ate maal akka ta'e akka himan gochuu,
- Kutaalee hir'ate guutuuf kanneen dhiyaatan keessaa waan guutamu kaasaa bakka sirriitti akka kaa'an gochuu.



Yaadannoo: Gocha kana pazili fayyadamuun raawwachuun nidanda'ama.



Madaallii: Maqaafi iddoo argama kutaalee nafaa isaanii adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Shan: Fakkii kutaalee nafaa sarara ciccitaan kaafame walqabsiisuu



Kaayyoo: Fakkii kutaalee nafaa sarara ciccitaan kaafame walqabsiisuu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii namaa tuttuqaan ka'ee jiru, qubeessaa, qubeessaa halluu,



Mala Raawwii:

- Kutaalee nafa namaa sarara ciccitaan ka'ee jiru kan agarsiisu itti kennuu,
- Sarara ciccitaan walqabsiisun halluu akka diban gochuu,
- Wayita isaan hojjatan gidduu deddeemuun ilaaluu.



Madaallii: Fakkii yeroo kaasaniifi yeroo dibanitti kutaalee nafaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhaa

Gochaa Jaha: Boca (moodeela) kutaalee nafaa hojjachuu



Kaayyoo: Waraqaa/dhoqee bukaa'een boca kutaalee nafa namaa hojjachuun moggaasaafi iddo itti argaman addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Loottoo kutaalee nafaa, waraqaa/dhoqee bukaa'e,



Mala Raawwii:

- Kutaalee nafa namaa ijoo ta'an gaafachuun akka yaadatan gochuu,
- Waraqaa/dhoqee bukaa'e fayyadamuun fakkii namaa akkamitti hojjachuun akka danda'amu walduraa duubaan agarsiisuu;
- Haala arganiin akka hojjatan dhoqee yookiin waraqaa bukaa'e tokkoo tokkoo isaaniif madaalanii kennuu;
- Bocaawan yeroo hojjatan irra naanna'uun ilaala deeggarsa gochuufii;
- Bocaawan hojjatan iddo kaa'an mijessuufi akka kaa'an/naqan/ gochuu;
- Kan hojjatan naanna'aa ilaaluun akka ajaa'ibsiifatan gochuu;
- Isaanis harka isaaniitiin osoo hintuqin barsiisaa/tuu wajjiin akka ilaalaniifi ajaa'ibsiifatan jajjabeessuu;



Madaallii: Bocaawan kutaalee nafaa yeroo hojjatanitti moggaasaafi iddo itti argaman adda baafachuun isaanii gaafachuun madaala.

Gocha Torba: Kutaalee nafaa sosochiilee wajjiin walitti firoomsuu



Kaayyoo: Kutaalee nafa isaanii sosochiilee waliin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: Loottoo kutaalee nafa namaa



Mala Raawwii:

- Sosochii qaamaa wajjiin faaruulee walqabatan faarfachuu;
- Walaloo waa'ee kutaalee nafaa walqabatan loottoo wajjiin walitti firoomsuun dhageessisuufi akka dhaggeeffatan gochuu;
- Walaloo dhaga'an irra deebi'anii akka jedhan gochuu

Fakkeenyaaaf, tapha "Ani guutuudha." Jedhu sosochiin walitti firoomsuu

Ani xiqqoodha xiqqoodha

Kutaalee nafaa xixiqqoon qabaa

Kan ittiin deemu luka xixiqqoon qabaa

Ani xiqqoodha xiqqoodha

Harka xixiqqoo ittiin taphadhuun qaba

Ani xiqqoodha xiqqoodha

Ija ittiin ilaaluun qabaa

Ani xiqqoodha xiqqoodha

Kan ittiin dhaggeeffadhu gurra xixiqqoon qabaa

Ani xiqqoodha xiqqoodha.....

- Taphoota akka “Nuti daa’immani, simbirittiin ta’aa” fi kanneen kana fakkaatan sosochiin taphachiisuu;



Madaallii: kutaalee nafa isaanii sosochiilee qaamaa wajjiin walitti firoomsuu danda’uu isaanii hordofaa.

Bu’aa eegamu	Gahumsa
2. Kutaalee nafaa adda baafachuufi gochaalee isaanii himuu	2.2. Kutaalee nafaa addaddaa gochaalee garagaraa isaan raawwatan siritti ibsuu nidanda’u.

Gocha Tokko: Moggaasa kutaalee nafaafi gochaalee isaanii addaan baafachu

Kaayyoo: Moggaasa kutaalee nafaa garagaraafi gochaalee garagaraa isaan raawwatan nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: kutaalee nafaa walitti firoomsan, loottoo,



Mala Raawwii:

- Daa'imman dabareen hiriyoota fuuldura bahaan kutaalee nafaa agarsiisuun moggaasa isaa akka himan jajjabeessuu;
- Kutaan nafaa kamiinuu gocha maalii akka raawwatan akka himan gochuu; Fakkeenyaaaf, ijaan ilaaluu, imimmaan buusuu: Funyaan fuunfachuu, qufaan yoo nuqabe dhangala'oo baasuufi kanneen kana fakkaatan
- Walaloo “Ani xiqqoodha” jedhu akka himaniifi sochiilee jiran walaloo wajjiin akka himan gochuu;



Madaallii: Maqaa kutaalee nafaa garagaraafi gochaalee garagaraa isaan raawwatan dubbachuu danda'uu isaanii mirkanoeffadhaa.

Gochaa Lama: Gochaalee kutaaleen nafaa dalagaan walitti qindeessuu



Kaayyoo: Gochaalee kutaalee nafaa garagaraa raawwataniin walitti niqindeessu.



Meeshaalee deeggarsaa: Loottoon kutaalee nafaa walitti qindeessu;



Mala Raawwii:

- Kutaalee nafaa garagaraa walitti qindeessuun fayyadamuun gabatee irratti walitti firoomsuun akka taphatan gochuu;
- Gabateerratti kutaalee nafaafi dalagaa isaanii barreessuun akka walitti firoomsan gochuu



Madaallii: Gochaalee garagaraa kutaaleen nafa garagaraa raawwatan walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkanoeffadhaa.

Gochaa Sadii: Taphaan kutaalee nafaa ibsuu



Kaayyoo: Hiboodhaan kutaaleen nafaa kan ittiin ifu addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee hibboo walitti qabee jiru



Mala Raawwii:

- Hibboo kutaalee nafaa taphachiisuu;
Fakkeenyaaaf, “Aabbaan guddaan gola keessaa lallaba; godoon gamaa balballi ishee lama”....fi kanneen kana fakkaatan

Madaallii: Ibsituwwan kutaalee nafaa adda baafachuu danda’uu isaaniifi hibboof deebii yeroo kennan hordofuun madaalaa.

Gochaa Afur: Taphaan gochaa kutaalee nafaa himuu



Kaayyoo: Gochaalee kutaalee nafaa garagaraa raawwatan nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Loottoo kutaalee nafaa walitti firoomsuuf barbaachisu;



Mala Raawwii:

- Waraabessi dhufe, magariisa, teessoo walsaamuufi kanneen kana fakkaatan taphoota sosochii taphachiisuu;
- Tapha booda kutaalee nafaa garagaraa gochaalee addaddaa raawwatan akka dubbatan gochuu; fakkeenyaaaf, Lukaan fiiguu, harka walitti ruktuuifi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: Gochaalee kutaaleen nafaa garagaraa raawwii adda addaa raawwatan dubbachuu danda’uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
3. Ija kunuunsuu	3.1. Ija isaanii ofeeggannoq qabachuufi kunuunsuu nidanda’u.

Gocha Tokko: Faayidaa ijaa himuu



Kaayyoo: Faayidaa ijaa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii ijaa gurguddatee ka’ee jiru,



Mala Raawwii:

- Ija isaanii maaliif akka itti fayyadaman gaafachuun mariisisuu;

- Fakkiilee lama walfakkaatan gurguddatanii ka'an itti agarsiisuun gidduu fakkiilee garaagarummaa jiru akka dubbatan gochuu;
- Garaagarummaa akkamitti beekuu akka danda'aniifi qaama kamitti fayyadamanii beekuu akka danda'an gaafachuu;
- Kutaa isaanii keessatti waan argaa jiran akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuun, harka lamaan ija isaanii akka dhoffatan gochuufi wanti itti mul'atu yoo jiraate akka dubbatan gochuu;
- Ija keenyaan maal goona jedhanii gaafachuun ijaan ni ilaalla, namoota ajaa'ibsifannu ittiin ibsina, yeroo gaddinu imimmaan ittiin buufna, fi kanneen kana fakkaatan jechuun akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Faayidaa ijaa dubbachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gochaa Lama: Ofeeggannoo ijaaf godhamu hubachuu



Kaayyoo: Ofeeggannoo ijaaf godhamu nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii ijaa gurguddatee ka'ee mul'atu.



Mala Raawwii:

- Ijji keenya baay'ee yoo nudhukkubefi miidhame ilaaluu akka hindandeenye akka hubatan muudannoo garagaraa itti himuu;
- Ija isaanii qulqullinaan eeggachuu akka qaban, harka hinqlqullofneen tuquu akka hinqabne, wanta kamiinuu ija keessa golchuu akka hinqabne, tittiisnifi ilbiisonni akka irra hinteenye eeggachuu akka qaban hubachiisuu;
- Dabalataan biqiltoota magariisaa,(raafuu, qoosxaa, salaaxaa, akkasumas kaarotii) ijaaf faayidaa akka qabu akka hubatan gochuu;



Madaallii: ofeeggannoo ijaaf godhamuu qabu hubachuu isaanii gaaffilee gaafachuun mirkanoeffadhaa.

Gochaa Sadii: Waa'ee namoota ijaan arguu hindandeenyee hubachuu



Kaayyoo: Waa'ee namoota ijaan arguu hindandeenyee nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii ijaa gurguddatee ka'ee jiru



Mala Raawwii:

- Naannoo isaaniitti namoota ijaan arguu hindandeenye arganii beeku yoo ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Namoota ijaan arguu hindandeenye sosocco'uuf ulee itti fayyadaman akka qaban hubachiisuu;
- Dabalataan meeshaa bireelii jedhamu itti barreessaniifi itti dubbisan akka qaban hubachiisuu;

- **Yaadannoo:** Yoo danda'ame meeshaalee kana fidanii itti agarsiisuun



Madaallii: Waa'ee namoota ijaan arguu hindandeenyee hubannoo cimsachuu isaanii mirkanoeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
4. Gurra kunuunsuu	4.1. Gurra isaanii ofeeggannoon qabachuufi kunuunsuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Faayidaa gurraa himuu



Kaayyoo: Faayidaa gurraa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii namaa, Kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Gurra isaanii akka mul'isaniifi quba isaaniin duuchanii maal akka dhagahan akka himan gochuu;
- Sagalee qilleensa naannoo ariitiin darbu, sagalee konkolaataa, namni yeroo dubbatu, barsiisaan yeroo gaaffii gaafatu, hubachiisu/ibsu, sheekkoo yeroo seenessuufi kanneen kana fakkaatan kan dhaggeeffannu gurra keenyaan jechuun faayidaa gurraa hubachiisu;
- Namoota gurraan dhagahuu hindandeenye kanneen biroo wajjiin akkamitti akka walii galan gaafachuun mariisisuu;



Madaallii: Faayidaa gurraa hubatanii dubbachuu danda'uu isaanii mirkanoeffadhaa.

Gochaa Lama: Ofeeggannoo gurraaf godhamu hubachuu



Kaayyoo: Ofeeggannoo gurraaf godhamu nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Dooqaawwan, muka kibriitii, muka.



Mala Raawwii:

- Gurra isaanii dhukkubsatanii beekuu isaanii gaafachuun mariisisuu;
- Gurra isaanii ofeeggannoonaan qabachuu yoo hindandeenye, dhukkubaan qabamuu akka danda'u hubachiisuu;
- Gurra keessa qalama, dooqaawwan,muka addaddaa keessa seensisuu akka hinqabne hubachiisuu;
- Cirrachas ta'ee bishaan yeroo taphatan gurra keessa akka hinseenne ofeeggannoo akka barbaadu hubachiisuu;
- Namootni gurguddoon, yeroo gurra isaanii qulqulleeffatan ilaalanis isaan gurra garuu maatiin isaanii akka qulqulleessaniif gaafachuun malee ofii isaanii gurra keessa wanta tokkollee itti seensisuu akka hinqabne hubachiisuu;



Madaallii: Ofeeggannoo gurraaf godhamuu qabu hubachuu isaanii gaaffilee gaafachuun madaalaa.

Gocha Sadii: Fakkii gurraa kaasuu



Kaayyoo: Fakkii gurraa kaasuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: qubeessaa, qubeessaa halluu, waraqaa,



Mala Raawwii:

- Fakkii namaa ka'ee jiru fuuldura isaanii kaa'uun akkamitti ka'uu akka danda'u qabatamaan agarsiisuu;
- Yeroo kaasan gurras itti dabalanii akka kaasan yaadachiisuu;
- Kan kaasan halluu akka diban gochuu;
- Yoo xumuran ilaalaan akka ajaa'ibsiiifatan yeroo itti aanu yeroo hojjatan sirreeffama xiqqoo gochuun itti kennuu;



Madaallii: Fakkii kaasuun bakka itti argamu adda baafachuufi yeroo fakkii kaasan hordofuun mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
5. Qaama miiraa ittiin fuunfannu fayyadamuufi funyaan kunuunsuu;	5.1. Foolii badaafi gaarii ibsuu nidanda'u.

Gochaa Tokko: Foolii badaafi gaarii addaan baafachuu



Kaayyoo: Wantoota foolii badaafi gaarii qabu adda baafatanii nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Baala baargamoo, baala urgooftuu, muuzii, burtukaana, loomii, fakkiilee fuduraaleefi kuduraalee addaddaa



Mala Raawwii:

- Kutaa keessatti wantoota foolii jiidhaa qaban(baargamoo, damakasee (qorsa michii) fi kanneen kana fakkaatan) fuunfachuun akka hinmul'anne wanta afaan banaa keessa kaa'uufi haala daa'immanii hordofuu;
- Daa'imman gaaffii yoo hingaafanne barsiisaan/tuun kutaa isaanii keessatti foolii akkamii akka qabu gaafachuuu;

- Kutaa qaama kam fayyadamanii foolii adda baafachuu akka danda'an gaafachuu;
- Wantoota naannoo isaanii jiran wantoota maal maal foolii namatti tolu akka qabuufi kanneen biroo immoo foolii namatti hintolle qaban gaafachuun gaariifi badaa jedhanii foolii yaadataa jiran akka himan gochuu;
Fakkeenyaaaf, foolii ittoo lukkuu, foolii mana fincaanii, foolii keekii



Madaallii: Wantoota foolii badaafi gaarii qaban adda baafatanii himuu danda'uunisaanii madaala.

Gochaa Lama: Wantootaa addaddaa fooliin adda baafachuu



Kaayyoo: Wantoota addaddaa fooliin adda baafachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Urgooftuu, damakasee, muuzii, burtukaana, loomii, fakkii fuduraaleefi kuduraalee dawoo addaddaa,

Hubachiisa: Wantoota fooliin isaanii keemikaalawaa miidhaa qaban akka hinfuunfanne kallattii qabsiisuun barbaachisaadha.



Mala Raawwii:

- Biqiltoota addaddaa foolii garagaraa qaban kan duraan beekan akka fuunfatan gochuu; Fakkeenyaaaf: muuzii, burtukaana, loomii, urgooftuu, damakasee,
- Maal akka ta'anifi foolii akkamii akka qaban nama gammachiisa yookiin nama hingammachiisu jedhanii akka dubbatan gochuu;
- Fakkii biqiltootaa agarsiisuun waa'ee foolii isaanii mariisisuu;
- Joogii foolii addaan itti baafnu fayyadamuun biqiltuuwwan foolii qaban fayyadamanii daa'imman ijaan osoo hinargin joogii keessa wantoota jiran fuunfachuu qofaan akka dubbatan gochuu;
- Tapha "Fuunfadhuu beeki" jedhu taphachiisuun akka dubbatan gochuu;



Madaallii: wantoota garagaraa fooliin adda baafachuu danda'uunisaanii madaala.

Gochaa Sadii: Funyaan qulqulleessuu



Kaayyoo: Funyaan qulqulleeffachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: sooftii/mahaarrabii/



Mala Raawwii:

- Funyaan akkamitti akka qulqulleeffachuu akka qaban gaafachuun mariisisuu;
- Funyaan sooftiin/huccuu qulqulluu xiqqoon qulqulleeffachuu akka barbaachisu;
- Yoo qufaan isaan qabe jijiirama funyaan isaaniiratti mul'atu gaaffii addaddaa gaafachuun akka himan gochuu
- Yoo qufaan isaan qabe akkamitti funyaan isaanii akka qulqulleeffachuu qaban mariisisuu
- Waraqaa mana fincaaniitiin erga qulqulleessanii booda iddo arganitti gatuun akka hinbarbaachifne kaartoonii/kachoo/ balfa itti gatan qofa keessatti gatuu akka qaban hubachiisuu;
- Fooxaan funyaanii guyyaa guyyaan dhiquufi goggogsun akka barbaachisu itti himuu;
- Qabatamaan akka qulqulleessan shaakalchiisuu;

Yaadachiisa: Funyaan keessa wanta qara qaban, dooqaawwan, qalamaafi kanneen kana fakkaatan galchuu akka hinqabne hubachiisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Funyaan isaanii qulqulleeffachuu eegaluu isaanii hordofaa.

Gochaa Afur: Funyaan kunuunsuu



Kaayyoo: Funyaan kunuunsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii funyaanii



Mala Raawwii:

- Ilbiisota funyaan irratti dhukkuba fiduu danda'aniin yoo miidhame fuufachuu akka hindandeenye itti himuu;
- Qufaan yoo isaan qabe funyaan isaanii irratti jijiirama mul'atu gaaffilee garagaraa gaafachuun akka hubatan taasisuu;
- Qufaan yoo isaan qabe akkamitti funyaan isaanii qulqulleeffachuu akka qaban mariisisuu;

Yaadachiisa: Waraqaa mana fincaaniitiin erga qulqulleessanii booda iddo arganitti gatuu akka hinqabneefi guuboo balfa itti gatan qofaa keessatti gatuu akka qaban hubachiisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Qufaan yoo isaan qabe funyaan isaanii kunuunsuu akka qaban hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Qufa'uun yoo isaan muudate ofeeggannoo gochuu qaban hubachuu



Kaayyoo: Qufa'uun yoo isaan muudate ofeeggannoo akkamitti gochuu akka qaban nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa/sooftii mana fincaaniifi funyaanii



Mala Raawwii:

- Namoonni qufaafi qufa'uun yoo isaan qabe akkamitti akka qufa'an gaafachuun mariisisuu;
- Daa'immanis qufaafi qufa'uun yoo isaan qabe akka isaan qufaasisuufi yeroo qufa'an garuu namoota irraa garagalanii afaan harkaan qabatanii qufa'uu akka qaban yoo hinta'in garuu hafuura keessa ilbiisonni dhukkuba fiduu danda'an gara namoota birootti akka darban karaa addaddatiin hubachiisuu;
- Akkamitti qufa'uu akka qaban gochaan/qabatamaan agarsiisuufi akka shaakalan gochuu;
- Daa'imman qufaafi qufa'uun yoo isaan qabe haqqee/hancufa furdaa qabaachuu akka danda'u itti himuu;

- Hancufa sooftiin qabanii meeshaa balfa itti gatan keessatti gatuu akka qaban mana keessatti, kutaa keessattis ta'ee dirree taphaatti calluma jedhanii tufuu akka hinqabne hubachiisuu;



Madaallii: Qufa'uun yoo isaan qabe wanta gochuu qabaniifi ofeeggannoo isaa hubachuu isaanii gaaffilee gaafachuun madaalaa.

Gocha Jaha: Moodela funyaanii hojjachuu



Kaayyoo: Moodela funyaanii nihojjatu.



Meeshaalee deeggarsaa: dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'e



Mala Raawwii:

- Moodeela funyaanii fuuldura isaanii minjaalarra kaa'uufii,
- Dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'een akkamitti moodela funyaanii hojjachuu akka danda'an itti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif dhoqqee/waraqaa bukaa'e raabsuufiifi akka hojjatan gochuun hordofuu;
- Dhumarrattis, kan hojjatan ajaa'ibsiifachuu;



Madaallii: Waraqaa/dhoqqee bukaa'een moodela funyaanii hojjachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gochaa Torba: Pazilii kutaalee nafaa taphachuu



Kaayyoo: Pazilii kutaalee qamaa taphachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: pazilii kutaalee nafaa agarsiisan



Mala Raawwii:

- Pazilii kutaalee nafaa minjaala isaaniirra kaa'uu
- Walqabsiisaa akka taphatan gochuu

- Sirriitti walqabsiisuu isaanii ilaaluu



Madaallii: Pazilii yeroo walqunnamssiisan iddo argama funyaanii addaan baafachuu d anda'uu isaanii madaalaa,

Bu'aa eegamu	Gahumsa
6. Miira ittiin dhandhamnuutti fayyadamuufi afaan kunuunsuu,	6.1. Soorata addaddaa dhandhamaa garagaraa qaban nidhandhamuufi ni ajaa'ibsiifatu.

Gocha Tokko: Kutaalee qaamota afaan keessatti argaman himuu



Kaayyoo: Kutaalee nafaa afaan keessa jiran himuu nidanda'u



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii afaanii guddatee ka'ee jiru,



Mala Raawwii:

- Fakkii afaanii guddatee ka'ee jiru itti agarsiisuun keessa isaatti qaama maal maaltu akka jiran gaafachuun mariisisuu;
- Afaan keessa qaamota jiran akka agarsiisan gochuu;
- Itti fufuun, afaan isaanii keessatti gochaalee maal maaltu akka raawwatan gaafachuun mariisisuu;
- Faaruu itti aanu akka faarfatan gochuu;
 - Afaan xiqqoo koo eessa jirtaa?
 - Asin jiraa; asin jiraa; akkam jirtuu?
 - Ilkaan koo xixiqqoo eessa jirtuu?
 - Asin jiraa; asin jiraa; akkam jirtuu?
 - Arraba diimaa eessa jirtaa?
 - Asin jiraa; asin jiraa; akkam jirtuu?
 - Hidhii koo xixiqqoo eessa jirtaa?
 - Asin jiraa; asin jiraa; akkam jirtuu?

Dhumarrattis, taphaan qaamolee afaan keessatti argaman akka himan gochuu

- Hibboo/hibbaka “Ani afaan nama hundaa keessattin argama, bifti koo diimaa yoo ta’u yeroo hundaa jiidha hindhabu, Ani eenyu? Jechuun gaafachuun arrabni afaan keessatti akka argamu, diimaa akka ta’eefi yeroo hundaa jiidhaa ta’uu isaa tuqanii ilaaluun akka hubatan gochuu;



Madaallii: qaamolee afaan keessatti argaman kan ittiin ibsaman adda baafachuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Lam: Dhandhama addaan baafachuu



Kaayyoo: Waa’ee dhandhamaa addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Nyaata dhandhama garagaraa qabu, kan nyaatamuu danda’an (sukkaara, damma, sokorata, damakasee, loomii, kooshommii,kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Waa’ee dhandhama nyaata garagaraa ibsuu danda’an sheekkoon, seenaan, walaloon, bo’oo walaloon,itti himuufi faaruulee faarfachuun waa’ee dhandhamaa akka hubatan gochuu; **Fakkeenyaaaf:**

Sukkaarri nimi’awa, nimi’awa, nimi’awa;

Dammi ni mi’awa na arraabaa na arraabaa jedhaa

Loomiin nidhangagga’aa hancufni afaan nama guutaa;

- Tapha “Dhandhamii beeki” jedhu taphachiisuun cimsuu;



Madaallii: Moggaasa dhandhamaawwanii adda baafachuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gochaa Sadii: Dhandhama nyaataa dhandhamuun adda baafachuu



Kaayyoo: Dhandhama nyaataa dhandhamuun addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Nyaata dhandhama garagaraa qaban kan nyaatamuu
danda'u(sukkaara, damma, kooshommii, loomii, kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Nyaata dhandhama garagaraa qaban fiduun daa'immanitti agarsiisuu;
- Itti aansuun, maal akka ta'aniifi dhandhama akkamii akka qaban gaafachuun mariisisuu;
- Booda, qabatamaan arrabaan tuqanii dhandhama isaa akka adda baafataniifi isa kam akka ta'an dubbachuu akka walitti firoomsan gochuu;
- Kanneen biroo guyyaa guyyaan jirenya isaaniitti nyaata sooratan isaan kam akka ta'aniifi dhandhama isa akkamii akka qaban akka himan carraa kennuufii;



Madaallii: Dhandhama nyaataa arrabaan tuquun adda baafachuu danda'uu isaanii
mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
6. Miira ittiin dhandhamnuutti fayyadamuuifi afaan kunuunsuu,	6.2. Afaan isaanii ofeeggannoofi kunuunsanii qabachuu nidanda'u.

Gochaa Tokko: Ilkaan ofeeggannooon qabachuu



Kaayyoo: Ilkaan of eeggannooon niqabatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Daawwitee, fakkii ilkaanii



Mala Raawwii:

- Daawwitee fuuldura dhaabbachuun ilkaan isaanii akka ilaalan gochuu;
- Itti aansuun, ilkaan hiriyyootaa akka ilaaliyiifi garaagarummaa hubatanii akka himan gochuu; Fakkeenyaaaf: Ilkaan tortore, buqqa'e, haara biqiluu eegale,
- Wantoota mi'aawaa daa'imman yeroo baay'ee nyaatan ilkaan akka tortoruufi akka dhukkubu muudannoo gabaabduu seenessuun yookiin seenaa tokko kalaquun itti himuu; Fakkeenyaaaf: sukkaara, buskuutii, karameellaa, kanneen kana fakkaatan
- Seenicha bu'uura godhachuun nyaata ilkaan midhaan yeroo baay'ee soorachuu irraa akka ofqusatan hubannoo qabsiisuu;

- Ilkaan daa'imman xixiqqoo haala salphaan nyaata mi'aawaa nyaachuun, ilkaan rigachuu dhabuun, nyaataan booda lulluuqqachuun dhabuufi kanneen kana fakkaatan gochuu dhabuun ilkaan akka tortoruu akka danda'u itti himaa;
- Faaruu "Ilkaan rigachuu akkana" jedhu faarfachuun cimsuu;

Yaadannoo: Maatii wajjiin mari'achuun daa'imman jirenya guyyaa guyyaa keessatti qulqullina ilkaan isaanii akka eeggataniifi akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Wantoota ilkaan miidhan adda baafachuun danda'uu isaanii gaaffilee gaafachuun mirkanoeffadhaa.

Gocha Lama: Ilkaan kunuunsuu



Kaayyoo: Ilkaan isaanii kunuunsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggaarsaa: Buruushii ilkaanii, rigaa mukaa,



Mala Raawwii:

- Daa'imman ilkaan isaanii guyyaa guyyaan rigachuu akka qaban, akkasumas nyaataan booda siritti lulluuqqachuufi tufuu akka qaban hubachiisuu;
- Kana yoo hinta'in, ilkaan isaanii qofa osoo hintaane afaan isaanis foolii namatti hintolle fiduu akka danda'u hubachiisuu;



Madaallii: Ilkaan isaanii akkamitti kunuunfachuu akka danda'an hubachuu isaanii mirkanoeffadhaa.

Gochaa Sadii: Ilkaan rigachuu shaakaluu



Kaayyoo: Buruushii ilkaan ittiin dhiqataniifi rigaa mukaa ittiin rigatan fayyadamuu ilkaan isaanii rigachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggaarsaa: Buruushii ilkaan ittiin rigatan, saamunaa ilkaanii, muka rigaa

ilkaanii kubbaayyaa, bishaan,



Mala Raawwii:

- Buruushii ilkaan ittiin rigataniifi saamunaa yookiin rigaa mukaa qulqullinaan qophaa'ee ilkaan ittiin rigatan fayyadamuun gubbaa gara gadii harkaan sososchoosuun akkamitti rigachuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Yeroo ilkaan rigatan hancufa liqimsuu akka hinqabneefi bishaan ittiin lulluuqatan tufuu akka barbaachisu itti agarsiisuu hubachiisuu;
- Daa'immanis haala arganiin buruushii ilkaanii yookiin rigaa mukaa manaa fidaniin fayyadamuun akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Buruushii ilkaan ittiin rigatan yookiin rigaa mukaa fayyadamuun ilkaan rigachuu

shaakaluu isaanii mirkanefadhu,

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
7.Tuttuquun wantootaafi haalota ibsuu	7.1. Garaagarummaa amalaa, ho'aa, hangaafi bocaawan wantoota gidduu jiru adda baafachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Tuttuquun wantoota lallaafioofi arjajja'a'oo addaan baafachuu



Kaayyoo: Lallaafina, arjajja'a'ina wantootaa tuttuquun addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Gabateewwan tuttuqaman



Mala Raawwii:

- Gabateewwan arjajja'a, baay'ee arjajja'oofi lallaafoo ta'an akka tuttuqan itti kennuu;
- Qubbeen fayyadamuun akka tuttuqaniifi miira isaanitti dhagahame arjajja'a, lallaafaadha, baay'ee arjajja'aafi kanneen kana fakkaatan jechuun akka ibsan jajjabeessuu;



Madaallii: Laafinaafi jabina wantootaa tuttuquun adda baafachuu danda'uu isaanii

mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Tuttuquun ho'aafi diilalla'aa adda baafachuu



Kaayyoo: Wantoota hoo'iinsaafi diilalla'aa tuttuquun addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Sibiilotaafi mukkeen kukkutamee jiru.



Mala Raawwii:

- Sibiilaafi muka mummuramee jiru daa'immanitti kenuun quban tuttuquun isa kamtu diilalla'aafi hoo'aa akka ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Wantoota akka sibiilaa diilalla'aa akka ta'an akka hubatan taasisi;



Madaallii: Wantoota diilalla'aafi hoo'aa tuttuquun adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gochaa Sadii: Wantoota tuttuquun maalummaa isaanii adda baafachuu



Kaayyoo: Maalummaa wantootaa tuttuquun addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Qalqala/qaraciitii, boca addaddaa, hanga, meeshaalee amala addaddaa qaban (Filaa, qubeessaa, haxxuu, qartuu, kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Qalqalloo/qaraciitii qopheessuun daa'imman meeshaalee beekan qalqala kana keessa buusuu;
- Daa'imman dabareen kaasuun harka isaanii qalqala keessa galchuun meeshaa tokko qabani osoo hinbaasin maal akka ta'e akka himan gochuu;
- Sana booda, meeshaa sana baasee hiriyoota golaatti akka agarsiisuufi sirriifi sirrii ta'uudhabuu akka mirkaneessaniif gochuu;
- Daa'imman hundaa dabareen taphachiisuun harkaan tuttuqaa meeshaalee addaan akka baafatan dandeessisuu;



Madaallii: Maalummaa wantootaa tuttuquun adda baafachuu danda'uu isaanii yeroo gochaan raawwatan madaalaa.

Gocha Afur: Wantoota addaddaa amala isaaniitiin ramaduu



Kaayyoo: Wantoota garagaraa amala isaaniitiin niramadu.



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee boca, hangaafi amala addaddaa qaban (qubeessaa, haxxuu, qartuu, kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Meeshaalee boca, hangaafi amala addaddaa qaban minjaala isaanii irratti itti kennuu;
- Itti aansuun, bocaan, hangaafi amala qaban bu'uura godhachuun akka ramadan gochuu;
- Maaliif akkasitti ramaduu akka danda'an hiriyootatti akka himan jajjabeessuu;



Madaallii: Wantoota amala isaaniitiin ramaduu danda'uu isaanii yeroo raawwatan madaalaa.

Gocha Shan: Faayidaa harkaa yeedaloон himuu



Kaayyoo: Faayidaa harkaa yeedaloон himuu nidanda'u.



Mala Raawwii:

- Daa'imman hundi harka isaanii akka ilaalanifi gochaalee maal maal akka ittiin raawwatan akka himan gochuu;
- Itti aansuun, barsiisaa/tuu gochaalee harkaan raawwatamuу danda'an itti agarsiisuun harkan qaba jedhanii yeedaloон yeroо dubbatan daa'imman wanta argan yeedaloон ibsuun faayidaa harkaa akka hubatan gochuu;

Fakkeenyaaaf, Barsiisaan/tuu harka qaba jedhanii nyaata akka afaan kaawwatanitti agarsiisuun daa'immanis "Harkaan nn nyaadha" jedhanii yeedaloон nideebisu. Akka barreessan itti agarsiisuun "Harka koon barreessa" jechuun akka deebisan gochuun shaakalchiisuu,



Madaallii: Gochaalee harkaa himuu danda'uu isaanii gaaffilee gaafachuun mirkanoeffadhaa.

Gochaa Jaha: Harka gochaalee garagaraatiif itti fayyadamuu



Kaayyoo: Harka gochaalee garagaraatiif itti fayyadamuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Gabatee bishaanii, gabatee cirrachaafi meeshaalee hanga garagaraa qaban, qubeessaa, waraqaalee, qalama bishaanii, kitaabilee sheekkoo,



Mala Raawwii:

- Gabatee bishaaniifi cirrachaa fayyadamuun bishaan, biyyee, cirracha waraabuu, hammaaruufi ijaaruun taphoota garagaraa akka taphatan carraa kennuufii;
- Daa'immanis harka lamaan kitaaba sheekkoo fi fakkii qabachuun dubbisu akka shaakalan gochuu;
- Harka isaanii/barruu harkaafi qubaan/ waraqaa irratti akkamitti kaasuu akka qaban dursa barsiisaan/tuun daa'imman fuuldura dhaabbatee kaasuun agarsiisuu;
- Itti fufuun, tokkoon tokkoo daa'imaaf waraqaafi qubeessaa kennuun harka isaanii akka kaasan gochuu;
- Yoo xumuran maqaa isaanii jalatti akka barreessan jajjabeessuu;

Yaadannoo: Gochaaleen gubbatti tarreeffaman wayitii barnootaa tokkoo ol kan fudhatu waan ta'aniif, gochaalee kana siritti hanga danda'anitti yeroo kennuufin barbaachisaadha.



Madaallii: Harka isaanii gochaalee garagaraatiif fayyadamuu shaakaluu isaanii mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
8. Fayyaa eeggachuufi seerota ittiin eeggatan shaakaluu.	8.1. Nyaata fayyaaf barbaachisaa ta'an adda baasanii himuu nidanda'u.

Gochaa Tokko: Akaakuu nyaataa garagaraa beeksisuu



Kaayyoo: Akaakuu nyaataa garagaraa nibaru.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiilee/poosteroota akaakuu nyaataa addaddaa qabee jiru, iddo qonnaa, iddo gabaa, restoorantii nyaataafi kanneen kana fakkaatan poosteerota/fakkiilee agarsiisan



Mala Raawwii:

- Poosteroota/Fakkiilee gosoota nyaataa addaddaa qabatee jiru daa'immanitti agarsiisuun maal akka ta'e maqaa isaa gaafachuun mariisisuu;
- Fakkiilee iddo gabaa, restoorantii, oyiruu qonnaafi kanneen kana fakkaatan agarsiisuun guyyaa guyyaan nyaanni nyaatan eessatti akka oomishamuufi eessatti akka argamu sadarkaa isaaniitti akka hubatan taasisuu;
- Irra caalaatti nyaata akkamii akka nyaataniifi maatiin isaanii nyaataa eessaa akka argatan/bitaa akka himan jajjabeessuu.



Madaallii: Moggaasa, nyaata akaakuu addaddaafi iddo itti argamu hubachuu isaanii madaalaa.

Gochaa Lama: Naamusa nvaataa hoiiirra oolchuu



Kaayyoo: Yeroo nyaata nyaatan irratti naamusa eeggamuu qaban hubachuun hojiirra ni'oolchu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman yeroo nyaata nyaatan irratti seerota eeggamuu qaban gaafachuun mariisisuu;
- Daa'imman madaalanii afaan kaa'achuu akka qaban, kan afaan keessa jiru sirritti alanfatani osoo hinliqimsin kan biroo afaan kaa'achuu akka hinqabne, afaan bananii sagalee dhaggeessisaan alanfachuu akka hinqabne, yeroo nyaatan waliin haasa'uu akka hinqabneefi kanneen kana fakkaatan itti himuun miidhaa qaqqabsiisu irratti mari'achuu;
- Jirenya guyyaa guyyaa keessatti raawwachuu isaanii hordofuu;



Madaallii: Yeroo nyaatan irratti seerota eeggamuu qaban hubachuun isaanii gaaffilee gaafachuun mariisisuu;

Gochaa Sadii: Seerota nyaataa hojii irra oolchuu



Kaayyoo: Seerota nyaataa hubatanii hojii irra ni oolchu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fal'aana, shuukkaa, kubbaayyaa, saanii, fooxaa xiqqoo/huccuu



Mala Raawwii:

- Nyaata dura “Nyaata gaarii nuuf haa ta’u” jechuun ofifi hiriyoota isaaniif hawwii gaarii akka ibsan shaakalchiisuu;
- Yeroo nyaataa haala itti fayyadamaafi qabanna fal'aanaa, shuukkaafi kubbaayyaa gochaan itti agarsiisuu;
- Harka nyaataniin kubbaayyaa qabachuu maaliif akka hinbarbaachifne gaafachuun mariisisuu;
- Qubbeen fayyadamuun biddeena akkam godhanii maranii afaan kaa'achuu akka danda'an itti agarsiisuu;
- Erga nyaatanii booda, dabaree nyaataa guyyaa barsiisaa/tuufi maatii qopheesse galatoomaa jechuu akka qaban hubachiisuufi guyyaa guyyaan hordofuu;
- Yeroo nyaatan dabareewwan guyyaa guyyaan dabaree isaanii beekanii nyaata booda minjaala daa'imman irratti nyaatan fooxaa fayyadamuun akka qulqulleessan gochuu;



Madaallii: Yeroo nyaataa irratti seerota eeggamuu qaban hubatanii raawwachuu isaanii hordofaa.

Gochaa Afur: Taphaan haala qophiifi dhiheessii nyaataa



Kaayyoo: Taphaan haala qophiifi dhiheessii nyaataa nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Meehaalee ittiin fakkeessanii taphachuuf barbaachisan (tirii, distii sibiilaa, shuukkaa, fal'aana, fooxaafi kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Kutaa haala fakkeessanii taphachuuf barbaachisutti walitti qabuuffi daa'imman haala nyaanni itti qophaa'u, seerota nyaataafi kanneen kana fakkaatan taphaan akka ibsan jajjabeessuu;

- Daa'imman haaluma mana isaaniitti mana barnootaa idileen duraa keessattis seerota nyaataa hordofanii akka nyaatan maatii wajjiin mari'achuun muuxannoo akka qoodaniifi akka cimsatan gargaaruu;

Yaadannoo: Mana barnootaa idileen duraa keessatti bakki nyaanni itti qophaa'u yoo jiraate daa'imman haala qophiifi dhiheessii irratti sadarkaa isaaniitti bifaa balaa irra hingeessineen haala itti hirmaatan mijeessuuun barbaachisaadha.



Madaallii: Haala qophiifi dhiheessii nyaataa shaakaluu isaanii hordofuun madaala.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
8. Fayyaa eeggachuufi seerota ittiin eeggatan shaakaluu.	8.2. Qulqullina dhuunfaa eeggachuu nishaakalu.

Gochaa Tokko: Faayidaa qulqullina dhuunfaa eeggachuu



Kaayyoo: Faayidaa qulqullina dhuunfaa eeggachuu nihubatu.



Mala Raawwii:

- Muudannoo/Seenaa faayidaa qulqullina dhuunfaa eeggachuun qabu agarsiisu itti himuu;
- Daa'imman qulqullina dhuunfaa isaanii eeggataniif beekamtii kennuu;

Yaadannoo: Torbeettii guyyaa jalqabaa irratti daa'imman dabbasaa isaanii dhiqatanii, qeensa isaanii qorataniifi huccuu miicamaa uffatanii jiraachuu isaanii ilaaluun qulqullinni dhuunfaa faayidaa inni qabu akka hubatan gochuu;

- Barsiisaan/tuun qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuun daa'immaniif fakkeenyaa gaarii ta'uu;



Madaallii: Faayidaa qulqullina dhuunfaa eeggachuun qabu hubachuu isaanii gaaffilee gaafachuun mirkanoeffadhaa.

Gochaa Lama: Qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguu



Kaayyoo: Qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguu keessatti gahee isaanii nibahu.



Meeshaalee deeggarsaa: guuboo balfa itti gatan



Mala Raawwii:

- Faaruu “Qulqullina keenya haa eeggannu” jedhu gareen faarfachuu;
- Ergaa faaruu gaaffifi deebii gochuun akka hubatan gochuu;
- Waaraqaalee, sooftii funyaan ittiin qulqulleessan erga itti fayyadamanii booda kanneen hinbarbaachifne iddo arganitti gatuu akka hinqabne qayyabachiisuu;
- Gatuu kan qaban guuboo balfaa keessatti qofa akka ta’e itti himuu, akkasumas gochuu isaanii hordofuu;
- Barsiisaanis/tuunis fakkeenya gaarii ta’u akka quoduuf/dduuf gochuu;



Madaallii: Qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguuf gahee isaanii bahuu jalqabuu isaanii hordofaa.

Gochaa Sadii: Qulqullina eeggachuu dhabuun miidhan qaqqabsiisu hubachiisuu



Kaayyoo: Qulqullina eeggachuu dhabuun miidhaa qaqqabsiisu hubatanii nihimu.



Mala Raawwii:

- Muudannoowwan garagaraa itti himuu.
 - Daa'imman osoo harka hindhiqanne yoo nyaatan garaan isaan dhukkubuu akka danda'u;
 - Iddoo balfi itti kuufamu irratti kan taphatan yoo ta’e qufaan isaan qabuu akka danda'uufi
 - Harka hindhiqamneen ija isaanii kan tuqan yoo ta’eefi qulqullina fuula isaanii hin eeggatan yoo ta’e ija isaanii dhukkubsachuu akka danda'an akka hubatan gochuu;



Madaallii: Qulqullina eeggachuu dhabuun miidhaa qaqqabsiisuu danda'u hubachuu isaanii gaaffilee gaafachuun deebii isaan kennaniin mirkanoeffadhaa.

Gocha Afur: Taphaan haala qulqullina dhuunfaa itti eeggatan calaqqisiisuu



Kaayyoo: Haala qulqullina dhuunfaa ittiin eeggatan bifa diraamaatiin nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: kitaaba sheekkoowwan gaggabaaboo waa'ee qulqullina dhuunfaa akkaataa itti eeggatan hubachiisan, meeshaalee diraamaaf barbaachisan,



Mala Raawwii:

- Sheekkoo gabaabduu(muudannoo) haala qulqullina dhuunfaa itti eegan hubachiiftu itti himuu;
- Gara diraamaatti geeddaruun daa'imman diraamaa akka hojjatan gochuu;



Madaallii: Yeroo diraamaa hojjatan haala qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuun danda'an kan ibsan ta'uu isaa hordofuun madaalaa

Gocha Shan: Qulqullina dhuunfaa eeggachuufi qabatamaan shaakaluu



Kaayyoo: Qulqullina dhuunfaa eeggachuun qabatamaan nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: xaasaa, bishaan, sooftii, saamunaa, fooxaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Daa'imman haala qulqullina dhuunfaa ittiin eeggatan qabatamaan akka shaakalan meeshaalee barbaachisan dhiheessuun shaakalchiisuu,
Fakkeenyaaaf, Fuula dhiqachuun, harkaafi miila dhiqachuun, funyaan qulqulleeffachuu, kanneen kana fakkaatan

Yaadannoo: barsiisaan/tuun qulqullina dhuunfaa eeggachuun daa'immaniif moodela ta'uutu isaan irraa eegeama.



Madaallii: Qulqullina dhuunfaa eeggachuu qabatamaan shaakaluu isaan yeroo raawwatan ilaaluun mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
8. Fayyaa ofii eeggachuufi seerota ittiin eeggatan shaakaluu.	8.3. Qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota qulqullina dhuunfaa eeggachuuf barbaachisan adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota qulqullina dhuunfaa eeggachuuf barbaachisan nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: bishaan, xaasaa, fooxaa, joogii, saamunaafi meeshaalee biroo qulqullina dhuunfaa eeggachuuf barbaachisan



Mala Raawwii:

- Wantoota kanneen dhiyeessuun maal akka ta'aan faayidaa isaaniifi manatti itti fayyadamaa akka jiran gaafachuun mariisisuu,
- Itti aansuun qulqullina dhuunfaa eeggachuu jechuun maal jechuu akka ta'eefi barbaachisummaa isaa gaafachuun mariisisuu.



Madaallii: Maqaa fi faayidaa wantoota qulqullina dhuunfaa eeggachuuf barbaachisan himuu danda'uun isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Qulqullina dhuunfaa eeggachuu



Kaayyoo: Ganama wayita hirribarraa ka'an qulqullina dhuunfaa eeggachuuf waan gochuu qaban nihimu



Meeshaalee deeggarsaa: bishaan, fooxaa xiqqoo, xaasaa, joogii, rigaa ilkaanii....



Mala Raawwii:

- Ashaangulliitii pilastikaa fayyadamuun qulqullina dhuunfaa akka itti eeggachuu qabaniifi wantoota barbaachisan akka hinbeekneefi daa'imman akka ishee gargaaran gaafachuuf akka dhufte fakkeessanii mariifi gochaan dhiyeessuu
- Itti aansuun, ganamaakkuma hirribarraa ka'aniin maalfaa akka raawwatan duraa duubaan akka himan gochuu



Madaallii: Ganama wayita hirribarraa ka'an qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuuf waan gochuu qaban himuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Harka, miilaafi fuula dhiqachuu



Kaayyoo: Harka, miilaafi fuula isaanii dhiqachuun qulqullina dhuunfaa isaanii ni eeggatu



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota qulqullina dhuunfaa eeggachuuf fayyadan bishaan, xaasaa, fooxaa, joogii, saamunaa....



Mala Raawwii:

- Harka, miilaafi fuula dhiqachuun maaliif akka barbaachisu yoom akka dhiqannuu fi akkamitti dhiqachuu akka qaban gaafachuun mariisisuu,
- Itti aansuun, nyaata duraa fi booda, mana fincaanii dhaqanii erga deebi'anii akkamitti akka dhiqachuu qaban gochaan akka agarsiisan gochuu,
- Guyyuu fuulaafi miila dhiqachuu akka qaban, erga dhiqatanii boodas fuulaafi miila isaanii fooxaa(huccuu) xiqqoon qoorfachuu akka qaban hubachiisuun gochaan itti agarsiisuu,
- Isaanis akka shaakalan gochuu.



Madaallii: Harka, miilaafi fuula qulqullinaan eeggachuuu shaakaluu isaanii mirkaneessuu

Gocha afur: Itti fayyadama mana fincaanii



Kaayyoo: Mana fincaaniitti sirnaan fayyadamuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: sooftii (waraqaa) mana fincaanii, saamunaa, bishaan



Mala Raawwii:

- Daa'imman mana fincaaniitti akkamitti fayyadamuu akka qaban gaafachuun mariisisa.
 - Qaawa boolla mana fincaanii sirriitti itti fayyadamuu akka qaban hubachiisuun hordoffii taasisuun muuxannoo akka horatan gochuu,
 - Yommuu mana fincaaniitii deebi'an harka isaanii bishaanii fi saamunaan dhiqachuu akka qaban itti himuun gochaan akka shaakalan gochuu,



Madaallii: Mana fincaaniitti seeraan fayyadamuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa

Gocha shan: Uffata miicuu



Kaayyoo: Uffata ashaangulliitii miicuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Uffata ashaangulliitii, sahanii pilaastikaa xiqqoo ta'e saamunaa xiqqaa, bishaan



Mala Raawwii:

- Kanneen olii daa'immaniif kennuudhaan uffata ashaangulliitii isaanii miicuu akka shaakalan gochuu.



Madaallii: Uffata ashaangulliitii isaanii miicuu shaakaluu isaanii hordofuun mirkaneessaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
9. Qaama ofii ofeeggannoona qabachuufi kunuunsuu	9.1. Qaama isaanii eeggachuufi kunuunsuu nidanda'u



Gocha Tokko: Oaama miidhaarraa eegeeuu



Kaayyoo: Akkaataa qaama miidhaarraa eegan nihubatu



Meeshaalee deeggarsaa: kitaabilee sheekkoo



Mala Raawwii:

- Dalagaa kutaalee nafaa isaanii gaafachuun mariisisuu,
- Kutaaleen qaama isaanii haala kamiin miidhamuu akka danda'an hubachiisuu,
- Yoo miidhaman immoo dalagaa garagaraa akka fedhanitti raawwachuu akka hindandeenye hubachiisuu,
- Qaama isaanii akkamitti ofeeggannoona qabachuu akka danda'an sadarkaa isaaniitti akka hubatan gochuu,
- Seenaajoollee kutaan qaama isaanii sababa addaddaan miidhame itti himuun qaama isaanii ofeeggannoona qabatan sirriitti hubachiisuu.

Yaadannoo: Baacoon, sheekkoon, muudannoo irra deddeebi'anii itti himuun barbaachisaadha.



Madaallii: waa'ee akkaataa qaama ofii miidhaarraa itti eeggatan hubachuun isaanii mirkaneessa.

Gocha Lama: Miidhaa qulqullina eeggachuu dhiisuun qabu



Kaayyoo: Miidhaa qulqullina eeggachuu dhiisuun qabu hubannoo ni'argatu.

Meeshaalee deeggarsaa: fakkii daa'imaa qulqullina ofii eeggateefi hineegganne agarsiisuu



Mala Raawwii

- Fakkii daa'imaa qulqullina ofii eeggateefi hineegganne itti agarsiisuu;
- Osso harka hindhiqatin nyaachuun, fuula, miilaafi dabbasaa ofii dhiqachuu dhiisuun miidhaa inni qabu mariisisuu;
- Qulqullinaa eeggachuu dhiisuun miidhaaf akka isaan saaxiluufi namatti bareedanii akkaahinmul'anne kan isaan taasisu ta'uu itti himuu;

- Guyyaa guyyaan qulqullina isaanii eeggachuun akka barbaachisu ashaangulliitii fayyadamuun hubachiisaa;

Yaadannoo: Daa'imman qulqullina isaanii hineegganne yoo jiraatan maaliif akka hineegganne haala miira isaanii hintuqneen qofaatti gorsuufi maatii waliin marii isuun barbaachisaadha.



Madaallii: Qulqullina eeggachuun dhiisuun miidhaa inni qaqqabsiisu hubachuu isaanii mirkaneessa.

Gocha Sadi: Nafa dhiqachuu



Kaayyoo: Akkaataa Naf dhiqatan taphachaa nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: ashaangulliitii, bishaan, saamunaa, joogii



Mala Raawwii:

- Ashaangulliitii pilaastikiirraa hojjatame fayyadamuun taphachaa akkaataa itti qaama dhiqatan akka shaakalan gochuu,
- Akkaatuma maatiin isaanii qaama isaanii dhiqanitti akkuma amma ashaangulliittii dhiqan adeemsa keessa yommuu guddatan of danda'anii qaama isaanii akka dhiqatan itti himuu,

Yaadannoo: Maatii isaanii waliin mariyachuun muuxannoo qaama dhiqachuu akka cimsatan gochuun barbaachisaadha.



Madaallii: Nafa dhiqachuun shaakaluu jalqabuu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
10. Maashaalee mul'atuufi hinmul'anne (guguddaafixixiqqa) fayyadamuu	10.1 Maashaalee gurguddaafi xixiqqa fayyadamuun dalagaa garagaraa ni raawwatu.

Gocha Tokko: Madaala ofii eeganii deemuu



Kaayyoo: Madaala isaanii eeganii nideemu.



Meeshaalee deeggarsaa: Ulee/jirma salphaa dheerina meetira 3 qabu, boronqii, wadaroo



Mala Raawwii:

- Jirma salphaa meetira sadii dheeratuufi wadaroo lafarra kaa'uu,
- Harka isaanii gara cinaatti diriirsuun tokko tokkoon jirmarcaa yookiin wadaroorra akka deeman gochuu,
- Ofitti amanamummaa akka qabaataniif bira dhaabbachuun jajjabeessuu gaarii ta'a.



Madaallii: Madaala isaanii eeganii deemuu danda'uu madaalaa.

Gocha Lama: Madaala ofii eeganii fiiguu



Kaayyoo: Madaala isaanii eeganii nifiigu



Meeshaalee deeggarsaa: maarrabii (huccuu qulqulluu)



Mala Raawwii:

- Tapha maarrabii jedhu mooraa keessatti geengoo uumuun akka taphatan gochuu;
- Daa'imni dabareen isa gahee maarrabicha dhoksee qabachuun daa'imman geengoo uumanii jiran duuba fiigaa akka taphatu gochuu;

Seera taphichaa: Daa'imni tokko maarrabicha daa'ima tokko duuba buusuun fiiguu; kan maarrabiin duuba isaa bu'e osoo hindammaqiin yoo bira gahe hiriira keessa gara gidduu (walakkaa) seenuu kan maarrabiin duuba bu'e yoo dammaqe garuu kan maarrabicha buuse ariyuu. Haala kanaan taphichi itti fufa.



Madaallii: Madaala isaanii eegun fiiguu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Sochii qaamaa salphaa ta'e hojjachuu



Kaayyoo: Sochii qaamaa salphaa ta'e nihojjatu



Meeshaalee deeggarsaa: hafata qulqulluu



Mala Raawwii:

- Kutaa barnootaa keessa hafata qulqulluu lafarra afuu;

- Tapha/ faaruu 'ani simbirroon ta'a, xiyyaaran ta'a... jedhu faarfachiisuun harka isaanii diriirsaa ' akka simbiraa, akka simbiraa... akka xiyyaraa jechaa akka socho'an gochu;
- Daa'immanis uffata isaanii isa gubbaa ofirraa baasuun bitaa gara mirgaafi mirgaa gara bitaatti akka gangalatan gochuu;



Madaallii: Sochii qaamaa salphaa hojjachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa

Gocha Afur: Koomeefi qubaan deemuu



Kaayyoo: Koomeefi quba miila isaaniin deemuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: tsanaatsilii



Mala Raawwii:

- Teessoofi minjaala daree keessa jiru gara tokkotti siiqsuu;
- Bakka daa'imman irra deeman yoo xiqaate hanga meetira 3 bakka duwwaa qopheessuu;
- Daa'imman geengoo uumanii akka dhaabbatan gochuu;
- Sagalee meeshaa muuziqaa tsanaatsila yommuu dhaga'an sochii akka jalqaban gochuu;
- Sochii isaanii quba miila isaaniin akka jalqaban gochuu;
- Itti aansuun, koomee isaaniin akka deeman gochuu, harka gadiifi ol qabuun akka deemana gochuun sochii isaanii cimsuu;
- Daa'imman waliin deemuun jajjabeessuu;



Madaallii: Qubaa fi koomee miilaan deemuu (socho'uu) danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Harkaafi miilaan dalagaa raawwachuu



Kaayyoo: Dalagawan harkaafi miilaan hojjataman niraawwatu.



Meeshaalee deeggarsaa: boronqii



Mala Raawwii:

- Sochiiwan harkaafi miilaan raawwachuu danda'an ilaachisee gaafachuufi mariisisuu;
- Hiriyoota isaanii fuuldura bahuun gochaan akka agarsiisan gochuu;

- Sararoota taphaa Wixata, Kibtata (Sekkelloo) jedhu kutaa keessatti yookiin mooraa keessatti bakka boronqiin sararuuf mijataa ta'e qopheessuu;
- Sararoota Wixataa hanga Dilbataatti sararuufii;
- Kan sararicharra ejjete taphaan ala akka ta'u hubachiisuu;
- Dabaree dabareen akka utaalan gochuun luka lamaan, boodas luka tokkoon utaaluu shaakalsiisuu;

Wixata	
Kibxata	
Roobii	
Kamisa	
Jimaata	
Sanbata	
Dilbata	

Yaadannoo: Hanga danda'ametti daa'imman hundi dabareen akka hirmaatan gochuun hojjachiisuun barbaachisaadha.

Madaallii: Harkaafi miila isaaniin dalagaalee raawwachuu danda'uu isaanii hordofuu madaalaa.

Gocha Jaha: Kubbaa darbachuu



Kaayyoo: Kubbaa darbachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: qorqoorroo, kubbaa huccurraa tolfame



Mala Raawwii:

- Bakka ka'umsaarrraa fageenya meetira 2 irratti qorqoorroo geengoo lama (qorqoorroo zayitii ta'uu nimala) gidduu isaaniitti fageenya meetira 1 irra kaa'uun lama akka dhaabbatan gochuu;
- Faalla qorqorrichaa fageenya meetira 2 irratti daa'imman lama akka dhaabbatan gochuu;
- Kubbaa huccurraa hodhame lama lama kennuufii;

- Kubbaalee kanneen dabaree dabareen darbachuu qorqoorricha keessa buusuun akka taphatan gochuu;

Hubachiisa: Taphichi osoo hinjalqabamiin seera taphichaa itti himuu barbaachisaadha.

Fakkeenyaaaf, Namni kubbaa darbatee qorqoorroo keessa buusuu hindandeenye yookiin kubbaan qorqoorroo rukkutee kan kuffiise taphaan ala ta'a.



Madaallii: Ijaafi harka qindeessuun darbachuu manii rukkutuufi qolachuu danda'uu isaanii sochii isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Torba: Qolachuu, darbachuufi rukutuu



Kaayyoo: Ijaafi harka qindeessuun qolachuu, darbachuufi rukutuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Kubbaa



Mala Raawwii:

- Daa'imman toora tokkoon hiriirsisuu;
- Fuuldura isaanii fageenya meetira 2 irra dhaabbachuu;
- Kubbaa gara daa'immaniitti darbachuu, isaanis qolatanii deebisaanii akka darbaan gochuun dandeettii qolachuu isaanii cimsuu;
- Kubbaan akkamitti akka lafa rukutee ol ka'uufi qolachuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'imman toora tokkoon hiriiran hundi kubbaa yeroo tokkotti isaaniif darbatame qolachun deebisanii darbachuu dhuma hiriiraarra akka dhaabatan gochuun dandeettii darbachuufi qolachuu akka cimsatan gochuu;



Madaallii: Ijaafi harka qindeessuun qolachuu, darbachuu fi lafatti rukkutuu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Saddeet: Kubbaa wal harkaa fuudhuu



Kaayyoo: Tapha "kubbaa walharkaa fuudhuu" nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: kubbaa, tsanaatsilii



Mala Raawwii:

- Toora lamaan harka isaan diriirsuun akka dhaabbatan gochuu;
- Kubaa giddugaleessa ta'e kan daa'imman harka lamaan qabachuu danda'an fayyadamuun mataa isaanii kubaa gara fuulduraafi duubaan daddafanii akka walitti kennan taasisuu;
- Daa'imni dhumarra dhaabbate kubaa fudhatee fiigee isa fuulduraa jirutti kennuun walharkaa fuudhuun itti fufa. Haala kanaan itti fufuun gareen dursee wal harkaa fuudhiinsa xumuree mo'ataa ta'a.

Madaallii: Tapha kubaa wal harkaa fuudhuu taphachuu danda'uu isaanii madaalaa

Gocha Sagal: Madaala ofii eeguun taphachuu



Kaayyoo: Madaala isaanii eeguun tapha ulee walharkaa fuudhuun nitapahatu;



Meeshaalee deeggarsaa: ulee halluun bu'uuraa itti dibame furdinni isaa daa'imman harkaan qabachuu danda'an



Mala Raawwii:

- Ulee kan daa'imman harkaan qabachuu danda'an, kan halluun bu'uuraa itti dibame fayyadamuun tapha waldorgommii ulee wal harkaa fuudhuu akka taphatan gochuu;
- Dorgommicharratti kan hirmaatan daa'imman sadii sadii garee lamaan fageenya meetira10 akka dhaabbatan gochuu;
- Fageenyi taphichaa waliigalaan meetira 30 akka ta'u mijessuun hundi isaanii taphicha keessatti akka hirmaatan carraa kennuun jajjabeessuu



Madaallii: Madaala isaanii eeganii fiiguun tapha ulee wal harkaa fuudhuu taphachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa

Gocha Kudhan: Dalagaalee hojjachuu



Kaayyoo: Dalagaalee bu'uuraa guyyaa guyyaan hojjataman niraawwatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaaseettii faaruu, shurraabii daa'immanii, fireemii uffataa...



Mala Raawwii:

- Dalagaalee bu'uuraa guyyaa guyyaan raawwatan gaafachuun mariisisuu;

- Seera uffannaa duraa duuba isaa, inziraarii akka itti cufataniifi kanneen kana fakkaatan... itti agarsiisuu;
- Akkamitti akka uffatamu uffata isaanii fayyadamuun akka agarsiisan gochuu;
- Dandeettii ofiin uffachuu akka cimsatan jajjabeessuu;
- Shurraabii garagalchanii itti kennuun irra deebi'anii sirreessanii uffachuu shaakalsiisuu;
- Uffanni guyyaa uffatamu halkan akka ofirraa baasan;
- Kan ofirraa baasan seeraan dachaasanii kaa'uu akka qaban;
- Uffata osoo hindachaasiin yoo kaa'an akka caccabu hubachiisuu;
- Akka itti uffata dachaasan itti agarsiisuu;
- Faaruu ' ganama ka'ee'.... jedhu faarfachiisuun sochii qaamaan deeggaruun akka faarfatan gochuu;



Madaallii: Dalagaalee bu'uuraa guyyaan raawwataman hubachuun raawwachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Tokko: Kophee hidhachuu



Kaayyoo: Kophee hidhachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: hiituu kophee ittiin hidhatan



Mala Raawwii:

- Hiituu hidhaanna kophee fayyadamuun daa'imman hundi kophee hidhuufi hiikuu akka shaakalan gochuu;
- Daa'imman kopheen isaanii fo'aa ittiin kophee hidhatan qabu hirmaachisuun fo'aa kophee isaanii hiikuuf deebisanii fo'aa qaawa keessa dabarsuun hidhuu akka raawwatan gochuu;
- Kophee miila bitaafi mirgaa adda baasuu isaanii hordofaa;



Madaallii: Kophee hidhachuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Lama: Gochaalee guyyaa guyyaan raawwataman



Kaayyoo: Gochaalee guyyaa guyyaan hojjataman raawwachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: kaaseettii faaruu, rigaa ilkaanii, burushii ilkaanii, joogii, bishaaniifi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Fuula dhiqachuu, rifeensa filachuufi ilkaan rigachuu kanaan dura waan baratanii jiraniif akkamitti akka raawwatamu gaafachuun mariisisuu;
- Meeshaalee barbaachisan dhiyeessuu;
- Akka raawwatamu dhuunfaa dhuunfaan akka agarsiisan gochuu
- Faaruu, Fuula koo akkanattin dhiqadha' jedhu sochiin agarsiisaa akka faarfatan gochuu;
- Sirriitti agarsiisuu isaanii hordofuun deeggarsa barbaachisu gochuu;



Madaallii: akkataa ilkaan rigatan, fuula dhiqatan, refeensa filatan agarsiisuu danda'uunisaanii ilaaluun mirkaneessaa;

Gocha Kudha Sadii: Ajajaafi seera eeguun taphachuu



Kaayyoo: Ajajaafi seera hordofuun nitaphatu.



Mala Raawwii:

- Tapha, jechaafi sochii barsiisaa/tuu hordofuun raawwachuu jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
- Wayita barsiisaan/tuun suuta jedhee/ttee fiigu/du, daa'immanis kallattii garagaraan akkuma barsiisaatti suuta jedhanii fiiguu;
- Yommuu barsiisaan/uun adda isaanii qabasu/tu daa'immanis adda isaanii qabatanii dhaabatu;
- Daa'imni qaama isaa iddo biroo qabate/tte taphaan ala ta'a. Haaluma kanaan, hogganaa(taphachiisaa) jijijiirsisuun sochii garagaraa taasisuun taphichi akka itti fufu gochuu;



Madaallii: Ajajaa fi seera hordofuun taphachuu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Afur: Kubbaa wal harkaa fuudhuu



Kaayyoo: Tapha “kubbaa walharkaa fuudhuu” nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: kubbaa, tsanaatsilii



Mala Raawwii:

- Toora lamaan harka isaan diriirsuun akka dhaabbatan gochuu;
- Kubbaa giddugaleessa ta’e kan daa’imman harka lamaan qabachuu danda’an fayyadamuun mataa isaanii kubbaa gara fuulduraafi duubaan daddafanii akka walitti kennan taasisuu;
- Daa’imni dhumarra dhaabbate kubbaa fudhatee fiigee isa fuuldura jirutti kennuun walharkaa fuudhuun itti fufa. Haala kanaan itti fufuun gareen dursee wal harkaa fuudhiinsa xumuree mo’ataa ta’aa.



Madaallii: Tapha kubbaa wal harkaa fuudhuu taphachuu danda’uu isaanii madaalaa

Gocha Kudha Shan: Tapha ‘Hogganicha beeki’ jedhu taphachuu



Kaayyoo: Tapha ‘Hogganicha beeki’ jedhu nitaphatu.



Mala Raawwii:

- Tapha ‘Hogganicha beeki’ jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
 - Daa’imman geengoo uumanii akka dhaabbatan gochuu;
 - Hogganaa yookiin kan mallatloo kennuufi kan hogganaa agarsiisu filuu;
 - Kan hogganaa agarsiisu sun kutaa keessatti gara fuulduraatti baasuu;
 - Daa’imman hundi sochii hogganaan raawwatu hordofuun akka raawwatan gochuu;
 - Yommuu sochiin jijiiramu hordofuun hogganicha akka agarsiisu gochu;
 - Agarsiisaan dogoggoru taphaan ala ta’aa;



Madaallii: Tapha “Hogganicha beeki” jedhu taphachuu danda’uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Jaha: Madaala ofii eeguun hubannoон taphachuu



Kaayyoo: Madaala ofii eeguun hubannoон nitaphatu



Meeshaalee deeggarsaa: Wadaroo utaalchaa, meeshaalee taphaa mooraa keessatti argaman (mucucaachoo, fududdoo, madaalaafi kanneen kana fakkaatan....)



Mala Raawwii:

- Meeshaalee taphaa mooraa keessa jiran (mucucaachoo, fududdoo, madaalaafi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun akka taphatan gochuu);
- Taphaan booda waan isaanitti dhaga'ame akka dubbatan gochuun taphoota sochii qaamaa qabu taphachuun dandeettii isaanii akka gabbifatan gochuu;
- Wadaroo qabannaq qaban kan daa'imman dhuunfaan irra utaaluun danda'an qopheessuu;
- Akka itti wadaroorra utaaluun danda'amu gochaan itti agarsiisuu;
- Tokkoon tokkoon isaanii wadaroo qabachuun lakkaa'amaafii akka utaalan gochuu;
- Meeshaalee taphaa mooraa keessa jiran fayyadamuun akka taphatan gochuu;
- Tapha booda miira itti dhaga'ame akka dubbatan gochuun hubanno taphachuun isaanii cimsuu;



Madaallii: madaala isaanii eeguun hubanno taphachuun isaanii hordofuun madaalaa

Gocha Kudha Jaha: Tapha boowuliingii taphachuun



Kaayyoo: Tapha boowuliingii taphachuun nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Kubbaa pilaastikaa xiqqaa, qodaa haayilaandii duwwaa ta'e, kitaaba salphaa, tirii salphaaa xiqqaa fi kanneen kana fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Kubbaa pilaastikaa xiqqaa fi meeshaa haayilaandii fayyadamuun tapha, 'boowuliingii' haala armaan gadiin taphachiisaa
 - Qodaa haayilaandii tarkaanfii kudhaniin walirraa faffageessuun dhaabbachiisuu;
 - Akka itti kubbaa darbatan agarsiisuu (kubbaan qodaa haayilaandii rukutee kuffisiisuu qaba);
 - Itti aansuun, tokkoon tokkoon daa'immaa akka taphatu gochuu;
 - Kitaaba salphaa, tirii salphaafi wantoota kana fakkaatan mataa isaanirra kaa'uun sarara lafarratti sararamerra kaa'uun sarara lafarratti sararamerra akka deeman gochuu;



Madaallii: Tapha boowuliingii taphacchuu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Saddeet: Fo'aa dooqaa/Callee keessa baasuu



Kaayyoo: Fo'aa dooqaa keessa loosuu nidanda'u



Meeshaalee deeggarsaa: dooqaa, fo'aa



Mala Raawwii:

- Dooqaa hanga garagaraa qabaniifi fo'aa itti kennuu;
- Qaawwa dooqaa keessa fo'aa loosuun faayaa harkaa fi mormaa hojjachuun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Fo'aa dooqaa keessa loosuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Sagal: Sarara eeganii muruu



Kaayyoo: Sarara eeganii nimuru



Mala Raawwii:

- Doosee halluu garagaraa qaban fayyadamuun sarara hordofuun muruun daa'immanitti agarsiisuu;
- Haaluma ilaaliin dabareen sarara olee, dalgee, daddabaa eeguun akka muran gochuu;
- Doosee furdaarratti bocawanji'oomeetirii addaddaa hojjachuu;
- Boodas, daa'imman sarara hordofuun akka muran gochuu;
- Dhumarrattis bocni isaan muran maal akka ta'e ba'anii hiriyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu;

Yaadannoo: Hojii kana yeroo jalqabaaf kan raawwatan yoo ta'e waan itti cimuuf barsiisaan boca ji'oomeetirii tokko hojjatanii itti agarsiisuun bakka daa'immanitti mul'atu kaa'uun barbaachisaadha.



Madaallii: sarara hordofuun muruu shaakaluu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Digdama: Boca ji'oomeetirii kaasuufi muruu



Kaayyoo: Boca ji'oomeetirii kaasuu fi muruu nishaakalu.







Meeshaalee deeggarsaa: doosee yookiin waraqaa halluu garagaraa qaban, qaxxaamurtuu, koollaa, qubeessaa



Mala Raawwii:

- Doosee yookiin waraqaa halluu addaddaa qaban daa' immaniif kennuu;
- Bocawan ji'oomeetirii addaddaa akka kaasan gochuu;
- Bocawan ji'oomeetirii maqsoon muranii akka baasan gochuu;
- Itti aansuun bocawan ji'oomeetirii mummuran kollaan walqabsiisuun fakkii garagaraa akka hojjatan gochuu;
- Waan hojjatanis hiriyoota isaanii fuuldura ba'uun akka agarsiisianniifi maal akka hojjatan akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Boca ji'oomeetirii kaasuu fi muruu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Digdamii Tokko: Kaardii kenna qopheessuu



Kaayyoo: Kaardii kenna qopheessuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: maqsoo (maqasii), doosee furdaa, kollaa, qubeessaa abbaa halluu, barruulee moofaa



Mala Raawwii:

- Haaluma bara darbe baratanitti doosee furdaarraa poosti kaardii akka qopheessan gochuu;
- Barruulee moofaarraa fakkii addaddaa muranii baasuun itti maxxansanii hiriyoota isaanii waliin kenna akka waliif kennan gochuu;



Madaallii: Kaardii kenna qopheessuu shaakaluu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Digdamii Lama: Kitaabilee suphuu



Kaayyoo: kitaabilee tarsa'aan haaromsuu fi ofeeggannoona qabachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Qaxxaamurtuu, waraqaa, kollaa



Mala Raawwii:

- Sagantaa, kitaabilee keenya dhukkubsatan haa yaallu ' jedhu qopheessuu;
- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuudhaan kitaaba qolli isaa tarsa'e itti agarsiisuu;
- Qaxxaamurtuu, kollaafi waraqaa fayyadamuun akkamitti yaaluun akka danda'amu suuta jechuun itti agarsiisuu;
- Daa'imman garee xixiqaatti qoqqooduun kitaaba barruulee fi dabtara tarsa'e kollaa, qaxxaamurtuu fi waraqaa waliin itti kenuun waraqaa akka itti maxxansanii suphan gochuu;
- Wayita isaan hojjatan gidduu naanna'uun jajjabeessuu fi kitaabni isaan yaalan akka qooru gochuu;



Madaallii: kitaabilee tarsa'an suphuu fi ofeeggannoona qabachuu shaakaluu isaanii hordofuun mirkaneessa.

Gocha Digdamii Sadii: Firii midhaaniirraa koolaazyii hojjachuu



Kaayyoo: Firii midhaaniirraa koolaazyii nihojjatu.



Meeshaalee deeggarsaa: firii midhaanii, doosee furdaa, buruushii, kollaa



Mala Raawwii:

- Sanyii midhaan addaddaa kan addaan baasuun danda'amu walkeessa makuun akkasumas qodaa bishaanii (pilaastika ta'e) bakka afuritti mummuruun minjaala isaaniirra kaa'uu; Fakkeenyaaf: shumburaa, baaqelaa, boloqqee.....

- Daa'immanis sanyii midhaanii akaakuu isaaniin akka ramadan gochuun qindoomina ijaaf harkaa cimsuu;
- Fakkii abaaboo doosee furdaarratti kaafame tokko tokkoo daa'imaatiif kennuu;
- Buruushii mukaa fayyadamuun fakkicha kollaa akka diban gochuu;
- Sanyii midhaan garagaraa fayyadamuun "Siid Kollaaj" akka hojjatan shaakalsiisuu;



Madaallii: Sanyii midhaanii akaakuun ramaduun fakkii koolaazyii hojjachuu isaanii hordofuun madaala.

Gocha Digdamii Afur: Xibiraa hojjachuu



Kaayyoo: Xibiraa hojjachuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Kirrii suufii furdaa, lilmoo doomaa ta'e



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun doosee furdaarratti sararoota bu'uuraa hojjachuu;
- Sararicharra darbanii darbanii mallattoo itti gochuu;
- Itti aansuun lilmoo doomaa fi kirrii suufiitiin xibiruu waraqaarratti akkamitti hojjachuun akka danda'amu ibsuun itti agarsiisuu;
- Daa'immanis akkaatuma ilaaliin akka xibiran gochuu;
- Bocawan ji'oomeetirii fi fakkiiwwan sasalphaa itti kennuu waraqaarratti akka xibiran shaakalsiisuu;



Madaallii: xibiruu hojjachuu shaakaluu isaanii hordofuun madaala.

Gocha Digdamii Shan: Maashaalee qubaafi harkaa cimsachuu



Kaayyoo: Meeshaalee quba fi harkaa ni cimsatu



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun quba harka isaanii lamaan diriirsuu;

- Tokkoo tokkoo qubaa itti agarsiisaa maal jedhamanii akka waamaman gaafachuu, yoo dogoggoran itti himuu;
- Itti aansuun, yommuu maqaan quba tokkoo waamamu, maqaa quba waamamee harka lamaanirraa akka agarsiisan gochuu; **Fakkeenyaaaf:** quba guddaa yommuu jedhamu quba guddaa tuquun akka taphatan gochuu;
- Quba harkaa isaanii lamaan akka qaban gochuu;
- Quba abbuudduu irraa hanga quba moggeetti ol kaasaa maashaalee quba isaanii akka cimsatan gochuu



Madaallii: Maashaalee qubaa fi harkaa cimsachuu isaanii hordofuun madaala.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
11. Kalaqa ibsuu	11.1. Wantoota naannoorraa argamaniin meeshaalee taphaa hojjachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Kalaqa fakkiin ibsuu



Kaayyoo: Fakkii barbaadan kaasuu fi waan kaasan ibsuudhaan dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu



Meeshaalee deeggarsaa: dabtara fakkii, waraqaa adii, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu,



Mala Raawwii:

- Dabtara fakkii (waraqaa adii) fi qubeessaa daa'immaniif kennuu
- Fakkii barbaadan kaasuun halluu akka diban gochuu
- Fakkii jalatti maqaa isaanii fi maqaa fakkichaa akka barreessan gochuu
- Dhumarratti hiriyoota fuuldura ba'uun fakkiin kaasan maal akka ta'e akka dubbatan gochuun jajjabeessuu



Madaallii: Fakkii kaasuu fi ibsuun dandeettii kalaqaa cimsachuu isaanii madaala.

Gocha Lama: Fakki halluu dibuu



Kaayyoo: Sarara keessaa osoo hinbahiin fakkiwwan halluu dibuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: dabtara fakkii (waraqaa adii), halluu bishaanii, fakkiwwan addaddaa guddifamanii kaafaman.



Mala Raawwii:

- Fakkiwwan addaddaa guddifamanii kaafaman qopheessuu;
- Sarara keessaa osoo hinbahiin akka itti halluu diban agarsiisuu;
- Fakkii guddifamee kaafame tokko tokko daa'imaaf kennuu;
- Halluu bishaaniin bulbulame waliin akka fayyadaman kaa'uufii;
- Haaluma ilaalanii akka diban gochuu;
- Wayita xumuranis akka qoru gochuudhaan kutaa miidhagsuuf fayyadamuu;



Madaallii: Sarara keessaa osoo hinbahiin fakkii halluu dibuu shaakaluu isaanii hordofaa

Gocha Afur: Fakkii hubachuu, kaasuufi dibuu



Kaayyoo: Fakkiwwan hubachuu, kaasuu fi dibuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Dabtara fakkii (waraqaa adii), halluu, qubeessaa



Mala Raawwii:

- Fakkii guddifamee kaafame dhiyeessuudhaan maal akka ta'e daa'imman gaafachuu;
- Kutaa ijoo ta'aniifi bakka halluu dibamerratti xiyyeffachuu mariisisuu;
- Tokko tokkoo daa'imaaf dabtara fakkii, qubeessaa, halluu kennun fakkii akka kaasaniif halluu akka diban gochuu;



Madaallii: Fakkiwwan hubachuu, kaasuufi halluu dibuu shaakaluu isaanii hordofuuun madaalaa.

Gocha Shan: Sheekkoo fakkiin ibsuu



Kaayyoo: Sheekkoo dhageeffatanii hubachuun kutaa isaan gammachiise fakkii fi jechaan ibsuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Dabtara fakkii (waraqaa adii) qubeessaa, halluu, kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Sheekkoo daa'immanitti himuu;
- Seenicha keessaa waan isaan gammachiise miira isaanii fakkiin akka calaqqisiisan jajjabeessuu;
- Yommuu xumuranis waan hojjatan hiriyoota kutaa isaaniitti akka himan gochuu;

Yaadannoo: Fakkii daa'imman yeroo garagaraa hojjatan walitti qabuun egzibishinii fakkii qopheessuun maatii fi daa'imman biroon akka daawwatan gochuun barbaachisaadha.



Madaallii: Sheekkoo dhaggeeffatanii hubachuun kutaa seenichaa keessaa waan isaan gammachiise fakkii fi jechaan ibsuu yaaluu isaanii hordofaa.

Gocha Jaha: Sochii garagaraa fakkeessanii raawwachuu



Kaayyoo: Maqaa sochii garagaraa ni himu, akkasumas, niraawwatu



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwan sochii namootaa bineeldoota agarsiisu



Mala Raawwii:

- Sochii addaddaa namootaa fi bineeldotaa itti agarsiisuu;
- Daa'immanis sochiin ilaalan kan eenyuu akka ta'eefi maal akka ta'e akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuun, sochiicha gochaan akka agarsiisan gochuu;

Fakkeenyaaf, Jaarsa hokkoo dhadhaabbatee deemu, dubartii daa'ima cinaachatti baattu, sochii fardaa, sochii qocaa fi kanneen kana fakkaatan...



Madaallii: Maqaa sochii addaddaa namootaafi bineeldotaa himuu akkasumas gochaan agarsiisuu yaaluu isaanii ilaaluun madaalaa

Gocha Torba: Wantoota garagaraa ijaaruu



Kaayyoo: Dandeettii kalaqaa fayyadamuun wantoota addaddaa ni ijaaru.



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee taphaa ijaarsaaf fayyadan



Mala Raawwii:

- Meeshaalee taphaa ijaarsaaf fayyadan kennuufii;
- Meeshaalee kanneen fayyadamuun akka ijaaran jajjabeessuu;
- Yeroo isaan taphatan gidduu isaanii deddeebi'uun ilaaluu;



Madaallii: Dandeettii kalaqaa fayyadamuun wantoota garagaraa ijaaruu danda'uu isaanii *Uordofaa*.

Gocha Saddeet: Meeshaalee taphaa hojjachuu



Kaayyoo: Meeshaalee taphaa hojjachuun dandeettii kalaqaa nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa adii, halluu, qubeessaa baala warqee (baala muuzii), huccuu qulqulluu, kollaa, waraqaa abbaa halluu, fakkii bu'aa hojii namootaa agarsiisu



Mala Raawwii:

- Naannoora meeshaalee taphaa hojjachuun akka danda'amu ijolleetti himuu
- Waraqaa, baala warqee, huccuu moofaa qulqulluu ta'e, qaawa addaddaa itti baasuun meeshaa taphaa hojjachuun akka ittiin taphatan gochuu;
- Dhumarrattii, naannoo itti taphatan akka qulqulleessan gochuu;



Madaallii: meeshaalee taphaa hojjachuu shaakaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sagal: Wantoota naannootti argamanirraa faayaa hojjachuu



Kaayyoo: Wantoota naannootti argamanirraa faayaa hojjachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: man'ee kobbee, kollaa, fo'aa lilmoo doomaa, waraqaa abbaa halluu, qaxxaamurtuu, fakkii bu'aa hojii namootaa agarsiisu.



Mala Raawwii:

- Waraqaa halluu addaddaa qaban sadii tokko tokkoo isaanii man'ee kobbeerratti maruun fiixee isaanii kollaa dibuu;

- Suuta jedhanii man'ee kobbee keessaa baasuu;
- Waraqaa walqabate sana qaxxaamurtuun hanga garagaraan mummuruun qubeelaa hojjechu;
- Qaawan qubeelaa keessaa fo'aa loosuun faayaa harkaafi mormaa hojjachuun daa'immanitti agarsiisuu;
- Daa'immanis haaluma ilaaliin akka hojjatan waan barbaachisu kennuufii;
- Wayita isaan hojjatan gidduu naanna'uun ilaaluufi deeggarsa gochuu;



Madaallii: Faayaa hojjachu shaakaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudhan: Kitaaba fakkii qopheessuu



Kaayyoo: Kitaaba fakkii mataa isaanii ni qopheessu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa adii, halluu, qubeessaa, qaxxaamurtuu, barruulee



Mala Raawwii:

- Waraqaa fakkii mataa isaanii hojjachu akka qaban hubachiisuu;
- Tokkoon tokkoo daa'immatif walakkaa waraqaa kennuun barsiisaa/tuu hordofaa haala armaan gadiin akka hojjatan gochuu;
 - Fiixee lamaan waraqaa walquunnamssiisuun walqixa bakka lamatti dachaasuu;
 - Karaa dacha'e ammas irra deebi'uun walqixa bakka lamatti dachaasuu;
 - Yeroo sadaffaaf qixa bal'inaan dacha'een dachaasuu;
 - Suuta jechuun waraqaa yeroo lama dacha'e diriirsuu;
 - Karaa dacha'een hanga bakka sararoonni afraan wal tuqan walakkaatti suuta jechuun qaxxaamurtuun muruu;
 - Waraqicha hojjaan diriirsuuun bakka walakkaatti dacha'e qabuun gara cinaatti harkisuu;
 - Yeroo kanatti, mallattoon qaxxaamuraa yommuu hojjatamu tokkoo tokkoo waraqaa dacha'e kallattii tokkotti sirriitti dachaasuun kitaaba fuula 4 qabu qopheessuu;
 - Waraqaa kitaaba hojjatanirratti fakkii kaasuun halluu akka diban gochuu;
 - Fakkiwwan addaddaa barruulee keessaa muranii baasuun maxxansuun kitaaba mataa isaanii akka qopheessan gochuu;

Yaadannoo: irra deddeebi'anii akka hojjatan gochuun barbaachisaadha.

Madaallii: Kitaaba fakkii qopheeffachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Tokko: Waraqaarraa meeshaalee taphaa hojjachuu



Kaayyoo: Waraqaarraa meeshaalee taphaa nihojjatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa adiifi abbaa halluu



Mala Raawwii:

- Wantoonni qilleensa keessa balali'uu danda'an maalfaa akka ta'an daa'imman gaafachuu;
- Kanneen qilleensa keessa balali'uu danda'an kan namoonni hojjachuu danda'an gaafachuun mariisisuu;

Fakkeenyaaaf: jeettii, Xiyyaara

- Maal akka hojjachuu fedhan gaafachuun waraqaa irraa jeettii akka hojjatan jajjabeessuu;
- Waraqaa walqixa bakka saddeetitti mummuruun tokko tokkoo kennuufii;
- Itti agarsiisaa daa'imman waliin haala armaan gadiin hojjachuu;
 - Fiixee lamaan walquunnamsiisuun walqixa bakka lamatti akka dachaasan gochuu;
 - Waraqicha diriirsuun fiixee isaa sararaan tuqsiisaa fiixee lamaaniinuu akka dachaasan gochuu;
 - Waraqicha walakkaa isaa qabachuun sarara hordofuun gara duubaatti akka dachaasaniifi kan dachaasan sirriitti akka walitti qaban gochu;
 - Waraqaa dacha'e walakkaa isaa qubaa harkaan fixee lamaan walitti dachaasuun sirriitti walitti qabuu;
 - Walakkaa isaa qabuun kan dacha'e diriirsuun jeettii xiqqoo hojjachuu;
 - Jeettii hojjatanirratti maqaa fi umrii isaanii akka barreessan gochuun daree keessa qilleensarra darbachaa akka taphatan gochuu;



Madaallii: Jeettii hojjachuu danda'uu isaanii tapha keessatti hirmaachuu fi gammaduu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Lama: Waraqaadhaan intalashee/ashaangulliitii/ hojjachuu



Kaayyoo: Waraqaadhaan intalashee/ashaangulliitii/ nihojjatu.




Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa adii, halluu, qubeessaa



Mala Raawwii:

- Daa'immaniif waraqaa guddaa 10cmx10cm ta'ee kenuun haala armaan gadiin itti agarsiisaa waliin hojjachuu;
 - Fiixee lamaan walqabsiisuun waraqicha walitti dachaasuu (boca rogsadee ta'a);
 - Itti aansuun gidduurraa seentiimeetira xiqqoo dhiisuun fiixee rogsadichaa gadi dachaasuu;
 - Bakka dadacha'een ala kan jiru walakkaatti ija, funyaanii fi afaan saree kaasuun fakkii mucaa saree waraqarratti hojjachuu shaakalsiisuu;
 - Erga xumuraniis quba elemtuu isaanirra kaa'uun sochoosuufi akka sareetti wu... wu.. wu.. jechaa sagalee dhageessisaa akka taphatan gochuu;



Madaallii: waraqan boca saree hojjachuu danda'uu isaaniifi taphachaa itti gammaduu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Kudha Sadii: Uffataa fi maaskii hojjachuu shaakalu



Kaayyoo: Uffataa fi maaskii hojjachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa adii, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, kollaa, fo'aa, lilmoo doomaa, waraqaa abbaa halluu, fakkii bu'aa hojji ogeeyyi agarsiisuu



Mala Raawwii:

- Wantoota uffataa fi maaskii hojjachuuf barbaachisan walitti qabuu;

- Maal akka hojjachuuf deeman itti himuu (fakkiwwan halluu dibuu, maxxansuu...) barsiisaa/tuu waliin uffataa fi maaskii akka qopheessan jajjabeessuu



Madaallii: uffataa fi maaskii hojjachuuh shaakaluu isaanii hordofaa.

Gocha Kudha Afur: Ogeeyyiifi bu'aa hojii isaanii



Kaayyoo: Ogeeyyiifi bu'aa hojii isaanii nihubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: bu'aa hojii ogeeyyii



Mala Raawwii:

- Ogeeyyiifi bu'aa hojii isaanii naannootti argamu haala itti daawwatan mijeessuu;
- **Fakkeenyaaaf**, warra uffata dhahan, suphee dhahan...
- Ogeeyyi kanneeniifi bu'aa hojii isaanii akka daawwatan gochuu;
- Daawwannaan boodas waan daawwatan bifaa oduun akka dhiyeessan gochuu;



Madaallii: Ogeeyyi fi bu'aa kalaqaa isaanii adda baasuu isaanii daawwannaan booda gaaffii gaafachuun madaalaa

Gocha Kudha Shan: wantoota addaddaa hojjachuuh



Kaayyoo: Waraqaa bukkeeffameen (dhoqqeen) wantoota addaddaa nihojjatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa bukeeffame, dhoqqee, fakkii, bu'aa hojii namootaa, minjaala pilaastikaa



Mala Raawwii:

- Seera ittiin bukeessan hordofuun waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqee qopheessuu;
- Minjaala isaanii laastikiin haguuguun dhoqqicha minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Waan fedhan akka hojjatan gochuu;

- Erga hojjatanii xumuranii booda waraqaa xiqqoorratti maqaa isaaniifi wanti hojjatan maal akka ta'e akka barreessan gochuu;
- Haala kanaan meeshaalee taphaa ofiif hojjatanii yommuu gogus halluu dibuun akka ittiin taphatan gochuu;

Yaadannoo: Bu'aan hojii isaanii kun namoota kaaniin akka daawwatamu haala mijeessuun

Madaallii: Waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqeerraa wantoota garagaraa hojjachuu shaakaluu isaanii hordofaa.





Gocha Kudha Afur: Waraqaan wayaa dhahuu

 **Kaayyoo:** Waraqaan wayaa dhahuu nishaakalu

 **Meeshaalee deeggarsaa:** doosee furdaa, waraqaa abbaa halluu, kollaa...

 **Mala Raawwii:**

- Doosee furdaa 10cmx10cm ta'eefi waraqaa fakkii 10cmx10cm ta'e baay'ina daa'immaniitiin qopheessuu;
- Doosicha irraa gadiifi bitaa gara mirgaatti 2cmx2cm gara keessatti seenuun sararuu;



- Bakka 8cmx8cm gara keessaa irraa gara gadiitti walirraa fageenya 2cm akka qabaatu gochuun sararuu
- Waraqaa fakkiis bal'ina 2cm x10cm ta'ee bifaa sarartuun mummuruun qopheessuu
- Barsiisaanis doosee A4 ta'e fayyadamuun haala armaan oliitiin waraqaa haphii bifaa sarartuun mummuraman tokko fuudhuun doosicha keessa takkaa gubbaan, takkaa jalaan loosaa keessa dabarsuun yommuu qarqararra ga'u fiixee isaa jalqabaa fi isa dhumaan kollaan walqabsiisuun uffata dhahuu;

Madaallii: Waraqaan uffata dhahuu shaakaluu isaanii ilaaluun madaalaa.

2.1.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Koornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'imaan daawwannaan gaggeeffamuf sadarkaa kennamuu ilaachisee lakkofsa sadarkaa tokkoof kennama qofa unkaa 'daawwannaan' jedhu keessatti barreessaa.

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unkaan hordoffii kun jalqaba, walakkaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba

Ga'umsa/Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
1. Miira of hubachuu, ofitti amanamummaa fi of kabajuu qabaachuu			
1.1.Ofibsuu ni danda'u			
1.2.Namoota kan waliin waldorgomsiisuun of ibsuu ni danda'u			
1.3.Yeroo taphaa walitti bu'iinsa uumamuufi mormii uumamuu malu karaa nagaan hiikuu ni danda'u			
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu			
2.1.Kutaalee qaama isaanii waamuu ni dandau			
2.2.Dalagaalee kutaalee nafaan raawwataman sirriitti ibsuu ni danda'u			
3. Ija kunuunsuu			
3.1.Ija isaanii ofeeggannoonaan qabuun kunuunsuu ni danda'u			
4. Gurra kunuunsuu			
4.1.Gurra isaanii ofeeggannoonaan qabuun kunuunsuu ni danda'u			
5. Qaama miiraa ittiin fuunfatan fayyadamuu, funyaan kunuunsuu			
5.1.Foolii gaarii fi foolii baddaa ibsuu ni danda'u			

6. Miira qaamaa ittiin dhandhaman fayyadamuu fi arraba kunuunsuu			
6.1.Afaan isaanii qulqullinaan qabachuu ni daanda'u			
7. Harkaan qaqqabuun wantootaa fi haalota ibsuu			
7.1.Amala, ho'ina, hangaa fi boca wantootaa gidduu jiru adda baasuu nidanda'u			
8. Fayyaa ofii eeggachuu fi sirna ittii eeggatan shaakaluu			
8.1.Soorata fayyaaf tolan adda baasanii nihimu			
8.2.Qulqullina dhuunfaa eeggachuu ni shaakalu			
8.3.Qulqullina dhuunfaa eeggachuu ni shaakalu			
9. Qaama ofeeggannaan qabaachuu fi kunuunsuu			
9.1.Qaama isaanii kunuunsuun qabachuu ni danda'u			
10. Maashaalee mul'atanii fi hinmul'anne fayyadamuu			
10.1. Meeshaalee ciccimoofi sasalphaah fayyadamuuun dalagaa addaddaa ni raawwatu			
11. Kalaqa Ibsuu			
11.1. Wantoota naannootti argamanirraa meeshaalee taphaa hojjachuu ni danda'u			

2.2. Bifa Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti Dhufeeyna Uumuu

2.2.1 Ibsa

Guddinni hawaasummaa miira kallattiwwan dagaaginnaa daa'immanii kanneen ijoo/gurguddoo ta'an keessaa isa tokkodha. Daa'imni tokko hordoffifi deeggarsa warrii/guddistooniifi barsiisonni isaanii godhaniif, akkasumas walitti dhufeeyna hiriyoota isaanii waliin godhaniin haalli mijaa'aa uumamuun jirenya hawaasummaa gaarii ta'eefi miira tasgabbii qabu horachuu danda'u. Daa'imman walitti hidhamiinsa hawaasummaa gaarii ta'eefi miira tasgabbaa'aa yoo qabaatan jirenya isaaniitti milkaa'oofi mana barnootaattis hirmaanna gaarii kan taasisan ta'u. Jirenyi tasgabbii qabu kan uumamuu danda'u ganamumarraa kunuunsaafi walitti dhufeeyna hawaasummaa gaarii keessatti yoo guddatanidha. Daa'imni haalaakkanaa keessatti hinguddanne jirenya keessatti aaruuf, mukaa'uuf, sodaachuuf, ilaalcha gadi aantummaaf kan saaxilaman ta'u. Kanaafuu, dhimma kanaaf ganamumarraa xiyyeffannaan itti kennamuu qaba. Barsiisonni waa'ee amala tokko tokkoo daa'imaarratti maatii waliin mariyachuun sochii dhuunfaafi hawwaasummaaarratti hubannoo waliigalaa argachuu qabu.

Barsiisonnis ta'an maatiin hanga danda'ametti daa'immanitti waan isaan sodaachisu itti himuu dhiisuun, jechoota isaan sodaachisu itti dubbachuu dhiisuun, sodaa ofii daa'immanitti agarsiisuu dhiisuun sodaa uumamaa daa'imman qaban daran akka hindaballe gochuun irra jiraata. Kana malees, daa'imman walitti dhufeeyna hawaasummaa akka uumaniiif amala fudhatama qabu akka hubatan, hiriyoota isaanii waliin walgarraaranii hojjachuu, barsiisotaafi hawaasa mana barnootaa kabajuu, abboomamuun jirenya fudhatama qabu akka shaakalan gochuun deeggarsa addaa taasisuufii qabu. Jirenyi hawaasummaafi amalli gaariin daangaa umrii kanaa keessatti hundeffamu bara jirenyaa isaanii keessatti adeemsa badaaf akka hinsaaxilameef gargaaruu danda'a. Kanaafuu, umrii daangaa kanaatiif xiyyeffannoo addaa kennuun barbaachisaadha.

2.2.2 Kaayyoo Gooroo

1. Namoota naannoo isaaniitti argaman beekuuf fedhii qabaachuu, akkasumas amala fudhatama qabu horachuufi agarsiisuu akka danda'an gochuuf;
2. Eegumsa namoonni isaaniif taasisan hubachuufi ibsuu akka danda'an gochuuf;
3. Hojii garee keessatti hirmaachuu, miira namoota biroo qooddachuu, hojii gaariirratti hirmaachuu akka danda'an gochuuf;

2.2.3. Ga'umsootaa fi bu'aawwan eegaman

1. Namoota naannoo jiran beekuuf fedhii qabachuufi adda baasuu

- Namoota naannoo jiraniif amala fudhatama qabu agarsiisuu nidanda'u.
- Waa'ee amala gaariifi amala badaa himuu nidanda'u.

2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif taasisan adda baasuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu

- Akkaataa namoonni eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan ibsuu nidanda'u.

3. Namoota kunuunsuufi waan qabnu qooduufii

- Karaa sirrii ta'een hojii garee keessatti hirmaatuufi miira namoota biroo qoddachuu nidanda'u.
- Naannoo isaaniitti hojii gaarii namootaaf godhamurratti hirmaachuu nidanda'u.

2.2.4. Ga'umsootaa fi bu'aawwan eegaman, meeshaalee deeggarsaa fi mala raawwii

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Namoota naannoo jiran ilaaluuf, beekuuf fedhii qabaachuufi adda baasuu	1.1 Amala gaarii fudhatama qabu namootatti agarsiisuu nidanda'u

Gocha Tokko: Walii yaaduufi walkabajuun waliin jiraachuu



Kaayyoo: Namoota biroo waliin waliif yaaduufi walkabajuun waliin hojjachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa



Mala Raawwii:

- Waraqaaifi qubeessaa dhuunfaan, qubeessaa abbaa halluu nama lamaan/afuriin kenuun akka waliin itti fayyadaman gochuu;
- Osoo hinhayyamsiisin qubeessaa abbaa halluu fuudhanii akka itti hinfayyadamne hubachiisuu;
- Osoo isaan hinjalqabiin qubeessaa abbaa halluu isaaniif dhiyaate waliin akka itti fayyadamuu qaban beeksisuu;

- Yommuu walirraa fudhatan jechoota ulfinaafi kabaja ibsan fayyadamuu;
- Daa'imman lama akka fakkeenyatti hojjachiisuu;
- Erga fakkii kaasanii xumuraniis fakkii hiriyoota isaanii ilaaluun dinqisiifachuu;



Madaallii: waliif yaaduufi walkabajuun waliin hojjachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Naamusa gaariin taphachuu



Kaayyoo: Naamusa gaariin taphachuu nidanda'u.



Mala Raawwii:

- Sagantaa taphaa mijessuu;
- Dabaree eeganii taphachuun barbaachisaa akka ta'e, seera taphaa eeguu akka qaban, akka tasaa yoo walitti bu'an dhiifama gaafachuu akka qaban dursanii hubachiisuufi wayita isaan taphatan hordoffii taasisuu;



Madaallii: Amala/ Naamusa gaariin taphachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu



Kaayyoo: Barbaachisummaa dhiifama gaafachuufi gochuu ni hubatu, akkasumas ni shaakalu.



Mala Raawwii:

- Muudannoo waa'ee daa'imman lamaa kan meeshaa taphaarratti wal lolan itti himuun 'Abaluun maal gochuu qaba ture?
Abaluun hoo? "jechaa mariisisuu;
- Namoota biroo gaddisiisuun sirii akka hintaaneefi yoo namoota mufachiifnellee dhiifama gaafachuu akka qabnu hubachiisuufi;
- Wayita taphatan yoo walitti bu'an dhiifama waliin jechuu akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Barbaachisummaa dhiifama gaafachuufi gochuu hubachuu isaanii sochii keessatti raawwachuu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Amala fudhatama qabu agarsiisuufi raawwachuu



Kaayyoo: Amala fudhatama qabu manattis ta'e mana barnootaa keessatti ni agarsiisu.



Mala Raawwii:

- Mana maatii isaanii waliin wayita oolan maal akka hojjatan gaafachuun mariisisuu;
- Mana keessatti yommuu ajajaman diduu akka hinqabne hubachiisuu;
- Yoo balleessa uuman nama mufachiisan dhiifama gaafachuun akka qaban hubachisuu;
- Sobuun, meeshaa namaa hayyama malee fudhachuun sirrii akka hintaane mariisisuu;



Madaallii: Amala fudhatama qabu hubachuun manaafi mana barnootaa keessatti hojiirra oolchuu jalqabuu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Shan: Ayyaana sabaafi sablammootaa kabajuu



Kaayyoo: Uffata aadaa sabaafi sablammootaa adda nibasu, nidinqisiifatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa



Mala Raawwii:

- Gaafa ayyaana sabaafi sablammootaa uffata aadaa uffatanii akka dhufan gochuu;
- Aadaa saba waa'ee uffata uffatanii dhufanii akka himan jajjabeessuu;
- Fakkii uffatichaa kaasanii itti kenuun halluu akka diban gochuu;

Yaadannoo: Barsiisaan /tuunis/ uffata aadaa calaqqisiisu uffachuu akka qabdan hubadhaa



Madaallii: uffata aadaa sabaafi sablammootaa adda baasuufi dinqisiifachuu isaanii hordofuun madaalaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Namoota naannoo jiran ilaaluu, beekuuf fedhii qabaachuu fi adda baasuu	1.2 .waa'ee amala badaafi amala gaarii himuu nidanda'u

Gocha Tokko: Ibsitoota naamusa gaarii adda baasuu



Kaayyoo: Ibsitoota naamusa gaarii adda baasuun nidubbatu.



Mala Raawwii:

- Daa'imni qaxalee, amala (naamusa) gaarii qaba jedhamu kan akkamii akka ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Deebii daa'immanii erga dhaggeeffatanii booda, daa'imni qaxaleefi naamusa gaarii qabu:
 - Kan hinsobne
 - Hayyama malee qabeenya namaa kan hintuqne
 - Kan nama hinarrabsine
 - Dhugaa kan dubbatu
 - Arjaa
 - Abboomamaa
 - Kan nama kabajuufi kanneen kana fakkaatan.. ta'uu hubachiisuudha.



Madaallii: Ibsitoota naamusa gaarii dubbachuu danda'u isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Lama: Naamusa gaariifi naamusa badaa adda baasuu



Kaayyoo: Naamusa gaariifi naamusa badaa adda baasanii nidubbatu.



Meeshaalee deeggarsaa: kaaseettii faaruu waa'ee naamusa gaarii qaban



Mala Raawwii:

- Oduu durii waa'ee nama sobuu baay'isu tokko itti himuun miidhaa sobni qabu hubachiisuu;
- Gaaffii gaafachuun ergaa faaruu akka hubatan gochuu;
- Sobuun hawaasa biratti fudhatama akka nama dhabsiisu hubachiisuu;

- Sobuun yeroof yoo nama gammachiisellee bulee bulee kan nama miidhu ta'uu hubachiisuu;



Madaallii: Naamusa gaariifi naamusa badaa adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Taphaan naamusa gaarii calaqqisiisuu



Kaayyoo: Naamusa gaarii cimsachuuf nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota tapha fakkaatanii taphachuuf fayyadaan



Mala Raawwii:

- Wayita daa'imman amala gaarii agarsiisan hiriyoota isaanii fuulduratti beekamtii kenuun ofiis fakkeenyaa ta'uun shaakalsiisuu;
- Amaloota addaddaa hawaasa keenya biratti fudhatama hinqabne bifaa muudannoonttu itti himuun akka hubatan gochuu;

Fakkeenyaaaf: sobuun, hatuun, mattaha fudhachuun, nama arrabsuun, nama kabajuu dhiisuu...

- Tapha 'fakkaatanii taphachuu' yommuu taphatan jechoota isaan dubbataniif gochoota isaan raawwatan hordofuu;
- Jechaa fi gocha hinbarbaachifne yoo raawwatanii fi dubbatan barsiistuun akka keessummaa ta'uun tapha keessa seenuu sirreessuu;



Madaallii: Naamusa gaarii cimsachuuh eegaluu isaanii hordofuu madaalaa.

Gocha Afur: Naamusa badaafi gaarii adda baasuu



Kaayyoo: Naamusa gaariifi badaa adda baasuun naamusa gaarii nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan yookiin barreeffamoota walitti fufiinsaan naamusa badaafi gaarii agarsiisu

Fakkeenyaa:

Jaarsa tokko qoobii
isaanii bubbeen jalaa
fudhate

Daa'imni xiqoon tokko
argitee fiigdee fuute
kenniteef

Jaarsichi daa'ima sana
hammatanii dhungatanii
eebbisan



Mala Raawwii:

- Haalota fakkiiratti mul'atan akka dubbatan gochuun mariisisuu;
- Sochii taasisan keessatti naamusa gaarii cimsachaa deemuu isaanii hordofuu;



Madaallii: naamusa gaarii fi badaa adda baasuun naamusa gaarii gabbifachuun isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Kabaja agarsiisuu



Kaayyoo: Namootaaf kabaja agarsiisuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Maatiin, barsiisonnii fi hiriyooniisaanii yoo isaan waaman maal jedhanii deebisuu akka qaban gaafachuun;
- Yeroo hundaa, yoo namni isaan waame 'yaa/yee' jedhanii deebii kennuu akka qaban hubachiisuu
- Meeshaa maatiifi namoonni gurguddoon itti kennan akkamitti harkaa akka fuudhan gaafachuun gochaan akka agarsiisan gochuu;
- Gadi jedhanii harka isaanii lamaaniin harkaa nagaa jechuu akka qaban hubachiisuu;



Madaallii: yoo namni isaan waame kabajaan deebii kennuu, meeshaa kabajaan harkaa fuudhuu shaakaluu isaanii hordofuuun madaalaa.

Gocha Jaha: Dabaree eeganii taphachuun



Kaayyoo: Dabaree ofii eeguun akkasumas meeshaalee taphaa waliin ga'uun taphachuun nidanda'u.



Mala Raawwii:

- Yeroo taphaa, daree keessatti fi wayitii barnootaatti naamusa (amala gaarii) isaanirraa eegamu gaafachuun mariisisuu

- Mooraa keessa meeshaaleen taphaa meeqa akka jiran, kan akkamii akka ta'an, irra caalaa isa kamiin taphachuu akka jaallatan gaafachuu;
- Meeshaaleen taphaa mooraa keessa jiran kan eenyuu akka ta'anii fi akkamitti taphachuu akka qaban gaaffii gaafachuu mariisisuu;
- Meeshaaleen taphaa mooraa keessa jiran kan daa'imman hundaa akka ta'eefi dabaree eeguun taphachuu akka qaban hubachiisuu;
- Kanneen dabaree isaanii eeguun taphatan jajuu, jajjabeessuu, kanneen hineegne immoo akkamitti dabaree isaanii eeguu akka qaban ibsuufii;



Madaallii: Dabaree eeguun, akkasumas meeshaalee taphaa waliin gahuun taphachuu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Seera Kabajuu



Kaayyoo: Seera nikabaju, seera kabajuu dhiisuun miidhaa inni qaqqabsiisu nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee taphaaf barbaachisan



Mala Raawwii:

- Taphoota seera qaban taphachiisuu;
- Adeemsaafi seera taphichaa akka hubatan seera taphichaa eeguun akka taphatan gochuu;
- Seera taphaa yoo hineegne taphaan ala akka ta'an gochuu;
- Seeraaf bitamuun keessa isaaniitti akka bakka qabaatu gochuun shaakalsiisuu;



Madaallii: seera taphaa eeganii taphachuufi seera yoo eeguu baatan miidhaa qaqqabu hubachuu isaanii madaalaa

Gocha Saddeet: Naamusa gaarii fi badaa bifaa diraamaafi faaruun dhiyeessuu



Kaayyoo: Naamusa gaariifi badaa hubachuun bifaa diraamaaf fi faaruun dhiyeessuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Wantoota diraamaaf barbaachisan



Mala Raawwii:

- Ol of qabuun, oftuuluun, namoota tuffachuun sirrii akka hintaane hubachiisuu;
- Faaruu daa'imman biroofi maatiif bifa diraamaan akka dhiyeessan gochuu;



Madaallii: Naamusa badaafi gaarii hubachuun bifa diraamaaf faaruun dhiyeessuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sagal: Gareen hojii hojjachuu



Kaayyoo: Hojii garee amala gaarii agarsiisuun hojjachuu nidanda'u



Meeshaalee deeggarsaa: Wantoota hojii gareef barbaachisan (wadaroo, ulee, Kubbaa...)



Mala Raawwii:

- Kutaan alatti daa'imman garee lamatti quoduu
- Dorgommii ispoortii addaddaarratti daa'imman hundi akka hirmaatan gochuu;
- Bu'aa gareef waliin hojjachuu, walta'umsa, waliif yaaduu, miseensota gareef hamilee kennuufi wal jajjabeessuu akka gabbifatan gochuu;



Madaallii: hojii garee naamusa gaariin raawwachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha kudhan: Gamtaan hojjachuu



Kaayyoo: Faayidaa gamtaan hojjachuu hubachuudhaan niraawwatu.



Meeshaalee deeggarsaa: feestaalii haphii (guwaantii harkaa), guuboo balfaa, bishaan saamunaa



Mala Raawwii:

- Wantoota mooraa qulqulleessuuf barbaachisan qopeessuu;
- Daa'imman gareetti qoqqooduun tokko tokkoo gareef gahee hojii garagaraa kennuufii;
- Hojii gareewwanii gamaggamuu, jajjabeessuufi deeggarsa taasisuun;
- Faayidaa gamtaan hojjachuun qabuufi bu'aa isaarratti mariyaachuun hubachiisuu;
- Yommuu fixan harka isaanii saamunaan dhiqachuu;



Madaallii: Faayidaa gamtaan hojjachuu hubachuun gamtaan hojjachuu danda'uu isaanii hotdofuuun madaalaa

Gocha Kudha Lama: Guyyaa maatii kabajuu



Kaayyoo: Yeroo guyyaan maatii kabajamu hojiiwwan addaddaarratti nihirmaatu.



Mala Raawwii:

- Guyyaa maatiirratti daa'imman hojii garagaraarratti akka hirmaatan gochuun gamtaan hojjachuurratti muuxannoo akka gabbifatan gochuu;
- Fakkeenyaaaf: Agarsiisa faaruu, fakkii fi boocaawan addaddaa daawwachiisuu;



Madaallii: yeroo guyyaan maatii kabajamu hojii garagaraarratti hirmaachuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif taasisan adda baasuu fi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu	2.1. Akkaataa namoonni eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan ibsuu ni danda'u

Gocha Tokko: Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan adda baasuu



Kaayyoo: Kutaa isaanii keessatti namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan adda nibaasu.



Mala Raawwii:

- Daree keessatti namoonni isaan kunuunsan eenyufaa akka ta'an gaafachuu;
- Kutaa keessatti guddistoonni isaanii maal akka isaanii godhaniif gaafachuuun mariisisuu;
- Kunuunsa guddistoonni isaanii godhaniif kabajuufi hojii isaanii deeggaruu akka qaban hubachiisuu;
- Dhumarratti oduu durii tokko itti himuun deebisanii akka himan gochuu;



Madaallii: kutaa keessatti namoota kunuunsa isaaniif taasisan adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Fakkii namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhanii kaasuu



Kaayyoo: Fakkii namootaa eegumsaafi kunuunsa taasisaniif kaasuun ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu...



Mala Raawwii:

- Fakkii namoota isaan kunuunsanii akka kaasan waraqaa, qubeessaa, qubeessaa halluu kennuufii;
- Yommuu isaan kaasan naanna'uun ilaaluu fi fakkii eenyuu kaasaa akka jiran gaafachuu;
- Maaliif akka filatan gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Fakkii namoota eegumsaa fi kunuunsa isaaniif godhana kaasuun ibsuu yaaluu isaanii hordofuun madaalaa

Gocha Sadi: Namoota kunuunsa isaaniif godhan ibsuu



Kaayyoo: Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan fakkatanii taphachuun ni'ibsu.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota fakkatanii taphachuuf barbaachisan



Mala Raawwii:

- Akkaataa namoonni itti isaan kunuunsan gochaan akka agarsiisan dura itti agarsiisaa, Fakkeenyaaaf: huccuu natti uwwisi jedhuuf uffachuu itti agarsiisuu
- Yeroo rakkoo maatiitti bilbiluu itti agarsiisu, hubachiisu;
- Itti aansuun, golee taphaatti waanuma kana akka taphan calaqqisiisan haal mijeessuu;

Yaadannoo: wayitii barannoo addaddaatti waa'ee barsiisaa, poolisii, dooktoraa, narsii akka mariyatan haala mijeessaafii.



Madaallii: Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan fakkaatanii taphachuun ibsuuf yaaluu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qabnu quoduufii	3.1.Hojii garee keessatti haala sirrii ta'een hirmaachuufi miira namoota biroo hubachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Miira gammachuufi dallansuu /mufachuu adda baasuu



Kaayyoo: Ibsitoota miira gammachuufi mufachuu adda nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Suuraa/fakkii daa'immanii miirri gammachuufi mufachuu (dallanuu) irraa mul'atu



Mala Raawwii:

- Suuraawan (fakkiwwan) itti agarsiisuu;
- Wanti fakkiiratti ilaalan miira gammachuu yookiin mufachuu ta'uu himuu akka yaalan jajjabeessuu;
- Daa'ima fakkichaarra jiru maaltu akka gammachiiseefi maaltu akka isa mufachiise akka dubbatan gochuu;
- Isaaniin maaltu akka isaan gammachiisuufi mufachiisu akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Ibsitoota miira gammachuufi mufachuu adda baasuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Miira namoota biroo hubachuu



Kaayyoo: Miira namoota biroo hubachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan walitti fufiinsa qaban



Mala Raawwii:

- Fakkiwwan walitti fufiinsa qaban dhiyeessuun yommuu gareen hojjatan miira namoota biroo hubachuu akka barbaachisu akka hubatan gochuu;



Madaallii: miira namoota biroo hubachuu shaakaluu isaanii hordofuun madaala.

Gocha Sadii: Miira namootaa hubachuu



Kaayyoo: Gamtaan yommuu hojjatan miira namootaa biroo hordofuu ni shaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: meeshaalee qulqullinaaf fayyadan meeshaalee suphaaf gargaaran



Mala Raawwii:

- Gabatee sagantaa dabaree fayyadamuun hojji gamtaarratti, hojji gareerratti, sagantaa barnootaa irratti akka hirmaatan gochuu
Fakkeenyaaaf, daree qulqulleessuuurratti; biqiltuu kunuunsuurratti;
- Waltumsuun hojjachuu akka qaban hubachiisuu;
- Miira hiriyoota isaanii isaan waliin hojjataa jiran beekuu isaanii hordofuu;



Madaallii: yeroo gamtaan hojjatan miira namoota biroo beekuu shaakaluu isaanii ilaaluun mirkaneesa.

Gocha Afur: Dhaamsa/ergaa faaruun qabu himuu



Kaayyoo: Dhaamsa yookiin ergaa faaruun qabu nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: kaasetti faaruu



Mala Raawwii:

- Faaruu garagaraa waliin akka faarfatan gochuu;
- Ergaa faarfannichaa akka himan gochuu;
- Faaruu keessatti miira itti dhaga'ame akka ibsan gchuu;

Yaadannoo: faaruun barsiisaan/tuun filatu/ttu hanga danda'ametti kan miira namootaa ibsu yoo ta'e gaarii ta'a.



Madaallii: ergaa faaruu dhaga'anii himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Shan: Miira namoota biroo ibsuu



Kaayyoo: Ibsituwwan miiraa adda baasuun haala nama hinmiineen miira isaanii ibsuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Namoonni yommuu gammadan ykn gaddan miirri akkamii akka irraa calaqqisu gochaan akka agarsiisan jajjabeessuufi dinqisiifachuu;
- Hiriyoota isaanii ibsa miiraa isa kamtu akka isaan gammachiiseefi isa kamtu akka isaan hingammachiifne gaafachuun akka himan jajjabeessuu;
- Barbaachisummaa fedhii ofii seeraan ibsuun qabu hubachiisuun haala namoota biroo hinmiineen miira ofii ibsachuu shaakalsiisuu;



Madaallii: Ibsituwwan miiraa adda baasuun haala miira namootaa hinmiineen ibsuu shaakaluu isaanii hordofaa.

Gocha Jaha: Miira namootaa eeguu



Kaayyoo: Miira namootaaaf of eeggannoo taasisuun miira isaanii ibsuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii miira namootaa ibsu.



Mala Raawwii:

- Muudannoowwan walitti bu'iinsa guyyaa guyyaan uumamu calaqqisiisu itti himuu; Fakkeenyaaaf, meeshaalee taphaa, yeroo taphaa waldhabuu osoo namoota hinjeeqiin, osoo hingaddisiisin akkamitti miira isaanii ibsuu akka danda'an akka dubbatan fuulcha kennuun gaafachuun;
- Miira isaanii akka ibsan jajjabeessuu;



Madaallii: Miira namootaa eeguu miira isaanii ibsuu shaakaluu isaanii hordofuu.

Gocha Torba: Miira qooddattootaa hubachuu



Kaayyoo: Miira qooddattoota sheekkoo keessa jiranii hubachuun calaqqisiisuu niyaalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee sheekkoo



Mala Raawwii:

- Sheekkoo tokko seenessuufii;
- Waa'ee qooddattootaa seenichaa keessa jiranii waan itti dhaga'ame akka dubbatan gochuu;
- Miira qooddattoota seenichaa akka ibsan gochuun mariisisuu;



Madaallii: miira qooddattoota seenaa dhaga'an keessa jiru hubachuun calaqqisiisuu yaaluu isaanii hordofaa

Gocha Saddeet: Walitti bu'iinsa hiikuu



Kaayyoo: Tapha keessatti walitti bu'iinsa uumamuu malu akkamitti hiikuu akka qaban hubachuun nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Yommuu waliin taphatan walitti bu'iinsa uumamuu malan maalfaa akk ta'an gaafachuu;
- Tapha keessatti yoo mo'aman yeella'uu akka hinqabne, namoota biroo mufachiisuu dhiisuu, yoo mufachiisan dhiifama gaafachuu fi dhiifama gochuu akka qaban hubachiisuu shaakalsiisuu;



Madaallii: Adeemsa taphaa keessatti walitti bu'iinsa akka itti hiikuu qaban hubachuun shaakaluu isaanii hordofaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qabnu qooduufii	3.2.Namoota naannoo isaanitti gocha gaarii namootaaf taasifamurratti hirmaachuu danda'u.

Gocha Tokko: Taphaan miira namootaa ibsuu



Kaayyoo: Fakkaatanii taphachuun miira namootaa quoddachuu ni taphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: uffata namoota umrii garagaraarra jiran ta'anii diraamaa hojjachuuf barbaachisu



Mala Raawwii:

- Namoota biroo fakkaatanii taphachuun naamusa gaarii akka calaqisiisan gochuuf haala mijeessuu;



Madaallii: Fakkaatanii taphachuun miira namoota biroo quoddachuu taphachuu isaanii hordofaa.

Gocha Lama: Namoota umrii garagaraarra jiran adda baasuu



Kaayyoo: Namoota umrii garagaraarra jiran add nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: suuraa (fakkii) namootaa umrii addaddaa qaban agarsiisu



Mala Raawwii:

- Suuraa (fakkii) namootaa itti agarsiisu;
- Daangaa umrii namoota suuraa (fakkiirraa) mul'atuu akka dubbatan mariisisuu;
Fakkeenyaa: jaarsa, daa'ima, ijoollie...
- Itti aansuun suuraa itti agarsiisaa faaruu akka faarfatan gochuu;



Madaallii: suura (fakkii) namootaa umrii garagaraa qaban ilaaluun himuu danda'uun isaanii mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Namoota gargaaruu



Kaayyoo: Manaafi mana barnootaatti namoota hojii gargaaruu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Yeroo namoonni naannoo qulqulleessuurratti bobba'aan waliin hirmaachuun waan humna isaanii akka raawwatan haala sheekkoon itti himuu;
- Mana keessatti namoota isaan waliin jiran hojii kan gargaaran ta'uu gaafachuu;
- Maal akka gargaaran gaafachuuun mariisisuu;
- Mana keessatti waan humna isaanii ergamuu, ajajamuu, meeshaa ittiin taphatan walitti qabuurratti hirmaachuu;
- Yommuu warri isaan hojiin qabaman daa'imman xixiqqoo taphachiisuu akka qaban akka hubatan gochuu;



Madaallii: Namoota hojii gargaaruu eegaluu isaanii yeroo garagaraatti gaaffii gaafachuuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Namoota hojii gargaaruufi tumsuu



Kaayyoo: Namoota hojii gargaaruu fi tumsuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Yommuu namoonni gurguddoon ergaa isaan ergatan sirriitti dhageeffachuufi geessuu;
- Yommuu ajajaman diduu akka hinqabne itti himuu;
- Kuta barnootaa, ciisichaa, rafiitii mijeessuu keessatti barsiisota tumsuu dandeettii namootaa biroo gargaaruu akka cimsatan gochuu;
- Dirree taphaarratti barsiisota waliin ta'uun daa'imman xixiqqaa taphachiisuun haala itti hirmaatan mijeessuu;



Madaallii: Namoota biroo gargaaruufi tumsuu shaakaluu isaanii hordofuuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Namootaaf qooduu



Kaayyoo: Namootaaf qooduu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Mana barnootaa keessatti 'guyyaa tola-ooltummaa' qopheessuu;

- Daa'imman uffata itti dhiphatee itti hinfayyadamne kan mana taa'aa jiru fiduun daa'imman rakkatanii akka kennaan haala mijeessuun fedhiin namoota biroo gargaaruu keessa isaaniitti akka dagaagu gochuu;
- Naannoo (mana) yommuu oolan maatiin isaanii maal akka hojjatan gaafachuu;
- Yaada isaanii dhaggeeffachuun kallattii qabsiisuu;
- Fira, nama dhukkubsate gaafachuun gaarii akka ta'e hubachiisuu;
- Namoota rakkatan, namoota arguu hindandeenye, qaama miidhamtoota gargaaruu akka qaban muudannoo itti himuu hubachiisuu;

Yaadannoo: Maatiin, barsiisonniifi guddistoonni fakkeenya ta'uutu irraa eegama.



Madaallii: Namoota rakkatoo naannoo isaaniitti argaman gargaaruuf fedhii qabaachuu isaanii fi gargaaruu jalqabuu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Namoota biroof quoduu



Kaayyoo: Fedhii namoota biroo quoddachuuun waan qaban quoduufi kennuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Wantoota intalashee/ashaangulliitii hojjachuuf fayyadan dhiyeessuun daa'imman waliin intalashee/ashaangulliitii lama hojjachu;
- Itti aansuun, tokko waliin taphachu;



Madaallii: Miira namoota biroo quoddachuuun waan qaban namoota biroof kennuufi quoduu jalqabuu isaanii hordofuun mirkaneessa.

2.2.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Koornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'imaan daawwannaan irratti gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu ilaachisee lakkofsa sadarkaa tokkoof kennama qofa uunkaa 'Daawwannaan' jedhu keessatti barreessaa.

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unka hordoffii kun jalqaba, walakkaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba

Ga'umsa/Galma/	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
1. Namoota naannootti argaman beekuuf fedhii qabaachuufi			
1.1.Namoota dhiyeenyatti argamaniif amala fudhatama qabu agarsiisuu ni danda'u			
1.2.Waa'ee naamusa gaarii fi badaa himuu ni danda'u			
2. Namoota eegumsaa fi kunuunsa godhaniif adda baasuufi akka itti kunuunsan beekuu			
2.1.Namoonni akkamitti eegumsaafi kunuunsa godhanii ibsuu ni danda'u			
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qaban qooduuffii			
3.1.Hojii garee keessatti hirmaachuufi miira namootaa qooddachuu ni danda'u			
3.2.Naannoo isaanitti hojii gaarii namootaaf taasifamurratti gummaachuu nidanda'u			

2.3. Afaan Sirnaan Fayyadamuu

2.3.1 Ibsa

Afaan meesha kan guddaa yaada, fedhii, miira ofii namoota biroof ittiin ibsachuuf gargaaru waan ta'eef daa'imman daangaa umrii kanaa keessa jiran waan namoonni dubbatan sirriitti dhageeffachuun haala dhageeffataaf galuu danda'uun yaada, fedhiifi miira isaanii ibsuuf yaaluu akkasumas, yeroon kun yeroo itti barnoota idileef of qopheessan waan ta'eef sagaleefi boca qubeewwan adda baasuufi barreessuuf yeroo itti carraaqaniidha. Dandeettiifi ogummaa barreessuufi dubbisuuf barbaachisan yeroo itti bu'uura kaawwataniifi itti gonfatanidha.

Barsiisonni mana barnootaa idilee duraas fedhiifi dandeettii daa'imman mana barnootaa idilee duraa armaan oliitti tuqaman ilaalcha keessa galchuun guddinaafi dagaagina dandeettiiwwan afaanii daa'immanif naannoo mijaa'aa uumuun, deeggarsa barbaachisu gochuun daa'imman barnoota idileef akka ofqopheessan gochuun barbaachisaadha.

2.3.2. Kaayyoowwan Gooroo

1. Sagaleewwan naannootti dubbataman adda baasuufi ajajaafi qajeelfamootaaf deebii kennuuf dandeettiifi fedhii isaanii akka cimsatan gochuuf
2. Sheekkoowwan/ seeneffamootaafi faaruu sadarkaa isaanitti dhiyaatan dhageeffachuun deeggarsa qaama biroo malee irra deebi'uun seenessuufi faarfachuu akka danda'an gochuuf
3. Of ibsuufi dandeettii dhageeffachuufi yaada ofii haasaan ibsuu akka cimsatan gochuuf
4. Sagaleefi boca qubeewwanii adda baasuun jechootaafi himoota sasalphaa dubbisuufi barreessuu akka shaakalan gochuuf
5. Qubeewwaniifi jechoota baratan irra deebi'uun barreessuu akka shaakalan gochuuf

2.3.3 Ga'umsootaafi bu'aalee eegaman

1. Odeeffannoo sirriitti dhageeffachuun haalaota garagaraaf deebii sirrii kennu
 - Sagaleewwan naannootti dhaga'amani adda baasuu nidanda'u.
 - Garaagarummaa sagaleewwan gidduu jiru adda baasuu ni danda'u.
 - Ajajootaa fi qajeelfamootaaf deebii sirrii ni kennu.
 - Seeneffamoota dhaggeeffachuun waan hubatan ibsuufi deebisanii seenessuu ni danda'u.

2. Haalota addaddaa keessatti ofitti amanamummaan, haala fudhatama qabuun haasaa dubbiifi aflattoon waliigaluu
 - Afaan sirnaan itti fayyadamuu nidanda'u.
 - Dubbii afaaaniin gammachuu argachuu nidanda'u.
 3. Dubbisuun beekumsaafi gammachuu argachuufi hubachuu
 - Jechootaafi himoota sasalphaa dubbisuu nidanda'u.
 4. Qindoomina sochii ijaafi harkaa cimsachuun barreessuuf qophaa'uu
 - Qubeewwaniifi jechoota barreessuu nidanda'u.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odee effannoo sirnaa dhaggeeffachuu fi haalota addadddaafi deebii sirrii kennuu	1. 1. Sagaleewwan naannootti dhaga'aman adda baasuu nidanda'u

Gocha Tokko: Sagaleewwan adda baasuu



Kaayyoo: Sagaleewwan adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Sagalee bineeldotaa bocaman



Mala Raawwii:

- Sagalee hoolaa, saree, adurree, sa'a bocame dabaree dabareen dhaggeeffachiisuu;
 - Sagalee eenyuu akka ta'e gaafachuu;
 - Sagalee dhaggeeffatan irra deebi'anii akka jedhan gaafachuun hirmaachisuu;

Yaadannoo: hanga danda'ametti sagalee tokko dhaggeeffatanii kan eenyuu akka ta'e osoo hinhiin, osoo fakkeessanii hinjedhiin gara sagalee biraad dhaggeeffachiisuuf deemuun barbaachisaa miti.



Madaallii: Sagaleewwan adda baasuu danda'uu isaanii ilaaluufi dhaggeeffachuu madaala.

Gocha Lama: Kallattii sagalee adda baasuu



Kaayyoo: Kallattii sagalee adda baasuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Bakkuma taa'anitti akka hinilaalleef minjaalarratti akka gadi jedhan gochuun duuba isaanii yookiin cinaa isaanii dhaabbachuun sagalee tokko dhageessisuu;
- **Fakkeenyaaaf**, harka lama rukutuu, milaan lafa dhiituu yookiin kitaaba gargaalchuu…
- Erga sagalee dhaga'anii booda ija isaanii banachuu;
- Boodas fuuldura isaanii dhaabbachuun akka ol jedhan ajajuu;
- Sagaleen dhaga'an naannoo kamii akka ta'e kallattii isaa akka himan gochuun dandeettii isaanii cimsuu;



Madaallii: kallattii sagalee adda baasuu shaakaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: Sagalee akkeessuu



Kaayyoo: Sagaleewan addaddaa fakkeessanii nijedhu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii beelladootaa



Mala Raawwii:

- Fakkii beelladootaa guddifamee kaafame (hoolaa, re'ee, adurree...) bakka daa'imman hundaaf mula'tutti maxxansuu yookiin harkaan qabanii itti agarsiisuu;
- Maal akka ta'an eessa akka jiraatan, maal akka sooratan gaafachuun mariisisuu;
- Sagalee beelladootaa fakkeessanii gamtaan akka jedhan gaafachuu;



Madaallii: Sagalee beelladaa fakkiirraa arganii baasuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Ajaja fudhachuufi hojiirra oolchuu



Kaayyoo: Ajajoota fudhachuun hojiirra oolchuun nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Doosee, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala Raawwii:

- Waraqaarraa gonfoo mootii/Abbaa Gadaa hojjachuu;
- Taphicha taphachiisuuf daa'imman fedhii qaban jaha filuu;
- Warra filaman keessaa tokko Abbaa Gadaa gochuun gonfoo Abbaa Gadaa irra kaa'uun barcuma ol dheeraa tokkorra kaa'uu;
- Daa'imman hafan shanan meetira muraasa mootii irraa achi siquun tarreen akka dhaabbatan gochuu;
- Dabaree dabareen mootii duratti gadi jechaa ‘Yaa mootii! Akka eenyuutti dhufu?’ jechuun akka gaafatan gochuu;
- Mootichis beelladoota yookiin namoota daa'imman beekan keessaa tokko maqaa dhahuun (qocaa, lootuu, raacha) hanga tarkaanfii eeruun ajajuu;

Fakkeenyaaaf, akka raachaatti tarkaanfii lama, akka lootuutti tarkaanfii tokko....

- Daa'innis waan ajajame raawwachuun bakka ga'e dhaabbatee marsaan biroo hanga isa ga'utti akka eegu gochuu;
- Haala kanaan waan ajajame seeraan raawwachuun mootii bira kan ga'e mootii ta'a jechuu;
- Daa'imman hundi waljijiiranii akka taphatan gochuu;
- Kan jalqabarratti mootii ta'u barsiisaa osoo ta'e gaariidha.



Madaallii: Ajaja garagaraa fudhachuun hojiirra oolchuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Seera taphaa hordofuu



Kaayyoo: Seera taphaa hordofuu nitaphatu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman gareetti qoqqooduu;

- Tapha simbirroo bareedduu..... jedhu akkamitti akka taphatan seera taphaa itti himuu;
- Akkaataa seera taphichaatiin taphachuu isaanii hordofuu



Madaallii: Seera taphaa hordofuu taphachuu isaanii madaalaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhageeffachuufi haalota addaddaaf deebii sirrii kennuu	1.2. Garaagarummaa sagaleewwan gidduu jiru lida bbaasuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Namoota sagaleen adda baasuu



Kaayyoo: Namoota sagaleen adda baasuu nidanda'u.



Mala Raawwii:

- Tapha ‘eenyu si waamee?’ jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
 - Daa’imman 6 kaasuun hiriyoota isaanii fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
 - Isaan keessaa tokko gaafatamaa gochuun filuu;
 - Itti aansuun inni filatame fuula isaan duubatti garagalee akka dhaabbatu gochuun warra hafan keessaa tokko maqaa isaa akka waaman gochuu (mallattoon ajajuu);
 - Daa’imni maqaan isaa waamames eenyu akka isa waame akka himu gochuu;
 - Deebiin isaa sirrii ta’uufi dhiisuu isaa daa’imman akka mirkaneessan gochuu;
 - Haaluma kanaan waljijiiraa daa’imman hundi akka hirmaatan gochuu;



Madaallii: Namoota sagaleen adda baasuu danda’uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Sagalee fakkeessanii taphachuu



Kaayyoo: Sagalee fakkeessanii baasuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: maaskii bineeldota addaddaa



Mala raawwii:

- Dura maaskii bineeldota addaddaa daa’immaniif qopheessuu;
- Daa’imman taphachuuf fedhii qaban affeeruu;
- Maaskii godhatanii akka taa’an gochuu;

- Itti aansuun, yommuu barsiisaan sagalee bineelda tokkoo dhageessisu daa'imni maaskii bineelda sagalee akkasii qabu uffate sagalicha dhageessisuun taphachuu;
- Haaluma kanaan daa'imman hundi akka taphatan gochuu;



Madaallii: Fakkeessanii sagalee dhageessisuun isaanii madaala.

Gocha Sadii: Sagalee walfakkaatu fi addadda ta'an dhageeffachuu



Kaayyoo: Sagalee walfakkaatuifi adda ta'e dhaggeeffachuun adda ni baasu.



Mala Raawwii:

- Jechoota dhumarratti sagalee walfakkaataa qaban baasuu;
- Jechoota kanneen irra deebi'uun akka dubbatan gochuun sagaleewwan wal fakkaatan akka adda baasan gochuu;
Fakkeenyaaaf: Nama, lama, gama, ilkaan, bishaan midhaan...)



Madaallii: walfakkeenyaaafi addaddummaa sagaleewwan gidduu jiru hubachuu isaanii madaala.

Gocha Afur: Sagaleewwan sochiin walitti firoomsuu



Kaayyoo: Sagaleewwan sochiin walitti nifiroomsu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman gara dirreetti qabatanii bahuu;
- Barsiisaan sagalee bineeldotaafi allaattiwwanii sochii waliin qindeessuun dhageessisaa itti agarsiisuu;
- Daa'immanis barsiisaa hordofuun sagalee fi sochii walitti qindeessuun akka taphatan gochuu; **Fakkeenyaaaf**, akka sa'atti 'Imbuwaa...' jechaa gugguufaa deemuu, akka allaattiitti 'Iwu ... Iwu...' jechaa harka diriirsanii balalii'uuf deemuu;
- Barsiisaan daa'imman fuuldura dhaabbachuun sagalee garagaraa dabareen yoo dhageessisu sagaleen dhaga'an kan eenyuu akka ta'e akka dubbataniifi fakkeessanii akka jedhan gochuu; **Fakkeenyaaaf**, barsiisaan 'phii....phi... phii, barattoonni konkolaataadha jechuun sagalicha irra deebi'anii dhageessisu;



Madaallii: sagaleewwan garagaraa adda baasuu danda'uu isaanii madaala.

Gocha Shan: Sagaleewan qabee fakkiittii firoomsuu



Kaayyoo: Sagaleewan qabee fakkiitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan addaddaa



Mala Raawwii:

- Fakkiwwan addaddaa daa'immaniif kennuu;
- Yommuu barsiisaan maqaa fakkichaa sagalee qabee jalqabaa dubbatu daa'imni fakkii sana fakkaatu qabate ol kaasee agarsiisuun maal akka ta'e akka dubbatu gochuu;
- Sagaleewan fakkiifi jechoota waliin walitti firoomsuu akka shaakalan gochuu;



Madaallii: sagaleewan fakkiifi jechoota waliin walitti firoomsuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Sagaleewan qabee bocaan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Boca qubeewwanii sagalee isaaniin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: boca qubeewwanii



Mala Raawwii:

- Qubeewwan daa'imman baratan tokko tokkoon waraqaa xixiqoorratti barreessuun tokkoo tokkoo daa'immaatiif kennuu;
- Yommuu barsiistuun/aan sagalee qubichaa waamtluu daa'imni boca qabee sanaa qabate figuun gara barsiistuu/saa akka dhufu gochuu;
- Bocaafi sagalee qubeewwanii akka walitti firoomsan shaakalsiisuu;



Madaallii: Boca qubeewwanii sagalee isaanii waliin walitti firoomsuu danda'uun isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhageeffachuu fi haalota addaddaaf deebii sirii kenuu	1.3. Ajajootaa fi qajeelfamootaaf deebii kenuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Ajajaafi qajeelfamaaf deebii kenuu



Kaayyoo: Ajajootaafi qajeelfamootaaf deebii kenuu ni danda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: wantaa kutaa keessatti argaman



Mala Raawwii:

- Tapha 'ajaja raawwadhu' jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
 - Daa'imman lama kaasuun fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
 - Tokko kan ajaja fudhatu gochuu;
 - Ajaja kenuun akka raawwatu jajjabeessuu; **Fakkeenyaaaf**, bakka daa'imman duubaa kaartonii keessa boronqii tokko fidi jechuun ajajuu;
 - Ajajicha sirriitti raawwachuu hordofuun daa'imman hunda hirmaachisuu;



Madaallii: Ajajootaafi qajeelfamootaaf deebii sirii kenuu danda'uu isaanii hordofaa.

Gocha Lama: Qajeelfama hordofuun hojii garee hojjachuu



Kaayyoo: Qajeelfama hordofuun hojii garee nihojjatu



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee haaromsa barbaadan, meeshaa ittiin haaromsan



Mala Raawwii:

- Daree keessatti sagantaa hojii garee mijeessuu (karoorsuu);
- Tokko tokkoo gareef meeshaalee deeggarsa barnootaa haaromsa barbaadaniifi kan ittiin haaromsan waliin kenuufii;
- Garee hundaafuu duraa duuba hojimaataarratti ibsa kenuu;
- Akka hojjatanis yeroo kenuufii;
- Maal akka hojjatanifi akkamitti akka hojjatan akka agarsiisanii fi dubbatan gochuu;

- Daa'imman qajeelfamaan ala hojjatan yeroo itti aanutti haala fooyyee qabuun akka hojjachuu danda'an jajjabeessuu;



Madaallii: Ergaa geessuu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Sadii: Ergaa sirriitti geessuu



Kaayyoo: Erga sirriitti nigeessu.



Mala raawwii

- Barsiisota, guddistootaafi hojjattoota biroof akkasumas maatii isaaniif ergaa gaggabaabaa akka geessan gochuu;
- Sirriitti geessuufi dhiisuu isaanii mirkaneessuu;



Madaallii: Ergaa sirriitti geessuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Afur: Qajeelfama hordofuun taphachuu



Kaayyoo: Qajeelfama hordofuun nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Teessoo



Mala Raawwii:

- Tapha qajeelfamaan taphatamu tokko kennuufii;
- Haala qajeelfamaan /seeraan/ taphachuu isaanii hordofuu;



Madaallii: qajeelfama hordofuun taphachuu danda'uu isaanii hordofaa madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhageeffachuufi haalota addaddaaf deebii sirii kennuu	1.4. Seeneffamoota dhaggeeffachuun waan ubatan ibsuufi deebisaanii seenessuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Ergaa sheekkoowwanii hubachuu



Kaayyoo: Sheekkoowwan dhageeffachuun ergaa isaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee seenaa



Mala Raawwii:

- Seeneffama daa'imman gammachiisuufi bashannansiisuu danda'u tokko sagalee miira qooddattootaa calaqqisiisuu;
- Erga dhaggeeffatanii boodas waa'ee abbootii seenaa ilaachisee duraa duubaan gaaffii gaafachuun mariisisuu;
- Daa'immanis ergaa seenaa dhaggeeffatanii akka hubatan gaaffii gaafachuun mariisisuu;
- Deeggarsa barsiisaa malee seenicha irra deebi'anii akka seenessan gochuu;



Madaallii: Seenaa dhaggeeffatanii ergaa isaa hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Ergaa sheekkoowwanii fakkiin ibsuu



Kaayyoo: Ergaa sheekkoowwanii fakkiin ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee sheekkoo, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa...



Mala Raawwii:

- Qubeessaafi waraqaa kennudhaan seeneffama dhaga'an fakkiin akka calaqqisiisan gochuu;
- Fakkii kaasanis hiriyoota isaanitti agarsiisuun maal akka kaasan akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Seeneffama dhaga'an fakkiin ibsuuf yaaluu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Ergaa sheekkoo diraamaan ibsuu



Kaayyoo: Ergaa sheekkoo diraamaan ibsuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Maaskii



Mala Raawwii:

- Sheekkoo irra deddeebiin dhaga'an keessa qooddattoota daa'immaniif kenuun daa'imman waliin maaskii hojjachuu;
- Sheekkoowwan dhaga'an bifaa diraamaan hiriyoota isaaniif dhiyeessuuf akka shaakalan gochuu;
- Diraamicha akka dhiyyeessan gochuu;



Madaallii: Sheekkoo dhaga'an bifaa diraamaan dhiyeessuun ergaa isaa hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban ilaaluun sheekkoo kalaquu



Kaayyoo: Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban ilaaluun sheekkoo kalaquu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban



Mala Raawwii:

- Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban 5 hincaalle daa'immaniif minjaala isaanirra kaa'uu;
- Fakkicha ilaaluun qabiyyee seenichaa hubatanii duraa duubaan akka kakaa'an gochuu;
- Itti aansunis, fakkiiwwan ilaaluun seenaa kalaqanii akka duubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban ilaaluun sheekkoo kalaquuf yaaluu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Shan: Sheekkoo jalqabame dhaggeeffachuun xumuruu



Kaayyoo: Sheekkoowwan jalqabaman dhageeffachuun itti fufuun seenessuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Sheekkoo jechuun kan daa'imman biroon jalqaban akka itti fufan gochuu;
- Fakkeenyaaaf,** Gaaf tokko sareen xiqfoon tokko manaa baatee osoo deemtuu deemtuu dadhabdee muka guddaa tokko jala teessee....' jechuun eenyu seenaa kana itti fufsiisuu barbaada jechuun gaafachuu;
- Daa'imni fedhii qabu bahee seenicha akka itti fufu carraa kenuufii;

- Daa'imni sirriitti dhaggeeffate yeroo itti aanutti seenessuuf carraa akka argatu itti himuu dandeettii dhaggeeffachuu isaanii cimsuu;
- Himoota sadii hanga afurii ergaa dubbatee booda daa'imni biroon akka itti fufu gochuun kan tokko jalqabe kan biroon itti fufuu shaakalsiisuu;



Madaallii: Sheekkoo daa'imni tokko himuu jalqabe kan biroon itti fufee himuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Muudannoo bifaa diraamaan dhiyeessuu



Kaayyoo: Muudannoo dhaggeeffachuun bifaa diraamaan dhiyeessuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Kanaan dura muudannoo barumsa dabarsuu dhaga'anii beekuu isaanii gaafachuu;
- Itti aansuu, barsiisaan/tuun muudannoofi seenaa gaggabaaboo itti himuu;
- Qoodattoota seenicha keessa jiran fakkaatanii akka taphatan jajjabeessuu;
- Naamusarratti akka xiyyeefatan gochuun barbaachisaadha;



Madaallii: seenaa dhageeffatan keessa qoodattoota jiran fakkaatanii taphachuun danda'uu isaanii hordofaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Haalota garagaraa keessatti ofitti amanamummaan haala sirrii ta'een haasaa (dubbii) fi aflatfoon walii galuu	2.1.Afaan sirriitti fayyadamuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Gabaasa dhiyeessuu



Kaayyoo: Haala hiika kenuun gabaasa nidhiyeessu



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiwwan dalagaa agarsiisan



Mala Raawwii:

- Guyyaa jalqaba torbanii (wixata) ganama wayitii dhiyeessuu gabaasaa qopheessuu;
- Sanbataa fi dilbata maalfaa hojjachuu akka jaallatan gaafachuun daa'imman hundi akka dubbatan gochuu;
- Akka wal dhaggeeffatan gochuu;

Yaadannoo: yoo daa'imman dubbachuu dadhaban fuulcha keennuufiin ni danda'ama.



Madaallii: Yommuu gabaasa dhiyeessan afaan hiika qabuun fayyadamuu dubbachuu isaanii hordofaa.

Gocha Lama: Dalagaa raawwatan himuu



Kaayyoo: Dalagaa hojjatan luga hiika qabuun ni dubbatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan gochoota garagaraa agarsiisan



Mala Raawwii:

- Daa'imman ganama seenanii hanga ba'anitti dalagaan raawwatan maalfaa akka ta'e akka dubbatan jajjabeessuu;
- Gara manaatti erga galanii maalfaa hojjachuu akka barbaadan gaafachuu;

Yaadannoo: Hojiwwan mana barnootaa keessatti raawwatan yaadadachiisuuf fakkii itti agarsiisuun dadammaasuun barbaachisaadha.



Madaallii: Dalagaawwan hojjachuu jaallatan jecha hiika qabeessa ta'een dubbachuu danda'uun isaanii gaafii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Waan naannootti argan himuu



Kaayyoo: Waa'ee hojii naannoo isaaniitti raawwatamaa jiru argan jecha sirriin nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii dalagaa agarsiisu



Mala Raawwii:

- Daa'imman osoo mana barnootaa hindhufiin mana isaaniitti maal akka argan akka dubbatan dabareen gaafachuu;
- Karaarratti maalfaa akka argan gaafachuun dabareen akka dubbatan gochuu;



Madaallii: waa'ee dalagaa osoo naannoo isaaniitti raawwatamaa jiruu argan afaan hiikaa kenuun dubbachuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Fedhii gara fuulduraa dubbachuu



Kaayyoo: Waa'ee fedhii isaanii gara fuulduraa afaan ifa ta'een ibsuu nidanda'u.



Mala Raawwii:

- Gaafa guddatu maal ta'uu akka fedhu waa'ee seenaa daa'ima tokkoo dubbisuu;
- Tokkoon tokkoon isaanii gaafa guddatan maal ta'uu akka fedhan gaafachuu;
- Fedhii isaanii dinqisiifachuun deeggersa agarsiisuu;



Madaallii: waa'ee fedhii isaanii gara fuulduraa afaan ifa ta'een dubbachuu isaanii hordofaa.

Gocha Shan: Waa'ee beelladootaa dubbachuu



Kaayyoo: Waa'ee beelladootaa naannoo isaanii jiranii afaan ifa ta'een ni dubbatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii beelladootaa, loottoo beelladootaa



Mala Raawwii:

- Fakkii beelladootaa dabareen itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuu; Fakkeenyaaaf, adurree, saree, lukkuu...
- Loottoo beelladootaa walitti firoomsuu gareen akka taphatan gochuu;
- Mana isaaniifi karaarratti arganii akka beekan gaafachuu;
- Osoo maal hojjatanii akka argan akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: waa'ee beelladootaa naannoo isaanii jiranii afaan hiika qabuun dubbachuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Yaada ofii ibsachuu



Kaayyoo: Yaada isaanii haala dhaggeeffattooni hubachuu danda'aniin ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Meeshaalee taphaa fakkaatanii taphachuuf fayyadan



Mala Raawwii:

- Golee taphaatti fakkaatanii taphachuun gahee qabaatanii akka taphatan haala mijeessuufii;
- Tapha isaanii naanna'uun ilaaluufi waan isaan dubbatan dhageeffachuu;
- Yaada isaanii sirriitti ibsachuu yoo hindandeenye taphicha keessa qabatanii seenuun dubbachisuu;
- Haala dhaggeeffattooni hubachuu danda'aniin akka dubbatan jajjabeessuu;
- Dhumarrattis maalfaa keessatti qooda fudhatanii akka taphataniifi eenyufaa waliin akka taphatan gaafachuun mariisisuu;



Madaallii: yaada isaanii haala dhaggeeffattooni hubachuu danda'aniin ibsuu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Sheekkoo dhageeffachuuun deebisanii himuu



Kaayyoo: Sheekkoo dhaggeeffatan qabiyyee isaa osoo waljala hindabarsiin irra deebi'anii niseenessu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun sheekkoo haala daa'imman harkisuun, sochii seenicha calaqqisiisuu danda'u itti dabaluun daa'imman akka dhaggeeffatan gochuun seenessuu;
- Waa'ee abbootii seenichaarratti mariisisuu;
- Seenaad dhaggeeffatan duura duuba isaa eeguun irra deebi'anii akka seenessan gochuu;
- Yoo itti cime deeggarsa taasisuufii;



Madaallii: seenaa dhageeffatan duraa duuba qabiyyee seenichaa eeguun irra deebi'anii seenessuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadeet: Faaruu dhageeffachuun irra deebi'anii faarfachuu



Kaayyoo: Faaruu dhageeffachuun irra deebi'anii faarfachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaaseettii/siidii faaruu



Mala Raawwii:

- Faaruu daa'immanii faarfachuu ergaa faaruu akka hubatan gaaffii fi deebii gaggeessuu;
- Itti aansuun of danda'anii akka faarfatan gochuu;

Yaadannoo: Faaruun haaraa yoo ta'e tokkoo tokkoo yeedaloo walalichaa suuta jechaa barsiisaa/tuu hordofaa akka jedhan shaakalsiisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Faaruu dhaggeeffatan qabiyyee isaa osoo hinfaalleessin irra deebi'anii faarfachuu danda'uu isaanii hordofaa.

Gocha Sagal: Muudannoo himuu



Kaayyoo: Muudannoo haala ifa ta'een nihimu.



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun muudannoowwan daa'immanitti himuu;
- Daa'imman muudannoo mataa isaanii akka dubbatan gaafachuu;
- Yommuu isaan dubbatan jajjabeessuu fi yommuu xumuran harka rukuchiisufii;
- Jalqabuun kan isaan rakkisuu fi jalqabanii itti fufuu kan rakkatan yoo jiraatan gaaffii gaafachaa gargaaruun jajjabeessuu;



Madaallii: Muudannoowwan haala ifa ta'een ibsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudhan: Fakkii ilaaluun ibsuu



Kaayyoo: Waa'ee wanta fakkiirraa mul'atanii afaan sirrii ta'een ni dubbatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiwwan walitti fufiinsa qaban



Mala Raawwii:

- Sagantaa fakkii daawwachuu' jedhu qopheessuu;
- Fakkiwwan halluu dibaman kan taatee (seenaa) walitti fufan calaqqisiisu duraa duubaan agarsiisuu;
- Fakkicharraa maal akka argan, wanti isaan argan maal gochaa akka jiran, maaliif akka kana raawwataa jiran gaaafachuun akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Waa'ee waan fakkirraa arganii afaan ifa ta'een ibsuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Tokko: Seenaa fakkiwwan walitti fufiinsa qabanii hubachuu



Kaayyoo: Seenaa fakkiwwan walitti fufiinsa qabanii hubachuun nidubbatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan walitti fufaa ta'an



Mala Raawwii:

- Fakkiwwan walitti fufiinsa qaban 5 kan hincaalle daa'immaniif minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Fakkii ilaaluun qabiyee seenichaa hubatanii duraa duubaan akka kaa'an gochuu;
- Itti aansuun, seenaa tokko tokko fakkiirra jiru akka dubbatan carraa kenuun jajjabeessuu;



Madaallii: seenaa fakkiwwan walitti fufiinsa qaban hubachuun dubbachuu danda'uu isaanii hordofaa

Gocha Kudha Lama: Fakkiwwan walitti fufiinsaan jiran gara seenaatti jijjiiruu



Kaayyoo: Fakkiwwan walitti fufiinsa qaban ilaaluun gara seenaatti jijjiiranii ni seenessuu;



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiwwan walitti fufiinsa qaban



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun fakkiwwan sadii guddifamanii kaafaman kan walitti fufiinsa qaban dabaree dabareen daa'immanitti agarsiisuu;
- Tokko tokkoo fakkiirratti maal akka argan akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuun, daa'imman fedhii qaban sadii kaasuun fakkii tokko tokko itti kenuun duraa duubaan akka qaban gochuu;
- Seenaad daa'imni tokko jalqabee daa'imni itti aanu itti fufee akka dubbatu gochuu;



Madaallii: Fakkiwwan walitti fufiinsaan taa'an gara seenaatti jijjiruun seenessuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Sadii: Fakkii ilaaluun seenessuu



Kaayyoo: Fakkiwwan seenaa ilaaluu qofaan seenaa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee seenaa



Mala Raawwii:

- Kitaaba seenaarraa fakkii dabareen itti agarsiisuun daa'immanis ilaaluu qofaan seenicha akka himan jajjabeessuu;



Madaallii: Fakkiwwan seenaa ilaaluu qofaan seenessuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Afur: Miira ofii dubbiin ibsuu



Kaayyoo: Miira isaanii dubbiin ni ibsatu.



Mala Raawwii:

- Maatii isaanii keessaa, nyaata keessaa, bineeldota keessaa, allaattiwwan keessaa baay'ee kan jaallatan yookiin jibban maal akka ta'eefi maaliif akka jaallatan yookiin jibban sababa isaa akka dubbatan wayitii barannoo garagaraatti gaafachuun jajjabeessuu;
- Deebii isaan kennanirraa ka'uun miira daa'immanii (soda, jibba, jaalala) hubachuun deeggarsa barbaachisaa gochuufii;



Madaallii: Miira isaanii dubbiin ibsachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Shan: Naannoo diraamaan ibsuu



Kaayyoo: waa'ee naannoo isaanii diraamaan ni ibsu.



Meeshaalee deeggarsaa: Uffata diraamaaf barbaachisan



Mala Raawwii:

- Waa'ee maatii fi mana barnootaa isaanii, wa'ee hawaasa naannoo jiranii gaaffii tokko tokko gaafachuun mariisisuu;
- Huccuuwwan diraamaaf barbaachisan qopheessuu itti aansuu, daa'imman qooddattoota garagaraa fakkaachuun bifaa diraamaan akka hojjatan jajjabeessuu;



Madaallii: waa'ee naannoo isaanii diraamaan ibsuu danda'uu isaanii hordofaa.

Gocha Kudha Jaha: Jechoota ciccimoo fayyadamuu



Kaayyoo: Jechoota ciccimoo fayyadamuu ni shaakalu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman fuuldura dhaabbachuun jechoota dubbachuuf arrabarratti ulfaatan sagalee olkaasuun dubbachuu; Fakkeenyaa: qulqulluu, konkolaataa
- Daa'immanis jecha dhaga'an irra deebi'uun akka jedhan gochuu;
- Itti aansuunis, jechicha saffisaan irra deddeebi'anii akka dubbatan taphachiisuu;

- Osoo hindogoggoriin jechicha yoo jedhan jajjabeessuu;



Madaallii: Jechoota ciccimoo dubbachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudha Torba: Miira fuulaafi sochii qaamaan ibsachuu



Kaayyoo: Miira qooddattoota seenaa sochii qaamaan agarsiisuun ni ibsu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Seenaa (muudannoo) gaggabaaboo miira ibsan daa'immanitti himuu;
- Seenaa dhaga'an keessatti miira qooddattootaa sochii qaamaan akka ibsan jajjabeessuu; Fakkeenya: Mucichi meeshaa harmeen isaa keesse osoo hin hayyamsiisiin fuudhate. Harmeen isaas eenyu akka fuudhe gaafachuuf, "Meeshaa ani kaa'e eenyumatu tuqe? Aariin quuba isaanii sochoosaa, fuula guduunfaa akka dubbatan gochuu;
- Mucichis, "dhiifama naaf godhi, lammata itti hindeebi'u" jedhe sodaachaa, fuula isaarraa miira soda agarsiisuun akka ibsan gochuuf;
- Mucayyoo harmeen ishee mana barumsaatii fudhachuuuf dhufnaan, "Harmee! Dhuftee?" jettee harka ishee diriirsithee hammattee dhungachuu ishee akka agarsiisaan gochuu;



Madaallii: miira qooddattootaa sochii qaamaan ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa

Gocha Kudha Sadeet: Yeroofi dalagaa ibsuu



Kaayyoo: Jechootaa ibsaa fayyadamuun yeroofi dalagaa ibsuu ni danda'u.



Mala Raawwii:

- Daa'imman yaadrimee yeroo (kan dhiyoo, kan darbe, kan fuulduraa, kan ammaa) akka hubatan gaaffii garagaraa gaafachuuu;
- Jechoota ibsituu yeroofi dalagaa fayyadamuun yaada isaanii akka ibsan jajjabeessuu;

Fakkeenya:

Sila maal faarfannee?
Simbirroo bareedduu kan jedhu faarfanne.
Amma maal hojjataa jirraa?
Amma barachaa jirra.
Booda yeroo sa'aatiin ga'u maal gootu?
Booda yeroo warri keenya dhufan nigalla.

- Itti aansuun, jechoota yeroo ibsan (kaleessa, har'a boru) fayyadamuun himoota garagaraa ijaaruudhaan yaada isaanii akka ibsat an gochuu;



Madaallii: jechoota yeroofi gocha ibsan fayyadamuun yaada isaanii ibsuu danda'uu hordofuun madaalaan.

Gocha Kudha Sagal: Jechoota haaraa baruu



Kaayyoo: Jechoota haaraa nibaru.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee sheekkoo



Mala Raawwii:

- Sheekkoofi walaloo umrii daa'immaniin waliin deemu itti himuun miira itti dhaga'ame jechaan akka ibsan gochuu;
- Jechoota haaraa seenaa fi walaloo keessa turan irra deebi'anii jechicha akka dubbatan gochuu;

Fakkeenyaa:

Bara durii Rabbiin gara lafaatti dhiyoo ture. Gaaf tokko gaangeen marga dheeddee quiftee ol utaaltee Rabbiin dhiitte. Rabbis aaree gaangeen 'maseena ta'i' jedhee abaare. Rabbiin aaree osoo taa'aa jiruu re'eenis dhuftee uffata isaa irraa soqolte. Innis, aaree eegee re'ee ol qabnaan achumaan eegeen re'ee ol jedhee hafe jedhama.

- Seenicha keessatti gaaffiwwan maaliif? Akkamitti? Yoom? jedhaniif deebii akka kennan gochuu;



Madaallii: Jechoota haaraa baruu isaanii gaaffii addaddaa gaafachuun madaalaan.

Gocha Digdama: Jechoota wal caalmaa ibsan hubachuu



Kaayyoo: Jechoota walcaalmaa ibsan ni baru.



Meeshaalee deeggarsaa: Qubeessaa fi sarartuu hanga garagaraa qaban



Mala Raawwii:

- Qubeessaafi sarartuu hanga addaddaa ta'an kennuufii;
- Kamtu guddaa, baay'ee guddaa, baay'ee irra guddaa akka ta'e jechoota walcaalmaa ibsan fayyadamuun akka dubbatan gochuu;
- Harka isaanii akka konkolaataatti akka naannessan gochuu
- Itti aansuun, saffisaan, baay'ee saffisaan, baa'ee irra caalaa saffisaan akka konkolaachisan gochuu;
- Hiikaa jechootaa saffisaan, baay'ee saffisaan, baay'ee baay'ee saffisaan jedhan beekuu jechoota walcaalmaa agarsiisan haasaa isaanii keessatti akka itti fayyadaman gochuu;



Madaallii: Jechoota walcaalmaa ibsan beekuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Digdamii Tokko: Haalota yaadaan hubachuu



Kaayyoo: Haalota yaadaan hubachuu nishaakalu.



Mala raawwii

- Muudannoowwan addaddaa furmaata barbaadan itti himuun, "Isin utuu ta'ee maal gootu turtan?" jechuun gaaffii addaddaa gaafachuu;
- Wantootaafi haalota naannoo isaanii hinjirre yaadaan ilaaluun akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Seenaa itti himame sammuu isaanii keessatti fakkii kaasuu yaaluu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha digdamii lama: Dogoggoroota hima keessa jiran adda baasuu



Kaayyoo: Dogoggoroota hima keessa jiran adda baasuu nidanda'u.



Mala raawwii

- Hima dogoggora qabu itti himuudhaan daa' immanis dogoggorri isaa maal akka ta'e akka dubbatan gochuu; **Fakkeenyaa:** “Ani har'a garaan koo na dhukkubnaan yaalamuuf gara gaaraajii dhaqe.”
- Itti aansunis, daa'imman himoota hiikaa dhabeeyyii akkanaa akka dubbataniifi hiriyoonni isaaniis dogoggora isaanii akka himan gochuu;



Madaallii: Dogoggoroota hima keessa jiran himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Haalota garagaraa keessatti ofitti amanamummaan bifa sirriifi hiika qabeessa ta'een waliin dubbifi aflattoon waliigaluu	2.2. Waliin duubbachuudhaan gammachuu argachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Walaloon gammaduu



Kaayyoo: Qabiyyee walaloo hubachuun gammachuu argachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaaba walaloo



Mala raawwii

- Walaloo umrii daa'immaniin wal simu sagalee olkaasuun dubbisuufii;
- Qabiyyee walalichaa gochaan itti agarsiisuun akka hubatan gochuu;

Fakkeenyaa: Oduu durii

Gadi guuri

Bara durii qamaleefi leenci....jechaa bifa walalootiin sheekkoo itti himuu;



Madaallii: Walaloo erga dhaggeeffatani booda qabiyyee isaa hubachuun isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa

Gocha Lama: Gaaffileef deebii sirrii kennuu



Kaayyoo: Gaaffileedhaaf deebii sirrii nikennu.



Mala raawwii

- Waa'ee maatii isaaniifi waa'ee mataa isaanii ilaachisee gaaffilee garagaraa gaafachuu;
- Gaaffilee sirriitti dhaggeeffachuudhaan deebii guutuufi sirrii ta'e kennuu akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Gaaffilee deebii sirrii kennuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Dubbisuun gammachuufi beekumsa argachuufi hubachuu	3.1.Jechootaafi himoota sasalphaa dubbisuu nidanda'u.



Gocha Tokko: Walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiiwanii himuu



Kaayyoo: Walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiiwanii nihimu.

Meeshalee deeggarsaa: Kaardiiwan fakkii addaddaa



Mala raawwii

- Kaardiiwan fakkii addaddaa itti kennuudhaan kanneen walfakkaatan akka filan gochuu;
- Kan fakkiiwan walfakkeessaniifi garagara isaan taasisan akka himan jajjabeessuu;



Madaallii: Walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiiwanii hubachuun himuu danda'uu isaanii madaalaa.



Gocha Lama: Walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiiwanii hubachuu.



Kaayyoo: Walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiiwanii ni hubaatu.



Meeshaalee deeggarsaa: doomiinoo fakkii, loottoo fakkii



Mala raawwii

- Fakkii doomiinoofi loottoo itti kenuun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Wayita taphatan walfakkeenyaaifi addaddummaa fakkiwwanii hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Maqaa qabee jalqaba jechaarra jiru himuu.



Kaayyoo: Maqaa qabee jalqaba jechaa wayita umriin isaanii wagga 4-5 ture baratan nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee qabee



Mala raawwii

- Qabeewan wayita umriin isaanii wagga 4-5 ture baratan itti agarsiisuu;
- Maqaa qabeewanii akka himan gochuu;



Madaallii: Wayita umriin isaanii wagga 4-5 ture maqaa qabeewan baratan himuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Afur: Qabeewan adda baasuu



Kaayyoo: Qabeewan dubbifamaafi dubbachiftuu maqaa isaanii waliin adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Gabatee qabee



Mala raawwii

- Gabatee qabee itti agarsiisuun qabeewan akka dubbian gochuu;
- Qabeewan dubbifamaafi dubbachiftuu kam akka ta'e itti himuu;



Madaallii: Bocaafi maqaa qabeewan dubbifamaafi dubbachiftuu adda baasuu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Sagaleefi boca qabeewanii adda baasuu



Kaayyoo: Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaan bocaafi maqaa isaanii adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee qabee.



Mala raawwii:

- Gabatee qabee kan qabee gurguddaafi qabee xixiqqaan qabu itti agarsiisuun dubbisufii;
- Daa'immanis akka dubbisan shaakalsiisuu;
- Bocaafi maqaa isaanii akka adda baasan shaakalsiisuu;



Madaallii: Boca qubeewwan gurguddaafi xixiqqaan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Qubeewwan dubbisuu



Kaayyoo: Qubeewwan baratan irraa gadiifi bitaa gara mirgaatti nidubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee qabee, kaardii qabee



Mala raawwii:

- Qubeewwan duraan baratan gabatee gurraacharratti irraa gadiifi dalga barreessuu;
- Irraa gara gadiifi bitaa gara mirgaatti ija isaanii sochoosaa akka dubbisan gochuu;



Madaallii: Qubeewwan baratan irraan gadeefi dalga dubbisuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu



Kaayyoo: Bocaafi sagalee qubeewwanii adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsa: loottoofi doomiinoo qubeewwanii



Mala raawwii

- Loottoofi doomiinoo qubeewwanii itti kennuu;
- Akka taphatan gochuun qubeewwan bocaafi sagaleen akka adda baasan gochuu;
- Doomiinoo qabee haala armaan gadiin taphachiisuun nidanda'ama;
- Baay'inni taphattootaa lama ta'ee lamaaniifuu kaardii lakkofsi isaa walqixa ta'e kennuufii;
- Taphataan tokko kaardii fedhe lafa kaa'uun tapha eegala;
- Taphataan inni biroon kaardii qabee walfakkaataa walqabsiifamuu danda'u yoo qabaate kaardii taphachiisaa bira kaa'a;
- Haaluma kanaan, kaardiin walfakkaatan yoo jiraate walqabsiisaa dabaree dabareen taphatu;
- Taphataan tokko dabaree isaatti kaardii yoo of harkaa hinqabaanne, "darbi" jedha;
- Dhumarratti mo'ataa kan ta'u dursee kaardii walqabsiisee xumure yookiin kan kaardiin muraasni harka isaarratti hafedha;

Madaallii: Bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Saddeet: Hiika jechootaa hubachuu



Kaayyoo: Jechoota qubeewwan baratanirraa ijaaraman dubbisuun hiika isaanii nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: jechoota hiika qabaniifi qabee baratanirraa ijaaraman waraqaa bal'aa irratti barreeffaman.



Mala raawwii:

- Bakka daa'imman itti mul'atu dhaabbachuu;
- Barsiisaa/tuu waliin waraqicharraa tokko tokkoo qabee bitaa gara mirgaatti irra deddeebi'uun akka dubbisan gochuu;
- Hiika jechichaa gaafachuu; yoo wallaalan itti himuu;
- Ammas irra deddeebi'anii akka dubbisan gochuu;



Madaallii: Jechoota qubeewwan barataniin barreeffaman dubbisuun hiika isaanii hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha sagal: Jechootaafi fakkiiwwan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Jechoota dubbiisuun fakkiiwwan waliin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwwan garagaraa, waraqaa guddaa maqaan fakkii irratti barreeffame



Mala raawwii

- Fakkiiwwan daa'immaniif quoduu;
- Jechoota maqaa tokkoon tokkoon fakkii ittiin waamamu itti agarsiisuu;
- Daa'immanis osoo sagalee hindhageessisiin dubbisuun daa'imni fakkii jecha dubbifame ibsu qabate ba'ee barsiisaa/tuu bira akka dhaabbatu gochuu;



Madaallii: Jechoota dubbisuun fakkiin walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudhan: Fakkiiwwaniif jechoota walitti firoomsuu



Kaayyoo: Jechoota dubbisuun fakkii waliin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: loottoo fakkii, kaardiwwan jechoonni irratti barreeffaman



Mala raawwii

- Garee gareen loottoowwan fakkiifi kaardiwwan jechoonni irratti barreeffaman kennuu;
- Daa'imman akka walitti firoomsan gochuu;



Fkn:

Kitaaba

aduu

Kishaafa/
Fuullee
ijaa

biskileetii



jechoota dubbisuun fakkiiwwan waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii

madaalaa.

Gocha Kudha Tokko: Jechoota dubbisuufi hiika isaanii himuu



Kaayyoo: Jechoota addaddaa dubbisuudhaan hiika isaanii himuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Jechoota waraqaa furdaa (dooseerratti) barreeffaman



Mala raawwii

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif jecha tokko tokko kennuu;
- Daa'immanis harka baasuun fuulduratti ba'anii akka dubbisan gochuu;
- Hiika jechichaa gaafachuu;
- Waraqaa jechi isaan dubbisan irratti barreeffame bifaa badhaasaan kennuufii;

Yaadannoo: Jechichi qabee haaraa barataniifi beekanirraa kan ijaarame ta'uu qaba.



Madaallii: Jechoota addaddaa dubbisuudhaan hiika isaanii himuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Lama: Osoo sagalee hindhageessisiin dubbisuu



Kaayyoo: Osoo sagalee hindhageessisiin qubeewwan walitti fiduun jechoota dubbisuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee jechootaa.



Mala raawwii:

- Gabatee gurraacharratti jechoota qubeewwan barataniifi beekanirraa ijaaraman irraa gadiifi bitaa gara mirgaatti barreessuu;
- Tokkoo tokkoo qabee dubbisuu, itti aansuunis qubeewwan walitti fiduun akka dubbisan gochuu;
- Gabatee gurraacharratti jechoota qabee baratanirraa ijaaraman barreessuu;

- Daa'immanis sagalee osoo hindhageessisiin akka dubbisan gochuun maal akka dubbisan harka baasuun akka deebisan gochuu;



Madaallii: sagalee osoo hindhageessisiin jechoota addaddaa dubbisuu shaakaluu isaanii hordofaa.

Gocha Kudha Sadii: Maqaa meeshaalee addaddaa dubbisuu



Kaayyoo: Jechoota maqaa meeshaaleen addaddaa ittin waamaman nidubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: meeshaalee garagaraa, kaardiwwan maqaa meeshaalee irratti barreeffame.



Mala raawwii:

- Meeshaalee daa'imman fuuldura kaa'uu;
- Kaardii mil'uu maqaan meeshaalee irratti barreeffame tokkoo tokkoo daa'imaaf kennuun akka dubbisan gochuu;
- Itti aansunis, dabaree dabareen ka'uun jecha kaardii isaan harka jirurraa dubbisaa meeshichi isa kam akka ta'e barsiisaatti agarsiisuu;



Madaallii: Jechoota maqaa meeshaalee addaddaa ta'an dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Kudha Afur: Jechoota walfakkeenyaaifi addaddummaa qaban baasuu



Kaayyoo: Jechoota walfakkeenyaaifi addaddummaa qaban adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee jechootaa.



Mala raawwii

- Jechoota sadii (lama kan walfakkaatan, tokko immoo kan adda ta'e) waraqaarratti barreessuu;

- Jecha adda ta'e akka himan gochuu;



Madaallii: Jechoota walfakkeenyaafi addaddummaa qaban adda baasuun agarsiisuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Shan: Jecha barreffama barbaadanii dubbisuu



Kaayyoo: Jecha dhaga'an barbaadanii ni dubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: Jechoota hiika qaban kan qabee isaan baratanirraa ijaaraman waraqaa guddaarratti barreffaman.



Mala raawwii:

- Waraqaalee kanneen keenyan manaarratti bakka addaddaatti maxxansuu;
- Tapha jecha dhageesse barbaadii argadhu/dubbisi jedhu haala armaan gadii taphachiisuu:
 - Daa'imman lama kaasuu;
 - Yommuu barsiisaan/tuun jechicha dubbatu waraqaa keenyan irratti maxxanfamanirraa dubbisanii akka agarsiisan gochuu;



Madaallii: Jecha dhaga'an barbaaduun dubbisuu shaakaluu isaanii taphicha hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Jaha: Taphachaa jechoota dubbisuu



Kaayyoo: Taphachaa jechoota nidubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: loottoo fi doomiinoo jechootaa



Mala raawwii:

- Tokkoo tokkoo isaaniif loottoofi doomiinoo jechootaa kenu;
- Daa'imman taphachaa jechoota dubbisuu akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Jechoota dubbisuu danda'uu isaanii taphicha hordofuun mirkaneessaa

Gocha Kudha Torba: Gaalee salphaa dubbisuu



Kaayyoo: Gaalee dubbisuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee gaaleewwanii



Mala raawwii

- Gabatee gurraacharratti gaaleewan sasalphaa barreessuun duubbisuu shaakalsisuu
Fakkeenya: Kitaaba Tolaa, hoolaa diimaa



Madaallii: Gaaleewan dubbisuu shaakaluu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa

Gocha Kudha Saddeet: Hima dubbisuu



Kaayyoo: Himoota dubbisuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee himootaa, waraqaa himoonni sasalphaan irratti barreeffame.



Mala raawwii

- Hima guutuu barreessuun daa'imman akka dubbisan gochuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif waraqaa himni irratti barreeffame kennuufii;
- Osso sagalee hindhageessisiin akka dubbisan gochuu;
- Boodas sagalee ol kaasuun hiriyoota isaaniif akka dubbisan gochuu;



Madaallii: Himoota dubbisuu shaakaluu isaanii akka dubbisan gochuun madaalaa.

Gocha Kudha Sagal: Jechoota dubbisuun gochaan agarsiisuu (ibsuu)



Kaayyoo: Jechoota dubbisuudhaan gochaan ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaardiwwan jechoonniifi himoonni ajaja agarsiisan irratti barreeffame.



Mala raawwii:

- Kaardii itti agarsiisunun daa'imman jechoota/himoota dubbisuun gochaa akka ibsan gochuun taphachiisuu;

Fakkeenya: ka'i, deemi, utaali fi kanneen kana fakkaatan

- Adeemsa keessa himoota fayyadamuun gammachuun dubbisuun akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Jechoota dubbisuun gochaan ibsuu danda'uun isaanii hordofaa.

Gocha Digdama: Kitaabaafi dabtara sirnaafi qulqullinaan qabachuu



Kaayyoo: Kitaabaafi dabtara isaanii sirnaafi qulqullinaan qabachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: dabtara moofaa, barruulee, kitaaba...



Mala raawwii:

- Daa'imman bara itti aanutti barattoota kutaa tokkoffaa akka ta'an itti himu (yaadachiisuu);
- Wayita kutaa tokkoffaa seenan maaltu akka isaanirraa eegamu baruu fedhuu isaanii gaafachuun xiyyeffachiisuu;
- Kitaabni garagaraa akka kennamuuf, dabtarri isaaniis baay'ee akka ta'u hubachiisuu;
- Barattooni kutaa tokkoffaa kitaabaafi dabtara isaanii seeraan qabachuu akka qaban hubachiisuu;
- Kitaabaafi dabtara qulqullinaan qabachuu:
 - Harka jiidhaan qabuu dhiisuu;
 - Harka qulqulluu hintaaneen qabachuu dhiisuu;
 - Nyaata irratti coccobsuu dhiisuu;
 - Tarsasuu dhiisufi kanneen kana fakkaatan....
- Dabtaraafi barruulee moofaa fayyadamuun akkamitti salphaatti baduu akka danda'u itti agarsiisuu;
- Barattooni kutaa tokkoffaa kitaaba isaanii osoo walitti hincabsiin /hindachaasiin sirnaan boorsaa keessa kaa'uu beekuu qabu, isin hoo kana beektuu? Jechuun mariisisuu;
- Sirnaan boorsa keessa kaa'uu akka shaakalan gochuu;
- Kitaabaafi dabtara fakkii fayyadamanii yommuu xumuran osoo hinjarjariin, osoo hincabsiin sirnaan boorsaa isaanii keessa kaa'uu akka qaban gochaan itti agarsiisuu;
- Daa'immanis akka shaakalan gochuu;
- Hayyama barsiisaa/tuu malee kitaabarratti barreessuu akka hinqabne itti himuu;

- Wayita barsiisaan/tuun halluu dibaa yookiin barreessaa jedhu qofa waan ajajaman raawwachuu akka qaban hubachiisuu;



Madaallii: Kitaabaafi dabtara isaanii sirnaafi qulqullinaan qabachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Digdamii Tokko: Sheekkoo seenessuufi dhaggeeffachuu



Kaayyoo: Dandeettii sheekkoo seenessuufi dhaggeeffachuu nicimsatu.



Mala raawwii:

- Daa'imman sheekkoo beekan hiriyoota kutaa isaaniif akka seenessan gochuu;
- Barsiisaanis/tuunis qabiyyee seenichaa osoo gadi hin dhiisiin gabaabsee/tee waraqarratti barreessuu;
- Wayitii itti aanutti sheekkoo eenyuu akka ta'e itti himuun seenicha irra deebi'uun itti himuu;
- Daa'immanis hubannoonaan akka dhaggeeffatan gochuu;



Madaallii: Dandeetti sheekkoo seenessuufi dhaggeeffachuu cimsachuun isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Qindoomina sochii ijaafi harkaa cimsachuun barreessuuf qophaa'u	4.1. Qubeefi jecha barreessuu nidanda'u

Gocha Tokko: Sararoota bu'uuraa fayyadamuu



Kaayyoo: Sararoota bu'uuraa fayyadamuudhaan barreessuuf niqophaa'u;





Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Daa'immaniif minjaala isaaniiratti qubeessaafi waraqaa kenuudhaan sararoota bu'uuraa akka hojjatan gochu;
- Sararoota bu'uuraa fayyadamuun wantoota addaddaa akka hojjatan shaakalsiisuu;



Fakkeenya: Sarara zeebiraa, rooba, fannoo, oomacha saamunaa, raammoo bishaaniifi kanneen kana fakkaatan.

Yaadannoo: Gocha kana daa'imman wayitii addaddaarratti irra deddeebi'anii akka shaakalan godha.



Madaallii: Sararoota bu'uuraa fayyadamuun wantoota addaddaa akka hojjatan shaakalsiisuun barreessuuf qophaa'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Fakkii kaasuu



Kaayyoo: Fakkii kaasuun barreessuuf niqophaa'u.



Meeshaalee deeggarsaa: dabtara fakkii, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Daa'immaniif dabtara fakkii yookiin waraqaa qopheessuun kennaafii;
- Fakkii barbaadan akka kaasaniifi waan kaasan sarara keessaa osoo hinbahiin halluu akka diban gargaaraa;
- Fakkii kaasanii halluu diban hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniifi maal akka kaasan akka dubbatan jajabeessaa;



Madaallii: qubeewwan barreessuu danda'uu isaanii madaalaa

Gocha Sadii: Sararoota ciccitaa walqabsiisuu



Kaayyoo: Sararoota bu'uuraa wal niqabsiisu.



Meeshaalee deeggarsaa: dabtara fakkii, waraqaa, qubeessaa, qalama, fakkiwwan sarara ciccitaan kaafaman, bocawwan ji'oomeetirii waraqaarratti kaafaman....



Mala raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa sararri ciccitaan irratti kaafame kennuufii;
- Sarara keessaa osoo hinbahiin sararoota ciccitaa walqabsiisuun fakkiwwan uumaman halluu akka diban gochuu;
- Maqaa fakkii kaasaniifi halluu diban akka barreessan gochuun kutaa keessatti akka maxxansan gochuu;



Madaallii: Sararoota ciccitaa walqabsiisuun barreessuuf qophaa'oo ta'uu isaanii mirkaneessuu.

Gocha Afur: Qubeewwan cimdiin barreffaman halluu dibuu



Kaayyoo: Qubeewwan cimdiin barreffaman halluu nidibu.



Meeshaalee deeggarsa barnootaa: qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Qabee isaan kanaan dura baratan xiqqeessanii cimdiin barreessuu;
- Haaluma ajajamaniin sarara keessaa osoo hinbahiin halluu akka diban gochuu;
- Maqaa qabee halluu dibanii akka himan gochuun bakka mul'atutti maxxansuu;



Madaallii: Qubeewwan cimdiin barreffaman halluu dibuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Shan: Fakkii kaasuu



Kaayyoo: Fakkeessanii kaasuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan addaddaa guddifamanii kaafaman



Mala raawwii:

- Fakkiwwan guddifamanii kaafaman bakka mul'atutti fannisuu;
- Fakkii ilaalan fakkeessanii akka kaasuu shaakalan gochuu;
- Wayita isaan xumuran hiriyootaafi barsiisota isaanii waliin akka mariyatan gochuu;
- Kanneen sirriitti kaafamaniifi akkaataa ajajaan alatti kaafaman daa'immanitti agarsiisuun mariisisuu;



Madaallii: fakkii kaasuu danda'u isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Qabee barreessuu



Kaayyoo: Qabee barreessuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Daa'imman dabtara isaaniiratti bitaarraa gara mirgaatti sirriitti akka barreessan gochuu;
- Waraqalee xixiqqaa mummuraman itti kenuun qubeewwan akka barreessan gochuu;

- Daa'imman walbira jiran waliin akka walitti agarsiisan gochuu;
- Qabee doosee furdaarratti barreffamee jiru waliin walbira qabuun daa'imman akka gamaggaman gochuu;



Madaallii: Qubeewwan barreessuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Sarara eeguun jechoota barreessuu



Kaayyoo: Sarara eeguun, qabee osoo walhincaalchisin jechoota barreessuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: doosee furdaa, waraqaa, qubeessaa, halluu, boronqii



Mala raawwii:

- Qubeewwan barataniin jechoota barreffaman waraqaa guddaarratti gubbaa gara gadiittiifi bitaa gara mirgaatti barreessuu;
- Sarara keessaa osoo hinbahiin, akkasumas qubeewwan osoo walhincaalsisiin akka itti barreessan waraqaa guddaa sarara qaburratti barreessuun itti agarsiisuu;
- Daa'immanis dabtara isaaniirratti sarara eeguun, qubeewwan osoo wal hincaalsisiin akka barreessan gochuu;

Yaadannoo: wayita daa'imman barreessan gidduu isaanii deddeemuun ilaala; gargaaraas;



Madaallii: sarara eeguun, qabee osoo walhincaalsisiin jechoota barreessuu shaakalu isaanii madaalaa.

Gocha Saddeet: Jecha dubbisan yaadachuun barreessuu



Kaayyoo: Jecha dubbisan yaadachuun nibarreessu.



Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa, qubeessaa.



Mala raawwii:

- Jechoota qubeewwan duraan baratanirraa ijaaraman akka dubbisan gochuu;
- Jecha barreeffame yeroo tokko qofa ilaaluun sirriitti akka dubbisan shaakalsiisuu;
- Jechicha yaadachuun akka barreessaniifi dhumarrattis kan barreeffaman sirriitti akka dubbisan shaakalsiisuu.
- Jecha waraqaarratti barreeffame itti agarsiisuu fi waan barreessan ofuma isaanii akka madaalan gochuu;



Madaallii: jecha dubbisan yaadachuun barreessuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sagal: Hima waraqaarrraa barreessuu



Kaayyoo: Himoota waraqaarrraa garagalchuun barreessuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Himoota gaggabaaboo waraqaarratti barreessuudhaan minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Himicha irra deebi'anii akka barreessaniifi yommuu xumuranis akka dubbisan shaakalsiisuu;



Madaallii: Hima barreessuu jalqabuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Kudhan: Jechoota barreeffaman barreessuu



Kaayyoo: Jechoota gabatee gurraacharraa barreessuu (garagalchuu) nishaakalu.



Mala raawwii:

- Baratoonni kutaa tokkoffaa akka itti barreessan ilaachisee ibsa gabaabaa gochuu;
- Gabatee gurraacharraa sirriitti garagalchuu (barreessuu) akka qaban hubachiisuu;
- Jechoonni yommuu barreeffaman qubeewwan walirraa fagaachuun yookiin walcaffaaluun barreeffamuu akka hinqabne hubachiisuu;
- Himoota gaggabaaboo gabatee gurraacharratti barreessuu;
- Daa'immanis sirna tuqaalee sirriitti barreessuu amma danda'anitti shaakalsiisuu;



Madaallii: Jechoota gabatee gurmaacharratti barreeffaman sirriitti garagalchuu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Kudha Tokko: Jechoota gabatee gurmaacharraa garagalchuu



Kaayyoo: Jechoota gabatee gurmaacharraa garagalchuu nishaakalu.



Mala raawwii:

- Gabatee gurmaacha sarara tokkoratti jechoota walfakkaatan sadiifi jecha addaa tokko barreessuu;
- Daa'imman fedhii isaaniitiin dabaree dabareen kaasuun akka dubbisan gochuu;
- Jechoota afran keessaa kan adda ta'e kamiifi maaliif akka adda ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Gaaffiwwan walfakkaatan gabatee gurmaacharratti barreessuu;
- Daa'immanis dabtara isaaniirratti garagalchuun deebii sirii ta'etti akka maran gochuu;



Madaallii: Jechoota gabatee gurmaacharraa dabtara isaaniirratti garagalchuu isanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Lama: Himoota gabatee gurmaacharraa garagalchuun (barreessuun) dubbisuun



Kaayyoo: Himoota gabatee gurmaacharraa dabtara isaaniitti garagalchuun nidubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Jechootaafi himoota gabatee gurmaacharratti barreeffaman akka barreessan gochuu;
- Waan barreessan irra deebi'uun dubbisuun danda'uu isaanii mirkaneessuu, daa'imman hindandeenye shaakalsiisuu;



Madaallii: Himoota gabatee gurmaacharraa dabtara isaaniirratti garagalchuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Sadii: Gaaffiwwan gabatee gurmaacharraa garagalchuu



Kaayyoo: Gaaffiwwan gabatee gurraacharraa gara dabtara isaaniitti garagalchuun deebii nikennu.



Mala raawwii:

- Gaaffiwwan sasalphaa ta'an gabatee gurraacharratti barreessuufi deebii isaanii kennuu;
- Gaaffiwwan gaggabaaboo addaddaa barreessuun deebii dabtara isaaniirratti akka barreessan shaakalsiisuu;

Fakkeenyaa:

Maqaan kee eenu?

Umriin kee meeqa?

Har'a guyyaan maali? fi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: Gaaffiwwan gabatee gurraacharraa gara dabtara isaaniitti garagalchuun deebii kennuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Afur: Qubeewwan barataniin jechoota ijaaruu



Kaayyoo: Qubeewwan barataniin jechoota uumuufi barreessuu nidanda'u.



Mala raawwii:

- Maqaa qubeewwan duraan baratan afaaniin itti himuun daa'imman akka barreessan gochuu;
- Qubeewwan barataniin jechoota uumaman itti himuu;
- Daa'immanis boca qubeewwan kanneenii sammuu keessaa yaadachuun dabtara isaaniirratti akka barreessan shaakalsiisuu;



Madaallii: Qubeewwan barataniin jechoota barreessuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Shan: Waa'ee ofii barreessuu



Kaayyoo: Waa'ee mataa ofii barreessuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Daa'immanifi waraqaafi qubeessaa kenuudhaan kan armaan gadii barreessisuu:
 - Maqaa isaanii
 - Bakka jiraatan
 - Maqaa warra isaaniifi namoota itti dhiyaatanii barreessuu akka shaakalan gochuu



Madaallii: waa'ee mataa isaanii barreessuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Jahaa: Qaawwa dooqaa keessa fo'aa (kirrii) baasuu (jabeeffachu)



Kaayyoo: Qaawwa dooqaa keessa fo'aa (kirrii) nibaasuu.



Meeshaalee deeggarsaa: dooqaa, fo'aa (kirrii)....



Mala raawwii:

- Dooqaa itti kenuudhaan fo'aa akka itti galchan shaakalsiisuu;
- Kanas bifa waldorgommiin shaakalsiisuu;
- Daa'ima dursee xumureen, 'Biingoo' jechuudhaan xumuruu beeksisu, haaluma kanaan daa'imman hunda taphicha keessatti hirmaachisu;

Yaadannoo: Irra deddeebi'anii hojjachuun akka danda'amu hubachuun nibarbaachisa.



Madaallii: Maashaalee isaanii cimsachuu jalqabuu isaanii gochicha ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Torba: Qaxxaamurtuun(Maqasii) waraqaan mummuruu



Kaayyoo: Qaxxaamurtuun(Maqasii) waraqaan nimummuru.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaan abbaa halluu, Qaxxaamurtuun(Maqasii) fiixeen isaa doomaan



Mala raawwii:

- Waraqaalee abbaa halluu garagaraafi Qaxxaamurtuun(Maqasii) fiixeen isaa doomaa ta'e daa'immaniif kennuu;
- Daa'immanis waraqaalee kanneen bocaafi hanga addaddaatti akka mummuran gochuu;
- Fakkii itti kennuudhaan waraqaalee mummuraman koollaa dibuun akka irratti maxxansan gochuu;



Madaallii: Maqsoon yommuu isaan waraqaa mummuran ilaaluun maashaalee isaanii cimsachuu (jaboeffachuu) isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Saddeet: Moodeloota addaddaa hojjachuu



Kaayyoo: Moodeloota hojjachuudhaan maashaalee sasalphaa nicimsatu (nijabeffatu).



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa bukeeffame



Mala raawwii:

- Moodeloota addaddaa akka hojjatan gochuu;
- Erga xumuraniis miil jalatti maqaa isaanii akka barreessan gochuun keenyan (gidaara) manaa irratti maxxansuu;

Yaadannoo: Gochi kun irra deddeebi'uun shaakaluun akka danda'amu hubachuu. barbaachisa.



Madaallii: Maashaalee isaanii cimsachuu jalqabuu isaanii yommuu isaanii moodeloota hojjatan ilaaluun madaalaa.

2.3.5. Guca Daawwannaan Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ kornayaa _____

Maqaa barsiisa/tuu _____ Ji'a _____ Bara _____

Waa'ee daa'imaan daawwannaan gaggeeffamu ilaalchisee sadarkaalee armaan gadii keessaa lakkofsa sadarkichaaf kenname tokkicha qofa roga '**Daawwannaan**' jedhu jalatti barreessaa.

Sadarkaalee

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba, gidduufi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaa	Walakka waggaa	Dhuma waggaa
1.Odeeffannoo sirriitti dhaggeeffachuufi haalota garagaraaf deebii sirrii kennu			
1.1.Sagaleewwan naannootti dhag'aman adda baasuu nidanda'u.			
1.2.Garaagarummaa sagaleewwan gidduu jiru adda baasuu nidanda'u.			
1.3.Qajeelfamootaafi ajajootaaf deebii kennuu nidanda'u.			
1.4.Sheekkoo dhaggeeffachuun waan hubatan ibsuufi deebisanii seeneessuu nidanda'u.			
2. Haalota addaddaa keessatti ofitti amanamummaa qabaachuun haasaa sirriifi hiika qabeessa ta'eefi aflattoon waliigaluu			
2.1.Afaan sirriitti itti fayyadamuu nidanda'u.			
2.2.Afaan dubbiitiin gammachuun argachuun nidanda'u.			
3. Dubbisuudhaan gammachuun, beekumsaafi hubannoo argachuun			
3.1.Jechootaafi himoota sasalphoo dubbisuu nidanda'u.			
4. Qindoomina sochii ijaaifi harkaa cimsachuun barreessuuf qophaa'u			
4.1.Qubeewwaniifi jechoota barreessuu nidanda'u			

**2.4. Sochii Guyyaa Guyyaan Taasifamu Keessatti Yaadrimeefi
Qooyyaboota Herregaa Fayyadamuu.**

2.4.1. Ibsa

Barumsi Herreegaa uumama isaatiin hojii sammuuratti kan xiyyeeffatedha. Adeemsa keessa daa'imman ga'umsa barbaadumurra geessisuudhaaf sadarkaa ciminaa sammuu daa'immanii hubachuun barbaachisaadha. Matadureen kunis kaallattumaan sochii guyyaa guyyaan taasifamu irratti hundaa'uun walitti dhufeenya wantoota gidduu jiru hubachuuf gargaara. Ta'us, daa'imman sadarkaa dagaaginnaa irra jiranirraan kan ka'een walitti dhufeenya jiru hubachuu nirakkatu. Kanaafuu, daa'imman naannoo meeshaalee garagaraan guutametti fayyadamaa humna qabaniin akka socho'aniifi naannoo isaanii sakatta'aa akka baratan haala mijeessuun barbaachisaadha. Yoo kun ta'e daa'imman ofdanda'anii yaaduu kan danda'an, rakkoo hiikuuf ga'umsa kan qabaniifi barumsa herreegaa gammadaafi bashannanaa kan baratan ta'uu danda'u.

Daa'imman mana barnootaa idilee yommuu galan gocha isaanirraa eegamu keessaa tokko hojii sammuuti. Daa'imman umriin wagga 5-6 gidduu jiran sagantaa barnoota idileen duraa kan itti guduunfanifi barumsa idileef kan ofqopheessan waan ta'eef, yeroo kanatti sochiwwan yaadrimee herreegaa waliin walqabatan gochoota barbaachisoo ta'aniidha. Kanaafuu, barumsi herreegaa kan sammuu daa'immanii cimsu, gammachuun akka hirmaatan kan taasisu akka ta'u sochiin isaanii gochoota guyyaa guyyaan raawwatamaniin akka walqabatan karoorsuun, umriifi dandeettii isaani walsimsiisuun raawwatamuun irra jiraata.

2.4.2. Kaayyoowwan gooroo

1. Dandeettii wantoota akaakuun ramaduu, walitti dhufeenya wantoota gidduu jiru haala duraa duuba eegeen agarsiisuu nicimsatu.
2. Tokkummaafi addaddummaa lakkofsotaafi wantoota gidduu jiru himuu nidanda'u.
3. Lakkofsota 1-20 adda baasuu, lakkofsota ida'uufi hir'isuu nidanda'u.
4. Bakka, fageenyaafi kallattii ni'ibsu; wantoota tartiibaan nikaa'u; waldorgomsiisu.

2.4.3. Ga'umsootaafi Bu'aawwan Eegaman

1. Amala wantootaa sakatta'uu, hubachuufi adda baasuu
 - 1.1 Wantoota akaakuun ramaduu nidanda'u.
2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisu

- 2.1. Walitti dhufeenya wantoota giddu jiru bifa duraa duuba isaa eegeen agarsiisuu nidanda'u.
3. Lakkoofsota beekuu, ibsuu, walitti dhufeenya isaanii hubachuufi qoyyaboota sasalphaa hojjachuu.
 - 3.1. Tokkummaafi addaddummaa lakkoofsotaafi wantoota gidduu himuu nidanda'u.
 - 3.2. Walqixa; nicaala; irra xiqaadha jechuun dubbachuu nidanda'u.
 - 3.3. Lakkoofsota 1-20 adda baasuu nidanda'u.
 - 3.4. Lakkoofsota 1-20 lakkaa'uu, ida'uufi hir'isuu nidanda'u.
4. Haalota addaddaa keessatti meeshaaleefi ulaagaalee safartuu sirrii ta'anitti fayyadamuu.
 - 4.1. Bakka, fageenyaafi kallattii ibsuu nidanda'u.
 - 4.2. Wantoota sirnaan naquu (tarreessuu) fi waldorgomsiisuu nidanda'u.
5. Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsitoota yerootti fayyadamuu
 - 5.1. Dalagaawwan yeroo keessatti raawwataman adda baasuufi hordofuu nidanda'u.
6. Yaadrimee iddo hubachuufi ibsitoota iddootti fayyadamuu
 - 6.1. Kallattii addaddaa bu'uureffachuun bakka argama wantootaa himuu nidanda'u.
7. Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuufi itti fayyadamuu
 - 7.1. Gatii maallaqaa himuu nidanda'u.

2.2.4. Ga'umsootaa fi bu'aawan eegaman, meeshaalee deeggarsaafi mala raawwii

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Amala wantootaa sakatta'uu, hubachuufi adda baasuu	1.1. Wantoota akaakuu isaaniin ramaduu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Wantoota akaakuu tokkoo walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota cimdii cimdiin naannootti argamuu danda'an, firiiwwan, qorkii, dhagaa caccaboo...



Mala raawwii:

- Wantoota cimdii ta'an walkeessa makuu;

Fakkeenyaaf: firiiwwan akaakuun (kan baargamoo, gaattiraa), qorkii, jajjaboo,

- Wantoota walitti makaman kanneenirraa xiqqessuun daa'immaniif kennuu;

- Fuuldura isaanii minjaalarra kaa'uu;
- Cimdii kan ta'an akaakuu tokkoo lamaan ol kaasuun itti agarsiisuun hubachiisuu;
- Wantoota cimdii ta'an adda akka baasan daa'imman gaafachuu;
- Sirriitti kaa'uufi walitti firoomsuu isaanii hordofuu;
- Maal akka cimdiin kaa'an akka himan gaafachuu;
- Deeggarsa barbaachisu taasisuufii;



Madaallii: Wantoota akaakuu tokko ta'an walitti firoomsuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Cimdiin walqabsiisuun taphachuu



Kaayyoo: Cimdii cimdiin walqabsiisuun nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: maaraakash



Mala raawwii:

- Tapha 'hiriyaa kee barbaadi' jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu:
 - Daa'imman kutaa keessa bibittinaa'anii akka fiigan maaraakashiin hogganuu;
 - Lama yommuu jedhamu lama lamaan akka walqabatan itti himuu;
 - Yoo lama lamaan oliin walqabatan taphaa ala akka ta'an hubachiisuu;

Yaadannoo: yeroo hunda lakkofsi daa'imman ittiin taphatan guutuu ta'uu hinqabu.



Madaallii: cimdiin walqabatanii taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Bocawwan ji'oomeetirii adda baasuu



Kaayyoo: Bocawwan ji'oomeetirii adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: bocawwan doosee abbaa halluurraa mummuramanii ba'an, waraqaa adii, qubeessaa halluu



Mala raawwii:

- Kaaree, rogsadee, rogafree, waraqaa fakkiin irratti kaafame kennuufii;
- Halluu addaddaa akka diban gochuu;
- Bocawwan kaafamaniifi halluun isaan diban maal akka ta'e gaafachuun akka himan gochuu;
- Roga boca ji'oometirii lakkaa'anii akka agarsiisan gochuun akka kanaan dura beekan akka cimsatan gochuu;



Madaallii: Boca ji'oometirii adda baasuu danda'uu isaanii yommuu isaan gochicha raawwatan ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Boca ji'oomeetirii maqaan waamuu



Kaayyoo: Boca ji'oometirii maqaan waamuun ragaa isaa nilakka'u.





Meeshaalee deeggarsaa: Bocaawwan doosee abbaa halluu irraa mummuramanii qophaa'an.



Mala raawwii:

- Rog-shanee, rog-jahee, rog-afreefi karee (rogoota walqixa ta'an) dhiyeessuu;
- Rog-afree olkaasuun itti agarsiisuun maqaa isaa waamuun roga isaa lakkaa'u;
- Rog-afreen roga walqixa akka qaban itti agarsiisuun maqaa isaa waamuun roga isaa lakkaa'u;
- Rog-shanee adda baasuun akka agarsiisan gaafachuun, roga isaa lakkaa'uun akka mirkaneessan gochuu;
- Bifuma walfakkaatuun rog-shaneefi rog-jahee adda baasanii akka agarsiisan gaafachuun daa'ima agarsiise roga boca harka isaa jiru lakkaa'uun akka mirkaneessan gochuu;
- Itti aansuun, pazilii ji'oometirii mummuramaa minjaala isaanirra kaa'u;
- Pazilicha akka walqabsiisan gochuun maqaa boca argatanii akka himan gochuu;





Madaallii: Boca ji'oometirii maqaa waamuufi roga isaa lakkaa'uu danda'uu isaanii gaafachuun madaalaa.

Gocha Shan: Bocaawwan ji'oometirii adda baasuu



Kaayyoo: Bocaawwan rog-shaneefi rog-jahee adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: bocaawwan doosee abbaa halluu irraa
mummuramanii qophaa'an, waraqaa adii, qubeessaa.



Mala raawwii:

- Bocaawwan rog-shaneefi rog-jahee rog-sadeefi kaaree waliin akka waldorgomsiisan gochuu;
- Boca rog-shanee, rog-jaheefi waraqaa adiifi qubeessaa tokkoo tokkoo daa'immaniif raabsuu;
- Bocaawwan isaaniif kenname waraqarra kaa'uun sararuun fakkii isaa waraqarratti akkamitti akka kaasuun danda'amu hojjachuun itti agarsiisuu;
- Daa'imman hundi akka hojjatan gochuu boca duraafi isa amma kooppii godhan akka wal fakkeessan gochu;



Madaallii: Boca ji'oometirii adda baasuufi wal dorgomsiisuu danda'uu
isaanii ilaaluun, gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha Jaha: Boordii boca ji'oometirii guutuu



Kaayyoo: Boordii boca ji'oometirii niguutu.





Meeshaalee deeggarsaa: boordii boca



Mala raawwii:

- Boordii boca fayyadamuun daa'imman lama bocaawwan ji'oomeetirii addaddaa bocicha boordii baasuun (bittinneessuun) deebi'anii akka wal qabsiisan gochuu;
- Hubannoo waa'ee bocaarratti qaban cimsuuf bifaa wal dorgommiin taphachiisuu;



Madaallii: Hubannoo waa'ee bocaarratti qaban cimsachuu isaanii wayita isaan boordii walqabsiisan ilaaluun madaalaa.

Gocha Torba: Bocaawwan walfakkaataniifi garagara ta'an adda baasuun hubachuu



Kaayyoo: Bocaawwan addaddaa maaliin akka wal fakkaataniifi garagara ta'an nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: bocaawwan doosee abbaa halluurraa mummuramanii qophaa'an, waraqaa adii, kollaa



Mala raawwii:

- Boca geengoofi luxxee ta'e itti kennuun minjaalarra gangalchuun garaagarummaa jiru akka dubbatan gochuu;
- Dooseerratti yookiin waraqaa furdaa abbaa halluu irratti fakkii boca geengoo xixiqqaa, siliindaroota rog-sadee kaasuun walkeessa makuun itti kennuu;
- Geengoo kaasuun itti agarsiisuu, bocaawwan fuulduraa isaanii jiran keessaa kan isa fakkaatu kaasuun fuuldura isaanii akka kaa'an gaafachuu;
- Bocaawwan kan biroos akkasuma adda baasuun akka kaa'an gochuu;
- Bocaawwan isaan naqan (tarreessan) maaliin akka walfakkaataniifi adda ta'an gaafachuuun mariisisuu;



Madaallii: Bocaawwan maaliin akka walfakkaataniifi adda ta'an hubachuu danda'uunisaanii mirkaneessaa.

Gocha Saddeet: Walitti qabama (tuuta) hojjachuufi waldorgomsiisuu



Kaayyoo: Walitti qabama hojjachuun waldorgomsiisuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fo'aa (kirrii) seentimeetira 30 baay'ina daa'immaniin qophaa'e, loottoowwan fakkii, man'ee kobbee



Mala raawwii:

- Man'ee kobbee halluu addaddaa ta'an dheerina seentimeetira 1 mummuruun fo'aa qal'oo waliin kennuufii;
- Kanneen halluu akaakuu tokkoo lama lama gochuun fo'aa keessa akka baasan gochuun hubannoo isaan cimdiif qaban cimsuu;
- Wantoota garagaraa, fo'aa dheerinni seentimeetira 30 ta'e tokkoo tokkoo isaaniif kennuun fiixee lamaan wal qabiisuun minjala isaaniirratti geengoo (dalla) akka hojjatan gochuu;
- Wantoota isaaniif kennaman keessaa tokkicha kan harka barsiisaarra jiru waliin walfakkaatu kaasuun geengoo (dalla) hojjatan keessa akka buusan gochuu;
- Daa'imman hundi waan gaafataman keessa buusuu isaanii mirkaneessuufi wantoota hafan hunda tokko tokkoon geengoo(dalla) keessa akka naqan gochuu;
- Kanneen dallaa keessatti walitti qabaman 'walitti qabama' akka jedhamu agarsiisuun itti himuu;
- Itti aansuun, hundi isaanii walitti qabama isaanii ilaalaan miseensota walitti qabamaan dallaa keessa jiran akka dubbatan gochuu;
- Haaluma armaan olitti ibsameen walitti qabaman hojjachuun maal akka hojjatan mariisisuu;
- Dallaa lammaffaa hojjachuun wantoota biroo walitti qabama duraa keessa hinjirree itti naquu;
- Walitti qabamoota lamaan akka ilaalan gochuun walitti qabamoota lamaan keessaa kanneen akaakuu tokko ta'an filuun akka baasanii fi akka naqan (tarreessan) gochuun walitti qabamoota lamaan akka waldorgomsiisan gochuu;



Madaallii: Walitti qabama hojjachuun waldorgomsiisuu danda'uun isaanii gocha isaan raawwatan ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Sagal: Wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu



Kaayyoo: wantoota akaakuun walfakkaatan walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: loottoowwan, fakkii meeshaalee addaddaa, boca beelladaa,
meeshaalee manaa loottoo geejjibaafi biqiltootaa.



Mala raawwii

- Boca beelladootaa, meeshaalee manaa, loottoowwan geejjibaafi biqiltootaa yoo danda'ame lama lamaan yoo hindanda'amne afur afuriin minjaalarra kaa'uun raabsuufii;
- Loottoo isaan qaqqabe waliin dubbachaa, akaakuun akka walitti firoomsan godhaa;



Madaallii: wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu danda'uu isaanii ilaaluufi gaaffii
gaafachuun madaalaa.

Gocha Kudhan: Kan hir'ate guutuu



Kaayyoo: wantoota hir'atan hubachuun niguutu.



Meeshaalee deeggarsaa: loottoowwan fakkii, fakkii wantoota garagaraa



Mala raawwii:

- Tapha 'Kan hir'ate guuti' jedhu taphachiisuu;
- Fakkiwwan wantoota addaddaa fayyadamuun tapha qaama hir'ate guutuu haala armaan gadiin taphachiisuu;
- Fakkii beelladootaa, meeshaalee manaafi kanneen kana fakkaatan... kaasuun kutaa nafaa addaddaa (tokko yookiin lama) kutanii baasuu;
- Fakkii walfakkaatu, kutaan qaamaa guutuu ta'e kan duraa waliin wal bira kaa'uun fakkii qaama keessa hir'ate qabu mummuramoota keessaa barbaaduun akka guutan gochuu;



Madaallii: Wantoota hir'atan hubachuudhaan guutuu danda'uu isaanii yommuu isaan
raawwatan ilaaluun mirkaneessuu

Gocha Kudha Tokko: Fakkii kaasuu



Kaayyoo: fakkii fedhan nikaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Wayitii barnootaa ‘fakkii’ jedhutti waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu raabsuufii;
- Maal kaasuu akka barbaadan gaafachuu;
- Waan fedhan kaasuun halluu akka diban gochuu;



Madaallii: fakkii fedhan kaasuu danda’uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Lama: Wantoota walfakkaatan akaakuun adda



Kaayyoo: Wantoota walfakkaatan akaakuun adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: firriwwan, qorkii, wantoota jajjaboo



Mala raawwii:

- Qorkiiwwan halluu garagaraa qaban, firriwwan, jajjaboo raabsuufii;
- Kanneen walfakkaatan baasuun akka naqan (tarreessan) gochuu;
- Maaliif akka adda baasan akka himan gochuu;
- Wantoota walfakkaatan akka adda baasan akka hubatan gochuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaatan akaakuun adda baasuu danda’uu isaanii yommuu isaan hojjatan ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Sadii: Wantoota walfakkaataniifi garagara ta’an adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota walfakkaataniifi garagara ta'an adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee halluu, ashaangulliitii/intalashee



Mala raawwii:

- Gabatee halluu fayyadamuun ashaangulliitiif (keessummaa taatee dhufuun mana naaf hojjadhaa yommuu jettu) mana halluu addaddaan akka hojjatan gochuu;
- Manni hojjatan maaliin akka walfakkaatan, maaliin akka adda ta'an akka himan gochuu;
- Manneen walfakkaatan kan hojjataman halluu gabateerraan ta'uu, kanneen walhinfakkaanne immoo halluuwwan isaanii kan walhinfakkaanne ta'uu hubachuun dabareen akka ibsan gochuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaataniifi garagara ta'an adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisuu	2.1. Walitti dhufeenza wantoota gidduu jiru bifa duraa duuba eegeen agarsiisuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Walitti dhufeenza duraa duubaan ibsuu



Kaayyoo: Walitti dhufeenza wantoota gidduu jiru duraa duubaan ni'ibsu.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota guddaa, xiqqaa, gabaabaa, salphaa, cimaa, baay'ee muraasa ta'anii bocaafi halluu addaddaa qaban, kubbaa, qorkii, qadaada qodaa bishaanii



Mala raawwii:

- Wantoota addaddaa waliin makuun minjaala isaaniirra gareen kaa'uu;
- Wantoota walfakkaatan keessaa baasuun bakka tokko akka kaa'an gaafachuun yoo dadhaban fuulcha kenniifii;
- Wantoonni isaan baasanis maaliin akka wal fakkaatan gaafachuun mariisisuu;

Fakkeenya: qorkiiwwan

- Wantoota adda baasan keessaa jalqaba xixiqqa, itti aansuun gurguddaa akka baasan gochuun bakka walfakkaataniifi addadda ta'anirratti mariisisuun walitti dhufeenya isaanii akka hubataniifi wal dorgomsiisan gochuu; Fakkeenya: qorkiiwwan halluu garagaraa dibaman, aziraarii gurguddaafi xixiqqa ta'an, kubbaa xixiqqaafi gurguddaa halluu walfakkaataafi addadda ta'e qabaniifi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: walitti dhufeenya wantoota gidduu jiru haala duraa duuba eegeen agarsiisuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Jechoota walcaalmaa agarsiisan fayyadamuu



Kaayyoo: Jechoota walcaalmaa agarsiisan nifayyadamu.




Meeshoolee deeggarsaa: ulee xiqqaa, guddaa, baay'ee guddaa



Mala raawwii:

- Ulee guddaa, xiqqaa, baay'ee guddaa waljala fuudhuun itti kennuu;
- Guddaarraa gara xiqaatti, xiqaarraa gara guddaatti akka kaa'aniifi jechoota walcaalmaa ibsaniin akka dubbatan gochuu;
- Jechoota walcaalmaa ibsan 'xiqqaa, guddaa, baay'ee guddaa jechuun ibsuuf akka tolutti akka kakaa'an gochuufi akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Haala duraa duuba eegeen wantoota kaa'uu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.1

Gocha Sadii: Bocawwan ji'oomeetirii duraa duubaan kaa'uu



Kaayyoo: Bocawwan ji'oomeetirii duraa duubaan nikaa'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii kiyubii, rogsadee, rog-afreefi rog-shanee waraqaarratti kaafaman



Mala raawwii:

- Bocawan ji'oomeetirii addaddaa xiqqa, guddaa ta'an jechuunis rog-sadee, rog-afree, rog-shanee, kiyubii waraqaarratti kaasuun kennuufii;
- Warra xixiqqa diimaa, warra gurguddaa keeloo akka diban gochuu;
- Maqsoon (Maqasiin) kutanii baasuun guddaafi xiqqa adda baasanii akka kaa'an gochuu;



Madaallii: wantoota guddaafi xiqqa adda baasanii kaa'uu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Wantoota xiqqaarrraa gara guddaatti kaa'uufi waldorgomsiisu



Kaayyoo: Wantoota addaddaa xiqqaarrraa gara guddaatti tarreessuun waldorgomsiisu.




Meeshaalee deeggarsaa: leemman guddaarraa gara xiqqaatti mummuramaniifi halluu dibaman



Mala raawwii:

- Leemman xiqqaarrraa gara guddaatti, gabaabaarraa gara dheeraatti mummuraman halluu dibaman sadarkeessuun naquu (kaa'uu);
- Dheeraa, baay'ee dheeraa, daran baay'ee jechaa dorgomsiisuun akka shaakalan gochuu;



Madaallii: wantoota xiqqaarrraa gara guddaatti tarreessuun (kaa'uu) danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu

Ga'umsa

3. Lakkofsota adda baasuu, ibsuu, walitti dhufeenya isaanii hubachuufi qooyyaboota sasalphaa hojjachuu	3.1.Tokkummaaf addaddummaa wantootaaf lakkofsota gidduu jiru himuu nidanda'u.
--	---

Gocha Tokko: Lakkaawamtoota lakkaa'uu

 **Kaayyoo:** Lakkaawamtoota addaddaa lakkaa'uu lakkofsa waliin walitti nifiroomsu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** leemman, qorkii, jajjaboo

 **Mala raawwii:**

- Wantoota lakkaa'aman 10 kan hincaalle raabsuun akaakuun akka adda baasan gochuu;
- Fakkeenyaa:** leeman, qorkii, jajjaboo
- Wantoota adda baasan akka tarreessaniifi lakkaa'an gochuu;
- Fakkii wantoota lakkaa'aman (xixiqqoo) waraqarratti kaafaman raabsuufi akka lakkaa'an gochuu;
- Wantoonni kunniin addadda ta'anillee yommuu lakkaa'aman hangi isaanii garagara akka hintaane akka hubatan gochuu;

 **Madaallii:** Lakkaawamtoota addaddaa lakkaa'uun lakkofsa waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii ilaaluun, gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Tapha 'Harka rukunnaa lakkofsatti firoomsi' jedhu taphachuu

 **Kaayyoo:** Tapha 'Harka rukunnaa lakkofsatti firoomsi' jedhu nitaphatu.

 **Mala raawwii:**

- Wantoota lakkaa'aman lakkofsa waliin akka walitti firoomsuu danda'an lakkofsota bara darbe baratan itti agarsiisuu;
- Tapha, "Lamaarkuu (Harka rukkuttaa) walitti firoomsi" jedhu suuta harka rukkuchiisaa taphachiisuu;
- Hanga lakkofsa ilaalanii sana harka walitti ruktuun akka ibsan gochuu;
- Tokkoon tokkoo daa'imaas akkaatuma ilaalanii akka hojjatan gochuu;



Madaallii: Wantoota lakkaa'aman hanga lamaarkuu tarreessuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Hanga lakkoofsaa lakkaa'amtotoaan agarsiisuu



Kaayyoo: Hanga lakkoofsaa lakkaa'amtotoota tarreessuun ni agarsiisu.



Mala raawwii:

- Lakkoofsa 1-20 qomaan akka lakkaa'an gochuu;
- Wantoota lakkaa'aman kenuufii;
- Wayita barsiistuuun/saan lakkoofsa waamtu/u wantoota lakkaa'aman tarreessuun akka agarsiisan gochuu;



Madaallii: Hanga lakkoofsaa wantoota lakkaa'aman tarreessuun agarsiisuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: lakkoofsota lakkaa'amtotoaan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Lakkoofsota hanga lakkaa'amtotoaan walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsa: kaardii lakkoofsaa, wantoota lakkaa'aman



Mala raawwii:

- Lakkaa'amtotoa minjaala isaanirra kaa'uu;
- Lakkoofsota 1-20 lakkaa'amtotoa waliin walkeessa makuun kenuufii;
- Gubbaan lakkoofsota, jalaan immoo lakkaa'amtotoa akkamitti kaa'uu akka qaban itti agarsiisuun hojjachiisuu;
- Lakkoofsaafi lakkaa'amtotoa walitti firoomsee kan xumure faaruu faarsuun warra kaan jajjabeessuu;



Madaallii: Hanga lakkoofsaa lakkaa'amtotoa waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Lakkoofsaafi wanna lakkaa'aman walitti firoomsuu



Kaayyoo: Leemmana fayyadamuun lakkofsaafi wanta lakkaa'aman walitti nifiroomsu.



Meeshaalee deeggarsaa: leemmana



Mala raawwii:

- Saanduqa lakkofsa leemmanaa qopheessuu;
- Lakkofsa 1-20 fi leemmana lakkaa'amu akka walitti firoomsan tokko tokkoo daa'imaaf kennuu;



Madaallii: leemmana fayyadamuun lakkofsaafi wantoota lakkaa'aman walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: fakkii halluu cuubuun lakkofsa lakkaa'uu



Kaayyoo: fakkiwwan halluu cuubuun lakkofsa lakkaa'uu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Baay'ina fakkii itti himuudhaan fakkii akka kaasan gochu;
- Fakkii kaasan keessaa tokko halluu akka diban, lama akka diban gochuun haala qajeelfamaan baay'ina dhaggeeffachuu hojjachu shaakalsiisuu; **Fakkeenya:** waraqaa isaaniif kennamerratti fakkii qorkiwwan sadii akka kaasan gochu, kana keessaa qorkii tokko halluu diimaa akka diban gochu, geengoo lama kaasuun tokko qofa magariisa akka diban gochu;



Madaallii: Fakkii halluu dibuun lakkofsa lakkaa'uu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Lakkofsota hubachu, ibsuu, walitti dhufeenyaa isaanii hubachuufi qooyyaboota salphaa hojjechuu	3.2. Walqixa, nicaala, irra xiqqaadha jechuun dubbachuun nidanda'u.

Gocha Tokko: Yaadrimee 'nicaala; irra xiqqaadha' jedhu hubachuu



Kaayyoo: Yaadrimée ‘nicaala; irra xiqqaadha’ jedhu nihubatu.





Meeshaalee deeggarsaa: qorkii, jajjaboo, firii, qadaada kobbee, qadaada haayilaandii, fo'aa (kirri)



Mala raawwii:

- Lakkoofsaafi hanga lakkaa'amtootaa walitti firoomsuun ‘nicaala; irra xiqqaadha’ akka jedhan gochuu;
- Dallaa lama hojjachuuf kan fayyadu fo'aa dheerinni isaanii seentimeetira 30 ta'eefi wantoota walitti qabama hojjachuuf fayyadan (qorkii, jajjaboo, firii, qadaada kobbee, qadaada haayilaandii...) kenuufii;
- Dallaan akkamitti akka hojjatamu itti agarsiisuu;
- Hundi isaanii dallaa tokko tokko akka hojjataniifi lakkaa'amtoota keessaa tokko tokko lakkaa'aa gara dallaa isaanii keessa akka buusan gochuu;
- Dallaa isaanii keessatti maaltu akka walitti qabame gaafachuun akka dubbatan gochuu;
- Dallaa isa lammaffaa hojjachiisuu;
- Akka isa dura hojjataniin ta'ee garuu baay'inaan xiqqoo kan caalu walitti qabama hojjachiisuu;
- Wantoota walitti qabama lammaffaa keessa jiran akka dubbatan gochuu;
- Walitti qabama tokkoffaafi isa lammaffaa gidduu garaagarummaa jiru gaafachuu;
- Miseensota walitti qabama lamaan keessa jiran waldorgomsiisaa akka ilaalan gochuun garaagarummaa jiru akka dubbatan gochuu;
- Walitti qabamoota lakkooftiisuu;
- Miseensonni walitti qabama (tuuta) tokkoo isa kaan nicaalaa? jedhanii gaafachuun wal dorgomsiisuudhaan ni caala; nixiqqaata jechuun akka dubbatan jajjabeessuu;





Madaallii: Lakkaa'amtotta addaddaa fayyadamuudhaan walitti qabama hojjachuu, caalmaafi xiqqeonya hubachuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Tapha walitti firoomsuu taphachuu



Kaayyoo: Wantoota baay'ina hanga addaddaa qaban hangaan walitti nifiroomsu.





Meeshaalee deeggarsaa: Lootoo



Mala raawwii:

- Lootoo wantoota garagaraa walitti firoomsuun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Wantoota baay'ina addaddaa qaban hanga baay'ina isaaniin walitti firoomsuu danda'uun isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Lakkoofsa adda baasuu, ibsuu, walitti	3.3. Lakkoofsota 1-20 adda baasuu nidanda'u.

dhufeenya isaanii hubachuufi qooyaboota sasalpaa hojjachuu	
--	--

Gocha Tokko: Kallattii addaddaan lakkaa'uu



Kaayyoo: Lakkaa'amtoota addaddaa kallattii garagaraatiin lakk. 1-20 tarreessuun ni lakkaa'u.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota garagaraa lakkaa'aman



Mala raawwii:

- Lakkoofsa 1-20 qomaan akka lakkaa'an gochuu;
- Wantoota lakkaa'aman addaddaa kennuufii;
- 1-20 tarreessuun akka lakkaa'an gochuu;
- Wayita lakkaa'an gara cinaatti, irraa gaditti akka tarreessan gochuu;
- Kanneen tarreffaman bitaa gara mirgaatti, mirgaa gara bitaatti, gadii gara olitti, olii gara gadiitti lakkoofsiisuu;
- Kallattii garagaraan yoo lakkaa'amanis, lakkaa'amtoota garagaraa yoo ta'anis baay'inni isaanii kan hinjijiiramne ta'uu akka hubatan gargaaruu;
- Tarree lamaan kaa'uun wantoota garagaraa akka lakkaa'an gochuu;
- Lakkoofsa tarree isa dhumarra jiru itti agarsiisuun akka lakkaa'an gochuu; **Fakkeenyaa:** lakkaa'amtoota afur yoo lakkaa'an, afur lakkaa'amaa isa dhumaa osoo hintaane walumatti wantoota afur ta'uu isaanii akka hubatan gochuu;



Madaallii: lakkaa'amtoota addaddaa kallattii addaddaan 1-20tti tarreessuun lakkaa'uudanda'uun isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Lama: Lakkoofsa haaraa adda baasuu



Kaayyoo: lakkofsota 11-20 gidduu jiran adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee lakkofsaa, waraqaa arjajja'a'



Mala raawwii:

- Lakkofsa 1-20 kan kanaan dura baratan gaafachuun yaadachiisuu;
- Gabatee lakkofsa fayyadamuu lakkofsa haaraa itti agarsiisuun gaafachuu;
- Lakkofsicha maqaa waamuu, minjaala isaaniirra kaa'uun quba isaanii lamaaniin akka qaqqaban gochuu;
- Lakkofsa qubaan qaqqaban qilleensarratti akka barreessan itti agarsiisuun shaakalsiisuu;
- Lakkofsa 11-20 gidduu jiru dura duubaan barsiisuu;
- Lakkofsota barataniifi kan biroo walitti makuun kaa'uun lakkofsa baratan dabareen waamuu;
- Lakkofsa waamame qofaatti akka baasan gochuu;



Madaallii: Lakkofsota 11-20 gidduu jiru adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Haala uumama lakkofsa hubachuu



Kaayyoo: Haala hundeffama lakkofsa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: jajjaboo, firriwwan



Mala raawwii:

- Haala hundeffama lakkofsa akka hubatan lakkofsa 1-20 dabaree dabareen waamuu;
- Lakkofsa waamamerratti tokko yoo dabalame lakkofsi itti aanu akka argamu akka hubatan lakkofsiisuu;
- Lakkofsa tokko durseefi itti aanee akka dhufu wal barsiisuu;
- Cirracha (jajjaboo) fi firriwwan fayyadamuu lakkofsa argan akka ijaaran gochuu;
- Haala hundeffama lakkofsa 11-20 akka hubatan lakkofsa tokko cinaatti tokko yoo barreessine 11 akka ta'u, 1 cinatti 2 yoo dhaabbate 12 akka ta'u itti agarsiisuun;
- Kanas bifa sheekkootiin akka dubbatan gochuun dammaqinaan hojjachuu nidanda'u;
Fakkeenyaa: lakkofsi 1 dhuftee dhaabathee, “Qofaa koo taa'uu hinjaladhu; lakkofsa na fakkaatu, hiriyaan kan naaf taatu na bira kaa'aa,” jette. Cinaa ishee dhaabnaan maqaan ishees jijiiramee kudha tokko jedhame jechuudhaan haala hundeffama lakkofsota biroos suuta suuta itti agarsiisuun;



Madaallii: Haala hundeffama lakkofsotaa hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Lakkofsa barreessuufi dubbisuu



Kaayyoo: Fakkeessanii barreessuun lakkofsota nidubbisu.



Meeshaalee deeggarsaa: qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Lakkofsota 1-20 dachaan barreeffaman itti kenuun halluu akka diban gochuu;
- Lakkofsota 1-20 tuttuqaan waraqaarratti barreeffaman kenuufii;
- Akka itti gurmaachessuun(walqabsiisuun) danda'amu itti agarsiisuun akka gurmaachessan gochuu;
- Maqaa lakkofsa gurmaachessanii akka dubbatan gaafachuun jajjabeessuu;
- Lakkofsota barreeffaman ilaaluun fakkeessanii barreessuu akka shaakalan gochuu;
- Lakkofsota 1-20 walkeessa makuun barreessuun itti kenuun wayita lakkofsi waamamu lakkofsicha barbaaduun baasanii akka agarsiisan bifa taphaan hojjachiisuu;



Madaallii: Fakkeessanii barreessuun lakkofsota danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Walaloo lakkofsa himuu



Kaayyoo: Walaloo lakkofsa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: doomiinoo lakkofsa, paziloota.



Mala raawwii:

- Pazilii lakkofsa 1-20 walqabsiisuun akka taphatan gochuu;
- Achumaanis waan argatan raawwachuu;
- Lakkofsa akka dubbatan shaakalsiisuu;

Fakkeenya: Tokko, lama, sadii buddeena qamadii

Eenyu nyaate jennaan poolisoota sadii

Afur, shan, jaha namicha joonjahaa
 Torba, saddeet, sagal, kudhan
 Hattuu qabanii hudhan.

- Hibboo laccofsaa taphachiisuu; **Fakkeenyaa:** Ani 5 dura, 3 boodattin argama.
 Ani Eenu? Doomiinoo laccofsaa taphachiisuuun shaakalsiisuu;



Madaallii: paziloota laccoofsa 1-20 walqabsiisuun laccoofsota duraa duubaan tarreessuu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Laccoofsota beekuu	3.4. Laccoofsota 1-20 lakkaa'uu, ida'uufi hir'isuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Yaadrimee ida'uu beekuu



Kaayyoo: Yaadrimee qooyabaa ida'uu beekuun ida'uu ni shaakalu.



Meeshalee deeggarsaa: dooseewwan laccofsaa, wantoota lakkaa'aman



Mala raawwii:

- Wantoota lakkaa'amanifi mallattoo ida'uu akkasumas doosee laccofsaa raabsuuffi;
- Mallattoo ida'uu itti agarsiisuun haala armaan gadiin hubachiisuu;
 - Daa'ima tokko gara barsiisaan jirutti waamuu;
 - Doosee lakoofsaarra geengoo lama akka kaa'u gochuu;
 - Daa'imni biroon immoo sararuma sanarra xiqqoo achi siquun geengoo tokko akka kaa'u gochuu;
 - Daa'imni jalqabaa geengoo meeqa akka kaa'e, inni lammaffaa immoo geengoo meeqa akka kaa'e gaafachuu;
 - Kan lamaan isaanii walitti meeqa akka ta'u gaafachuu;
 - Lamaan isaanii gidduu mallattoo ida'uu kaa'uu;
 - Isuma kana dhuunfaan yookiin gareen akka shaakalan gochuuf fakkeenyaa ida'uu armaan gadii fayyadamuuun nidanda'ama;

$$\bigcirc \bigcirc + \bigcirc = \bigcirc \bigcirc \bigcirc$$

$$\text{Candle} \quad \text{Candle} \quad + \quad \text{Candle} \quad = \quad \text{Candle} \quad \text{Candle} \quad \text{Candle}$$



Madaallii: Yaadrimee qoyyaba ida'uu beekuufi ida'uu beekuufi ida'uu shaakaluu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Lama: Yaadrimee hir'isuufi ida'uu hubachuu



Kaayyoo: Yaadrimee qoyyabaa ida'uufi hir'isuu beekuun ida'uufi hir'isuu nishaakalu.




Meeshaalee deeggarsaa: wantoota lakkaa'aman



Mala raawwii:


- Wantoota lakkaa'aman daa'immaniif raabsuu;
- Wantoota bakka tokkotti walitti qabamanii jiran keessa kaardiiwwan lakkoofsaa fayyadamuun bakka daa'imman arguu danda'anitti lakkaa'uufi tarreessu;
- Hanga barsiisaan/tuun lakkaa'e kan baay'atu kaardii fuula isaanii dura jirurratti lakkaa'uun akka kaa'an tarreessan gochuu;
- Daa'imman hundi hanga ajajaman lakkaa'anii tarreessuu isaanii hordofuu;
- Lakkaa'amoo biroo tokko ol kaasuun daa'immanis akka ol kaasan gochuu;
- Kallatti duraan lakkaa'amanii tarreeffamaniin xiqqoo siquun dabalataan tokko kaa'uu;
- Kan duraan turerratti tokko dabalanii agarsiisuuf mallattoo ida'uu akka kaa'an gochuu;
- Meeqa akka ta'e gaafachuufi waliin lakkaa'uu;
- Mallattoo 'walqixa ta'aa' kaa'uun bu'aa itti himuu;

Yaadannoo: Hir'isuufis kanuma fayyadamuun nidanda'ama.



+

168



=

Yaadannoo: Ida'uufi hir'isuu shaakalsiisuuf dura kan fayyadamnu wantoota lakkaa'aman qofa ta'uu qaba; gabateerratti lakkofsota ida'uu shaakalsiisurra wantootaafi fakkiwwan fayyadamuuun dammaqinaan akka hirmaatan gargaara. Mallattooleen ida'uu (+), hiri'isuu (-), walqixa ta'aa (=) bifa miidhagaa ta'een dooseerra muranii qopheessuun barbaachisaadha.

Gocha Sadii: Lakkofsa kallattii addaddaan laka'a'u

 **Kaayyoo:** Lakkofsa kallattii addaddaan nilaka'a'u.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota lakkaa'aman

 **Mala raawwii:**

- Wantoota lakkaa'aman 1-20tti akka tarreessan gochuu;
- Gara duraafi duubaatti irra deddeebi'anii akka lakkaa'an gochuu;
- Lakkofsa itti agarsiisuun lakkofsa argan dura lakkofsa dhufuufi kan booda dhufu kam akka ta'e lakkofsota addaddaa gaafachuun akka dubbatan jajjabeessu, fuulchas kennuufii;
- Lakkofsa tokko itti agarsiisuun lakkofsota hanga sanatti jiran akka lakkaa'an gochuu;
- Lakkofsa irratti dhaabbatanitti aane dhufu akka dubbatan gochuun lakkofsota addaddaan shaakalsiisuu;
- Faaruu, “*simbirroo barreedduu.....*” jedhu faarfachiisuu;
- Hubannoon akka faarfatan gaaffii gaaffachuun jajjabeessuu; **Fakkeenyaa:** ‘simbirroota bareedduu 5 irraa tokko yoo hir'ate meeqa akka hafe eenyu naaf lakkaa'a?’.....
- Faaruu, “tokkoratti tokko dabalee...” jedhu waliin faarfachuu;

 **Madaallii:** lakkofsa ilaaluun lakkofsa isa dursee dhufuufi itti aane dhufu adda baasuu danda'uun isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Haalota garagaraa keessatti ulaagaalee safartuu fi meeshaalee sirrii fayyadamuu	4.1.Bakka, fageenyaafi kallattii ibsuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Yaadrimee kallattii fi fageenya hubachuu



Kaayyoo: Bitaafi mirgaa akkasumas fagoofi dhiyoo waldorgomsiisuufi ibsuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: barcuma, wantoota kutaa keessa jiran



Mala raawwii:

- Daa'imman lama gidduu isaanii barcuma kaa'uun daa'immanis bitaafi mirgarra fageenya garagaraan akka dhaabbatan gochuu;
- Eenyu gara bitaa, eenyu mirgaan akka dhaabbate gaafachuun akka himan jajjabeessuu;
- Itti aansuun, tokko achi fageessuun, tokko immoo dhiyeenyarra akka dhaabbatu gochuu;
- Barcuma gidduu isaanii jirurraa bakki isaan dhaabbatan kamtu fagoo, kamtu dhiyoorra akka jiru gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;
- Daa'imman maqaa naannoo jirenya (mana) isaanii beekuu isaanii gaafachuu;
- Gara mana barnootaa kana maaliin akka dhufan, maaliif geejjibatti akka fayyadaman gaafachuun yommuu dubbatan dhiyoo, fagoo, baay'ee fagoo jechuun ibsuu akka danda'an gaaffiin gargaaruu;

Yaadannoo: Mataduree kana akka barbaachisummaa isaatti bakka lamatti quoduun hojjachiisuun nidanda'ama; sababni isaas, bitaafi mirgaa beekuufi fageenya hubachuun garaagarummaa muraasa waan qabaniifidha.

isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Bakkaafi kallattii adda baasuu



Kaayyoo: Bakkaafi kallattii adda baasuu nishaakalu.



Mala raawwii:

- Daa'imman mana barnootaa baratanitti bakkaafi kallattii dareewwan itti argaman ibsuu akka danda'an shaakalsiisuu; **Fakkeenya:** dareen barnootaa, biiroon, iddoon taphaa, bakki itti nyaataniifi manni fincaanii eessatti akka argamaniifi maal cinaatti akka argaman....
- Faaruwwaniifi walaloowwan bakka ibsan akka faarfatan gochuu;



Madaallii: Bakkaafi kallattii adda baasuu shaakaluu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Haalota addaddaa keessatti ulaagaalee safartuufi meeshaalee sirrii fayyadamuu	4.2. Wantoota seeraan ol kaa'uufi waldorgomsiisuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Meeshaa xiqqaafi guddaa waldorgomsiisuu



Kaayyoo: Meeshaa xiqqaafi guddaa waldorgomsiisuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: saanduqa cirrachi itti guutame, kubbaayyaa pilaastikaa xiqqaafi guddaa



Mala raawwii:

Daa'imman gara dirreetti baasuun tapha safaruu haala armaan gadiin taphachiisuu:

- Kubbaayyaa pilaastikaa xiqqaafi guddaa daa'immaniif kennuu;
- Cirracha kubbaayyaa guddaarraa gara xiqqaatti, xiqqaarraa gara guddaatti garagalchuun akka waldorgomsiisan gochuu;
- Haala kanaan safaraa, garagaggalchaa kubbaayyaa xiqqaan cirracha xiqqa, kubbaayyaa guddaan cirracha guddaa akka qabatu akka hubatan gochuu;



Madaallii: Meeshaa guddaafi xiqqa waldorgomsiisuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Meeshaa gabaabaafi dheeraa safaruun waldorgomsiisuu



Kaayyoo: Meeshaa gabaabaafi dheeraa safaruun waldorgomsiisuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: sarartuu qaql'aa dooseerraa qophaa'an, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Waraqaa, qubeessaafi halluu kenuufii;
- Waraqaa kennameefirratti qubeessaa fayyadamuun fakkii daandii (karaa) lama, tokko gabaabaa, tokko immoo dheeraa gubbaafi jalaan akka kaasan gochuu;
- Sarartuu itti kenuun safaranii kamtu dheeraa, kamtu gabaabaa akka ta'e waldorgomsiisuun akka himan gochuu;



Madaallii: Gabaabaafi dheeraa ijaan ilaaluufi safaruun waldorgomsiisuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Salphaafi ulfaataa waldorgomsiisuu



Kaayyoo: Wantoota salphaafi ulfaataa ta'an waldorgomsiisuun adda baasuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: muka bocaan walfakkaatanii garuu ulfaatina garagaraa qaban, qaraciitii jirbiifi cirrachi itti guutamee yoo ijaan ilaalan walqixa fakkaatan....



Mala raawwii:

- Muka lama dhiyeessuun barruu harka isaaniirra kaa'uun kamtu salphaa, kamtu ulfaataa akka ta'e akka dubbatan gaafachuu;
- Irra deddeebi'anii harka isaaniin madaalaadhaan akka himan jajjabeessuu;

Salphaa

Ulfaataa

- Haaluma kanaan qaraciitota harka isaaniin madaalaadhaan salphaafi ulfaata akka tilmaaman shaakalsiisuu;



Madaallii: salphaafi ulfaataa waldorgomsiisuun adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Fageenya safaruu



Kaayyoo: Fageenya safaruu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: sarartuu, fo'aa (safartuu)



Mala raawwii:

- Fageenya taa'umsa barsiisaafi taa'umsa daa'immanii gidduu jiru tarkaanfin akka safaran gochuun tarkaanfii meeqa akka ta'e akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuun, sarartuun safaruudhaan sarartuu meeqa akka ta'e akka dubbatan gochuu;
- Minjaalli isaaniifi kan barsiisaa hangaan kan isaanii akka caalu gaafachuu;
- Safartuu haadaatiin akkamitti akka safaran itti agarsiisuu;
- Dabaree dabareen haada fayyadamuun minjalota lamaan safaruun akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Dheerina safaruu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa

Gocha Shan: Bal'ina safaruu



Kaayyoo: Bal'ina safaruu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: rog-afree, kaaree, meeshaa safartuu (dooseerraan murame)



Mala raawwii:

- Rog-afree, kaareefi meeshaalee safartuu daa'immaniif minjalala isaaniirratti kenuun roga bocaawan akkamitti akka safaran itti agarsiisuu;
- Meeshaa safartuudhaan safaruun roga isa kamtu kamiin akka caalu akka dubbatan jajjabeessuu;



Madaallii: Dheerina safaruu danda'uu isaanii ilaaluufi gaaffii gaafachuu mirkaneessuu.


Gocha Jaha: Yaadrimeewan guutuufi qoqqoodamootaa hubachuu



Kaayyoo: Yaadrimeewan guutuufi qoqqoodamootaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: siliinderoota hojjaan seentimeetira 12 ta'eefi bal'inni roga isaanii seentimeetira 3 ta'e lama qopheessuun tokkichi walqixa bakka afuritti mummurame qopheessuu.



Mala raawwii:

- Siliindaroota qophaa'an keessaa tokkicha bakka walqixa afuritti mummuruu;
- Kan mummurame walirra kaa'uun siliinderii isa guddaa waliin walbira dhaabuun akka safaran gochuu;
- Inni mummurame isa guutuu waliin walqixa ta'uu hubachuu;
- Mummuramaa meeqatu guutuu tokko akka ta'u akka hubatan gargaaruu;



Madaallii: Adeemsa siliinderoota mummuraman ijaaruu keessatti hojjaa/dheerina safaruu shaakaluu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Meeshaalee safartuu fayyadamuu



Kaayyoo: Meeshaalee safartuu fayyadamuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, sarartuu, fo'aa (safartuu), wadaroo, huccuu



Mala raawwii:

- Waa'ee meeshaalee safartuu ilaachisee haala armaan gadii hubannoo akka argatan gochuu;
 - Sarartuudhaan waraqaa safaruu;
 - Wadaroo yookiin huccuu dhundhumaan safaruu;
 - Bal'ina kutaa isaanii balbalarraa jalqabee hanga keenyan isa fuulduraatti jiru tarkaanfiin safaruun agarsiisuu;
- Tokkoon tokkoon isaanii haaluma ilaalaniin safaruun waan argatan dubbachuuf akka yaalan jajjabeessuu;

Yaadannoo: Meeshaalee safartuu fayyadamuu yeroo addaddaatti waan garagaraa akka safaran jajjabeessuun barbaachisaadha.



Madaallii: Mala safartuu dheerinaa beekuu isaanii akkasumas safaruu danda'uu isaanii ilaaluufi gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
5. Yaadriimee yeroo hubachuu, ibsitoota yeroo fayyadamuu	5.1.Dalagawwan yeroo keessatti raawwataman adda baasuun hordofuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Gochawwan yeroo keessatti raawwataman adda baasuu



Kaayyoo: Gochawwan yeroo keessatti raawwataman adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: kitaabilee sheekkoo



Mala raawwii:

- Guyyoota ayyaanaa yeroo addaddaatti kabajaman kaasuun maaliif akka kabajamu gaafachuu;
- Ayyaanota mana isaaniitti kabajamu calaqqisiisuun akka taphatan gochuu;
- Kun kan raawwatame yoomidha? Yoom raawwatama? Jechuun gaafachuun jechoota waa'ee yeroo darbeefi fuulduraa ibsan fayyadamuu;
- Deebii akka kennan gochuu, guyyaa dhalootaa kan kabajje yoomi? Yoom guyyaan boqonnaa keenyaa...;
- Tapha waa'ee ayyaanaa ibsu akka taphatan haala mijeessuu;



Madaallii: Gochawwan yeroo keessatti raawwataman adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun hordofaa.

Gocha Lama: Faayidaa sa'atii hubachuu



Kaayyoo: Faayidaa sa'aatii nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii sa'aatii waraqaa furdaarratti yookiin kaartooniirraa
hojjatame



Mala raawwii:

- Sa'aatii hojji baruu-barsiisuuf hojjatame dhiyeessuu;
- Itti aansuun sa'aatiin maaliif akka fayyadu mariisiun namoonni akkamitti akka itti fayyadaman gaafachuun mariisisuu;
- Waraqaafi qubeessaa itti kennuun akka kaasan gochuu;
- Fakkii isaan kaasan dinqisiifachuu;



Madaallii: Faayidaa sa'aatii hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Lakkaawwii guyyaa beekuu



Kaayyoo: Waa'ee lakkaawwii guyyaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: lakkaawwii guyyaa



Mala raawwii:

- Lakkaawwii guyyaa (kalaandarii) guddifamee barreeffamee fiduun itti agarsiisuu;
- Lakkaawwiicharratti baatiileen, guyyootiin torbanii akkasumas halluwwan addaa guyyoota ayyaanaa ta'uu agarsiisan akka irra jiran itti agarsiisuun mariisisuu;



Madaallii: Waa'ee lakkaawwii guyyaa hubachuu isaanii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Dalagaawwan guyyaafi galgala raawwataman adda baasuu



Kaayyoo: dalagaawwan guyyaafi galgala raawwataman adda nibasu.




Meeshaalee deegarsaa: fakkii dalagawwan guyyaafi galgala raawwatamuu danda'an agarsiisuu bifaa loottoon qopheessuu



Mala raawwii:

- Toora faaruu, “Ganama ka’ee...” jedhu irra deddeebi’uun akka jedhan gochuu;
- Dalagaawan guyyaafi galgala raawwataman fakkiin itti agarsiisuun mariisisuu;
- Dalagaawan fakkicharraa mul’atan ilaaluun akka walitti firoomsan gochuu;
- Guyyaa geengoo bifaa keeloo (mallattoo aduu) galgala immoo geengoo xiqqoo bifaa gurraachaan (baatii fi urjii) bocuun yeroo isa kam akka bakka bu’an hubachiisuu;



Madaallii: Dalagaawan guyyaafi galgala raawwataman adda baasuu danda’uu isaanii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Guyyoota torbanii adda baasuu



Kaayyoo: Guyyoota torbanii adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa furdaa, shaashboordii, waraqaa arjajja’aa



Mala raawwii:

- Hubannoo daa’imman waa’ee yeroorratti qaban cimsuu;
- Ganama daree seenanii sagantaan guyyichaaf karoorfame osoo hinjalqabiin dura guyyicha, ji’aa isaaifi bara akka dubbatan gochuu;
- Gabatee gurraacharratti guyyaa, ji’aaifi bara barreessuu;
- Faaruu ‘Guyyoota torbanii ‘ jedhu akka faarfatan gochuu;
- Guyyoota torbanii waraqaa furdaa halluu addaddaa qabanirratti barreessuu;

- Duubarratti waraqaa arjajja'a maxxansuun shaashboordiirratti qabsiisuu;
- Hubannoo waa'ee guyyoota torbanii (guyyoota boqonnaafi guyyoota barumsaa) irratti qaban cimsuu;



Madaallii: waa'ee guyyoota torbanii hubachuu isaanii gaafachuun miraneessaa.

Gocha Jaha: Dalagawan guyyaa keessatti raawwataman hubachuu



Kaayyoo: Dalagawan yeroo keessatti raawwataman adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee yeroo agarsiisu, kitaaba sheekkoo.



Mala raawwii:

- Gabatee yeroo ibsu itti agarsiisuu; **Fakkeenyaa:** yeroo biqiltuu kunuunsan, gabatee wayitii barumsaa, yeroo nyaataafi kanneen kana fakkaatan
- Yoom maal akka raawwatamu itti agarsiisuun mariisisuu;
- Sheekkoo yeroo ibsuu danda'aniifi seenawan gaggabaaboo dhaggeeffachuun maaltu yoom akka raawwatam akka himan mariisisuu;



Madaallii: Dalagawan yeroo keessatti raawwataman adda baasuu danda'uu isaanii Mirkaneessaa.

Gocha Torba: Tapha 'Maaltu yoom raawwatama?' jedhu taphachuu



Kaayyoo: Tapha 'Maaltu yoom raawwatama?' jedhu nitaphatu.



Mala raawwii:

- Qaama keenya dhiqanna? Yoom? Sanbataafi Dilbata;
- Harka keenya dhiqanna? Yoom? Nyaata duraafi booda;
- Ciree keenya nyaanna? Yoom? Sa'aatii cireetti;
- Guyyoota boqonnaati. Yoom? Sanbataafi Dilbata jechuun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Tapha 'Maaltu yoom raawwatama?' jedhu taphachuu isaanii mirkaneessuu.

Gocha Saddeet: Maalummaa waqtileefi akaakuu isaanii hubachuu



Kaayyoo: Maalummaa waqtileefi akaakuu isaanii nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwwan haala uffannaa waqtilee garagaraa agarsiisan



Mala raawwii:

- Daa'imman hiika waqtilee akka dubbatan jajjabeessuu;
- Yeroo gannaan akkasumas yeroo bonaafii fakkii haala uffannaa namootaa agarsiisu dhiyeessuu;
- Uffannaan namootaa yeroo bonaafii gannaan maaliif addadda akka ta'e, jijjiiramooni waqtilee maal maal akka ta'an gaafachuun mariisisuu;
- Tapha jijjiirama argamsiisan jedhu walsimsiisaa akka taphatan gochuu;
- Yoo danda'ame waqtilee afranirratti, keessumattummoo yeroo bonaafii gannaan jijjiiramoota mul'atan fakkiiwwan agarsiisan bifa loottoon qopheessuu taphachiisuu;



Madaallii: Maalummaa waqtileefi akaakuu isaanii hubachuu mirkaneessuu.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
6. Yaadrimiie bakkaa hubachuufi ibsitoota isaa fayyadamuu	6.1 Bakka argama wantoota kallattii addaddaarraa ka'uun himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Bakka argama wantootaa adda baasuu



Kaayyoo: Bakka argama wantootaa bakka argama wanta biroo bu'uura godhachuun adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: wantoota garagaraa



Mala raawwii:

- Wantoota garagaraa daree barnootaa keessatti argaman minjaalarra wal cinaa, duubarra, fuuldura, jala, ol kaa'uu;
- Daa'imman dabaree dabareen waamuun wantoonni minjaalarra jiran wantoota kanneen birooraa kallattii kimirraa akka taa'e akka hubatan gochuu;

- Maaltu eessa akka jiru kan biroon walbira qabanii akka himan gochuu;
- Fuula isaanii naannessanii akka dhaabbatan gochuun osoo daa'imman hinilaaliin bakka taa'umsa wantoota kanneenii jijjiiruu;
- Amma akka hubataniifi kan jijjiirame akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Bakka argama wantootaa wanta biroon walbira qabuun ibsuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Kallattii argama wantoota addaddaa himuu



Kaayyoo: Kallattii argama wantoota addaddaa fakkiin kaafamanii nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii wantoota addaddaa bakkaafi kallattii addaddaa agarsiisuu



Mala raawwii:

- Fakkii wantoota addaddaa agarsiisu bakka daa'immaniif mul'atutti fannisuu;
- Daa'immanis maal maaltu fakkicharra akka jiru akka himan gochuu;
- Itti aansuun, maaltu eessa akka jiru akka himan gaafachuu;

Fakkeenyaa: Gurbaa inni xiqaan eessa dhaabbate? Cinaa isaa eenyu jira/ Biskileetiirra eenyu jira? Gurbichi biskileetiirraa kallattii kamirra jira?



Madaallii: Kallattii adda baasuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Taphaan dhiyoofi fagoo adda baasuu



Kaayyoo: Taphaan dhiyoofi fagoo adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: teessoo, tsenaatsili



Mala raawwii:

- Hubannoo waa'ee ibsituu bakkaarratti qaban cimsuuf haala armaan gadiin taphachiisuu:

- Daree keessa teessoowwan 4 kallattii garagaraan kaa'uu;
- Tsenaatsiliin akka socho'an gochuu;
- Lakkoofsi daa'immanii lakkoofsa teessoowwaniirra tokkoon caaluu qaba;
- Sagaleen tsenaatsilii dhaabbatee 'fagoo' yommuu jedhamu teessoo fagoo jirurra, 'dhiyoo' wayita jedhamu immoo teessoo dhiyoo jirurra taa'uu akka qaban hubachiisuu;
- Taphachuun itti agarsiisuun daa'immanis gareen ta'uun dabareen akka taphatan gochuu;



Madaallii: Hubannoo waa'ee bakkaarratti qaban cimsachuu isaanii taphicha hordofuun madaala.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
7. Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuufi fayyadamuu	7.1.Gatii maallaqaa himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Hanga maallaqaa hubachuu



Kaayyoo: Waa'ee hanga maallaqaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: noottii qarshii, saantimoota



Mala raawwii:

- Maallaqa arganii akka beekan gaafachuu;
- Warri maallaqa qabna turre jedhan meeqa akka qabaniifi maal akka ittiin godhan gaafachuun mariisisuu;
- Waraqaa maallaqaafi saantimoota minjaalarra kaa'uufii;
- Utuu fudhadhaa jedhamanii kam akka filatan gaafachuu;
- Maallaqni isaan filatan kaanirra maaliin akka adda ta'e gaafachuu;
- Dhumarrattis hanga maallaqaa addaddaa (waan baay'ee bituu kan danda'uufi waan xiqlaa bituu kan danda'u) jiraachuu akka danda'u akka hubatan gochuu;



Madaallii: Hanga maallaqaa hubachuu isaanii mirkaneessuu

Gocha Lama: Saantima adda baasuu



Kaayyoo: Saantima adda baasuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: saantimoota, waraqaa haphii, qubeessaa, wantoota golee suuqiif fayyadan.



Mala raawwii:

- Waraqaa haphii, qubeessaa, saantima gareen yookiin daa'imman hundaaf raabsuu;
- Fakkii saantimaa baasuuf waraqaa haphii jala kaa'uun akkamitti qubeessaa akka itti rigan agarsiisuu;
- Qubeessaa itti riguun fakkii saantimaa akka baasan gochuu;
- Kan isaan hojjatan walitti qabuun qaxxaamurtuun(maqasii) muranii baasuu;
- Suuqii suuqiifi tapha maatiif akka itti fayyadaman gochuu;



Madaallii: Saantima adda baasuun itti fayyadamuu danda'uu isaan ilaaluun madaalaa.

Gocha sadii: Faayidaa dhaabbilee maallaqaa hubachuu



Kaayyoo: Faayidaa dhaabbilee maallaqaa nihubatu.



Mala raawwii:

- Maatiin isaanii maallaqa eessaa akka argatan gaafachuu;
- Maatii isaanii waliin mana baankii akka deemanii beekan gaafachuu;
- Waa'ee baankii waan beekan akka himan jajjabeessuu;
- Baankiin bakka maallaqa ol kaawwatan ta'uu akka hubatan gochuu;



Madaallii: Faayidaa dhaabbilee maallaqaa hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Sirna gabaa shaakaluu



Kaayyoo: Sirna bittaafi gurgurtaa nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii birriifi saantimootaa, meeshaalee taphaa 'tapha suuqii suuqiif' fayyadan



Mala raawwii:

- Suuqii deemanii meeshaa bituuf maal jedhamee akka gaafatamu mariisiisuu;

- Golee tapha suuqiitti irra deddeebi'anii akka taphatan gochuu;
- Yeroo bittaafi gurgurtaa jechoota itti fayyadamuu qaban nama waa bitu fakkaatanii taphicha gidduu seenuu shaakalsiisuu;



Madaallii: Adeemsa bittaafi gurgurtaa shaakaluu isaanii gaaffii gaafachuufi taphicha ilaaluun mirkaneessaa.

2.4.5. Unka daawwannaan ittiin gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ kornaya _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamuu ilaachisee sadarkaalee armaan gadii keessaa lakkofsa sadarkaa tokkoof kennname qofa roga 'Daawwannaan' jedhu jalatti barreessaa.

Sadarkaalee

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba, walakkaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/ Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. Amala wantootaa sakatta'uun, hubachuufi adda baasuu			
1.1. Wantoota akaakuun ramaduu nidanda'u.			
2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisuu			
2.1. Walitti dhufeenyaa wantoota gidduu jiru haala duraa duuba eegeen agarsiisuu nidanda'u.			
3. Lakkofsota beekuu, ibsuu, walitti dhufeenyaa isaanii hubachuu fi qoyyaboota salphaa hojjachuu			
3.1. Tokkummaafi garaagarummaa wantootaafi lakkofsota gidduu jiru himuu nidanda'u.			
3.2. Walqixadha; nicaala; irra xiqaadha; jechuun dubbachuu nidanda'u.			
3.3. Lakkofsota 1-20 adda baasuu nidanda'u.			
3.4. Lakkofsota 1-20 lakkaa'uun, ida'uufi hir'isuu nidanda'u.			
4. Haalota addaddaa keessatti meeshaaleefi ulaagaalee safartuu sirrii ta'an fayyadamuu			
4.1. Bakka, fageenyaaafi kallattii ibsuu nidanda'u.			

4.2.Wantoota sirnaan tarreessuu (naquu) fi wal dorgomsiisuu nidanda'u.			
5. Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsitoota yerootti fayyadamuu			
5.1.Dalagawwan yeroo keessatti raawwataman adda baasuufi hordofuu nidanda'u.			
6. Yaadrimee bakkaa hubachuufi ibsitoota isaaniitti fayyadamu			
6.1.Bakka argama wantootaa kallattii addaddaa bu'uureffachuuun dubbachuu nidanda'u.			
7. Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuufi itti fayyadamuu			
7.1.Gatii maallaqaa himuu nidanda'u.			

2.5. Walitti Dhufeenya Naannoo Waliin Taasisaniin Naannoo Qo'achuufi Naannoo Ofiin Walbaruu

2.5.1. Ibsa

Daa'imman daangaa umrii kanaa keessa jiran afaaniifi qaamoolee miiraa fayyadamuun naannoo isaanii sakatta'uufi beekuuf fedhiifi kaka'umsa olaanaa kan qabanidha. Akkasumas, yaadrimeewwan haaraa yeroo itti barataniifi sababaafi bu'aa waan tokkoo beekuuf fedhii guddaa kan qabaniidha. Kanaafuu,

- Qaamolee miiraa fayyadamuun amala wantootaa akka hubatan deeggarsa gochuun naannoo isaanii hubannoonaan akka ilaalan gochuun;
- Sadarkaa isaaniitti yaalii addaddaa akka taasisan, jijiirama jirus akka hubatan gargaaruu;
- Gaaffii daa'imman gaafataniif dafanii deebii kennuun gargaaruu;
- Dalagaawwan daa'imman raawwatan sadarkaa guddina isaaniin kan walsimu ta'uu mirkaneessuufi irra deddeebi'anii akka shaakalan gochuun yaalii daa'immaniif beekamtii kennuun nibarbaachisa.

2.5.2. Kaayyoowwan gooroo

1. Namootaafi wantoota uumamaa naannoo manaafi mana barnootaa isaaniitti argaman adda baasuufi sadarkaa isaaniitti yaalii taasisuu akka danda'an gochuuf;
2. Gahee hojii namootaafi bakkeewwan faayida qabeeyyii ta'an himuu danda'uu, miira biyya ofii jaallachuu akka gabbifatan gochuuf;
3. Qulqullina naannoorratti hirmaachuufi wantoota balaa geessisanirraa of eeguu akka danda'an gochuuf;
4. Yaadrimee sochii hubachuu, akaakuuwwan geejjibaa adda baasuufi wantoota garagaraa hojjachuun dandeetti kalaqaa akka cimsatan gochuuf;

2.5.3. Ga'umsootaafi bu'aawwan eegaman

1. Naannoo dhiyoo sakatta'uufi beekuu
 - 1.1 Namoota naannoo manaafi naannoo mana barnootaa isaaniitti argaman, wantoota uumamaafi namtolchee ta'an adda baasuu nidanda'u.
 - 1.2. Wantoota naannoo isaaniitti argamanirratti yaalii taasisuu nidanda'u.
2. Bakkeewwan barbaachisoo naannoo isaaniitti argaman dinqisiifachuu

- 2.1.Gahee hojii namootaafi iddoowwan faayida qabeeyyii ta'anii himuu nidanda'u.
- 2.2.Miira biyya jaallachuu nihoratu.
3. Akkamitti akka naannoo kunuunsan beekuufi naannoo kunuunsuu
 - 1.1.Naannoo qulqulleessuurratti hirmaachuu nidanda'u.
4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuufi ofeeggannoo taasisuu
 - 4.1. Wantoota balaa geessisanirraa ofeeguuufi naannoo qulqulleessuu nidanda'u.
 - 4.2. Sadarkaa isaaniitti mirga daa'immanii hubachuun miidhaa daa'immaniirraa ofeeguu nidanda'u.
5. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii taasisuu
 - 5.1.Tokkummaafi addaddummaa akaakuwwan geejjibaa naannoo isaaniitti argamanii waldorgomsiisuu nidanda'u.
6. Ogummaa fakkii kaasuufi bocaawwan hojjachuu horachuu, dinqisiifachuuf of ibsuu
 - 6.1.Wantoota garagaraa uumuun dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu.

2.5.4. Ga'umsootaafi bu'aawan eegaman, meeshaalee deeggarsaafi mala raawwii

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Naannoo dhiyoo ta'e sakatta'uufi beekuu	1.Namoota, wantoota namtolcheefi uumamaa naannoo manaafi naannoo mana barnootaatti argaman adda baasuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota namtolcheefi uumamaa adda baasuu



Kaayyoo: wantoota uumamaafi namtolchee adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii nama, fakkii bineeldotaafi ilbiisotaa, jajjaboo, dhagaa, biyyee, fakkii konkolaataa, teessoo, minjaala.



Mala raawwii:

- Sadarkaa isaanitti wantoota namtolcheefi uumamaa kam akka ta'an fakkeenya kenuun hubachiisuu;
- Wantoonni uumamaa kanneen uumamaan argamaniidha; Fakkeenya: nama, bineeldota, ilbiisota, jajjaboo, dhagaa, biyyee
- Namtolchee kan jedhaman immoo wantoota namaan tolfamaniidha. Fakkeenya: konkolaataa, mana, teessoo....

- Fakkii kenuudhaan wantoota namtolcheefi uumamaa ta'an akka ramadan gochuu;



Madaallii: wantoota namtolcheefi uumamaa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Wantoota namtolcheefi uumamaa amala isaaniin ramaduu



Kaayyoo: Wantoota uumamaafi namtolchee haala amala isaaniin ramaduu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwan cimdii addaddaa



Mala raawwii:

- Fakkiiwan cimdii ta'an daa'immaniif kenuu;
- Fakkiiwan kanneen haala amala isaaniin akka ramadan gochuu;
- Erga isaan xumuraniis maaliif akkasitti akka ramadaniifi walii galaan maal jedhamee akka waamamu gaafachuun akka dubbatan jajabeessu;
- Yoo dogoggoran gaaffii addaddaa gaafachuun dogoggora ofii akka sirreffatan gargaaruu;



Madaallii: wantoota uumamaafi namtolchee ta'an akkaataa amala isaaniin ramaduu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Bineeldota, ilbiisotaafi allaattiwwan adda baasuu



Kaayyo: Bineeldota, ilbiisotaafi allaattiwwan adda nibasu.



Meeahaalee deeggarsaa: loottoofi pazilii bineeldotaa, doomiinoo fakkii



Mala raawwii:

- Loottoofi pazilii bineeldotaa akkasumas doomiinoo fakkii qopheessuu;
- Tapha, "kan hir'ate beeki" jedhu taphachiisuu;
- Waan baratan taphaan akka cimsatan gochuu;



Madaallii: Bineeldota, ilbiisotaafi allaattiwwan adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Afur: Fakkii bineeldotaa, ilbiisotaafi allaattiwwan kaasuu



Kaayyoo: Fakkii bineeldotaa, ilbiisotaafi allaattiwwan kaasuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Waraqaaifi qubeessaa kennuufii;
- Fakkii bineeldotaa, ilbiisotaafi allaattiwwan akka kaasaniifi halluu akka diban gochuu;
- Erga xumuraniis muranii akka baasan gargaaruu;
- Waraqaa guddaarratti maxxansuun kutaa keessaatti keenyanirratti fannisuu;



Madaalli: Fakkii bineeldotaa, ilbiisotaafi allaattiwwan kaasuu shaakaluu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Haala jirenyaa bineeldotaa hubachuu



Kaayyoo: Haala jirenyaa bineeldotaa nihubatu.



Mala raawwii:

- Haala jirenyaa bineeldotaa mooraa keessa jiranii akka ilaalan gochuu;
- Naannoo sanatti bakka bineeltonni walitti qabamanii jiran yoo jiraate daa'imman qabanii dhaquu; **Fakkeenya:** mooraa leencaa Siddisti Kiiloo jiru,
- Waan argan kutaa keessatti mariisisuu;



Madaallii: Haala jirenyaa bineeldotaa hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Beelladootaafi biqiltoota kunuunsuu



Kaayyoo: Beelladootaafi biqiltoota kunuunsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: biqiltuu xaasaa (qorqoorroo) keessa dhaabame, qodaa biqiltuu bishaan ittiin obaasan



Mala raawwii:

- Bineeldota mana isaanii jiran lukkuu, adurree, saree... yommuu warri isaanii nyaata kenuun kunuunsan isaanis warra isaanii waliin kunuunsu akka qaban hubachiisuu; Fakkeenya: nyaata sareerraan butuu, jalaa dhangalaasuun sirrii akka hintaane hubachiisuu;
- Daree isaanii keessa xaasaa keessa yookiin oddoo mana barnootaa keessa biqiltuu dhaabamee jiru haala sagantaa dabaree isaaniif baheen guyyuu akka kunuunsaniifi jijiirama jiru akka hubatan gochuu;



Madaallii: Beelladootaafi biqiltoota kunuunsuu shaakaluu isaanii hordofuun madaala.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Naannoo dhiyoo sakatta'uufi beekuu	1.2. Wantoota naannootti argatan irratti yaalii taasisuu nidanda'u

Gocha Tokko: Wantoota uumamaa naannootti argaman adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota uumamaa naannoo isaaniitti argaman adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: jajjaboo xixiqqoo, dhagaa xixiqqoo, firiwwan baargamoo, baala hanga garagaraa qaban.



Mala raawwii:

- Wantoota uumamaa naannootti argaman qabachuun gara daree seenuu /dhufuu; Fakkeenya: jajjaboo xixiqqoo, dhagaa xixiqqoo, firiwwan baargamoo, baala hanga garagaraa qabu;
- Daa'immanitti kenuun maal akka ta'e akka dubbatan gochuu;
- Wantoota walfakkaatan bakka tokko akka kaa'an gochuu;

- Hundi isaanii bakka tokkotti wantoota uumamaan jiran jedhamanii akka waamaman itti himuu;



Madaallii: wantoota uumamaan naannoo isaaniitti argaman adda baasuu isaanii madaalaa

Gocha Lama: Haala jirenya raachaafi ilbiisota hubachuu



Kaayyoo: Haala jirenya raachaafi ilbiisotaarratti hubannoo qaban nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii raachaafi raammoo



Mala raawwii:

- Naannoo isaaniitti waqtii gannaafi kuufama bishaanii keessatti maal arganii akka beekan gaafachu;
- Fakkii raachaafi raammoo itti agarsiisuu;
- Bishaan kuufame keessa akka jiraatan itti himuu;
- Raachi sagalee ‘qu’...r’ jedhu akka dhageessisuufi utaaluu malee tarkaanfachuu akka hindandeenye itti himuu;
- Raachi akka nama hintuqneefi ganna ganna yeroo tokko tokko naannoo manaa akka dhuftu itti himuu;
- Raammoonis lafarra akka lo’aniifi wayita bishaan jiraatu akka uumaman akka hubatan gochuu;



Madaallii: Haala jirenyaa raachaafi ilbisootaa irratti hubannoo cimsachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Sadii: Waa’ee haala jirenyaaaf faayidaa qurxummii hubachuu



Kaayyoo: Haala jirenyaaafi faayidaa qurxummii nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii qurxummii



Mala raawwii:

- Iddoowwan bishaan gurguddaan jiran (laggeen, haroowwan) keessa qurxummoonni akka jiraatan ibsuu;
- Qurxummiin bishaan keessaa bahee jiraachuu akka hindandeenye akka hubatan gochuu;
- Qurxummiin soorataaf akka fayyadduu fi qaama keenyaaf faayidaa guddaa akka qabu ibsuufii;



Madaallii: Haala jirenyaa fi faayidaa qurxummii hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Garaagarummaa bonaafi gannaah hubachuu



Kaayyoo: Garaagarummaa bonaafi gannaah nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii/suuraa waa'ee bonaafi gannaah agarsiisu



Mala raawwii:

- Fakkiwwan bona fi gannaah agarsiisan fayyadamuu
- Waqtii bona wantoota armaan gadii bal'inaan akka argan hubachiisuu
 - Yeroo hundaa aduun akka jirtu;
 - Qilleensi ho'aa akka ta'e;
 - Bokkaan kan hinjirre ta'uu;
 - Dacheeniis gogaa akka ta'e;
 - Uffanni yoo miicame dafee akka gogu;
- Waqtii gannaah garuu amaloonni armaan gadii bal'inaan kan argan ta'uu hubachiisuu;
 - Aduun kan jiraattu yeroo hundaa akka hintaane;
 - Qilleensi akka dilalla'u;
 - Bokkaan akka roobu;
 - Dacheenis jiidhaa akka ta'e;
 - Uffannis yoo miicamee dafee akka hin qoorre akka hubatan gochuu;
- Yeroo bonaafi gannaajijiiramoota lubbuu qabeeyyirratti qaqqabu (namarratti, biqilotarratti, bineeldotarratti...) gaafachuun mariisisuu;



Madaallii: Garaagarummaa bona fi gannaah gidduu jiru himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Shan: Faayidaa bishaanii hubachuu



Kaayyoo: Faayidaa bishaanii ni hubatu.



Mala raawwii

- Waa'ee faayidaa bishaanii ilaalchisee gaaffiwwan garagaraa gaafachuu;
- Bishaan nyaata ittiin bilcheessuu fi qulqullina eeggachuuf, geejjiibaaf kanneen kana fakkaatan.... Akka barbaachisuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa;



Madaallii: Faayidaa bishaanii hubachuun dubbachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha Jaha: Waa'ee qilleensaa hubachuu



Kaayyoo: Waa'ee qilleensaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, doosee



Mala raawwii:

- Haala hojjanna balaanbaleetti waraqaa itti agarsiisuu;
- Balaanbaleetti waraqaa hojjachuudhaan akka taphatan gochuu;
- Bakka qilleensi jirutti humna qilleensaan ariitiin akka naanna'u akka hubatan gochuu;



Madaallii: Waa'ee qilleensaa hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

Gocha Torba: Faayidaa qilleensaa hubachuu



Kaayyoo: Faayidaa qilleensaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, huccuu haphii lama, bishaan...



Mala raawwii:

- Daa'imman faayidaa qilleensaakka hubatan gochuuf waraqaa dachaasanii itti kenuun ofitti afarsuun miirri akkamii akka itti dhaga'ame akka dubbatan gochuu;

- Huccuu haphii lama bishaan keessa cuubuu fi cuunfuun tokkicha bakka qilleensi jiru afuu;
- Tokkicha immoo bakka qilleensi hinjirretti fannisuun kamtu dafee akka gogu akka ilaalan gochuu;
- Qilleensa ho'aa akka dilalleessuu fi huccus dafee akka gogsu akka hubatan gochuu;



Madaallii: Faayidaa qilleensaa hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Saddeet: Wantoota naannootti argamanirraa meeshaalee taphaa hojjachuu



Kaayyoo: Wantoota naannootti argamu fayyadamuun meeshaalee taphaa nihojjatu.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa, baala baargamoo, huccuu haphii



Mala raawwii:

- Waraqaa dadachaasuun jeettii fi dooniin akkamitti akka hojjatamu itti agarsiisuu;
- Daa'immanis haaluma ilaalanin akka hojjatan dadammaqsuun gargaaruu;
- Baala baargamoorraa akkasumas kaardii mobaayiliirraa balaanbaleetti akka hojjatan itti agarsiisuu;
- Daa'immanis akka hojjatanii fi ittiin taphatan jajjabeessuu;



Madaallii: wantoota naannootti argamanirraa meeshaalee taphaa hojjechuu danda'uun isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sagal: Wantoota gadi lixaniifi bololi'an adda baasuu



Kaayyoo: Yaalii taasisuudhaan wantoota gadi lixaniifi bololi'an adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Saahinii pilaastikaa golboo ifa dabarsuu danda'u, wantoota xixiqqaa (aziraarii, uffata, furtuu, haqxuu, baalaa fi kanneen kana fakkaatan..



Mala raawwii:

- Saayinaa pilastikaa golboo ifa dabarsutti bishaan guutuu;
- Saayinicha bakka daa'immaniif mul'atu minjaala irra kaa'u;

- Meeshaalee xixiqqaan daa'imman beekan minjaalarra kaa'uu; **Fakkeenya:** aziraarii uffataa xiqqaan ta'e, haqxuu, baala...
- Daa'imman lama kaasuun meeshaalee minjaalarra jiran keessaa kan fedhan tokko qofa akka kaasan gochuu;
- Maal akka ta'e hiriyoota isaaniitti agarsiisuun akka dubbatan gochuu;
- Meeshichi gadi lixe yookiin ni bololi'e jedhanii akka dubbatan gargaaruu;
- Bifa kanaan daa'imman hundi taphicha keessatti akka hirmaatan gochuu;
- Meeshichi gadi lixe yookiin ni bololi'e jedhanii akka dubbatan gargaaruu;
- Bifa kanaan daa'imman hundi taphicha keessatti akka hirmaatan gochuu;



Madaallii: yaalii taasisuudhaan wantoota gadi lixanii fi bololi'an adda baasuun isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudhan: Man'ee kobbeetiin oomacha faffaca'u baasuu



Kaayyoo: Man'ee kobbeetiin oomacha faffaca'u baasuun ni taphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: man'ee kobbee, bishaan qodaa keessatti, oomoo (saamunaa)



Mala raawwii:

- Man'ee kobbee qulqullu ta'e lakkoofsa daa'immaniin qopheessuu;
- Oomoo/saamunaa/ bishaaniin bulbuluu;
- Tokkoon tokkoon daa'imman man'ee kobbee oomacha keessa cuubanii akka baasan gochuu;
- Afaan isaaniin man'ee kobbee suuta jedhanii hafuuraan akka hafuufan gochuu;
- Oomacha faffaca'aa hanga addaddaa ta'an baasuun akka taphatan gochuu;

Hubachiisa: daa'imman hundi man'ee kobbee kan mataa isaanii qofaan taphachuu akka qabani fi oomacha saamunaa gara afaan isaaniitti harkisuu akka hin qabne itti himuun barbaachisaadha.

mirkaneessaa.

Gocha Kudha Tokko: Wantoota bishaaniin bulbulamanifi hinbulbulamne adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota bishaaniin bulbulamanii fi hinbulbulamne yaalii taasisuun adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: kubbaayyaa pilaastikaa guddaa ifa dabarsuu danda'u, soogidda, sukkaara, daakuu, cirracha bullaa'aa, dhagaa, zayitii



Mala raawwii:

- Kubbaayyaa pilaastikaa gurguddaa ifa dabarsuu danda'u qopheessuu;
- Meeshaalee xixiqqaa keessa soogidda, sukkaara, daakuu, cirracha bullaa'aa dhagaa, zayitii kaahuu;
- Daa'imman fedhii qaban tokko tokkoon kaasuun waan armaan olii tokko bishaan keessa buusuun boojjitoon akka sochoosan gochuu;
- Daa'imman hunduu jijiirama mul'atu akka ilaalan gochuu;
- Wantoota yaalii taasisuun akka adda baasan gochuu;



Madaallii: Wantoota bishaaniin bulbulmaniifi hin bulbulamne adda baasuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Lama: Dhipherafi bal'aa adda baasuu



Kaayyoo: Hanga meeshaa dhipheraa fi bal'aa yaalii taasisuun ni hubatu.




Meeshaalee deeggarsaa: kubbaayyaa pilaistikii lama hojjaa walqixaa fi bal'ina addaddaa qaban ifa dabarsan



Mala raawwii:

- Kubbaayyaa pilaistikii ifa dabarsan lama kan hojjaa walqixaa fi bal'ina addaddaa qaban qopheesuu;
- Kubbaayyaa lamaan isaaniitti bishaan walqixa itti naquu;
- Kubbaayyaa pilaistikii isa kamtu bishaan baay'ee qabatee daa'imman gaafachuu;
- Deebii daa'imman kennaan erga dhaggeeffattanii booda bishaanicha deebisanii qodaa duraaniitti naquu;
- Isa kamtu bishaan baay'ee qabatee akka ture gaafachuu;

- Qodaa dhiphaan qooda bal'aa caalaa bishaan baay'ee kan qabatu ijatti akka fakkaatu itti himuun akka hubatan gochuu;



Madaallii: Yaalii taasisuun addaddummaa hanga qodaa dhiphaa fi bal'aa hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Sadii: Akaakuu biyyee adda baasuu



Kaayyoo: Akaakuun biyyee addaddaa akka jiran nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: akaakuu biyyee, bishaan, kubbaayyaa pilaastikaa ifa dabarsu



Mala raawwii:

- Akaakuu biyyee addaddaa kubbaayyaa pilaastikaa ifa dabarsutti naquun daa'immanif kennuu;
- Bishaan xiqqoo itti naquun akka bulbulan gochuu;
- Bu'aan isaa maal akka ta'eefi halluu akkamii akka argatan akka himan gochuu;



Madaallii: Akaakkuun biyyee garagaraa jiraachuu hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Afur: Wantoota ulfaatinaan safaruu



Kaayyoo: Garaagarummaa ulfaatinaa madaalaan safaruun nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: qadaada filiitii lama, cirracha diimaa, bishaan



Mala raawwii:

- Qadaada filiitii lama fayyadamuun madaala xiqqoo hojjachuu;

- Qodaan madaalaman hanga walqixa yoo qabaatan madaalaachi bakka walqixarra akka dhaabbatu hubachiisuu;
- Qodaa xiqqaatti cirracha safaruun lamaan isaanii madaalarra kaa'uu;
- Qodaadhumma sanatti cirracha diimaa bishaan itti naqame safaruun madaala isaa tokkorra kaa'uu;
- Isa birooraa immoo cirracha bishaan hintuqiin itti naquun garaagarummaa isaa akka ilaalan gochuu;
- Garaagarummaan maaliif akka uumame gaafachuun mariisisuu;
- Walqixa yoo hintaane inni caalu gadi akka harkisu itti agarsiisuun hubachiisuu;
- Cirracha isa duraa fi isa lammaffaa harka isaaniin tuquun garaagarummaa jiru akka dubbatan gochuu;



Madaallii: Garaagarummaa ulfaatinaa madaalaan safaruun adda baasuu isaanii safaruun adda baasuu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Shan: Hangaafi boca waldorgomsiisuu



Kaayyoo: wantoonni boca garagaraa qaban hangaan walqixa ta'uu akka danda'an nihubatu.








Meeshaalee deeggarsaa: dhoqee bukeeffame yookiin waraqaa bukeeffame



Mala raawwii:

- Tokkoon tokkoo daa'imaatiif dhoqee yookiin waraqaa bukeeffame hangaan walqixa ta'e kennuufii;
- Kubbaa lama akka hojjatan gochuu;
- Kubbaa tokkicha harka isaaniin gara fuulduraafi duubaatti harkisuun ulee akka hojjatan gochuu;
- Kubbaa fi ulee hojjatan keessaa kamtu akka caalu gaafachuu;
- Deebisanii ulee boca geengootiin hojjachuun kubbaa duraanii bira kaa'uun walqixa akka ta'aan akka hubatan gochuu;





Madaallii: Wantoonni boca garagaraa qaban hangaan walqixa ta'uu akka danda'an hubachuu danda'uu isaanii mirkaneessa.

Bu'aa eegame	Ga'umsa
2. Bakkeewwan barbaachisoo naannootti argaman beekuu fi dinqisiifachuu	2.1. Gahee hojii namootaa fi bakkeewwan faayida qabeessa ta'an himuu ni danda'u

Gocha Tokko: Namoota dhaabbilee tajaajila kennan keessaa hojjatan



Kaayyoo: Waa'ee namoota dhaabbilee tajaajila kennan keessa hojjatanii himuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan dhaabbilee tajaajila kennan naannootti kan argaman, fakkii ogeeyyi addaddaa agarsiisu



Mala raawwii:

- Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman maqaan itti himuu;
- Fakkii dhaabbilee kanneenii itti agarsiisuun achi dhaqanii akka beekan, eenu waliin akka deemanifi maaliif akka deeman gaafachuun mariisisuu; Fakkeenya: mana baaburaa, suuqii, mana qorichaa, gabaafi kanneen kana fakkaatan
- Itti aansuun, ogeeyyiin dhaabbilee kanneen keessaa hojjatan eenufaa akka ta'anii fi maal jedhamanii akka waamaman gaafachuun hubannoo isaanii cimsuu;
- Dhumarrattis, taphaan dhaabbilee tajaajila kennaniifi ogeeyyi achi keessa hojjatan akka ibsan gochuu;

Fakkeenya:

- Hibboo?
- Hibbakka.
- Ani dhaabbilee tajaajila kennan keessaa tokkoodha.
- Namoonni yommuu dhukkubsatan akkuma mana yaalaa deeman konkolaattonnis yommuu dhukkubsatan gara koo dhufu. Ani eenu?



Madaallii: waa'ee namoota dhaabbilee tajaajila kennan keessaa hojjan himuu danda'u

isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Dhaabbilee tajaajila kennan daawwachuu

 **Kaayyoo:** Bakkee addaddaa daawwachuun waa'ee ogeeyyi fi hojii isaanii hubannoo niqabaatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwan ogeeyyi agarsiisuu



Mala raawwii:

- Daa'imman iddoowan addaddaa akka daawwatan gochuu; Fakkeenya: warshaa, tiyaatira daa'immanii, Muuziyemii...
- Wayita daawwannaatti ogeeyyiin bakka daawwatamu keessa hojjataniifi gahee hojii/itti gaafatamummaa isaanii daa'immanitti akka himan gochuu;
- Daawwannaan boodas waan arganii fi dhaga'an irratti gaaffii gaafachuun mariisisuu;



Madaallii: Waa'ee ogeeyyiifi gahee hojii isaanii hubannoo argachuu isaanii daawwannaan booda gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Waa'ee ogeeyyiifi hojii isaanii himuu



Kaayyoo: Waa'ee ogeeyyiifi hojii isaanii nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii dhaabbilee tajaajila kennan kan naannootti argaman, fakkii ogeeyyi kan agarsiisu



Mala raawwii:

- Ogummaafi iddo hojii warraafi fira dhiyoo (adaadaa, eessuma) gaafatanii akka dhufan gochuu;
- Waan gaafatanii dhufan hiriyoota kutaa isaaniif akka himan gochuu;



Madaallii: waa'ee ogeeyyiifi waa'ee hojii isaan hojjatani hubachuun himuu danda'uunisaanii mirkaneessaa.

Gocha Afur: Ogeeyyiifi dalagaa isaanii fakkeessanii taphachuu



Kaayyoo: Ogeeyyiifi dalagaa ogeeyyii fakkeessanii taphachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii iddoowwan tajaajila kennan kan naannootti argamu, fakkiwwan ogeeyyii addaddaa agarsiisuu, meeshaalee taphaa fakkaatanii taphachuuf tajaajilan



Mala raawwii:

- Kuticha tapha fakkaatanii taphachuuf akka mijatutti gurmeessuu;
- Daa'imman gahee hojii ogeeyyii naannoo isaanii jiranii calaqqisiisuun akka taphatan gochuun jajjabeessuu;



Madaallii: tapha fakkaatanii taphachuutiin waa'ee ogeeyyii fi gahee hojii isaanii hubannoo argachuun isaanii mirkaneessaa.

Gocha Shan: Bakkeewwan tajaajila kennanii fi dalagaa isaanii himuu



Kaayyoo: Waa'ee dhaabbilee tajaajila kennanii fi dalagaa isaanii adda baasanii nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii iddoowwan tajaajila kennanii, fakkii ogeeyyii garagaraa agarsiisu



Mala raawwii:

- Seenaadaddaa hiika dhabeeyyii ta'an itti himuun iddoowwan tajaajila kennan, dalagaa fi gahee hojii ogeeyyii akka hubatan gochuu; **Fakkeenya:** *Gaaf tokko mana keenya keessaa ibsaan badnaan dungoo bituuf gara mana yaalaa deemee dungoo bituuf dhufen itti hime. Innis naaf kennee..... jechuun itti himuu. Itti aansuun, dogoggora ta'uu fi sirrii ta'uu isaa gaafachuun dogoggorri jiru maal akka ta'ee fi inni sirriin maal akka ta'e gaafachuun mirkaneessuu*



Madaallii: seenaadaddaa hiika hinqabne erga dhaga'anii booda gaaffii gaafachuun iddoowwan tajaajila kennaniifi dalagaa isaanii adda baasanii himuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Mana barnoota idilee daawwachuu



Kaayyoo: Mana barnootaa idilee daawwachuun barnoota idileef niqophaa'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan dhaabbilee tajaajila kennan kan naannootti argaman, fakkii ogeeyyi addaddaa agarsiisu.



Mala raawwii:

- Daa'imman umrii kanatti yeroo barnoota idileef of qopheessan waan ta'eef, gara mana barnootaa idilee naannoo isaaniitti argamu geessuun akka daawwatan gochuu;
- Gaaffii addaddaa gaafachuun xiyyeffannaakka itti kennan gochuu;
- Daawwannaan boodas ijoollee kutaa tokkoffaa keessa baratan eenu akka isaan barsiisu, barsiisaa/tuu isaanii eenu jedhanii akka waaman, haala taa'umsa barattootaa, haala gurmaa'insa daree fi mooraa mana barnootaa irratti mariyachuun daa'imman xinsammuun barnoota idileef akka qophaa'an gochuu;

Yaadannoo: Daawwannaan akkasii daa'imman hubannoo mana barnootaa idileef qaban waan cimsuuf, irra deddeebisee raawwachuun bu'aa qaba.



Madaallii: Erga mana barnootaa idilee daawwatanii booda waa'ee mana barnootaa idilee hubannoo argachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegame	Ga'umsa
2. Bakkeewwan barbaachisoo naannootti argaman beekuu fi dinqisiifachuu	2.2. Miira biyyaa jaallachuu nicimsatu

Gocha Tokko: Boca Kaartaa Oromiyaa beekuu



Kaayyoo: Boca Kaartaa Oromiyaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Pazilii Kaartaa Oromiyaa, lilmoo doomaa, fo'aa (kirrii) suufii, doosee



Mala raawwii:

- Pazilii Kaartaa Oromiyaa itti kennuun akka walqabsiisan gochuu;
- Itti aansuun, Kaartaa Oromiyaa hojjachuun darbee darbee qaawaa itti baasuu;

- Achiis, Kaartaa hojjatamee fi lilmoo keessa fo'aa galchuun itti kennuu;
- Qaawwicha hordofuun akka hojjatan gochuu;
- Dhumarrattis, hojii daa'imman hundaa kutaa keessatti maxxansuu;



Madaallii: Boca Kaartaa Oromiyaa beekuu isaanii dalagaa isaan raawwatan ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Lama: Boca Kaartaa Oromiyaa adda baasuu



Kaayyoo: Boca Kaartaa Oromiyaa adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaartaa Oromiyaa, Kaartaa biyyoota biroo, waraqaa adii, qubeessaa, qubeessa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Fakkii kaartaa Oromiyaa itti kennuun halluu itti dibuun akka gurrachessan gochuu;
- Kaartaa Oromiyaa fi kan naannolee biroo kaartonii xixiqqaa furdaa ta'anirratti hojjatame itti kennuun kaartaan Oromiyaa isa kam akka ta'e akka filatan gochuu;



Madaallii: Boca Kaartaa Oromiyaa adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Sadii: Bu'aa ogummaa hubachiisuu



Kaayyoo: Bu'aa ogummaa nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiwwan ogeeyyi addaddaa agarsiisan



Mala raawwii:

- Ogeeyyiin addaddaa biyya keenyaa hojiin isaanii maalfaa akka ta'e gaafachuun mariisisuu; Fakkeanya: Hakiima, Poolisii, Loltuu, hojii Suphee, hojii Mukaa,...
- Ogeeyyiin hundi biyya keenyaaf barbaachisoo ta'uun isaanii akka hubatan gochuu;



Madaallii: Bu'aa ogeeyyiin addaddaa biyyaaf buusan hubachuun isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Namoota hojii gaarii hojjatan



Kaayyoo: Namoota biyyaaf hojji gaarii hojjatan nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: suuraa namoota biyya keenyaaf hojji gaarii hojjetan



Mala raawwii:

- Suuraa namoota hojji gaarii hojjatanii itti agarsiisuun, maqaa isaaniis waamuun maal akka hojjatan akka hubatan gochuu; Fakkeenyaa: Jeneraal Taaddasaa Birruu, Jeneraal Waqoo Guutuu, Atileet Daraartuu Tulluu....
- Barreffamoota waa'ee namoota bebbeekamoo ibsan sadarkaa isaaniin walsimu qopheessanii dubbisuun isaanis wayita guddatan biyyaa fi lammii isaaniif waan gaarii gochuu akka danda'an mariisisuu;



Madaallii: Waa'ee namoota biyya isaaniif waan gaarii hojjatanii dubbachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Halluuwan alaabaa Oromiyaa adda baasuu



Kaayyoo: Alaabaa Oromiyaa hojjachuun halluu isaanii adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: muka qal'oo waraqaa adii, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Waraqaa adiirratti gara dalgaatti walqixa sarara sadii sararuun halluu gurraacha, diimaa fi adii sarara keessaa osoo hinbahin dibuun itti agarsiisuu;
- Itti aansuun, muka qal'oorratti maxxansuun maal akka ta'e daa'imman akka tilmaaman gochuu yoo wallaalan fulcha kennuufii;
- Waraqaa tokko bakka afuritti dachaasuun mummuruun baay'ina barattootaan qopheessuu;
- Daa'immanis alaabaa Oromiyaa waraqarratti kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Daa'immanis alaabaa kaasuun halluu akka diban gochuun muka qal'oo irratti qabsiisuu;
- Dhumarrattis, bakkuma jiran dhaabbachuun alaabaa hojjetan balaliisuun faaruu alaabaa akka faarsan gochuu;

Yaadannoo: gocha kana gaafa kabaja guyyaa alaabatti raawwachuun ni danda'ama.



Madaallii: Halluuwwan garagaraa adda baasuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Jaha: Sabaa fi sablammoota naannoo keenyaa beekuu



Kaayyoo: Waa'ee sabaaf sablammoota naannoo keenyaa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii waa'ee sabaa fi sablammoota addaddaa agarsiisu



Mala raawwii:

- Fakkiwwan sabaa fi sablamoota addaddaa agarsiisu fayyadamuun biyya keenya keessa sabaa fi sablammoonni garagaraa akka jiran hubachiisuu;
- Sabaa fi sablammoonni kunniin afaan garagaraa akka dubbatan hubachiisuu;
- Naannoon keenya kan hunda keenyaa waan taateef nagaa fi jaalalan waliin jiraachuu akka qabnu hubachiisuu;



Madaallii: Waa'ee sabaa fi sablammoota biyya keenya keessa jiranii dubbachuu danda'uunisaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Torba: Bakkeewwan seena qabeeyyii naannoo keenyaa adda baasuu



Kaayyoo: Bakkeewwan seena qabeeyyii naannoo keenyaa adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii iddoowwan seenaa qabeeyyii ta'an



Mala raawwii:

- Bakkeewwan seena qabeeyyii naannoon keenya ittiin beekantu fakkiin itti agarsiisuun maqaa isaanii waamaa mariisisuu; Fakkeenyaa: Holqa Soof Umar, Masaraa Abbaa Jifaar, Masaraa Kumsaa Morodaa..
- Miidhagina akka qabaniifi tuuristoota akka harkisan hubachiisuu



Madaallii: Bakkeewwan seena qabeeyyii naannoo keenyaa adda baasuu isaanii madaalaa.

Gocha Saddeet: Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa faarsuu



Kaayyoo: Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa sirnaan nifaarsu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaaseettii faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa



Mala raawwii:

- Yeroo addaddaatti faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa gamtaan akka faarsan gochuu;
- Yommuu faarsan seera hordofuu qaban itti himuun shaakalsiisuu; Fakkeenyaa: miila sassaabbachuu, oduu odeessuu dhiisuu kolfuu dhiisuu fi kanneen kana fakkaatan....
- Mana barnootaa isaanii keesatti kabaja ayyaanota garagaraa gaggeessuun sadarkaa isaanitti waa'ee biyyaa isaaniirratti hubannoo akka qabaatan gochuu fi miira biyya jaallachuu akka calaqqisiisan gochuu;



Madaallii: Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa seera eeganii faarsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegame	Ga'umsa
3. Naannoo akka itti kunuunsuun danda'amu beekuu fi naannoo kunuunsuu	3.1. Naannoo qulqulleessuu irratti hirmaachuu danda'uu.

Gocha Tokko: Maqaafi tajaajila meeshaalee qulqullina adda baasuu



Kaayyoo: Fakkii meeshaalee qulqullinaa kaasuun maqaa fi tajaajila isaanii adda nibaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii meeshaalee qulqullinaa guddifamee kaafame, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa guddaa



Mala raawwii:

- Fakkii meeshaalee qulqullinaa guddifamee kaafame fuuldura daa'imaniitti fannisuu;
- Waraqaa, qubeessaa fi qubeessaa abbaa halluu daa'immaniif kennuu;
- Fakkii meeshaalee qulqullinaa ilaalaa fakkeessanii akka kaasanifi halluu diban gochuu;
- Erga xumuraniis maal akka kaasanii fi maaliif akka tajaajilu gaafachuun miriisisuu;
- Fakkicha muranii akka baasan gochuu;
- Fakkii ijoollee hundaa waraqaa guddaarratti maxxansuun kutaa keessatti fannisuu;



Madaallii: Maqaa fi tajaajila meeshaalee qulqullinaa adda baasuu danda'uun isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Naannoo qulquelleessuurratti hirmaachuu



Kaayyoo: Naannoo qulquelleessuurratti hanga humna isaaniitti nihirmaatu.



Meeshaalee deeggarsaa: gabatee sagantaa/dabaree agarsiisuu, qodaa balfa ittiin hammaaran, guuboo balfaa, qooda bishaan ittiin obaasanii fi kanneen kana fakkaatan.....



Mala raawwii:

- Daa'imman waliin ta'uun meeshaalee qulqullinaaf barbaachisan qopheessuu;
- Daa'imman gareen gooduun tokkoo tokkoo gareetiif gahee hojifi meeshaalee qulqullinaa kennuufii;
- Daa'imman guyyaa hundaa osoo namni tokkollee isaan hin yaadachiisin gabatee sagantaa (dabaree) ilaaluun hiriyoota isaanii waliin hojii qulqullinaa irratti akka hirmaatan gochuu;
- Faaruudhaan faayidaa naannoo qulquelleessuun qabu itti himuun aadaa naannoo qulquelleessuu akka cimsatan gochuu;



Madaallii: Hanga human isaaniitti hojii naannoo qulquelleessuurratti hirmaachuu danda'uun isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Meeshaalee taphaafi naannoo itti taphatan sirnaan qabachuu



Kaayyoo: Meeshaalee ittiin taphatan sirnaan ol kaa'u akkasumas naannoo taphaa niqulquelleessu.



Meeshaalee deeggarsaa: bilookiwwan ijaarsaa, guuboo balfaa,



Mala raawwii:

- Tapha ijaarsaa fi tapha fakkaatanii taphachuun hojjachuu;

- Erga taphatanii booda meeshaa ittiin taphatan bakkatti akka deebisan gochuun muuxannoo meeshaa sirnaan olkaa'uu akka gabbifatan gochuu;
- Taphaan booda teessoo irra taa'an bakkatti deebisuu akka qaban itti himuu;
- Waraqaa ciccitaa hinbarbaachifnee fi sooftii fayyadamuun kan ittiin qulqulleeffatan bakka arganitti gatuu akka hin qabnee fi guuboo balfaa keessa buusuu akka qaban itti himuu;

Yaadannoo: Gochoota kanneen sochii guyyaa guyyaa keessatti raawwachuun barbaachisaadha.

 **Madaallii:** meeshaalee ittiin taphatan sirnaan ol kaa'uu fi naannoo itti taphatan qulqulleessuu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Afur: Minjaala qulqulleessuu

 **Kaayyoo:** Minjaala irratti nyaatan qulqulleessuu nishaakalu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** huccuu cittuu (fooxaa), bishaan, guuboo balfaa

 **Mala raawwii:**

- Huccuu xiqqoo bishaan cuubuun akkamitti akka minjaala qulqulleessan itti agarsiisuu;
- Gaafa dabaree isaanii akkamitti minjaala qulqulleessuu akka qaban itti himuu;
- Akka shaakalanis gochuu;
- Waan qulqulleessanis lafarra buusuu akka hinqabnee fi meeshaatti walitti qabuun akka irra jiraatu gochuun itti agarsiisuu fi akka shaakalan gochuu;

 **Madaallii:** Minjaala irratti nyaatan qulqulleessuu shaakaluu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Shan: Wantoota qulqullina naannoo miidhan

 **Kaayyoo:** Wantoota qulqullina naannoo miidhan adda nibasu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii guddifamee kaafamee kan wayita namoonni balfa bakka

addaddaatti gatan agarsiisu, abaaboo yommuu cabsan fakkii agarsiisu
halluu gurraachaan mallattoo ‘X’ itti godhame



Mala raawwii:

- Fakkii wayita namoonni balfa bakka addaddaatti gatan agarsiisu itti agarsiisuu;
- Ergaa maalii akka qabu gaaffii gaafachuun mariisisuu;
- Ergaa fakkichaa akka hubatanii fi isaanis gocha akkasii raawwachuu akka hinqabne haala isaaniif galuun ibsuufii;
- Naannoo isaaniitti waa’ee qulqullina naannoo ilaachisee waan arganii fi dhaga’an akka dubbatan gaaffii gaafachuun jajjabeessuu;
- Gocha akkasii akka hinraawwanne sochii isaanii guyyaa guyyaan hordofuu;
- Yoo raawwatanis miidhaa inni qabu itti himuun akka sirreffatan gochuu;



Madaallii: wantoota qulqullina naannoo miidhan adda baasuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Biqiltoota kunuunsuu



Kaayyoo: Biqiltoota dhaabuun naannoo isaanii kunuunsuu ni shaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: xaasaa, sanyii biqiltootaa, bishaan, meeshaa biqiltuu bishaan ittiin obaasan



Mala raawwii:

- Daa’imman naannoo mana jirenyaa isaaniifi mana barnootaaa isaaniitii biqiltuu muruu (cabsuun) akka irra hinjiraannee fi biqiltoonni naannoof miidhagina akka kennan itti himuun hubachiisuu;
- Tokkoon tokkoon daa’imaa xaasaa keessa biqiltuu akka dhaaban gochuu;
- Kan dhaaban akka kunuunsan gochuu;
- Jirenya isaaniin walitti firoomsuun biqiltoonis kunuunsa akka barbaadan hubachiisuu;

- Daa'imman yoo soorata hinarganne akkuma guddachuu hindandeenye biqiltoonnis bishaan argachuu akka qaban, daa'imman namoonni yoo isaan rukutan akkuma isaan dhukkubu biqiltoonnis yoo caban isaa dhukkuba jechuun hubachiisuu;

Yaadannoo: Daa'imman meeshaalee pilaastikaarratti malee sibiilinni waan
Danda'uuf/ dammeessa'aniifi isaan muruu danda'aniif
meeshaalee qorqorroo ta'anirratti biqiltuu akka hindhaabne hubachiisuun



Madaallii: Biqiltoota dhaabuun naannoo isaanii shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Torba: Beelladoota kunuunsuu



Kaayyoo: Beelladoota kumuunsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii beelladootaa (Lukkuu, Adurree, Saree...)



Mala raawwii:

- Beelladoota mana isaanii jiranif warri isaanii nyaata, bishaan akkasumas bakka jirenya kennuudhaan akka kunuunsan yaadachiisu; Fakkeenya: Lukkuu, Adurree, Saree...
 - Isaanis nyaata beelladootaarraa fudhachuu, jalaa dhingalaasuu akka hinqabnee fi warra isaanii wajjiin kunuunsuu akka qaban hubachiisuu;



Madaallii: Beelladoota kunuunsuu shaakaluu isaanii hordofuun madaalaan.

Gochaa Saddeet: Namoota biroo kuuunsuu



Kaavyoo: Daa' imman obbolaan isaanji taphachii suufi kuuunsuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Ashaangullitii/intalashee, uffata ashaangulliitii, meeshaalee taphaa....



Mala raawwii:

- Yeroo warri isaanii hojii deeman daa'imman mana keessa jiran obbolaan isaanii taphachiisuun kunuunsuu akka qaban hubachiisuu;

- Fakkaatanii taphachuu qoheessuun akkamitti taphachiisuu fi kunuunsuu akka qaban shaakalchiisuu;

Yaadannoo: sireerra ol fuudhuu, lafarraa harkisuu, ofitti qabanii ukkaamsuu akka hinqabne hubachiisuu



Madaallii: Daa'imman obbolaan isaanii taphachiisuu fi kunuunsuu shaakaluu isaanii madaala.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuu fi irra of eeguu	4.1. Wantoota balaa geessisan irraa of eeguu fi naanno qulqulleessuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota balaafamoo adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota balaafamoo adda nibasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kibiriitii, qarabaa (millaacii, qaruuraa, wantoota qara qaban....)



Mala raawwii:

- Walaloowwan gaggabaaboo waa'ee wantoota balaa geessisan ibsan afaaniin himuufii;
- Balaa isaan qaban hubachiisuu walaloowwan armaan gadii fayyadamuu;

Fakkeenya:

Kibiriitii fi qarabaan meeshaa taphaa miti,
Asii haa badanii nurraa achi dhiitii,
Nuyiif firri keenya kubbaa keenya,
Kubbaa nuuf fidaa isaan taphachuu feena.

- Waa'ee namootaa naanno Isaaniitti wanti qara qabu waraane, qaruuraan yookiin qarabaan muree, ibiddi gube, konkolaataan rukkutee dhaga'anii akka beekan gaafachuu;
- Waan dhaga'anii fi argan akka dubbatan carraa kennuu fi akka mariyatan jajjabeessuu;



Madaallii: Wantoota balaa geessisan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Wantoota balaa geessisanirraa ofeeguu



Kaayyoo: Ofiifi naannoo isaanii wantoota balaa qaqqabsiisanirraa ni'eegu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii kibiriitii, sookkeettii elektirikii fi gaazii (bobahaa) agarsiisu



Mala raawwii:

- Seenaafi muudannoowwan akkaataa itti balaa naannoraa ittiin of eegan ibsu itti himuu;
- Wantoonni qara qaban meeshaalee taphaa akka hintaane itti himuun hubachiisuu;
- Daa'imman naannoo isaaniitti qarabaa (millaacii) yoo lafaa argan akka itti hinfayyadamneefi hintaphanne hubachiisuu;
- Daa'imman kibiriitiin taphachuu akka hinqabne, sookkeettii elektirikaa tuttuquu akka hinqabne fi boba'aa (gaasii) qabsiisuu akka hin qabne itti himuu;
- Wantoota hunda gara afaanii fi funyaaniitti galchuu akka hinqabne yoo afaaniifi funyaan keessa galchan miidhaa inni fidu haala isaaniif galuu danda'uun itti himuu;
- Daa'immanis nyaata hafee fi qola fuduraalee karaarratti gatuu akka hinqabne muudannicharraa akka hubatan gochuu;
- Muudannoo daa'imman utuu gocha akkanaa raawwatanii miidhaman itti himuun hubannoo cimsuu;



Madaallii: Daa'imman wantoota balaa geessisanirraa of eeguu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Sadii: wantoota balaafamoorraa ofeeguu akka qaban hubachuu



Kaayyoo: yeroo geejjibaan deeman akkamitti balaarraa ofeeguu akka qaban nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii yeroo daa'imman geejjibaan deeman agarsiisu



Mala raawwii:

- Daa'imman warra isaanii waliin geejjiba ummataan akka deemanii fi eessa akka deeman, dhaabbatanii moo taa'anii akka deeman gaafachuu;
- Yommuu bakka itti bu'an ga'an namoonni isaan wajjiin deeman maal jechuun konkolaachisaa yookiin gargaaraa akka gaafatan gaafachuu;
- Konkolaataan yommuu deeman barcumarra taa'uu akka qaban hubachiisuu;
- Barcuma yoo hin arganne harkaa lamaan barcuma yookiin utubaa sibilaa qabachuu akka qaban gochaan itti agarsiisuu;
- Bakka itti bu'an osoo hingahiin ka'uus ta'e deemuu akka hinqabnee fi yoo socho'an kufuu fi miidhamuu akka danda'an itti himuu;
- Yommuu geejjiba ummataan deeman ofeegganno gochuu qaban hunda itti himuu



Madaallii: Yommuu geejjiba ummataan deeman wantoota balaa geessisanirraa akkamitti ofeeguu akka qaban hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Balaa konkolaataarrraa of eeguu



Kaayyoo: Balaa konkolaataarrraa of ni eegu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii daa'imman kubbaa daandii konkolaataarra taphachaa jiran



Mala raawwii:

- Fakkii daa'imman karaa konkolaataarra taphachaa jiran agarsiisu daa'imman hundaaf kennuu;
- Fakkiirraa waan argan akka dubbatan gochuu;
- Karaarra taphachuun balaa konkolaataaf akka isaan saaxilu itti himuu hubachiisuu;
- Seenaa kana fakkaatu tokko gabaabinaan itti himuu;



Madaallii: Balaa Konkolaataarrraa of eeguu danda'uu isaanii madaa

Gocha Torba: Balaa Konkolaataarrraa of eeguu



Kaayyoo: Balaa Konkolaataarrraa ofeeguu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii daa'imman daandii konkolaataa qaxxaamuru agarsiisu



Mala raawwii:

- Daandii konkolaataa qofaa isaanii qaxxaamuruu akka hinqabne itti himuu;
- Namoota gurguddoo waliin daandii zeebiraa qofarra qaxxaamuruu akka qaban itti himuu;
- Yommuu deemanis cinaa bitaatiin daandii lafoorra deemuu akka qaban itti himuu;
- Daree keessaafi alatti lafarratti sararuun gochaan itti agarsiisuufi shaakalsiisuu;
- Tapha ibsaa daandii konkolaataarrraa jedhu taphachiisuu;

Yaadachiisaa: kitaaba bara darbe baratanirraa barsiisuun nidanda'ama

- Faaruu barataa of eegganno cimaa taasisu ibsu faarfachiisuun hubannoo isaanii cimsuu;



Madaallii: Balaa konkolaataarrraa of eeguu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuu fi irraa ofeeguu	4.2. Sadarkaa isaaniitti mirga daa'immanii hubachuun miidhaa daa'immanirra gahuu malurraa of eeguuf niyaalu .

Gocha Tokko: Miidhaarraa ofeeguu



Kaayyoo: Miidhaarraa of eeguu nishaakalu.



Mala raawwii:

- Daa'imman maatii fi barsiisota isaaniif abboomamuu akka qaban, kabajuu akka qaban itti himuu;
- Meeshaa kan isaanii kan hintaane osoo hin hayyamsiisin tuquu akka hinqabne itti himuu;
- Karaarratti namoonni isaan hinbeekne isin fudhadheen deema yoo ittiin jedhe waliin deemuu akka hinqabne itti himuu;
- Yoo rakkoon akkasii irra gahe iyyuun namoonni naannoo jiran akka birmatuuf gochuu aka danda'an itti himuu;

- Namoonni gowwoomsanii yoo isaan fudhatan miidhaa garagaraa irraan gahuu akka danda'an itti himuu;

Yaadannoo: Haala isaaniif galuu danda'uun muudannoo addaddaa itti himuu qabdu.



Madaallii: yaadrimee miidhaarraa of eeguu jedhu hubachuu isaanii mirkaneessaa.

Gocha Lama: Mirga ofii beekuu fi midhaarraa of eeguu



Kaayyoo: Daa'imman mirga ofii hubachuun miidhaarraa ofeeguu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiiwan miidhaa daa'immanirra ga'u agarsiisuu,
muudannoowan faaruu fi kanneen kana fakkaatan....



Mala raawwii:

- Fakkii daa'ima miidhaan irra ga'e agarsiisu itti mul'isuu;
- Namni yeroo hundaa isaan reebu, isaan sodaachisu, isaan arrabsuu fi itti dutu yoo jiraate dhufanii barsiisaa isaaniitti himuu akka qaban hubachiisuu;
- Daa'imman warra isaaniin alatti nama kamiyyuu fuulduratti miiccachuufis ta'ee dhimma biraaf uffata isaanii baasuu akka hinqabne itti himuu;
- Namni dirqamaan badi ittiin jedhullee yoo jiraate iyyuu dhugaa akka qaban hubachiisuu;
- Namni kamiyyuu harkaa fi maddii isaaniin ala kutaa qaama isaanii biroo dhungachuu, tuttuquu akka hinqabne hubachiisuu;



Madaallii: Daa'imman mirga isaanii hubachuun miidhaarraa of eeguu akka qaban hubachuu isaanii mirkaneessa.

Gocha Sadii: Mirga namoota biroo kabajuu



Kaayyoo: Mirga namoota biroo kabajuu nishaakalu



Meeshaalee deeggarsaa: muudannoowan, faaruu.....



Mala raawwii:

- Muudannoo fi faaruu fayyadamuun hiriyoota kutaa isaaniif jaalalaa fi kabaja kennuufii akka qaban hubachiisuu;
- Arrabsuu, rukkutuu, gowwoomsuu akka hinqabne itti himuu;
- Mataa isaanii bakka daa'ima miidhaamaa of kaa'anii akka ilaalanifi miira maaltu akka isaanitti dhaga'amu gaafachuu;



Madaallii: Mirga namoota biroo kabajuu shaakaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Afur: Akaakuu miidhaa hubachuu



Kaayyoo: Akaakuwwan miidhaa hubachuun miidhaarraa of eeguu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: fakkiiwwan miidhaa daa'immanii agarsiisu



Mala raawwii:

- Muudannoo miidhaa daa'imanirra gahe agarsiisu haala daa'immaniif galuu danda'uun seenessuufii;
- Waa'ee miidhaa daa'immanirra gahu akka hubataniif ayyaana maatiirratti dhiyeessuun akka ittisan gochuu;
- Muudannicha sadarkaa isaaniitti gara diraamaatti jijiiruun maatiin miidhaa daa'immaniirra gahu akka hubbataniif ayyaana maatiirratti dhiyeessuun akka ittisan gochuu;



Madaallii: Akaakuu miidhaa hubachuu isaanii fi akkamitti ofirraa ittisuun akka qaban beekuu isaanii mirkaneessa.

Gocha Shan: Waa'ee mirga daa'immanii maatii hubachiisuu



Kaayyoo: Maatiin waa'ee mirga daa'immanii beekuun nikabaju, ni kabachiisus.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiiwwan miidhaa daa'immanii agarsiisu, kaasetti faaruu...



Mala raawwii:

- Walaloo armaan gadiitti yeedaloo qopheessuun daa'imman gaafa ayyaana maatii akka dhiyeessan shaakalsiisaa;

Namoonni nu jaallattan bayeessa

Mirga keenya eegaatii eegsisaa

Yoo dogoggordes nu gorsaa
Nu arrabsuu mannaa nu barsiisaa.

- Miidhaa daa'immanirra ga'u ilaachisee maatii waliin mariyachuu;
- Daa'imman miidhaan akka irra hingenee eeguu fi waa'ee mirga daa'immanii hubachuu akka kabachiisiif hubannoo kennuufii;



Madaallii: Daa'imman mirga ofii beekuun miidhaarraa ofeeguu shaakaluu isaanii madaala.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
5. Yaadrimee sochii hubachuu fi yaalii taasisuu	5.1. Akaakuu geejjibaa naannoo isaaniitti argaman tokkumaa fi addaddummaa isaanii wal dorgomsiisuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Akaakuu geejjibaa hubachuu



Kaayyoo: Akaakuwwan geejjibaa adda baasuun nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkii akaakuu geejjibaa agarsiisu, intalashee/ashaangulliitii akaakuu geejjibaa agarsiisu



Mala raawwii:

- Fakkii akaakuwwan geejjibaa guddifamanii kaafamaniifi abbaa halluu ta'an dabaree dabareen itti agarsiisu;
- Akaakuu geejjibaafi maal jedhamanii akka waamaman, maalirra akka deemaniifi faayidaa isaanii gaafachuun mariisisaa;
- Akaakuun geejjibaa addadda akka ta'anii fi daandiin irra deeman addadda ta'uu hubachiisuu; Fakkeenya: lafarra, konkolaataa, baabura, gaarii, qilleensarra, xayyaara, jeettii, bishaanirra, doonii, bidiruufi kanneen kana fakkaatan...
- Hundi isaanii namootaa fi meeshaalee bakka tokko iddo birootti dafanii geessuuf akka fayyadan hubachiisuu;
- Hunda keessaa baay'ee saffisaan geejjiba qilleensaa ta'uu hubachiisuu;
- Meeshaa guddaa kan geejjibiisuuuf fayyadu immoo geejjiba bishaanirraa akka ta'e hubachiisutiif itti fayyadaman geejjiba lafarraa akka ta'e ibsuufii;

- Magaalaatti namoonni baay'een jirenya isaanii guyyuu keessatti kan itti fayyadaman geejjiba lafarraa akka ta'e ibsuufii;
- Baadiyaatti immoo kanneen akka harree, fardaa, gaangee namaa fi meeshaa geejjibsiisuuf nitajaajilu;



Madaallii: akaakuuwwan geejjibaa sadan adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Lama: Geejjiba akaakuun ramaduu



Kaayyoo: Geejjiboota sadan akaakuun niramadu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kaardii Liphuu, fakkiwwan waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Kaardii liphuu akaakuu garaa garaa qabatee kennuufii;
- Daa'immanis akaakuu isaaniin akka ramadan gochuun maaliif akkanatti akka ramadan gaafachuun mariisisuu;
- Dabalataanis waraqaa dadachaasuun jeettii, dooniifi kanneen kana fakkaatan hojjachuun akka taphatan jajjabeessuu;



Madaallii: Geejjiboota sadan akaakuun ramaduun adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessa.

Gocha Sadii: Fakkii akaakuu kaasuu



Kaayyoo: Fakkii akaakuuwwan geejjibaa nikaasu.



Meeshaalee deeggarsaa: Qubeessaa, waraqaa qubeessaa abbaa halluu.



Mala raawwii:

- Waraqaa, qubeessaa qubeessaa abbaa halluu daa'immaniif kennu;
- Akaakuu geejjibaa keessaa tokko filachuun fakkii kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Maal akka kaasan gaafachuufi hiriyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu;
- Faaruu akaakuu geejjibaan wal qabatan akka faarfatan gochuu;



Madaallii: Akaakuuwwan geejjibaa sadan beekuufi adda baasuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneessa.

Gocha Afur: Akaakuuwwan geejjibaa sadan beekuufi adda baasuu



Kaayyoo: Akaakuuwwan geejjibaa sadan adda baasuu nidanda'u.



Mala raawwii:

- Hibboo garagaraa gaafachuun amala akaakuu geejjibaa akka beekan gochuu
Fakkeenyaa: Hibboo → Habbakka
Ani akaakuu geejjibaa keessaa tokko, namootan geejjibsiisa, qilleensarran balali'a. Ani eenyuu?
- Loottoofi doomiinoo akaakuu geejjibaa qabate qopheessuun akka ittiin taphatan gochuu;



Madaallii: Akaakuuwwan geejjibaa sadan beekuu fi adda baasuu isaanii gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
6. Wantoota addadda kalaquun dinqisiifachuu fi of ibsuu	6.1. Wantoota garagaraa hojjechuun dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu

Gocha Tokko: Fakkeessanii fakkii kaasuu



Kaayyoo: Ogummaa fakkiin dandeettii kalaqaa nicimsatu



Meeshaalee deeggarsaa: fakkii, qubeessaa, waraqaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabachun fakkii guddifamee kaafame bakka mul'atutti kaa'uu;
- Daa'immaniif qubeessaa, waraqaa fi halluu kennuufii;
- Fakkii isaan fuuldura jiru ilaalaan akka kaasan gochuu;

- Wayita xumuranis maqaa isaanii fakkii miiljaalatti akka barreessan gochuu;
- Fakkii kaasan minjaalarra kaa'uun dinqisiifachuu;



Madaallii: Fakkii kaasuun dandeettii kalaqaa isaanii cimsachuu ilaaluun mirkaneessa.

Gocha Lama: Wantoota naannootti argan fakkii kaasuu



Kaayyoo: Waan daandiirratti argan yaadatanii fakkii kaasuun dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: qubeessaa, waraqaa



Mala Raawwii:

- Daa'imman manaa ba'anii gara mana barnootaa yeroo dhufan karaarratti maal akka argan gaafachuun mariisisuu;
- Itti aansuun, tokkoo tokkoo daa'imaatiif qubeessaa fi waraqaa kennuu;
- Waan karaarratti argan yaadachuun fakkii akka kaasan gochuu;
- Waan karaarratti argan yaadachuun fakkii akka kaasan gochuu dandeettii isaanii akka cimsatan gochuu;
- Fakkii kaasanis hiriyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuun maal akka kaasan gaafachuu;



Madaallii: waan karaarratti argan yaadachuun fakkii kaasuun dandeettii kalaqaa cimsachuu isaanii ilaaluun mirkaneessa.

Gocha Sadii: Burushii fayyadamuun fakkii kaasuu shaakaluu



Kaayyoo: Burushii fayyadamuun fakkii kaasuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: burushii fakkii, halluu bishaaniin bulbulamu, waraqaa



Mala raawwii:

- Daa'imman fuuldura dhaabachuu;

- Burushii fakkii bishaan keessa cuubuudhaan waraqaarratti fakkii aduu, burtukaana, manaa fi kanneen kana fakkaatan... kaasuun agarsiisuu;
- Qodaa pilaastikaa xiqqoo keessatti halluu bishaaniin bulbulamee fi waraqaa kennuufii;
- Daa'immanis akkaatuma ilaalanii burushii fayyadamuun fakkii akka kaasan gochuu;

Yaadannoo: yoo burushiin hinargamne muka qal'oo cabsuun fiixee isaa laaffisuun akka burushiitti fayyadamuun nidanda'ama, yoo halluun dhaabames biqiltuuwwan summii hinqabnee (kan naannootti argaman) fi biyyeerraa qopheessuun ni danda'ama



Madaallii: Waan ijaan argan tokko fakkeessanii fakkii kaasuun dandeettii kalaqaa cimsachuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

GochaAfur: Qubaan fakkii kaasuu



Kaayyoo: Quba fayyadamuun dandeettii fakkii kaasuu nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: burushii fakkii, halluu bishaaniin bulbulamu, waraqaa



Mala raawwii:

- Halluu bishaanii fi waraqaa qopheessuu;
- Quba elemtuu/agarsiistuu fayyadamuun akka itti fakkii kaasuun danda'amu agarsiisuu;
- Daa'immaniifis halluu bishaanii fi waraqaa kennuufii;
- Haaluma ilaalanii akka kaasan gochuu;



Madaallii: Fakkii kaasuu shaakaluu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Shan: Maxxansa hojjachuu



Kaayyoo: Bocawwan garagaraa halluu dibuun maxxansuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: halluu bishaanii, buruushii, baala, waraqaa adii, doosee



Mala raawwii:

- Buruushiidhaan suuta jedhanii baala keessa isaa halluu bishaanii dibuu;
- Waraqaa adiirratti kaasuufi maxxansuu;
- Maxxansa baalaa daa'immanitti agarsiisuu;
- Daa'immanis akka maxxansan fedhii itti horuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa fi baala kennuu;
- Dabaree dabareen dhufanii barsiisaa/tuu waliin baala halluu akka dibanii fi maxxansan gochuu;
- Yommuu inni gogus maxxansicha miiljalatti maqaa ofii akka barreessan gochuu fi kutaa keessatti maxxansuu;
- Haaluma kanaan, doosee boca geengootti muruun boca garagaraa irratti hojjachuun maxxansa hojjachuun shaakalsiisuu;



Madaallii: Bocawan addaddaa halluu dibuun maxxansuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Xibiruu waraqaa



Kaayyoo: Waraqaa fayyadamuun ogummaa xibiruu nibaratu.



Meeshaalee deeggarsaa: doosee, qaxxaamurtuu(Maqasii), fo'aa lilmoo



Mala raawwii:

- Doosee furdaarratti sararoota bu'uuraa hojjachuu;
- Sarara hordofuun darbanii darbanii mallattoo itti gochuu;
- Fo'aa(kirri) suufii furdaa gurraachaa fi lilmoo fayyadamuun waraqaaarratti xibiruu haala inni itti hojjatamu suuta jedhanii hubachiisuufi itti agarsiisuu;
- Daa'immanis haaluma ilaalanii akka xibiran gochuu;
- Bocawan ji'oomeetirii fi fakkiiwwan sasalphaa itti kennuun xibiruu waraqarraa shaakalsiisuu;



Madaallii: waraqaa fayyadamuun ogummaa xibiruu barachuu fi hojjachuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Torba: Uffata dhahuun kalaqa cimsachuu



Kaayyoo: Waraqaa fayyadamuun yaadrimee uffata dhahuu barbaachuun niraawwatu.






Meeshaalee deeggarsaa: doosee, maqxoo, fo'aa, lilmoo, koollaa



Mala raawwii:

- Uffata dhahuu raawwachuuf duraa duuba armaan gadii hordofaa:
 - Doosee furdaa 10cmx10cm ta'ee fi waraqaa fakkii 10cm x10cm ta'e baay'ina daa'immaniin qopheessuu;
 - Doosicha gubbaa fi jalaan akkasumas bitaa fi mirgaan 2cmx2cm gara keessaatti seenuun sararuu;
 - Kan hafe (gara keessaan kan jiru 8cmx8cm) bitaa fi mirgaan 2cmx2cm gara keessatti seenuun sararuu;
 - Sararoota afran gara keessaan sararaman sarara isa oliifi gadii akkasumas bitaa fi mirga jiru osoo hintuqiin suuta jedhanii qaxxaamurtuun(maqasiin) baqaqsuu;
 - Waraqaa fakkiis gara gadiitti 2cmx10cm tiin darbanii darbanii muruun qoheessuu;
 - Doosee A4 ta'e fayyadamuu;
- Haaluma armaan oliitti hojjatameen waraqaa haphii tokko fudhachuu;
- Doosicha keessaaloloosuun dabarsuu;
- Roga dhumaarraa yommuu ga'an fiixee isaa koollaa itti dibuun walqabsiisuu;



- Doosee tokko tokkoo fi waraqaa qaql'atee murame itti kennuun barsiisaa/tuu ilaalaan akka hojjatan (dhahan) gochuu;
- Dhumarrattis miiljalatti maqaa isaanii barreessuun maatii isaaniif bifa kennaatiin akka kennan jajjabeessuu;

Yaadannoo: barsiisaan/tuun sochii hundaa gochaan agarsiisaa ibsuufii qaba/di. Roga dhumaarrraa yommuu ga'an bakka itti jalqabanii fi itti xumuran koollaan qabsiisuu qabu, yoo akkas hingoone keessaa luqqa'ee akka dhumuu danda'u ibsuufii;



Madaallii: Waraqaa fayyadamuun yaadrimee uffata dhahuu barbaachuu isaanii mirkanoeffadhaa.

Gocha Saddeet: Bocawwan ji'oomeetiriin fakkii addaddaa hojjachuu



Kaayyoo: Bocawwan ji'oomeetirii addaddaa fakkiin hojjachuu nidanda'u






Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa, qubeessaa, qaxxaamurtuu(maqasii)



Mala raawwii:

- Waraqaa abbaa halluu fi doosee daa'immaniif kennuu;
- Boca ji'oomeetirii addaddaa akka kaasan gochuu;
- Boca ji'oomeetirii addaddaa kaafaman qaxxaamurtuu(maqasii) muraanii akka baasan gochuu;
- Mummuruun boca ji'oomeetirii hojjatanii waraqaa irraa hafe akka walitti qaban gochuu;
- Itti aansuun, koollaadhaan walqabsiisanii fakkii addaddaa akka hojjatan gochuu;
- Waan hojjatan ba'anii hiriyoota isaanitti akka agarsiisaniifi maal akka ta'e akka dubbatan jajjabeessuu;



Yaadannoo: Jalqabarratti waan itti cimuuf, hojjatanii itti agarsiisuun bakka daa'immaniif mula'tutti maxxansuufii qabdu.

 **Madaallii:** Boca ji'omeetirii fakkiin hojjachuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Sagal: Kaardii kennaan hojjachuu

 **Kaayyoo:** Waraqaa fayyadamuun poostikaardii hojjachuu nidanda'u.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** doosee furdaa, fakkiwwan, qaxxaamurtuu(maqasii), koollaa

 **Mala raawwii:**

- Bu'uruma bara darbe barataniin doosee furdaa fayyadamuun poostikaardii akka hojjatan gochuu;
- Barruulee moofaarraa fakkii garagaraa mummuranii baasuun itti maxxasanii akka miidhagsan gochuu;
- Itti aansuun, hiriyoota isaanii waliin kennaan baga ittiin sigahee akka waliif kennan gochuu;

 **Madaallii:** Waraqaa kaardii fayyadamuun poostikaardii hojjachuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudhan: Dhoqqeerraa meeshaalee garagaraa hojjachuu

 **Kaayyoo:** Dhoqqee fayyadamuun meeshaalee addaddaa fakkeessanii nihojjatu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** dhoqqee, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu

 **Mala raawwii:**

- Dhoqqee bukeessuun qopheessuu;

- Minjaala daa'immanii laastikiin haguuguun dhoqqicha miinjaala isaaniirra kaa'uu;
- Waan barbaadan akka hojjatan gochuu;
- Erga xumuranii booda, waraqaa cittuurratti maqaa isaaniifi wanti hojjatan maal akka ta'e akka barreessan gochuun waan hojjatan bira akka kaa'an gochuu;
- Yommuu gogus akka ittiin taphatan gochuu;
- Hoiin isaanii namoota biroon akka daawwatamu haala mijeessuufii;

Yaadanoo: meeshaalee taphaa hojjachuun akka qopheessanii fi ittiin taphatan jajjabeessuun barbaachisaadha.



Madaallii: Dhoqqee fayyadamuun wantoota garagaraa hojjachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Kudhan Tokko: Waraqaa intalashee/ashaangulliitii qubaa hojjachuu



Kaayyoo: Intalashee/Ashaangulliitii qubaa hojjachuudhaan dandeettii kalaqaa nicimsatu.




Meeshaalee deeggarsaa: Waraqaa, qubeessaa



Mala raawwii:

- Waraqaa 10cmx10cm ta'e daa'immaniif kennuu;
- Haala armaan gadiin ibsa kennuufi hojjachiisuu dachaasuun walqunnamisiisuu (boca rogsadee nuuf kenna);
 - Walakkaarraa seentimeetira dhiisuun fiixee rogsadichaa gadi harkisuu;
 - Walakkaa dacha'een ala kan jiru fakkii ija saree, funyaaniifi afaan saree jechuu;
 - Fakkii saree xiqqa hojjachuu shaakalsiisuu;
- Erga xumuranii boodas quba akeektuu isaaniirra godhachuun quba isaanii soschoosaa akka sareetti uwu....uwu.. jechaa sagalee dhageessisuun akka taphatan gochuu;





Madaallii: Intalashee/Ashaangulliitii hojjatanii ittiin taphachuu danda'uun isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Kudha Lama: Paakkoowwan addaddaa fayyadamuun meeshaalee taphaa hojjachuu



Kaayyoo: Haguugduu fayyadamanii meeshaalee taphaa hojjachuun dandeettii kalaqaa nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: paakkoo kibiriitii /saamunaa/ shaayii/, fo'aa/kirrii



Mala raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif paakkoo kibiritii/saamunaa kennuudhaan gara keessaan lilmoo doomaatiin qaawwa bal'aa itti baasuu;
- Qaawwa keessa fo'aa baasuun paakkoowwan walqabsiisuun fuurgoo baaburaa akka hojjatan gochuu;
- Erga xumuranii boodas fo'aa dheeraa itti hidhuudhaan paakkoo kibiriitiirra jajjaboo sasalphaa kaa'uun harkisaa akka taphatan gochuu;

Yaadanoo: Daa'imman waan ittiin haguugan mana isaaniitii qabatanii akka dhufan gochuu.



Madaallii: wantoota garagaraa fayyadamuun meeshaalee taphaa kanneen akka baaburaa fi

konkolaataa hojjatanii ittiin taphachuu danda'uun isaanii ilaaluun mirkaneessa.

Gocha Kudha Sadii: Kaartoonii sooftiin intalashee/ashaangulliitii hojjachuu



Kaayyoo: Kaartoonii sooftiin irratti maramu fayyadamuun intalashee/ashaangulliitii hojjachuu ni danda'u




Meeshaalee deeggarsaa: kaartoonii sooftiin irratti maramu, qubeessaa abbaa halluu, acancarree, laastikii qulqulluu, huccuu qulqulluu



Mala raawwii:

- Kaartonii sooftiin irratti maramu daa'immaniif kennuu;
- Halluu fayyadamuun sararoota hojjachuun akka miidhagu gochuu;
- Itti aansuun, kaartonicha uruu;
- Acancarreerratti waraqaa maruun qaawwa keessa akka galchanii fi akka harka hojjataniif gochuu;
- Itti aansuun, laistikii yookiin huccuu maruudhaan kaartonicha karaa oliin keessa galchuun mataa akka hojjatan gochuu;
- Dhumarrattis, qubeessaa abbaa halluu fayyadamuun ija, funyaan, afaan, akka hojjatan gochuun intalashee/ashaangulliitii waraqaa sooftii itti maraan hojjachuun akka taphatan gochuu;



- Waraqaa abbaa halluu fayyadamuun hangaa fi boca garagaraan mummuruun qubeewwanii fi lakkofsota dachaan barreeffaman akkasumas bocawwaniifi fakkiwwan qopheessuun keenyan manaarratti maxxansuun gola isaanii akka miidhagsan gochuu;



Madaallii: Kaartonii, sooftii itti maran fayyadamuun ashaangulliitii hojjatanii ittiin taphachuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessa.

2.5.5 Unka Daawwannaal Ittiin Gaggeessan

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'imaarratti daawwannaal gaggeeffamu ilaachisee sadarkaa armaan gadii keessaa lakkofsa sadarkaa gaggeeffamu ilaachisee sadarkaa tokkoof kennname qofa roga daawwannaal jedhu jalatti bareessaa.

Sadarkaalee

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unka hordoffii kun jalqaba walakkaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba .

Ga'umsa/Galma	Daawwannaal		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
1. Naannoo dhiyoo sakatta'uun fi beekuu			
1.1.Namoota, wantoota namtolchee fi uumamaa naannoo manaa fi mana barnootaa isaaniitti argamu adda baasuu ni danda'u.			
1.2.Wantoota naannootti arganirratti yaalii adeemsisuun ni danda'u.			
2. Bakkeewwan barbaachisoo naannootti argaman beekuu fi dinqisiifachuu			
2.1.Gahee hojii namootaa fi bakkeewwan faayidaa qabeeyyii ta'an himuu nidanda'u.			
2.2. Miira biyya jaallachuu nihoratu.			
3. Akka itti naannoo kunuunsan beekuu fi naannoo kunuunsuu			
3.1.Naannoo qulqulleessuurratti hirmaachuu nidanda'u.			
4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuufi ofeegannoo gochuu			
4.1.Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuufi ofeegannoo gochuu			

4.2.Sadarkaa isaaniitti waa'ee mirga daa'immanii hubachuun miidhaa daa'immanii ittisuuf ni yaalu.			
5. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii taasisuu			
5.1.Baay'inaafi faayidaa gommaa konkolaataa himuu ni danda'u			
6. Wantoota garagaraa hojjachuun dinqisiifachuu fi of ibsuu			
6.1.Wantoota garagaraaa hojjachuudhaan dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu.			

Faaruwwan Addaddaa

Haadeemnu Mana Barumsaa

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

A B nan baradha,

Lakkoofsa nan lakkaa'a,

C D nan beekkadha.

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

Qaamolee Nafa Namaa

Mataa koo, gatiittiwwan koo,

Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,

Isaanidha kutaaleen qaama koo.


Mataa koo, gatiittiwwan koo,

Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,

Afaaniifi funyaan koo,

Ijawwaniifi gurrawwan koo,

Isaaniidha kutaaleen qaama koo. (3)



Akaakuwwan Halluu

Halluu magariisa,
Laliftuu Fulbaanaa.
Keelloon maal fakkaataa,
Laalan burtukaanaa,
Halluu diimaan kan akkamiiti?
Fakkaataa seeqaa akka giimii?
Cuquliisa yommuu jennu,
Samii isa fakkaatu,
Halluu gurraacha jechuun
Isa akka cileeti akaakuun

Harka Dhigannaan Akkana

Harka dhigannaan akkanadha akkanadha,
Fuula dhigannaan akkanadha akkanadha,
Dabbasaa filannaan akkanadha akkanadha.

Maatii Koo

Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!
Warri koo na nyaachisu
Warri koo natti uwvisu
Warri koo nabarsiisu
Warri koo nakunuunsuu!
Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!



Simbirroo Bareedduu

Simbirroo bareedduu kudhan nanqabaa
Tokko barrisnaan sagaltu hafaa
Simbirroo bareedduu sagal nanqabaa
Tokko barrisnaan saddeettu hafaa
Simbirroo bareedduu saddeet nanqabaa
Tokko barrisnaan torbatu hafaa
Sinbiroo bareedduu torba nanqabaa
Tokko barrisnaan ja'atu hafaa
Simbirroo bareedduu ja'a nanqabaa
Tokko barrisnaan shanitu hafaa
Simbirroo bareedduu shan nanqabaa
Tokko barrisnaan afurtu hafaa
Simbirroo bareedduu afur nanqabaa
Tokko barrisnaan sadiit u hafaa
Simbirroo bareedduu sadii nanqabaa
Tokko barrisnaan lamatu hafaa
Simbirroo bareedduu lama nanqabaa
Tokko barrisnaan tokkittiit hafaa
Simbirroo bareedduu tokko nanqabaa
Isheenis barrisnaan homtuu na hinafuu 2x




Qulqullina Keenya Haa'eeggannu

Yeroo hunda ganama si'a kaanu
Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x
Fuula keenya harka keenya
Saamunaadhaan nidhiqanna
Ilkaan keenya niriganna
Ciree keenya ninyaanna
Harka keenya nidhiqanna
Mana barumsaa nideemna
Yeroo hunda kana niraawwanna
Yeroo hunda kana niraawwanna
Yeroo hunda ganama si'a kaanu
Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x

Qubee Barachuu Nan Jaalladha

Nuti daa'imman haabarannu 2x
Qubeewwan beekuuf haaqorannu 2x
'A'n godoo fakkaattii
'B'n mudhii qabattii
'C'n walakkaa geengooti
'D'n akkuma haamtuuti
Qubeewwan keenya nijaallanna 2x
Hanga dhumaattis nibaranna 2x



Wallaalummaan haa badu

A B C D

Wallaaluun haaga'u

E F G H

Hinbeekuun haa baduu

I J K L

Qubee keenya barannaa

M N O P

Wallaaloos gargaarraa

Q R S T

Faaruudhaan hawwannee

U V W X

Hundumaa yaadannee

Y Z

Dukkana ibsannee 2x

Saayinsii Saayinsii

Saayinsiin qorichumaa

Na barsiise fayyummaa

Irribaa yeroon ka' uu

Gochuun kan naaf ta'uu

Hundaa mimmijeessee

Of qulqulleessee

Harkakoo dhiqadhee

Fuulakoo dhiqadhee

Ilkaankoo rigadhee

Cireekoo nyaadhee

Wayyaakoo uffadhee

Mana barumsaan deemaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa

Isa jabeeffanna dhibeerraa nu eegaa 2x

Barnootaan nan cimaa

Harkallee nidhiqanna

Nyaata ittiin nyaannaa


Ija keenya dhiqanna

Ifa ittiin arginaa

Ilkaan riganna

Kofallee miidhagnaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa



Isa jabeeffanna dhibeerraa nu eegaa 2x


Simbirrattiin Ta'a

1 2 3

Akkuma simbirroon barrisaa

Qilleensarran shubbisaa

4 5 6



Ol ol ka'ee gara oliirraa

Habbaaboo babbareedduurra

7 8 9 10

Akka billaachaa ta'ee



Samiirra ol ka'ee

Xiyyaaran fakkaadhaa


Qilleensarran kaadhaa

Ol gara olii oliirra

Abaaboo babbareedduurra



Akaakuu Halluuwwanii



Halluuwwan nijaallannaan

Gammachuu nuuf kennaa

Diimaafi magariisaa

keelloofi cuqliisaa

Adiifi gurraachaa

Dhiilgeefi daalachaa

Naannoo ittiin hubannaan

Simannee gammannaan

Halluu magariisaa

Fakkaattuu lalisaa

Haalluu cuqliisaa

Biftikee nu harkisaa

Halluu diimaa

Fagootii namwaamaa

Kanan hawwu isuma



Beeladootni faarsuu nidanda'u

Beeladootni nifaarsuu

Sagalee isaanii nibaasu

Adurreen ninyaawwisti

Meeyuu meeyuu jetti

Yoo feetes nishubbifti

Beeladootni nifaarsuu

Sagalee isaanii nibaasu

Sareen nidutti

Wu! Wu! jettii

Lafees niqorqitii 2x

Faaruu Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa, haadha seenaa guddaa

Handhuura oromootaa, galma sirna gadaa

Dachee heeraafi seeraa, haadha caffee odaa

Badhaatuu, gabbattuu, magarsituu hundaa

Xurii bara dhibbaa, dhiigaan sirraa dhiqnee

Wareegama qaaliin, alaabaakee ol qabnee

Gammanee gammadii, bokkuu deebifannee

Nagaafi dimokiraasii, tabaroo namummaa

Misooma amansiisaa, guddina atattamaa

Uummattoota wajjinis, jaalalaafi tokkummaa

Wabii jirenyaatiif, goonee kaayyoo cimaa

Irree gamteeffannee, kaanee nu abdadhuu

Oromiyaa lalisii, dagaagii jiraadhuu!

Faaruu Guyyoota Torbanii

1, 2, 3, 4, 5 haabarannuu bartootakoo

6, 7 guyyaan torba torban tokkoo

Wiixataa Kibxataa

Roobii Kamisa

Jimaata Sanbata

Dhumarratti Dilbata 2x

Kan boqonnu Sanbataa fi Dilbataa

Barnoota kan jalqabnuu Wiixata.

Mana barumsaakoo barumsaakoo

Sinjaalladha hinbarfadhu guyyaa tokko 2x

Waqtiilee

Waqtiileen afurii

Maqaa isaanii bari

Birraan tarraan Bona

Arfaasaatti aanee Gannaan

Bona lafti gogee

Gannaan dacheen margee

Birraan namatti tolaa

Kolfaa bullee oolla



2.1.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ bara _____


Waa'ee daa'imaan daawwannaan gaggeeffamuf sadarkaa kennamuu ilaalchisee lakkoofsa sadarkaa tokkoof kennama qofa uunkaa 'daawwannaan' jedhu keessatti barreessaa.

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unka hordoffii kun jalqaba, walakkaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba

Ga'umsa/Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
1. Miira of hubachuu, ofitti amanamummaa fi of kabajuu qabaachuu			
1.1 Ofibsuu ni danda'u			
1.2. Namoota kan waliin waldorgomsiisuun of ibsuu ni danda'u			
1.3.Yeroo taphaa walitti bu'iinsa uumamuufi mormii uumamuu malu karaa nagaan hiikuu ni danda'u			
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu			
2.1. Kutaalee qaama isaanii waamuu ni dandau			
2.2.Dalagaalee kutaalee nafaan raawwataman sirriitti ibsuu ni danda'u			
3. Ija kunuunsuu			
1.1.Ija isaanii ofeeggannoonaan qabuun kunuunsuu ni danda'u			
4. Gurra kunuunsuu			
4.1.Gurra isaanii ofeeggannoonaan qabuun kunuunsuu ni danda'u			
5. Qaama miiraa ittiin fuunfatan fayyadamuu, funyaan kunuunsuu			
5.1 Foolii gaarii fi foolii badaa ibsuu ni danda'u			

6. Miira qaamaa ittiin dhandahaman fayyadamuu fi arraba kunuunsuu			
6.1.Afaan isaanii qulqullinaan qabachuu ni daanda'u			
7. Harkaan qaqqabuun wantootaa fi haalota ibsuu			
7.1.Amala, ho'ina, hangaa fi boca wantootaa gidduu jiru adda baasuu ni danda'u			
8. Fayyaa ofii eeggachuu fi sirna ittii eggatan shaakaluu			
8.1.Soorata fayyaaf tolan adda baasanii ni himu			
8.2.Qulqullina dhuunfaa eeggachuu ni shaakalu			
8.3.Qulqullina dhuunfaa eeggachuu ni shaakalu			
9. Qaama ofeeggannaan qabaachuu fi kunuunsuu			
9.1.Qaama isaanii kunuunsuun qabachuu ni danda'u			
10. Maashaalee mul'atanii fi hinmul'anne fayyadamuu			
10.1. Meeshaalee ciccimoofi sasalphaan fayyadamuun dalagaa addaddaa ni raawwatu			
11. Kalaqa Ibsuu			
11.1. Wantoota naannootti argamanirraa meeshaalee taphaa hojjachuu ni danda'u			



2.2.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'imaan daawwannaan irratti gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu ilaachisee lakkofsa
sadrkaa tokkoof kennname qofa uunkaa 'Daawwannaan' jedhu keessatti barreessa

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unka hordoffii kun jalqaba, walakkaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba

Ga'umsa/Galma/	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
1. Namoota naannootti argaman beekuuf fedhii qabaachuufi			
1.1.Namoota dhiyeenyatti argamaniif amala fudhatama qabu agarsiisuu ni danda'u			
1.2.Waa'ee naamusa gaarii fi badaa himuu ni danda'u			
2. Namoota eegumsaa fi kunuunsa godhaniif adda baasuufi akka itti kunuunsan beekuu			
2.1.Namoonni akkamitti eegumsaafi kunuunsa godhanii ibsuu ni danda'u			
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qaban qooduufii			
3.1.Hojii garee keessatti hirmaachuufi miira namootaa qooddachuu ni danda'u			
3.2.Naannoo isaanitti hojii gaarii namootaaf taasifamurratti gurnaachu ni danda'u			

2.3.5. Guca Daawwannaan Ittiin Gaggeessan

Maqaa mana barnootaa BID _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ kornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ Bara _____


Waa'ee daa'imaan daawwannaan gaggeeffamu ilaachisee sadarkaalee armaan gadii keessaa lakkofsa sadarkichaaf kenname tokkicha qofa roga '**Daawwannaan**' jedhu jalatti barreessaa

Sadarkaalee

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba, gidduufi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaa	Walakk a waggaa	Dhuma waggaa
1. Odeeffannoo sirriitti dhaggeeffachufi haalota garagaraaf deebii sirrii kennu			
1.1.Sagaleewan naannootti dhag'aman adda baasuu nidanda'u.			
1.2.Garaagarummaa sagaleewan gidduu jiru adda baasuu nidanda'u			
1.3.Qajeelfamootaafi ajajootaaf deebii kennuu nidanda'u			
1.4.Sheekkoo dhaggeeffachuuun waan hubatan ibsuufi deebisanii seeneessuu nidanda'u			
2. Haalota addaddaa keessatti ofitti amanamummaa qabaachuun haasaa sirriifi hiika qabeessa ta'eefi aflattoon waliigaluu			



2.1.Afaan sirriitti itti fayyadamuu nidanda'u.			
2.2.Afaan dubbiitiin gammachuu argachuu nidanda'u.			
3. Dubbisuudhaan gammachuu, beekumsaafi hubannoo argachuu			
3.1.Jechootaafi himoota sasalphoo dubbisuu nidanda'u			
4. Qindoomina sochii ijaaifi harkaa cimsachuun barreessuuf qophaa'uu			
4.1.Qubeewwaniifi jechoota barreessuu nidanda'u			

2.4.5. Unka daawwannaan ittiin gaggeessan

Maqaa MANA BARNOOTAA BID _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ kornaya _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamuu ilaalchisee sadarkaalee armaan gadii keessaa lakkoofsa sadarkaa tokkoof kenname qofa roga 'Daawwanna' jedhu jalatti barreessa.

Sadarkaalee

1. Fooyya'uun barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba, walakkaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/ Galma	Daawwanna		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. Amala wantootaa sakatta'u, hubachuufi adda baasuu			
1.1. Wantoota akaakuun ramaduu nidanda'u			
2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisuu			
2.1. Walitti dhufeinya wantoota gidduu jiru haala duraa duuba eegeen agarsiisuu nidanda'u			
3. Lakkoofsota beekuu, ibsuu, walitti dhufeinya isaanii hubachuu fi qoyyaboota salphaa hojjachuu			
3.1. Tokkummaafi garaagarummaa wantootaafi lakkoofsota gidduu jiru himuu nidanda'u			
3.2. Walqixadha; nicaala; irra xiqaadha; jechuun dubbachuu nidanda'u			
3.3. Lakkoofsota 1-20 adda baasuu nidanda'u			
3.4. Lakkoofsota 1-20 lakkaa'u, ida'uufi hir'isuu nidanda'u			
4. Haalota addaddaa keessatti meeshaaleefi ulaagaalee safartuu sirrii ta'an fayyadamuu			
4.1. Bakka, fageenyaafi kallattii ibsuu nidanda'u.			
4.2. Wantoota sirnaan tarreessuu (naquu) fi wal dorgomsiisuu nidanda'u			



5. Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsitoota yerootti fayyadamuu			
5.1.Dalagawan yeroo keessatti raawwataman adda baasuufi hordofuu nidanda'u.			
6. Yaadrimee bakkaa hubachuufi ibsitoota isaaniitti fayyadamu			
6.1.Bakka argama wantootaa kallattii addaddaa bu'uureffachuun dubbachuu nidanda'u			
7. Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuufi itti fayyadamuu			
7.1.Gatii maallaqaa himuu nidanda'u.			

2.5.5 Unka Daawwannaan Ittiin Gageessan

Maqaa mana barnootaa _____

Maqaa daa'imaan _____ umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa barsiisaa/tuu _____ Ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'imaarratti daawwannaag gaggeeffamu ilaachisee sadarkaa armaan gadii keessaa lakkofsa sadarkaa gaggeeffamu ilaachisee sadarkaa tokkoof kennname qofa roga daawwannaajedhu jalatti bareessaa.

Sadarkaalee

1. Fooyya'u barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unka hordoffii kun jalqaba walakkaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba

Ga'umsa/Galma	Daawwannaan		
	Jalqaba waggaarratti	Walakkaa waggaaratti	Dhuma waggaarratti
Naannoo dhiyoo sakatta'u fi beekuu			
1.1.Namootaa, wantoota namtolchee fi uumamaa naannoo manaa fi mana barnootaa isaaniitti argamu adda baasuu ni danda'u			
1.2.Wantoota naannootti arganirratti yaalii adeemsisuu ni danda'u			
2. Bakkeewwan barbaachisoo naannootti argaman beekuu fi dinqisiifachuu			
2.1.Gahee hojii namootaa fi bakkeewwan faayidaa qabeeyyiti ta'aan himuu ni danda'u			
2.2. Miira biyya jaallachu ni horatu			
3. Akka itti naannoo kunuunsan beekuu fi naannoo kunuunsuu			
3.1.Naannoo qulqulleessuurratti hirmaachu ni danda'u			
4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda baasuufi ofeegannoo gochuu			
4.1.Wantoota balaa geessisanirraa of eeguu fi naannoo qulqulleessuu ni danda'u			
4.2.Sadarkaa isaaniitti wa'ee mirga daa'immanii hubachuun miidhaa daa'immanii ittisuuf ni yaalu			



5. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii taasisuu			
5.1.Baay'inaafi faayidaa gommaa konkolaataa himuu ni danda'u			
6. Wantoota garagaraa hojjachuun dinqisiifachuu fi of ibsuu			
6.1.Wantoota garagaraaa hojjachuudhaan dandeettii kalaqaa isaanii nicimsatu			